

Barzakha

fi

Guyyaa Qiyaamaa

*Adeemsā Gara
Ganda Aakhirah*

Qophii:

Sammubani.com
سَمْبَانِي.كُوم

Qabiyyee

<i>Boqonnaa 1</i>	5
<i>Barzakh</i>	5
<i>Jiraachu Azaaba fi Qananii Qabrii</i>	12
<i>Boqonnaa 2</i>	17
<i>Guyyaa Qiyaamaa</i>	17
<i>Aakhiraatti Amanuu</i>	24
<i>Ragaaleen Qiyaaman jiraachu agarsiisan</i>	30
<i>Mallatoolee Guyyaa Qiyaamaa</i>	35
A. <i>Mallatoolee Xixxiqoo Guyyaa Qiyaamaa</i>	37
B. <i>Mallatoolee Gurguddoo Guyyaa Qiyaamaa</i>	48
<i>Guyyaan Qiyaamaa Yoomi?</i>	93
<i>Qiyaamaa Mormitotaaf Deebii Kenname-1</i>	97
<i>Qiyaamaa Mormitotaaf Deebii Kenname-2</i>	103
<i>Qiyaamaa Mormitootaaf Deebii Kenname-3</i>	109
<i>Guyyaa Qiyaamaa Maaltu Adeemsifamaa?</i>	116
<i>Guddinnaa fi Ulfaatinnaa Guyyaa Qiyaamaa</i>	126
<i>Guyyaa Qiyaamaa Haala Ilma Namaa</i>	126
<i>Haala Kaafiraa</i>	126
<i>Falmii warroota ibiddaa</i>	129
<i>Guyyaa Qiyaamaa Haala Muslimootaa</i>	135
<i>Shakkii Qiyaamaa Qulqulleessuf-Kutaa 1</i>	142
<i>Shakkii Qiyaamaa Qulqulleessuf-Kutaa 2</i>	147
<i>Shakkii Qiyaamaa Qulqulleessuf-3</i>	152
<i>Firii Guyyaa Aakhiraatti Amanuu</i>	159

Seensa

Bismillah

Alhamdulillah

Faaruu fi galanni hundi kan Rabbii olta'aati. Nageenyi fi rahmanni Ergamaa Rabbii irratti haa jiraatu. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa addunyaa tana iddo qormaata taasise. Namoonni iddo qormaataa tana keessatti yeroo muraasaaf erga qoramanii booda gara iddo turtii (qabriitti) darbu. Iddoo turtii kana keessa hanga umriin addunyaa tuni xumuramu ni turu. Yommuu umriin addunyaa xumuramu, samii, dachii fi wantoonni isaan lamaan keessa jiran diddigamuu fi jijjiramu eegal. Guyyaan wantoonni kunniin itti raawwataman Guyyaa Qiyaamaa jennaan. Guyyaan Qiyaamaa kuni Guyyaa namoonni wanta hojjataa turaniif itti qoratamaniidha. Qorannoo booda takkaa Jannata qananii keessa qubatu, takkaa immoo adabbii Jahannam keessa seenu. Haala kanaan namoonni marsaa jirenyaa sadii keessa darbu. 1ffaa-garaa haadhaa keessaa gara addunyaa tanaa, 2ffaa-Addunyaa tana keessaa gara iddo turtii, 3ffaa- iddo turtii keessaa gara ooydi mahashar (iddoo walitti qabamaa) san booda gara Jannataa ykn Jahannam. Kanaafu, gandi Aakhirah marsaa jirenya isa dhumaati. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿ كَيْفَ تَكُفُّرُونَ بِاللَّهِ وَكُنْتُمْ أَمْوَاتًا فَأَحْيَيْكُمْ ثُمَّ يُمْتَكِّمُمْ بُحْبِبِكُمْ ثُمَّ إِلَيْهِ تُرْجَعُونَ ﴾

“Akkamitti Rabbitti kafartuu? Du’aa turtan, Inni isin jiraachise. Ergasii isin ajjeesa; ergasii isin jiraachisa. Ergasii gara Isaatti deebifamtu.” Suuratu Al-Baqara 2:28

Asitti Rabbiin subhaanahu marsaa jirenya ilma namaa dubbata. Namni dhalachuun dura du’aa ture. Ergasii garaa haadhaa keessatti bishaan saalaa irraa uumamuun jiraataa (nama lubbuu qabu) ta’e. Ergasii du’uun qabrii keessa hanga yeroo murtaa’e ni tura. San booda Guyyaa Qiyaamaa jiraachifamuun wanta

hojjataa tureef gaafatama. Xumurarratti ganda qubannaa isa dhumaahaha. Kanarraa ka'uun gaafi “**Namni riqicha addunyaa tanaa erga darbee eessa deema ykn erga du'ee booda gahuumsi isaa eessa?**” kan jedhuuf deebii deebisuudandeenya. Namni du'ee kan badu osoo hin ta'in yeroo muraasaf qabrii keessa erga turee booda Guyyaa Murtii (Qiyaamaa) kaafamuun wanta hojjataa tureef ni qoratama. Hojii isaa irratti hundaa'e gahuumsi isaa takkaa Jannata takkaa immoo Jahannam ta'a.

Kitaaba kana keessatti waa'ee ganda Aakhirah ilaalchisee dhiyaate jira. Barruulee sammubani.com irraa walitti qabuun haala kitaabatiin dubbistootaf dhiyaate jira.

Bogonnaa 1

Barzakh

Dhalli namaa guyyaa guyyaan ni du'u, akkasumas, ni dhalatu. Namoonni dhibbaatamatti lakkaawaman gara addunyaa yommuu dhufan, namoonni biroo immoo bakka isaanii gadi furuun gara Barzakh godaanu. Barzakh jechuun maal jechuudhaa? Barzakh jechuun wanta addunyaa tanaa fi Qiyaamaa jidduu jiruudha. Akka lugaatti barzakh jechuun girdoo (cufaa) wantoota lama addaan baasudha. Kanaafu, namoonni erga du'anii booda qabrii (awwaalcha) keessatti awwalamu. Qabriin tuni barzakh isaaniif taati. Hanga Qiyaamaan dhaabbattu namoonni du'an gara addunyaa tanaa akka hin deebine isaan dhoowwiti. Qur'aana keessatti waa'ee barzakhaakkana jechuun dubbata:

﴿ حَقِّيْ إِذَا جَاءَ أَحَدَهُمُ الْمَوْتُ قَالَ رَبِّ أُرْجِعُونَ ۝ لَعَلَّيْ أَعْمَلُ صَلِحًا فِيمَا تَرَكْتُ ۝ لَلَّا إِنَّهَا كَلِمَةٌ هُوَ قَاتِلُهَا وَمِنْ وَرَائِهِمْ بَرَزَخٌ إِلَى يَوْمٍ يُبَعَثُونَ ۝ ﴾

"Yeroo tokkoon isaaniitti duuti dhuftu ni jedha, "Gooftaa kiyya! Na deebisi. Waaniin dhiise keessatti hojii gaarii hojjachuun kajeela." Lakki! Ishiin kuni jecha inni jedhu qofa. Hanga guyyaa kaafamaniitti isaan duuba barzakha (cufaatu) jira." Suuratu Al-Mu'minuun 23:99-100

Kana jechuun nama daangaa darbee fi Rabbiif ajajamuu dide yommuu duuti isatti/ishitti dhuftu, akkana jedha, "Rabbi kiyya gara addunyaa na deebisi. Hojii gaggaarii duraan hojjachuun dhiise hojjadhaati." Rabbiinis ni jedha, "Lakki!" Kana jechuun gara addunyaa deebi'uun hin jiru. Jechi inni "Rabbi kiyya na deebisi" jedhu kuni, jecha inni arrabaan jedhu qofa, faayda homaatu hin qabdu. Gaabbi fi gadda malee homaa hin dabaltuuf. Hanga Qiyaamaan dhaabbattu isaan duubaa fi

fuundura barzakha jira. Barzakh kana keessa tursifamu. Barzakha kana keessatti gariin ni qanani'u, gariin ni azzabamu (ni adabamu)¹.

Du'aan booda wantoota taasifaminitti amanuun wanta Aakhiratti amanuun wal qabatuudha. Ilmaan namaa hunduu ni du'u. Kuni Murtii Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa murteessedha. Garuu hanga Qiyaamaan dhaabbattu qabrii (awwaalcha) keessa ni tursifamu. Yeroo qabrii keessa turan adabbii ykn qanani wayii ni dhandhamu. Adabbii Kanaan azaabul qabr jennaan. Qananiin immoo ni'matul qabr jennaan. Namni adabamuun ykn qanani dhandhamuun dura fitnaan (qormaanni) isa qunnama. Mee amma sadan kanniin haala armaan gadiitiin haa ilaallu:

1-Fitnatul qabr (qormaata qabrii)

Kuni namni erga awwaalamen booda gaafi malaykoonni gaafataniidha. "Man Rabbuka (Gooftaan kee eenyu)?, Maa diinuka (Amantiin kee maaliidha)?, Namticha isin keessatti ergamee ilaachise maal jettaa?" Jechuun isa gaafatu. Rabbiin namoota amananii fi hojji gaggaarii hojjataa turan ni jabeessa. Gooftaan kiyyaa Rabbii (Allah) dha, amantiin kiyya Islaama, Nabiyyiin kiyya Muhammad (SAW) jedha. Kaafirri, "Haa haa! Laa adrii (Haa, haa hin beeku)" Munaafiqaa ykn nama shakkuu yoo ta'e immoo: Hin beeku, namoonni wanta tokko kan jedhan dhagahee anis jedhe.

2-Azaabul Qabr (Adabbii qabrii)

Kuni adabbii kaafirootaa fi munaafiqoota irraa zaalimootaaf ta'uudha. Rabbiin ni jedha:

﴿وَلَوْ تَرَى إِذَا الظَّالِمُونَ فِي عَمَرَتِ الْمَوْتِ وَالْمَلِكَةُ بَاسِطُوا أَيْدِيهِمْ أَخْرِجُوا
أَنفُسَكُمُ الْيَوْمَ تُحْزَوْنَ عَذَابَ الْهُوَنِ إِمَّا كُنْتُمْ تَقُولُونَ عَلَى اللَّهِ غَيْرَ الْحَقِّ وَكُنْتُمْ
عَنْ ءَايَتِهِ تَسْتَكْبِرُونَ ﴾٦٣﴾

¹ Tafsir Sa'diyy fuula- 654

“Yeroo miidhaa hojjattoonni (zaalimooni) haguuggi du’aa keessa ta’anii malaykoonni harka isaanii diriirsuun “Lubbuu keessan baasaa; Rabbiin irratti dhugaan ala wanta biraan waan dubbataa turtanii fi keeyyattoota isaa irraa [waan] boonaa turtaniif har'a jazaan keessan adabbii salphisaa ta'a.” jedhan osoo argite, [wanta rifachiisaa argitaa turte].” Suuratu Al-An'aam 6:93

Kana jechuun machaa fi rakkoon du’aa zaalimootatti yommuu dhuftu, malaaykoni harka isaanii diriirsuun rukuttaa cimaa rukutu. Akkuma malaykota kanniin ijaan hin agarre, yommuu nama kana rukutaniis hin agarru. Kuni wanta geeybi (ijaan hin mul’anneeti). Rukuttaa cimaa rukutaa **“Lubbuu keessan baasaa; Rabbiin irratti dhugaan ala wanta biraan waan dubbataa turtanii fi keeyyattoota isaa irraa [waan] boonaa turtaniif har'a jazaan keessan adabbii salphisaa ta'a.”** jedhuun. Zaalimooni kunniin, “Rabbiin ilma qaba; wanta akka Rabbiin buuse anillee nan buusa” jechuun Rabbiin irratti dhugaan ala kijiba dubbataa turan. Ammas, keeyyattoota fi Ergamtoota Isaatti ni boonan. Kana jechuun itti hin bulan, hin masakamaniif².

Kuni ragaa cimaa adabbii qabrii agarsiisudha. Adabbiin qabrii qabrii qofa keessatti osoo hin ta'in, battalaa du’aa irraa jalqabuun qabrii keessattis hanga Rabbiin fedhetti adabbii itti fufuudha. Ragaan lammataa adabbii qabrii agarsiisu, waa’ee Fira’awn fi hordoftoota isaa ilaachisee Rabbiin akkana jedha:

﴿النَّارُ يُرَضُّونَ عَلَيْهَا غُدُوًّا وَعَشِيًّا وَيَوْمَ تَقُومُ الْسَّاعَةُ
أَدْخِلُوا إِلَّا فِرْعَوْنَ أَشَدَّ الْعَذَابِ﴾

"Ibidda ganamaa fi galgala ishii irratti fidamantu [isaan marsee]. Guyyaa Qiyaamaan dhaabbattu, “Ummata Fira’awna adabbii akkaan cimaa seensisaa.” [jedham].” Suuratu Ghaafir 40:46

² Tafsiir Sa'diyy fuula- 295, Tafsiir ibn-kasiir 3/302

Ruuhin ykn nafseen isaanii ibidda irratti fidamuun ni azzabamti (ni adabamti). Guyyaa Qiyaamaa ruuhi fi qaamni walitti seenun, “**Ummata Fira’awna adabbii akkaan cimaa seensisaa.**” Jedhama.

Ammas, Hadiisa sahiih ta’an keessatti azaaba qabrii Ergamaan Rabbii (SAW) ni dubbatu.

Zayd ibn Saabit akkana jedha, “Ganda Bani Najjaar keessa Ergamaan Rabbii (SAW) gaangee yaabbatanii osoo deemanu gaangeen isaan utaalun kufisutti yommuu dhiyaattu nuti isa waliin turre. Ganda san keessatti qabrii jaha, shan ykn afur arge. Ergamaan Rabbis (SAW) ni jedhan, “**Namoota qabriwwan tanniin keessatti awwaalaman eenyutu beekaa?**” Namtichi tokko ni jedhe, “Ana” Ergamaan Rabbiis ni jedhan, “**Isaan kun yoom du’an?**” Innis ni jedhe, “**Osoo Rabbiin waliin wanta biraab gabbaranuu du’an.**” Ergamaan Rabbis ni jedhan, “**Namoonni kunniin qabrii isaanii keessatti qoramaa jiru. Sababa azaaba qabrii dhagahuun wal awwaalu kan hin dhiisne osoo ta’ee, silaa azaaba qabrii ani dhagahu akka isin dhageessisu Rabbiin nan kadhaa ture.**” Ergasi fuula isaatin nutti garagalee akkana jedhe, “**Azaaba qabrii irraa Rabbiin tiikfamaa.**” Isaanis ni jedhan, “Azaaba qabrii irraa Rabbiin tiikfamna.” Innis ni jedhe, “**Fitnaa irraa waan ifa bahee fi waan dhokataa Rabbiin tiikfamaa.**” Isaanis ni jedhan, “**Fitnaa (qormaata cimaa) irraa waan ifa bahee fi waan dhokataa Rabbiin tiikfamna.**” Innis ni jedhe, “**Fitnaa Dajjaal irraa Rabbiin tiikfamaa.**” Isaanis, “**Fitnaa Dajjaal irraa Rabbiin tiikfamna.**” Jedhan.” [SahihMuslim 2867](#)

Dabalaatan Hadiisni biraab azaaba qabrii ni mirkaneessa: Ibn Abbaas akka gabaasetti, Ergamaan Rabbii (SAW) qabriwwan lama bira darban. Ergamaan Rabbii (SAW) ni jedhan, “**Isaan lamaan kunniin azzabamaa jiru, [dhiisuf] wanta guddaaf kan azzabamanii miti. Tokkoffaan jettee jettee ol gadiin deema, lamaffaan, fincaan irraa of hin eegu.**” Sahiih Al-Bukhaari fi Sahih [Muslim](#)

3- Qananii qabrii

Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa warroota dhugaan amanan yommuu du’aan akkana jechuun isaan gammachiisa:

إِنَّ الَّذِينَ قَالُوا رَبُّنَا اللَّهُ ثُمَّ أَسْتَقْلَمُوا تَتَرَزَّلُ عَلَيْهِمُ الْمَلِكَةُ أَلَّا
خَافُوا وَلَا تَحْزَنُوا وَأَبْشِرُوا بِالْجَنَّةِ الَّتِي كُنْتُمْ تُوعَدُونَ ﴿٢٠﴾

“Dhugumatti, isaan “Gooftaan keenya Allaah dha” jedhanii, ergasii achirratti gadi dhaabbatan, [yeroo isaan du'an] Malaaykoni isaan irratti bubbu'uun “Hin sodaatinaa, hin gaddinaas; Jannata waadaa isiniif galameen gammadaa.” [jedhuun]” suuratu al-Fussilat 41:30

Ammas, haala nama du'uu fi du'aan booda wanta isa eeggatu haala armaan gadiit in ibsa:

﴿فَلَوْلَا إِذَا بَلَغَتِ الْحُلُقُومَ ۝ وَأَنْتُمْ حِينَئِذٍ تَنْظُرُونَ ۝ وَنَحْنُ أَقْرَبُ إِلَيْهِ مِنْكُمْ وَلَكُنْ
لَا تُبْصِرُونَ ۝ فَلَوْلَا إِنْ كُنْتُمْ غَيْرَ مَدِينِينَ ۝ تَرْجِعُونَهَا إِنْ كُنْتُمْ صَدِيقِينَ ۝﴾

“Yeroo [nafseen] kokkee geessu,[maaliif hin deebifnee?]”

Yeroo san isin kan ilaaltan taatanii osoo jirtanuu

Isin hin argitanii malee Nuti isin caalaa gara isaatti dhiyoodha.

Yoo [kaafamtanii] kan galata hin galfamne taatan [nafsee san deebisaa]

Yoo kan dhugaa dubbattan taatan maaliif hin deebifnee?” Suuratu Al-Waaqi'a 56:83-87

Kana jechuun yeroo namni tokko du'u yommuu nafseen bahuuf kokkee geessu, isin osoo ilaaltanii fi bira jirtanuu maaliif nafsee san qaama keessatti hin deebisnee? “Nuti Guyyaa Qiyaamaa hin kaafamnu, hin qoratamnu, hin mindeefamnu” jettanii kan yaaddan yoo taatan, nafsee tana maaliif hin deebifnee? Hiikni isaa “Gooftaa Guyyaa Qiyaamaa isin kaasee isin qoratu fi jazaa (mindaa ykn adabbi) isiniif kafalu itti amanuu yoo diddan, nafsee tana maaliif hin deebisne? Yoo kan hin deebisne ta'e, dhimmi harka keessan osoo hin ta'in harka

Rabbii akka jiru beekaa. Akkuma nafsee teessan baasu, Guyyaa Qiyaamas qaamatti akka deebisu beekaa.³

Namni “Kan na too’atu, na aijeesu, na kaasu hin jiru” jedhee kan yaadu yoo ta’e, mee yeroo duuti itti dhuftu san nafsee ofii qaamatti haa deebisu. Gonkumaa deebisu hin danda’u. Kanaafu, Kan isa too’atu, aijeesu, kaasu, ajaju fi dhoowwu jiraachu qabu. Innis Rabbii olta’aadha. Yeroo fedhetti ni aijeessa, yeroo fedhetti ni kaasa. Kanaafu, namni Rabbii isa uumee isa aijeesu, Guyyaa Qiyaamaas isa kaasuf haa ajajamu.

Yeroo duuti dhuftu namoonni bakka saditti qoodamu:

﴿فَأَمَّا إِنْ كَانَ مِنْ الْمُقْرَبِينَ ۝ فَرْوَحٌ وَرَيْحَانٌ وَجَنَّتُ نَعِيمٍ ۝ وَأَمَّا إِنْ كَانَ مِنْ أَصْحَابِ الْيَمِينِ ۝ فَسَلَامٌ لِكَ مِنْ أَصْحَابِ الْيَمِينِ ۝ وَأَمَّا إِنْ كَانَ مِنْ الْمُكَدَّبِينَ ۝ الضَّالَّلِينَ ۝ فَنُزُلٌ مِنْ حَمِيمٍ ۝ وَتَصْلِيَةٌ جَحِيمٍ ۝ إِنَّ هَذَا لَهُوَ حَقُّ الْيَقِينِ ۝﴾

Yoo namni du’u suni namoota Rabbitti dhiyefaman irraa ta’e [Isaaf] haara galfii, gammachuu fi Jannata qananiitu jira.

Yoo inni warra mirgaa irraa ta’e immoo

Warra mirgaa irraa waan taateef nageenyi siif haa ta’u.” [isaan jedhama].

Yoo [namni du’u] sobsiftoota jallattoota irraa ta’e immoo

[Isaaf] affeerraa bishaan danfaa irraa ta’etu jira.

Jahim (Ibidda) seenutu isaaf jira.

Dhugumatti inni kuni haqa mirkanaa’adha.” Suuratu Al-Waaqi’ a56:88-95

Guduunfaa

→ Ilmaan namaar dur irraa kaasee hanga guyyaa qiyamatti dhalachuu fi du’uu itti fufu.

→ Namni erga du’ee Barzakh seena. Barzakh jechuun girdoo ykn cufaa addunyaa tanaa fi Qiyaamaa addaan baasudha.

³ Zaadil masiir-Ibn Jawzi-fuula 1394-Daru Ibn Hazm

→ "Dur irraa kaase namni du'e tokkochu hin deebine. Kanaafu, Qiyaaman hin jirtu." warra jedhaniif kuni deebii gahaa ta'aaf. Namni Barzakh keessa seennan hanga Guyyaa Qiyaamaa addunyaa tanatti hin deebi'u. Kuni murtii Rabbiin murteessedha. Osoo addunyaa tanatti kan deebi'an ta'e silaa dachiin tuni isaan hin geessu.

→ Yommuu Qiyaamaan dhaabbattu dachii keessaa falafalamanii ol yaa'u.

→ Namni qabrii keessatti awwaalamee dhiise, galaana keessatti bade, bineensi isa nyaatee, azaabni ykn qananiin qabrii isa qunnama. Azabul qabr ykn ni'matul qabr kan jedhameef namoonni du'an irra caalaan qabrii keessatti waan awwaalamanifi.

→ Qabrii keessatti qananiin ykn adabbiin kuni ruuhi fi qaama isaa ni dhaqqaba. Ruuhin (nafseen) erga qaaman addaan baate booda tan qananiifamtu ykn azzabamtu taate ni turti. Garuu yeroo garii ruuhin qaaman wal qunnamuun qananiin ykn adabbiin isaan lamaanu dhaqqabu danda'a. Guyyaa Qiyaamaa guutumaan guututti ruuhin gara qaamaa deebi'uun qabrii keessaa kaafamu. [2]

→ Namni qabrii keessatti yommuu adabamuu ilmi nama arguu fi dhagahu hin danda'u.

→ Rabbiin sababa garagaraatif namoota irraa adabbi qabrii dhokse. Isaan keessaa;

(A) Osoo namoonni adabbi kana dhagahanii silaa naasu fi sodaa irraa kan ka'e wal hin awwaalan.

(B) Osoo adabbiin nama du'ee dhagahamee silaa warri isaa ni salphatu, halkanii guyyaa dhiphinna keessa jiraatu.

(C) Imaana namootaa qoru-adabbiin qabrii geeybi irraa waan ta'eef eenyutu amanaaf hin amanuu addaan baasuf.

Kitaabban Wabii

Sharih Usuuli salaasa Fuula103-104 Ibn Useymiin

Taysirul Kariimil Rahmaani fii tafsiiri Kalaamil Mannaani—Fuula 654, 295

Abdurahmaan Naasir Sa'dii

Tafsiir bn-kasiir 3/302

Zaadil masiir-Ibn Jawzi-fuula 1394-Daru Ibn Hazm

[2] Kitaabu Ruuh-Imaamu ibn al-Qayyim fuula 149

Jiraachu Azaaba fi Qananii Qabrii

Azaabni fi qananiin qabrii wanta geeybi irraa waan ta'eef nafseen /ruuhii nama du'e qofti akka beektu fi namoonni biroo ijaan arguu akka hin dandeenye kaasne jirra. Namoonni gariin wanta ijaan hin mul'annee (geeybi) kana ijaan arguu yommuu barbaadan, qabrii banuun yaalan. Garuu azaaba fi qananii qabrii jedhamee hin argine. “Qabrii bal’attuu fi dhiphattu hin argine, qaamni nama du’ee akkuma duraatti jira. Meeti ree azaabni qabrii?” Kana bu’uura godhachuu azaabni fi qananiin qabrii hin jiru jechuun ofillee dhamaasanii namallee dhamaasu. Har'a In sha Allah shakkii fi dhama'iinsa kana saaquf ni yaalla.

Azaabni fi qananiin qabrii jiraachuu karaa afuriin mirkaneessun ni danda'ama:

1-Shari'i- kana jechuun Qur'aanni fi Hadiisni Nabiyyii (SAW) azaabni fi qananiin qabrii akka jiru beeksiisanii jiru.
Ibn Abbaas akka gabaasetti, Ergamaan Rabbii (SAW) qabriiwan lama bira darban. Ergamaan Rabbii (SAW) ni jedhan, “**Isaan lamaan kunniiin azzabamaa jiru, [dhiisuf] wanta guddaaf kan azzabamanii miti. Tokkoffaan jettee jettee olii gadiin deema, lamaffaan, fincaan irraa of hin eegu.**” Sahih Al-Bukhaari 1361 fi Sahih [Muslim 292](#)

2-Hiss (wanta namni ijaan arguu fi qaamota miirotaatin hubatamuu)- Namni rafuu kamiyyuu abjuu ni arga. Tarii abjuu isaa keessatti qananii isa gammachisu keessa ta’uu danda’aa. Osoo rafuu nyaata mi’awa nyaata, bakka bal’aa fi bareedaa seena. Faallaa kanaa, namni biraamimmoo osoo azzabamuu (adabamuu) abjuun ni arga. Tarii osoo bofni isa ari'u, ibiddi isa gubuu, iddoor dhiphaa seenun osoo rakkatu ni arga. Inuma adabbii fi rakkoo kana irraa kan ka'e yeroo hirriba keessaa itti dammaqutu jira. Akkasumas, adabbiin kuni yeroo qaama isaa irratti mul’atutu jira.

Namoonni nama rafu kana siree (algaal) irra jiraachu isaa ni beeku. Garuu osoo inni rafuu adabbii inni adabamaa jiru hin argan. Yeroo hirribaa ruuhin ykn nafseen ni adabamti. Tarii adabbiin kuni gara qaamattis ce’uu ni danda’aa. Hirribni obboleessa du'aati. Kanaafi, Rabbiin subhaanahu wa ta'aala "hirrib" wafaat (du'a) jechuun moggaase.

﴿الَّهُ يَتَوَفَّ الْأَنْفُسَ حِينَ مَوْتِهَا وَالَّتِي لَمْ تَمُتْ فِي مَنَامِهَا فَيُمُسِّكُ الَّتِي قَضَى عَلَيْهَا الْمَوْتَ وَيُرِسِّلُ الْأُخْرَى إِلَى أَجَلٍ مُّسَمًّى إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ لِّقَوْمٍ يَتَفَكَّرُونَ ﴾^[5]

“Rabbiin nafsee yeroo du'a ishii ni fudhata; tan duuti hin gahinis hirriba ishii keessatti [ni fudhata]. Ergasii, tan du'a itti murteesse ni qaba (ni hanbisa). Tan bira (tan du'a irratti hin murteessine) immoo hanga beellama beekkamaatti gadi dhiisa. Dhugumatti, kana keessa warra xinxallaniif mallatooleetu jira.” Suuratu Az-Zumar39:42

Gola Seenaa Irraa

Gaafa tokko dubartiin harkii ishii naafa taa'e (laamshaye) gara Aa'ishaa (radiyallahu anhaa) dhufte. Dubartoonni achi jiran xiyyeefannoo itti kenu jalqaban. Ergasii dubartiin tuni Aa'ishaanakkana jetteen, “Harka kiyya kanaaf malee homaafu si bira hin dhufne. Abbaan kiyyaa nama arjaat ture. Hirriba osoo rafuu abjuun kuusaa bishaanii irra namoota meeshaa dhugaati harkaa qaban arge. Nama gara isaanii dhufe ni obaasu. Abbaa kiyya argeeakkana jedheen, “Haati tiyya eessa jirti?” Innis ni jedhe, “Ilaali!” Anis nan ilaale. Yommuu ilaalu, haadha tiyya irra dasee (uffata cittuu takka) malee homaa ishii irra hin jiran. Abbaan kiyya ni jedhe, “Dasee tanaa fi sa'a qalan irraa cooma takka malee ishiin gonkuma sadaqattee hin beektu.” Haati tiyya “Waa axashaa (Ee Dheebu kiyya!)” osoo jettuu coomni tuni baqfamuun ittiin reebamti. Ani meeshaa bishaanii fuudhun ishii obaase. Namni tokko dhufeeakkana jedhe, “Eenyutu ishii obaase, harka isaa Rabbiin haa gogsu!” Kunooakkuma argitu kana harki kiyyaakkana ta'e.^[1]

Dubartii tana qofaa mitii, warri keenyaa fi namoonni naannoo keenya jiran nama erga du'ee booda azzabamu abjuun ni argu. Namni kuni yeroo addunyaa irra jiraatu badii adda addaa kan hojjatu fi Rabbiif kan hin ajajammedha.

Wanti asirraa barannu azaabni qabrii dhugaa akka ta'ee fi ruuhin (nafseen) tuni erga qaaman addaan baate akka azzabamtu ykn qanani'oostudha. Akkasumas, wanta baddaa hojjachuu fi Rabbiif ajajamuu diduun azaaba qabriitti akka nama geessu ni baranna. Seenaa armaan olii caalaa dhibbaan dhibbatti dhugaa kan ta'e

abjuu Nabiyyiiti. Abjuun Nabiyyoota wahyii (beeksisa) Rabbiin irraa waan ta'eef sobni itti hin seenu. Hadiisa Samurah bin Jundub gabaase keessatti Ergamaan Rabbii (SAW) namoota badii addaa hojjachuuun adabaman abjuun arganii jiru. Hadiisni dheeraa waan ta'eef hunda isaa asitti hiikun barreefamni waan dheeratuuf, liinki kana irraa dubbisuu dandeessu.

<https://sunnah.com/bukhari/91/61>

3-Aqliin (sammuun)- namni rafuu hirriba keessatti abjuu guyyaa adiin haqa ta'u ni arga. Tarii Nabiyyii (SAW) abjuun amala isaa irratti arguu danda'a. Namni Nabiyyi amala (sifaah) isaa irratti argee dhugaan isa argee jira. Kana waliinu namni rafu, osoo gola isaatii fi siree irra jiruu wanta argee irraa baay'ee fagoodha. Yoo kuni haala addunyaa keessatti kan ta'u ta'e, haala Aakhirah keessatti ta'u irraa maaltu isa dhoowwaa?

4- Muxannoo namootaa- namoonni hundi nama du'e yeroo adabamu haa arguu baataniyyuu malee yeroo tokko tokko namoonni gariin adabbii qaama isaa irratti ni argu. Seenaa fi naannoo keenyatti namoonni qaamni isaanii jijiramee fi qabrii isaanii keessatti bofni argame ni jiru. Kuni wanta Rabbii fi Ergamaan Isaa jedhan kan dhugoomsudha.

Kanaafu, azaabni fi qananiin qabrii dhugaadha. Garuu namoonni dhugaa kanatti hin amanne, "Osoo nama du'e irraa biyyee haane (saaqne), qabrii bal'innaa fi dhiphinnaan jijiramtu hin arginu." yaada jedhu irratti hundaa'un azaaba qabrii kijbsiisu. Deebiin kanaa maal ta'inna ree? Deebin isaa karaa baay'eeni. Garuu isaan keessaa:

1ffaa-Shubahaata (fafakeessaa) akkanaatin wanta shari'aan ittiin dhufe faalleessun hin danda'amu. Osoo namni fafakkeessaa kanatti xinxallee, soba akka ta'e ni beeka.

2ffaa-Haalli barzakha dhimma geeybi ijaan hin mul'anneedha. Osoo ijaan mul'ate silaa faaydan geeybitti amanuu ni dhabamaa ture. Namoonni geeybitti amananii fi namoonni kijbsiisan wal qixxaatu turan.

3ffaa-Azaaba fi qanani qabrii, bal'innaa fi dhiphinna ishii, nama du'ee malee kan biraa hin hubatu. Kuni akka nama hirriba keessa jiruuti. Namni gola keessatti osoo siree irra rafuu abjuun iddo bal'aa fi gammachiisaa yommuu seenee gammadu ni

arga. Ammas, iddoor dhiphaa fi rakkoo yommuu seene rakkatu ni arga. Garuu iddoon inni rafuu hin jijjiramne. Namoonni sreee isaa irratti "Qaamni isaa nagaha kan homaa hin jijjiramne ta'uu" beeku. Bakka bal'atu fi dhiphatu hin argan. Kana hunda kan argu nama rafu qofa. Hirribni obboleessa du'aa waan ta'eef namni du'ees haaluma kana. Asitti haalli nama du'ee fi nama rafuu karaa hundaan wal fakkaata jechuu miti. Haala nama du'ee hundarra kan beeku Rabbuma.

4ffaa-Hubannaan ilma namaa hanga Rabbiin (subhaanahu wa ta'aalaa) isa dandeesisee irratti kan daangeefameedha. Namni wantoota addunyaa irra jiran guutuu hubachuu hin danda'u. Fakkeenyaf sheyxaanaa fi Jinnii ilmi namaa ijaan arguu hin danda'an. Yeroo dachii keessa deemanii fi balleessaa adda addaa raawwatan nuti arguu hin dandeenyu. Namoota Jinniin qabde maal akka ta'an tarii baay'een keenya ni beekna. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿يَبْنِي إِدَمْ لَا يَفْتَنَنَّكُمُ الشَّيْطَانُ كَمَا أَخْرَجَ أَبْوَيْكُمْ مِّنَ الْجَنَّةِ
يَنْزِعُ عَنْهُمَا لِبَاسَهُمَا لِيُرِيهِمَا سَوْعَاتِهِمَا إِنَّهُ وَيَرْكِنُكُمْ هُوَ وَقِيلُهُ وَمِنْ
حَيْثُ لَا تَرَوْنَهُمْ إِنَّا جَعَلْنَا الشَّيْطَانَ أُولِيَّاءَ لِلَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ﴾

"Yaa ilmaan Aadam! Akka abbaa fi haadha keessan qaama saalaa isaanii isaanitti mul'isuuuf uffata isaanii isaan irraa mulquun Jannata keessaa isaan baasetti sheyxaanni akka isin hin qorre (hin mokkorre). Dhugumatti inni fi gosti isaa iddoor isin isaan hin argine irraa isin argu. Nuti, isaan hin amanneef sheyxaanota jaalalle goonee jirra." Suuratu Al-A'araaf 7:27

Guduunfaa

►Qabrii keessatti qananiin ykn adabbiin kuni ruuhi fi qaama isaa ni dhaqqaba. Ruuhin (nafseen) erga qaaman addaan baate booda tan qananiifamtu ykn azzabamtu taate ni turti. Garuu yeroo garii ruuhin qaaman wal qunnamuuun qananiin ykn adabbiin isaan lamaanu dhaqqabu danda'a. Guyyaa Qiyaamaa guutumaan guututti ruuhin gara qaamaa deebi'uun qabrii keessaa kaafamu. [2]

►Namni osoo rafuu waan gaarii arguun ni gammada. Ammas, waan badaa

keessa ta'uun ni rakkata. Iddoo dhiphoo seenun yommuu iyyuu fi rakkatu of arga. Garuu iddoon inni rafuu kan dhiphattuu fi bal'atuu miti. Rakkinaa yeroo hirribaa inni dhandhamaa jiru namoonni naannoo isaa jiran hin argan.

- Haaluma kanaan, qananii fi adabbii nama du'ee arguu hin danda'an.
 - Hirribni obboleessa du'aati.
-

Kitaabban Wabii:

Sharih Usuuli salaasa Fuula 108-109 Ibn Useymiin

[1] Kitaabu Ruuh-Imamu ibn al-Qayyim fuula 546-547

[2] Madda oliifuula 149

Bogonnaa 2

Guyyaa Qiyaamaa

Yoomul Aakhirah (Guyyaa Dhumaa)-jechuun guyyaa Qiyaamaa namoonni du'an qorannoo fi mindaaf itti kaafamaniidha. Aakhira jechuun dhuma ykn xumura wanta tokkoo jechuudha. Guyyaan Qiyaamaa guyyaa Aakhirah jedhamee kan waamameef yommuu warri Jannataa Jannata keessa qubatan, warri ibiddaa ibidda keessa seenan isa booda guyyaan biraa waan hin jirreefi.[1]

Guyyaa Qiyaamatti seenun dura mee hariiroo Guyyaan Qiyaamaa hundeeawan imaanaa biroo waliin qabu haa ilaallu. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa samii, dachii fi wantoota isaan keessa jiran kaayyoo malee hin uumne. Nuti beeknes dhiisnes kaayyoo guddaa itti uumeef qaba. Uumamtoota kanniin keessaa gara ilma namaatti yoo dhufne, ilmi namaan uumama kabajamaa fi kaayyoo guddaaf kan uumameedha.

Khaaliqu dachii fi samii ilmaan namaan dachii keessa isaan gochuun kaayyoo guddaa tokko akka gahaniif marsaa adda addaa keessa akka darban isaan taasise. Namni kaayyoo ykn galma tokko gahuuf qormaataa fi wanta qormaata darbuuf isa gargaaran barbaachisaa miti ree? Qormaata malee kaayyoo tokko gahuun ni danda'amaa? Rabbiin Beekaa fi Ogeessa ta'e ilmaan namaan qormaata keessa darbuun galma tokko akka gahan murteesse. Mee amma wanti ilmi namaan ittiin qoramuu fi gahuumsa (firii qormaata) isaa haa ilaallu.

1. Qormaata (Ibtilaa'a)

Qormaata jechuun wanta gaarii fi baddaa, dadhabaa fi jabaa, kijibaa fi dhugaa addaan baasu fi gingilchuuf wanta namni ittiin qoramuuudha. Qoru jechuun immoo dadhabbinna, jabinna fi amala keessaa biroo ifa baasudha. Jirenya tana keessatti qormaanni bifaa adda addaa qaba. Rabbiin olta'aan ilmaan namaan kaayyoo uumamaniif galmaan akka gahan karaa adda addaatiin isaan qora. Kaayyoon itti uumamaniif Rabbiin qofa gabbaruudha. Rabbiin ni jedha:

﴿وَمَا خَلَقْتُ الْجِنَّ وَالإِنْسَ إِلَّا لِيَعْبُدُونِ﴾

“Jinnii fi ilma namaa akka Ana qofa gabbaraniif malee hin uumne.” Suurat Az-Zaariyaat 51:56

Rabbiin gabbaruuun galma kan gahuu qormaatanii. Ibaadaa ykn gabbarrii jechuun ajaja **Rabbiitti buluu fi wanta Inni dhowwe irraa dhowwamuudha**. Jecha biraatin dirqamoota Rabbiin itti nama ajaje bakkaan gahuu (hojjachuu) fi haraama (wantoota dhowwamaa) dhiisudha. Akkuma afaan keenyaattu yoo ilaalle, gabrummaa (ubudiyyah) jechuun wanta bulchaan ykn gooftaan itti ajaje hunda hojjachuu fi wanta inni dhoowwe dhiisudha. Gabricha jechuun nama bulchaa ykn gooftaa isaatiif ajajamuudha. Gabrichi wanta bulchaan isaa itti ajaje ni hojjata, wanta inni irraa dhoowwe ni dhiisa. Haaluma kanaan, gabricha Rabbii jechuun nama wanta Rabbiin itti ajaje hojjatuu fi wanta Inni irraa dhoowwe dhiisudha.

Akkuma barataan daree qormaataa yommuu seenu, jabinnaa fi laafinna isaa ilaaluf fuundura isaa waraqaan qormaataa kaa’amu, ilmaan namaa fuunduras dachii tana keessa qormaanni isaaniif kaa’ame jira. Akka ifa ta’uuf, daree qormaataa akka addunyaa tanaatti haa ilaallu. Gaafilee waraqaan qormaataa irra jiran immoo akka wantoota namoonni ittiin qoraman kanneen akka qabeenyaa, hiyyummaa, sodaa fi kan kana fakkaatanitti haa ilaallu.

Kanaafu, akkuma waraqaan irra gaafileen adda addaa jiran, dachii tana keessas wantoonni nama qoran baay’etu jira⁴. Rabbiin subhaanahu wa ta’alaaakkana jedha:

﴿إِنَّا جَعَلْنَا مَا عَلَى الْأَرْضِ زِينَةً لَهَا لِنَبْلُوْهُمْ أَيُّهُمْ أَحَسَنُ عَمَلاً﴾

“Dhugumatti, Nuti isaan irraa eenyutu akka tolchee hojjatu qoruuf waan dachii irra jiru isheef miidhaginna taasifne.” Suuratu Al-Kahf 18:7

⁴ Bal’innaan barruulee “Jireenyi Maaliif uumamte?” jedhu sammubani.com irraa ilaalaa.

Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa wantoota dachii irra jiran kanneen akka nyaataa fi dhugaati mi'aawaa, manneen, konkolaataa, biqiltoota, warqii, meetii, horii, telefoona fi wantoota biroo nafseen namaa jaallattuu fi itti rarraatu hunda dachiif miidhaginna godhe. Kaayyoon kana godheef ilmaan namaa qoruun eenyutu hojii irra gaarii akka hojjatu ilaalu fi ifa baasufi. Ergasii jazaa isaaniif kafaluuf.

Ergamaan Rabbiin (SAW)akkana jedhan:

"Dhugumatti addunyaan mi'ooftuu fi magariisadha. Akkamitti akka hojjattan ilaaluuf Rabbiin addunyaana tana keessatti bakka isin buusa..."

Sahih Muslim 2742

Hiika ibaadaa keessaa kan biraan, "Gabbarrii (ibaada) jechuun maqaa walii-galaa dubbiirraa, hojii keessaa(dhoksa) fi alaa (ifaa) irraa wanta Rabbiin jaallatu fi itti gammaduudha. Hojiin gaariin hojii gaarii kan jedhamu yoo Rabbiif jedhame hojjatamee fi sunnaa Nabiyyii Isaa (SAW) yoo hordofaniidha.

Kanaafu, kaayyoon qormaataa ilmaan namaa gabbarri (ibaadaa) galmaan akka gahaniif. Qormaanni kuni bakka lamatti qoodama. Tokko wanta gaggaarii lubbuun jaallattu, lammaffaa wanta badaa lubbuun jibbituudha. Rabbiin wanta gaggaarii namoonni jaallatanisaaniif kenuun galata (shukrii) isaanii ni qora. Kana jechuun yommuu waan gaarii isaaniif kenuu "ni galateefatan moo hin galateefatan" jedhee issaan ilaaluu fi ifa baasuuf wanta gaggaarii issaan jaallataniin ni qora. Akka fakkeenyatti Nabii Suleymaaniif Rabbiin beekumsa, qabeenya, aangoo fi mootummaa guddaa kenneef. Garuu Suleymaan maal akka jedhe beektu? Wanta Nabii Suleymaan (aleyh salaam) jedhe Qur'aanniakkana jechuun nuuf hima: "...**Kuni tola Gooftaa kiyya irraa ta'eedha. Akka ani Isa galateefadhu moo hin galateefanne na qoruuf [qananii kana naaf kenne]. Namni [Rabbitiin] galateefate, kan inni galateefatu lubbuma ofitiif. Namni kafares [lubbuma ofii miidha]. Dhugumatti Gooftaan kiyya Dureessa Arjaadha.**" (Suuratu Al-Naml 27:40)

Akka mootota wallaalootaa Nabii Suleymaan (Aleyh salaam) mootummaa, aangoo fi dandeetti isaatiin hin goowwomne. Garuu inni wantoonni kunniin Gooftaa isaa irraa qormaataa akka ta'an ni bare. Qananii argate kana irratti "galata ni galcha moo hin galchu" jechuun sodaate. Ergasii Rabbiin galata namaatti kan itti hin fayyadamne ta'u ifa godhe. Faaydan galata galchuu namuma galata galche irratti deebi'a. "**Namni [Rabbitiin] galateefate, kan inni galateefatu lubbuma ofitiif. Namni kafares [lubbuma ofii miidha]. Dhugumatti Gooftaan kiyya**

Dureessa Arjaadha.” Rabbiin hojii namni hojjatu fi galata inni galchu irraa dureessa. “Arjaadha” keeyri (gaarii) baay’ee kan qabuu fi keeyri kanaan nama galata galchu fi hin galchine haguuga. Garuu shukriin (galata galchuun) qananiin amma jiruu akka itti fufuu fi qananii bade akka argataniif sababa ta’a. Qananii irratti galata galchuu dhiisun (kafaruun) immoo qananiin suni akka badu taasisa⁵.

Lamaffaa wanta badaa namoonni jibban isaanitti buusun sabrii (obsa) isaanii qora. Rabbiin ni jedha:

﴿ وَلَنَبْلُونَكُمْ بِشَيْءٍ مِّنَ الْخُوفِ وَالْجُوعِ وَنَقْصٍ مِّنَ الْأَمْوَالِ وَالْأَنْفُسِ وَالشَّرَاثٌ وَبَشِّرِ الصَّابِرِينَ ﴾^{١٥٥}

“Dhugumatti Nuti sodaa fi beela irraa wanta tokkoon, akkasumas qabeenya, lubbuu fi fuduraale irraa hirdhisuun isin mokkorra (qorra). Warra obsan gammachiisi.” Suuraa Al-Baqaraa 2:155

Obsuun, Rabbiin galateefachuun, yeroo rakkoo fi tolta Isa kadhachuu, gara Isaatti deebi’uun, Isarratti hirkachuun hojii keessaa (qalbii) Rabbiin jaallatuudha. Namni wanta badaan yommuu qoram, Rabbiin ni kadhata, Isaaf gadi of qaba, Isarratti hirkata. Ammas, yommuu badii dalaguu, gara Rabbii deebi’uun araarama kadhata, adabbi Isaa sodaachuun imimaan dhangalaasa. Kunniin hundi ibaadadha. Kanaafu, osoo qormaanni jiraachu baate silaa kaayyoon namni uumameef galma hin gahuu jechuudha. Fakkeenyaf, wanti badaan namni jibbu osoo addunyaa irra jiraachu baate, silaa namni akkamitti Rabbiin kadhata, Isaaf gadi of qabaa? Akkamitti gara Isaatti fiigun Isarratti hirkataa?

2. Qormaata keessa darbuuf wanta isaan gargaaru

Rabbitiin subhaanahu wa ta’alaa ilmaan namaa qajeelcha malee dirree qormaatatti isaan hin dhiisne. Wantoota qormaata kana keessa darbuuf isaan gargaaran karaa adda addaatin isaaniif qopheessee jira. Isaan keessaa:

⁵ Tafsiru Sa’diyy fuula 709

Fedhii isaaniif kennuu- fedhii waan gaarii hojjachuu fi waan badaa irraa of qabu isaan keessatti uumee jira. Rabbiin ilmaan namaa waan gaarii ykn badaa akka hojjatan isaan hin dirqisiisu. Garuu fedhii hojii barbaadan hojjachuu isaan keessatti uumee jira.

Sammuu, dhageetti fi argituu isaaniif kennuu- waan gaarii fi badaa akka addaan baafatan sammuu (aqlii), dhageetti fi argituu isaaniif kennee jira. **Dandeetti isaaniif kennuu-** wanna filatan akka hojjatan dandeetti (humna) isaaniif kennee jira. Garuu dandeettin namootaa wal-qixaa miti.

Wantoonni armaan oli sadan wanna uumamaan isaan keessatti uumamaniidha. Wantoonni kunniin gahaa waan hin taaneef wantoota lama isaaniif dabale. Isaaniis, Kitaaboota buusu fi Ergamtoota erguudha.

Kaayyoon namni itti uumameef galma gahuuf wantoonni lamaan kunniin barbaachisodha. Duratti, ibaadaa jechuun dubbii fi hojii keessaa alaa Rabbiin jaallattudha jennee jirra. Dubbii fi hojii Rabbiin jaallattu kan ittiin beekan karaa kitaabotaa fi Ergamtootatiin malee karaa biraatin ta'uu danda'aa? Sammuu fi fedhiin nemaan wanna Rabbiin jaallatu hunda beeku danda'aa? Dabalataan, akkuma duratti jenne hiikni ibaadaa biroo wanna Rabbiin itti ajajee hojjachuu fi wanna Inni irraa dhoowwe dhiisudha. Wanna Rabbiin itti ajajee fi irraa dhoowwe akkamitti akka hojjatamu ykn irraa of dhoowan karaa kitaabotaa fi Ergamtootatiin malee karaa biraatin beekun ni danda'amaa?

Gabaabumatti, wanna Rabbiin jaallatu fi jibbu, wanna adabbitti nama geessu fi badhaasa argamsiisu, kitaabban buusu fi ergamtoota erguun ibsee jira. Kuni qormaataa dachii keessatti isaaniif dhiyaate akka darban isaan taasisa.

3. Jazaa (mindaa wanna hojjataa turanii= firii Qormaataa)

Akkuma fakkeenya jalqabaa keessatti kaasne, barataan qorumsa qorame firii qormaataa beeku qabaa miti ree? Haaluma kanaan, ilmaan nemaan dachii keessatti qoramaniis firii qormaataa beekun dirqama ta'a. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa namoota qoree osoo jazaa (mindaa) isaaniif hin kafalin biyyee ta'anii akkanumatti isaan dhiisaa? Subhaanallah (Rabbitin qulqulla'e)! Guyyaan namni hundi firii wanna hojjataa turee itti beeku Guyyaa Qiyaamaa jennaan.

Guyyaan Qiyaamaa guyyaa ilmaan namaa hundii bakka itti tursifaman keessaa kaafamuun bakka tokkotti walitti qabamaniidha. Bakki itti tursifamaa turan qabrii (awwaalcha). Bakki itti walitti qabamaan dachii wal-qixxa'a bu'aa bayii homaatu hin qabneedha. Kaayyoonaan isaan walitti qabamaniif firii ykn mindaa wanta hojjataa turanii beekun takkaa gara Jannataa takkaa immoo gara Jahannam deemudha. Qur'aana keessatti,

﴿كُلُّ نَفْسٍ ذَآءِقَةٌ الْمَوْتُ ۖ وَإِنَّمَا تُوقَنُ أُجُورُكُمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ ۖ فَمَنْ زُحْزِخَ عَنِ الْأَنَارِ وَأُدْخِلَ الْجَنَّةَ فَقَدْ فَازَ ۖ وَمَا الْحَيَاةُ الدُّنْيَا إِلَّا مَتَاعٌ الْغُرُورِ﴾^{١٨٥}

“Lubbuun hundi du'a ni dhandhamti. Mindaawan keessanis guutumaatti kan argattan Guyyaan Qiyaamati. Namni ibidda irraa fageeffamee Jannataa seensifame, dhugumatti milkaa'eera. Jireenyi duniyas meeshaa gowwoomsaa qofa.” (Suuratu Ali-Imraan 3:185)

Addunyaa tana keessatti mindaa wanta hojjatanii guutumaan guututti argachuun hin danda'amu. Sababni isaas, yeroon qormaataa hin xumuramne. Kana jechuun dhumti addunyaa ykn Guyyaan Qiyaamaa hin dhufne. Yeroon qormaataa yoo xumurame Qiyaamaan ni dhaabbatti, ergasii jazaan (mindaan kafaluun) ni jalqabama. Namoonni Qiyaamatti hin amanne dhugaa kana ni kaadu. Rabbiin ni jedha:

﴿زَعَمَ الظَّالِمُونَ كَفَرُوا أَنَّ لَنْ يُبَعْثُوا قُلْ بَلَ وَرَبِّي لَتُبَعْثَثُنَّ ثُمَّ لَتُثَبَّتُونَ بِمَا عَمِلُتُمْ وَذَلِكَ عَلَى اللَّهِ يَسِيرٌ﴾

“Isaan kafaran [erga duunee booda] hin kaafamnu jechuun odeessan. Jedhi, “Eeyen! Gooftaa kiyyatti kakadhe! Dhugumatti isin ni kaafantu; ergasii wanti dalagdan hundi isinitti himama. Sunis Rabbiin irratti laafadha.” (Suuratu at-Taghaabun 64:7)

Gunduunfaa

- ➡ Ilmaan namaa addunyaa tana keessatti kaayyoo uumamaniif galmaan akka gahaniif qormaata adda addaan qoram.
- ➡ Kayyoon ilmi namaa itti uumameef Rabbiin qofa gabbaruudha.
- ➡ Rabbiin gabbaruu (ibaadah) jechuun wanta Inni ajajee hojjachuu fi wanta Inni irraa dhoowwe dhiisudha. Ammas, hiikni biraa, hojii fi dubbii keessaa alaa irraa wanta Rabbiin jaallatuudha.
- ➡ Kaayyoon ilma nnamaa irraa barbaadame kuni qormaata malee bakka waan hin geenyef wanta gaarii fi badaan ni qoram. Fakkeenyaf, qabeenya, ijoolee, dhibee, waraana, hiyyummaa fi kkf qormaata ilmi nnamaa ittiin qoramuuudha.
- ➡ Wanta gaariin qoramun galata galchu fi galchu dhiisu isaanii ifa baha. Wanta badaan qoramun obsi isaanii ifa. Galata galchuu fi obsuun immoo ibaadadha. Kanaafu, osoo wanti gaarii fi badaan jiraachu baate silaa ibaadan lamaan kunniin galma hin gahanii jechuudha.
- ➡ Ilmaan nnamaa qormaata kana darbuuf wanta isaan gargaaran Rabbiin (SW) isaaniif qopheessee jira.
- ➡ Fedhii, sammuu, dhageetti, argituu fi dandeetti isaaniif kenne. Qormaanni maal akka ta'e, adabbiin nama qormaata kufee, badhaasni nama qormaata darbee maal akka ta'ee fi akkamitti akka darban kitaabban buusu fi Ergamtoota erguun ibsee jira.
- ➡ Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ilmaan nnamaa qoree akkunamatti waan hin dhiifneef guyyaa firii qormaata isaanii itti beekan qaxaree (beellamee) jira. Guyyaan kunis Guyyaa Qiyaamati.
- ➡ Namoonni Guyyaa Qiyaamaa wanta hojjataa turan takka takkaan erga isaanitti himamee booda, jazaan (mindaan ykn adabbiin) isaaniif kafalama.
- ➡ Namni amanee fi hojii gaarii hojjataa ture gara Jannataa, namni kafaree immoo gara Jahannam deema. Kuni gahuumsa ilma nnamaa isa dhumaati.

Kitaabban wabii:

[\[1\]Sharih Usuuli salaasa](#) Fuula 100 Ibn Useymiin
[al-aqiidatul Islaamiyyatu wa usuusuhaa](#) By Abdurahmaan Hasan Madiniyyi,
fuula 509-517
[al-ubudiyata Fuula 6](#)

Aakhiratti Amanuu

Aakhiratti amanuun hundee iimaanaati fi nama kaafiraaf mu'mina addaan baasudha. Mu'minni Rabbii fi Aakhiratti amanuun mu'mina yommuu jedhamu, kaafirri immoo nama Rabbii fi Aakhiratti amanuu dideedha. Garuu Aakhiratti amanuu jechuun "Lubbuun namaa Jannata ykn Jahannamiin seentee qaamni immoo lamuu hin deebifamu jechuudhaa?" Namniakkana jedhee yaadu yoo jiraate kuni Aakhiratti amanuu hin jedhamu. Kanaafu, namni yaada dogongoraa kana akka sirreessuf Aakhiratti amanuun maal akka ta'ee haala armaan gadiitiin ilaalu dandeenya.

[Hubachiisa: Rabbiin Qur'aana keessatti maqdhaala Nu ykn Nuti jedhu ni fayyadama. Kuni baay'inna hin agarsiisu. Kana irra, Guddinna fi Kabaja agarsiisa. Arabiffa keessatti, namni tokko hojii tokko yommuu hojjatu Nuti jedhe fayyadamuu wanta baratameedha. Rabbiin Tokkicha wanta hundaa adda hojjatuudha. Kanaafu, Nuti yommuu jedhu Kabajaa fi Guddinna Isaa agarsiisaa malee baay'inna hin agarsiisu.]

Aakhiratti amanuun wantoota sadii of keessaa qaba.

Iffaa- Ka'uumsatti amanuu (Al-Iimaanu bil Ba'as)

Kana jechuun yommuu xurunbaan lammataa afuufamu namoonni du'an kaafamuudha. Namoonni miila duwwaa kophee hin qabne, qaama qullaa hin uffannee fi kan hin kittaananne ta'anii Gooftaa aalamaa fuundura murtiif dhaabbatu. Rabbiin (subhaanahu wa ta'alaa) ni jedha:

﴿ كَمَا بَدَأْنَا أَوَّلَ خَلْقٍ نُّعِيدُهُ وَعَدْدًا عَلَيْنَا إِنَّا كُنَّا فَاعِلِينَ ﴾

"Akkuma uumama duraa jalqabnetti isa deebifna. [Kuni] waadaa Nu irra jiruudha. Dhugumatti Nuti ni hojjanna." suuratu Anbiyyaa 21:104

Kana jechuun uumamtoota deebisuun akkuma yeroo jalqabaa isaan uumneti. Jalqaba uumamtooni homaa hin turre. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa uumamtooni wanta tokko kan hin turre ta'anii osoo jiranu isaan argamsiisee akkuma san lamuu isaan deebisa. “[Kuni] **waadaa Nu irra jiruudha. Dhugumatti Nuti ni hojjanna.**” Kana jechuun wanta waadaa galle hojji irra oolchina. Dandeettin Rabbii guutuu waan ta'eef wanti Isa dadhabsiisu tokkollee hin jiru. Wanta duraan hin jirre uumuun kan Isa hin dadhabsiisin (hin dhibin) akkamitti wanta bade lamu deebisuun Isa dhibaa?

Erga du'anii ka'uun dhugaa mirkanaa'aa Qur'aanni, sunnaa fi wali galteen Muslimootaa agarsiisudha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿ثُمَّ إِنَّكُمْ بَعْدَ ذَلِكَ لَمْ يَتُّمُونَ ١٥ ٥٣٢ ثُمَّ إِنَّكُمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ تُبَعَّثُونَ﴾

“**Ergasii isin sana booda ni duutu. Ergasii dhugumatti isin Guyyaa Qiyaamaa ni kaafamtu.**” Suuratu Al-Mu’minuun 23:15-16

Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:

يُحَسِّرُ النَّاسُ يَوْمَ الْقِيَامَةِ حُفَاةً غَرَاءً عَزَلاً

“**Guyyaa Qiyaamaa namoonni miila duwwaa, qullaa fi kan hin kittaanamne ta'anii walitti qabamu.**” [Sahih Muslim 2859](#)

Akkasumas, Muslimoonni ilmaan namaa erga du'anii booda akka kaafaman irratti walii galanii jiru. Kuni hikmaadhaan wanta barbaachisuudha. Rabbiin olta'aan ilmaan namaa wanta gaarii akka hojjatanii fi wanta badaa akka dhiisan karaa Ergamtootatiin isaan ajaje jira. Kanaafu, wanta hojjataniif Guyyaa itti mindeefaman murteesse jira. Rabbiin ni jedha:

﴿أَفَحَسِبْتُمْ أَنَّمَا خَلَقْنَاكُمْ عَبَّادًا وَأَنَّكُمْ إِلَيْنَا لَا تُرْجَعُونَ ١١٥﴾

“**Sila Nuti taphumaaf waan isin uumnee fi gara Keenyatti kan hin deebifamne ta'uu ni yaaddu?**” (Suuraa Al-Mu'uminuuna 23:115)

2ffaa- Qorannoo fi Jazaatti amanuu (Al-Iimaanu bil-hisaabi wal jazaa'a)

Jazaajechuun mindaa ykn adabbii namni tokko wanta hojjateef argatuudha. Gabrichi hojjiisaatiif ni qoratama. Ergasii hojji gaarii yoo hojjatee fi ulaagaalee yoo guute, ni mindeefama, ta'uu baannan ni adabama. Qur'aanni, sunnaah fi walgalteen Muslimoota kana ni agarsiisu.

Rabbiin olta'aan ni jedha:

﴿إِنَّ إِلَيْنَا أُتَابُهُمْ ﴾٦٧﴾ ثُمَّ إِنَّ عَلَيْنَا حِسَابُهُمْ

“Dhugumatti deebiin isaanii gara Keenya. Ergasii, qorannoonaanisaanii Nurra jira.” Suuratu Al-Gaashiyah 88:25-26

Kana jechuun uumamtoonni gara Rabbii deebi'uun Guyyaa Qiyaamaa qorannoof walitti qabamu. Gaariis ta'i badaa wanta hojjataa turaniif ni qoratamu. Ergasii, mindaan isaaniif kafalama. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿مَنْ جَاءَ بِالْحَسَنَةِ فَلَهُ وَعَشْرُ أَمْثَالِهَا وَمَنْ جَاءَ بِالسَّيِّئَةِ فَلَا يُجْزَى إِلَّا مِثْلَهَا وَهُمْ لَا يُظْلَمُونَ﴾١٦٠

“Namni toltoon dhufe, isaaf [toltuu] ishii fakkaattu kudhantu jira. Namni hamtuun dhufe, inni fakkaattuu ishii malee hin mindeefamu. Isaaniis hin miidhamanu.” Suuratu Al-An'aam 6:160

Kana jechuun namni dhugaan amanee fi toltoon hojjatee Guyyaa Qiyaamaa dhufe, isaaf toltoon kan fakkaattu toltoon kudhantu isaaf jira. Kanaafu, mindaan isaa isaaf baay'ata. Namni hamtuu hojjatee Guyyaa Qiyaamaa dhufe immoo hamtuun isaaf hin baay'attu. Hamtuu (badii) hojjate qofaaf adabama.

Rabbiin (subhaanahu wa ta'aalaa)ni jedha:

﴿وَنَصَّعُ الْمَوَازِينَ الْقِسْطَ لِيَوْمِ الْقِيَامَةِ فَلَا تُظْلَمُ نَفْسٌ شَيْئًا وَإِنَّ كَانَ مِثْقَالَ حَبَّةٍ مِّنْ حَرْدَلٍ أَتَيْنَا بِهَا وَكَفَى بِنَا حَسِيبَيْنَ﴾١٦١

“Nuti Guyyaa Qiyaamaatiif madaala haqaa lafa keenya. Lubbuun takkas homaa hin miidhamtu. Yoo waan ulfinna hanga firii raafuu qabus ta’e, Nuti ishii ni fidna. Qorannaafis Nuti gahoodha.”Suuratu Al-Anbiya 21:47

Kana jechuun Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa namoota hundaaf mindaa kafaluuf Guyyaa Qiyaamaa madaala haqaa dhaaba (lafa kaaya). Hojiin namni hojjate hundi ni madaallama. Hojiin isaa xiqqeenyaa irraa kan ka’e osoo hanga firii raafuu ykn xaafii taateyyuu Rabbiin ni fida. Eenyullee waan gaarii hojjate irraa hir’ifamuun ykn waan badaa hojjateen ala badiin biraan isatti dabalamuun hin miidhamu.

Namni wanta hojjateef qoratamuun fi mindaan isaaf kafalamuun haqa eenyullee hin kaanne (hin kijibsiisnedha). Mee amma of haa gaafannu, namni aangoo qabu hojjattoota isa jala jiran wanta tokko akka hojjatan ni ajaja. Dhumaratti abbaan aangoo (maanejarrii) kuni hojjattoonni kunniin wanta san hojjachuu fi hojjachu dhiisu isaanii gaafate mindaa ni kafalaaf moo ni dhiisa? Bu’aa wanta hojjatanii osoo hin gaafatin mindaa kafaluufi danda’aa? Mindaa kan hin kennineef yoo ta’e, wanta sanitti ajajuun bu’aan isaa maaliidhaa? Eeti, maanejarri hojjattoota wanta tokkotti ni ajaja. Hojii isaanii irratti hundaa’e mindaa kafalaaf.

Rabbitiin subhaanahu wa ta’ala fakkaata hin qabnee fi kana hundaa olta’e namoota wayitti ajajee dhumarratti jazaa (mindaa) osoo isaanii hin kenniin ni dhiisaa? Subhaanallah! (Rabbitiin qulqullaa’e)! Dhugumatti, wanta itti ajaje hojjachuu fi hojjachuu dhiisu isaanii dhumarratti ni gaafata ykn ni qorata. Ergasii hojii isaanii irratti hundaa’e isaan mindeessa. Nama toltaa hojjate, mindaa gaarii kennaaf. Nama badii hojjate, adabbii irratti murteessa.

Ali Ibn Abi Xaalib akkana jedha: Har’ a hojitu jira qorannoona (hisaabni) hin jiru. Boru immoo qorannotu jira, hojiin hin jiru.” Kana jechuun addunyaa tana keessa yommuu jiraatan, hojii hojjachuu malee guutumaan guututti qoratamuun hin jiru. Guyyaa Qiyaamaa immoo wanta addunyaa keessatti hojjataa turaniif qoratamu malee hojiin hin jiru. Kanaafu, “Qoratamuun dura of qoradhaa, madaallamuun dura of madaalaa!” Umar ibn Al-Khaxxaab.

3ffaa- Jannataa fi Ibiddatti amanuu

Kana jechuun Jannani warroota amananii fi hojii gaggaari hojjataniif akka qophoofta amanu. Ammas, ibiddi Jahannam warroota kaferanii fi badii hojjataniif

akka qophoofta amanuudha. Jannata keessa wanta ijji takkuu argitee hin beekne, gurri dhagahee hin beekne fi qalbii nama qaxxaamuree hin beeknetu jira. Rabbiin ni jedha:

﴿فَلَا تَعْلَمُ نَفْسٌ مَا أَخْفَى لَهُمْ مِنْ قُرَّةِ أَعْيُنٍ جَزَاءً بِمَا كَانُوا يَعْمَلُونَ﴾^{١٧}

“Waan isaan hojjataa turaniif jecha akka mindaatti gammachuu ijaa irraa waan isaaniif dhokfame lubbuun tokkoyuu hin beektu.” Suuratu As-Sajdah 32:17

Kana jechuun eenyullee guddinna qananii Rabbiin Jannata keessatti isaaniif dhokse hin beeku. “**Dhugumatti, isaan amananii fi hojii gaggaarii hojjatan, Jannanni Firdaws iddoo simannaa (qubannaa) isaaniif taatee jirti. Ishee keessa yeroo hunda jiraatu. Ishee irraa jijiramuu hin barbaadan.**” Suuratu al-Kahf 18:107-108

Ibiddi Jahannam immoo mana adabbi warra kafaranif Rabbiin qopheessedha. Warri ibidda seenu warra Isatti amanuu didanii fi Ergamtoota Isaatiif ajajamuu didaniidha. Salphinna hangana hin jedhamnetu achi keessa jira. Rabbiin ibidda irraa nu haa tiksu. Rabbiin ni jedha:

“Ibidda kaafirotaaf qopheeffamte san sodaadhaa.” Suuratu Aali-Imraan 3:131

﴿إِنَّ اللَّهَ لَعَنَ الْكُفَّارِينَ وَأَعَدَ لَهُمْ سَعِيرًا ۝ خَالِدِينَ فِيهَا أَبَدًا لَا يَجِدُونَ وَلَيَا وَلَا نَصِيرًا ۝ يَوْمَ تُقَلَّبُ وُجُوهُهُمْ فِي النَّارِ يَقُولُونَ يَلَيْتَنَا أَطْعَنَا اللَّهُ وَأَطْعَنَا الرَّسُولُ ۝﴾

“Dhugumatti, Rabbiin kaafirota abaaree fi ibidda boba’aa isaaniif qopheessee jira. Yeroo hundaa ishii keessa kan jiraatan ta’aniii tiksas ta’ee gargaaraa [isaan baraaru] hin argatan. Guyyaa fuulli isaanii ibidda keessatti gara gaggalfamtu, “Yaa hawwii keenya! Osso ajaja Rabbiitii fi ajaja Ergamaa [Isaa] fudhannee [jiraannee maal qabaa]” jedhu.” Suuratu Al-Ahzaab 33:64-66

﴿وَأَمَّا الَّذِينَ فَسَقُواْ فَمَا أَوْلَاهُمُ الْنَّارُ كُلَّمَا أَرَادُواْ أَنْ يَخْرُجُوا مِنْهَا أَعِيدُواْ فِيهَا وَقِيلَ لَهُمْ ذُوقُواْ عَذَابَ الْنَّارِ الَّذِي كُنْتُمْ بِهِ تُكَدِّبُونَ﴾

"Isaan finclan immoo teesson isaanii ibidda. Dhawaatuma isaan ishii (ibidda) keessaa bahuu fedhaniin ishii keessatti gadi deebifamu. "Adaba ibiddaa kan kijibsiisaa turtan dhandhama." isaanin jedhama." Suuratu As-Sajdah 32:20 (Isaan finclan- Rabbitti kafaranii fi Isaaf ajajamuu didan. Warri kuni "ibiddi Jahannam hin jiru, lamu hin kaafamnu" jechuun mormaa ykn kijibsiisaa turan.)

Guduunfaa

- Aakhiratti amanuu jechuun ilmaan namaa erga du'anii lamuu kaafamanii akka qoratamanii fi mindeefaman amanuu fi Jannataa fi Jahannam jiraachu shakkii tokko malee amanuudha.
- Rabbiin olta'aan akkuma uumamtoota jalqaba uume, lamuu isaan deebisa.
- Jalqaba irratti kan hin jirre ta'anii kan isaan uume lamuu deebisuun Isatti ni ulfaataa?
- Kana hubachuuf copha bishaan saalaa (maniyyii) namni irraa uumame fi nama badee biyyee ta'e wal bira qabaa. Lamaan isaanitu lubbuu kan hin qabneedha. Rabbiin bishaan saalaa furri fakkaatu irraa nama kan uumee, namni biyyee erga ta'ee akkamitti deebisuu dadhabaa?
- Inuma dhugaa lamuu deebifamu kan dhugoomsu keessaa, Rabbiin jalqaba Nabii Aadamin biyyee irraa uume. Kanaafu, abbaa namaa biyyee irraa kan uumee, Guyyaa Qiyaamaa namoota biyyee erga ta'anii deebisuun Isatti hin ulfaatu.
- Guyyaa Qiyaamaa namni hunduu wanta hojjataa tureef ni qoratama.
- Hojiin isaa xiqqaa fi guddaan ni madaallama. Ergasii mindaa gaarii ni argata ykn ni adabama.
- Gahuumsi namoota amananii fi hojii gaggaarii hojjatanii Jannata, kan kafaranii fi badii hojjatan immoo Jahannam. Rabbiin Jahannam irraa nu haa tiiksu.

Kitaabban Wabii

[Shariih Usuuli salaasa](#) Fuula 100-103 Ibn Useymiin fi kitaabota tafsiiraa garagaraa

Ragaaleen Qiyaaman jiraachu agarsiisan

Namooni Guyyaa Qiyaama mormuun “Namni akkamitti erga biyyee ta’ee booda kaafama?” jedhu. Ragaaleen namoota kanniini fi warroota shakkanif dhiyeessinu bakka saditti quodu dandeenya. Isaanis: shari’iyyi (shari’aadhaan), aqliyyi (sammuuni) fi hissiyyi (miiran).

Ragaa tokkoffaa: shari’iyyi (shari’aa)

Kuni ragaa Qur'aana fi hadiisa keessatti dhufeedha. Akka fakkeenyatti Rabbiin akkana jedha:

﴿رَعَمَ الَّذِينَ كَفَرُوا أَن لَّن يُبَعْثُرُوا قُلْ بَلَ وَرَبِّي لَتُبَعَّثَنَّ ثُمَّ لَتُبَئُونَ بِمَا عَمِلْتُمْ وَذَلِكَ عَلَى اللَّهِ يَسِيرٌ﴾

“Isaan kafaran [erga duunee booda] hin kaafamnu jechuun odeessan. Jedhi, “Eeyyen! Gooftaa kiyyatti kakadhe! Dhugumatti isin ni kaafamtu; ergasii wanti dalagdan hundi isintti himama. Sunis Rabbiin irratti laafadha.” (Suuratu at-Taghaabun 64:7)

Asitti mirkaneefanna (tawkiida) sadiiin Guyyaan Qiyaamaa jiraachu mirkaneessa. Tokkoffaa kakuu (warabbii (Gooftaa kiyyaan kakadhe)), 2ffaa qabee arabiffaa “Laam” jalqaba “Latub'asunna fi latunabba'unna” jedhu irratti dhufte. Sadaffaan immoo qabee Arabiffaa “Nuun” xumuraa jechoota armaan olii irratti dhufeedha. Gara afaan keenyatti yoo hiiknu, “Dhugumatti, dhugumatti ni kaafamtu, Dhugumatti, dhugumatti isintti himama” ta'a. Keeyyata armaan olii keessatti akka dubbistoota hin dhamaasnef jecha, “Dhugumatti” jettu si'a tokko fayyadamne. Kanaafu, Guyyaa Qiyaamaa keessa shakkiin hin jiru jechuudha.

Ragaa 2ffaa: Aqliyy (sammuu)

Ragaan kuni karaa sadii ilaalu dandeenyaa.

1ffaa: Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) samii fi dachii akkasumas wantoota isaan jidduu jiran jalqabarraa kaase kan uumedha. Mee of haa gaafannu, "Jalqaba irratti uumuu kan danda'u akkamitti deebisuun Isa dhibaa?" Akka sammuu keenyatti, wanta tokko jalqaba uumutu irra salphaadha moo kan bade deebisanii ijaarutu irra salphaadhaa? Dhugumatti, kan bade deebisanii ijaaru fi uumutu irra salphaadha. Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) ni jedha:

﴿وَهُوَ الَّذِي يَبْدُؤُ اَخْلَقَ ثُمَّ يُعِيدُهُ وَهُوَ أَهْوَنُ عَلَيْهِ﴾

"Inni [Rabbiin] uuminsa Kan jalqabu; san boodas kan deebisuudha. Kuni Isa irratti baay'ee salphaadha." (Suuratu ar-Ruum 30:27)

2ffaa: Uumama ofii ilaalu. Namni wanta irraa uumame yoo ilaale, Guyyaa Qiyaamatti amanuu irraa wanti isa dhoowwu hin jiru. Kuni raga cimaa Rabbiin Qur'aanaa keessatti deddeebise kaasudha.

"Yaa ilmaan namaa! Yoo kaafamuu irraa shakkii keessa jiraattan, dhugumatti Nuti biyyee irraa isin uumnee; ergasii copha bishaan saalaa irraa, dhiiga ititaa irraa, ergasii foon alalfatamu kan uumama guuttatee fi hin guuttatin irraa isin uumne; [humnaa fi dandeetti Keenya] isiniif ibsuuf [kana goone]..." (Al-Qur'aan, Suuratu al-Hajj 22:5)

Guyyaa Qiyaamaa (Kaafamuu) ilaachise shakkii keessa yoo jiraattan uumama keessan irratti xinxallaa nun jechaa jira. Abbaan ilma namaa kan ta'e Aadam (nageenyi isarratti haa jiraatu) biyyee irraa uumame. Ergasii sanyiin isaa copha bishaanii irraa uumaman. Tolee, Rabbiin Nabii Aadamin biyyee irraa kan uumee, ilma namaa biyyee erga ta'anii booda isaan deebisu ni dadhabaa? Biyyee irraa akkuma uume biyyee irraa deebisuun Isa dhibaa? Ammas ilmaan Aadam copha bishaanii irraa kan uume, lamu isaan deebisu ni dadhabaa? Gonkumaa hin dadhabu! Kanaafu, Guyyaan Qiyaamaa jiraachun shakkii hin qabu jechuudha.

3ffaa: Dachiin tuni yeroo bonaa gogduu fi duutee biqiltoonni magariisni irra hin jirre taate argina. Yommuu Rabbiin rooba itti roobsu, ni sochooti. Akaakuwan biqiltoota magariisa garagaraa ni magarsiti. Dachii erga duute kan jiraachisu Rabbiin namoota du'anis jiraachisu irratti Danda'aadha.

Rabbitiin (subhaanahu wa ta'aala) ni jedha:

﴿وَمِنْ عَائِتِهِ إِنَّكَ تَرَى الْأَرْضَ خَشِعَةً فَإِذَا أَنْزَلْنَا عَلَيْهَا الْمَاءَ أَهْتَرَّتْ وَرَبَّتْ إِنَّ الَّذِي أَحْيَاهَا لَمْحِي الْمَوْتَىٰ إِنَّهُ وَعَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ﴾ ٣٩

“Ati dachii gogduu taate arguun mallatoolee Isaa irraayyi. Ergasii, yeroo Nuti ishee irratti bishaan [roobaa] buufne ni sochooti, ni tullooftis. Dhugumatti, Inni ishee jiraachise warra du'es ni jiraachisa. Dhugumatti, Inni waan hundaa irratti Danda'aadha.” (Suuratu Fussilat (41):39)

Mee bona haa ilaallu lafti akkamitti daaraa fi biqiltoota tan ofirraa hin qabne akka taatu. Yeroma Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) rooba itti roobsu, biqiltoota magariisan uwatifamti. Namni du'es haaluma Kanaan yommuu lafeen isaa bututte daaraa taatu, Rabbiin lamu ni jiraachisa. Akkamitti?

Deebiin isaa Aaya (keeyyata) Qur'aanaa armaan gadi keessa jira.

﴿إِنَّمَا أَمْرُهُ إِذَا أَرَادَ شَيْئاً أَنْ يَقُولَ لَهُ وَكُنْ فَيَكُونُ﴾ ٨٢

“Ajajni Isaa yoo waan tokko fedhe, “Ta'i” jechuma qofa; yoosu ta'a.” Suuraa Yaasin 36: 82

Rabbitiin Qulqullaan olta'e wanta tokko uumu ykn hojjachuu yoo fedhe, fedhii Isaa wanti jalaa kuffisu tokkollee hin jiru. ‘Ta'i’ jennaan yeroma san ta'ee argama. Kanaafu, Rabbitiin ilma nammaa kaasu yoo fedhi, “Ta'i” jedhan. Yeroma san “Ta'e” argama.

Ragaa 3ffaa-Hissiyy (Qaamolee miiratiin mul'achuu fi dhagahamu kan danda'an)

Eeti, seenaa keessatti namoonni erga du'anii booda kaafaman ni jiru. Tarii naannoo keenya irraa akka oduutti dhagahuun keenya ni mala. Suni dhugaa yoo ta'e, waa tole. Soba yoo ta'es wanti itti nu dhiphisu hin jiru. Garuu Qur'aanaa Rabbii kan sobni itti hin seenne irraa namoota fi uumamtota biroo erga du'anii booda kaafaman muraasa isaanii ni ilaalla.

Seenaa 1ffaa:

“Yookiin namticha ganda [manneen ishii] mataa ishii irratti kukkuftee osoo jirtuu irra darbee, “Du’a ishiit in booda akkamumatti Rabbiin tana jiraachisaa?” jedhe, [hin ilaallee?]. Rabbiinis wagga dhibba isa ajjeesee isa kaasun, “Hangam turte?” jedheen. Innis, “Guyyaa tokko yookiin garii guyyaa (guyyaa tokko kan hin guunne) ture.” Jedhe. [Rabbitiinis] ni jedhe, “Ati wagga dhibba turte. Mee gara nyaataa fi dhugaati keeti ilaali; hin jijjiramne. Gara harree keetis ilaali. Namootaaf mallatoo si taasisuuf [kana goone]. Gara lafees ilaali akkamitti akka walitti qabnu fi ergasii foon itti uwuwifnu.” Yeroma ifa isaaf ta'u, “Rabbitiin waan hundaa irratti Danda’aa ta'u nan beeka.” Jedhe.” (Suuratu Al-Baqarah 2:259)

Jechi Qariyata (ganda)-jedhu manneeni fi jiraattota kan of keessattu hammatuudha. Ganda [manneen ishii] mataa ishii irratti kukkuftee” yommuu jedhu akka yeroo waraanaa manneen walirratti kukkufuu badaniitti xaaraa fi dhaabni manaa walirratti kukkufuudha. Akkasumas, jiraattonnis xaaraa fi dhaaba manaa jalatti kufuun du'uudha. Namtichi “Rabbitiin jiraattota du'an kanniin akkamitti jiraachisa?” jechuun dinqisiifate. Ergasii Rabbitiin isa ajjeessun wagga dhibba tursiise. Wagga dhibba kana keessatti, nyaanni fi dhugaatin isaa hin jijjiramne. Garuu harreen isaa lafee ta'uun addaan bittinoofte. Rabbitiin wagga dhibba booda namticha kana kaasun mallatoolee sadii isaa fi namoota birootti agarsiise. 1ffaa: namticha mataa isaa wagga dhibba erga tursiise booda kaasu. 2ffaa, nyaanni fi dhugaatin osoo homaa hin jijjiramiin akkasumatti tursiisu. Kuni Qudraa (Dandeetti) Rabbii (Subhaanahu wa ta'aala) agarsiisa. 3ffaa: Harree duute fi lafeen ishii bittinoofte fuula namtichaa fuunduratti kaasu. “Akkamitti akka walitti qabnuu fi ergasii foon itti uwuwifnu gara lafee ilaali” Jedheen. Dhumarratti wanta jedhe itti haa xinxallinu. “Rabbitiin waan hundaa irratti Danda’aa ta'u nan beeka” Kanaafu, Rabbitiin nyaataa fi dhugaati osoo hin jijjiramin tursiisu fi lafee

bututte deebise kaasu irratti danda'aadha. Wantoota hundaa irrattis danda'aadha. Kanaafu Guyyaan Qiyaamaa namoota jiraachisu kanarraa ni hubanna jechuudha.

Seenaa 2ffaa:

“Yeroo Ibraahiim “Gooftaa kiyya! Akkamitti du’aa akka kaaftu natti agarsiisi.” Jedhe [yaadadhu]. [Rabbiin] “Sila hin amanne?” jedheen. [Ibraahimis], “Lakkii! [amaneera]. Garuu akka qalbiin tiyya tasgabbootufi.” Jedhe. [Rabbis] ni jedhe “Sinbira afur fuudhii gara keetti maqsi [ergasii isaan qaluun kukkuti]. San booda qooda wayii gaara hundarra kaa’i. Ergasii isaan waami; fiigaa sitti dhufu. Rabbiin Injifata ogeessa ta’uus beeki.” (Suuratu Al-Baqarah 2:260)

Asitti Nabii Ibraahim “Guyyaa Qiyaamaa kaafama namootaa” shakkee osoo hin ta’in “Akkamitti Rabbiin du’aa akka kaasu.” arguu barbaadeti. Sababa Kanaan qalbiin isaa haa tasgabbootufi. Akkuma ajajame Nabi Ibraahim (aleyh salaam) sinbira afur qaqqalee fi erga butiche booda walitti make. San booda makaa kana addaan qoqoduun gaara (tulluu) adda addaa irra kaa’e. Ergasii ofitti waame. Yoosu fiigaa itti dhufan.

Wanti asirraa barannu qaamni ilma namaas ta’e kan biroo hanga fedhe addaan haa bittinaa’u, wanta biraatinis walitti haa makamu, Rabbiin walitti qabuun ni kaasa. Rabbiin wanta hundaa irratti Danda’aa waan ta’eef. Ammas Injifataa fi Ogeessa waan ta’eef.

Kunis raga cimaa Guyyaa Qiyamaa agarsiisudha. Rabbiin (subhaanahu wa ta’ala) ni jedha:

﴿وَأَنَّ السَّاعَةَ عَاتِيَةٌ لَا رَيْبَ فِيهَا وَأَنَّ اللَّهَ يَعْلَمُ مَنِ فِي الْقُبُورِ﴾

“Dhugumatti Qiyaaman dhuftuudha; ishee keessa shakkiin wayitu hin jiru. Dhugumatti Rabbiin namoota awwala (qabrii) keessa jiran hundaa ni kaasa.” Suuraa Al-hajj (22):7

Kitaaba wabii

Fataawaa al-mar'atal Muslimah-1/fuula 116-119, Daaru ibn Hazm, Dabalataan "[Sharih aqidatil waasixiyah](#)-2/130-132 ilaalun ni danda'am

Mallatoolee Guyyaa Qiyaamaa

Guyyaa Qiyaamaa jechuun Guyyaa namoonni du'an hundi awwaalcha isaanii keessaa kaafamuun murtiif Rabbiin fuunduratti dhiyaataniidha. Guyyaa sirnii samii fi dachii itti jijjiramuudha. Guyyaa samiin itti dhodhootu, urjileen harca'an, garreen bakka isaaniti buqqifaman, dachiin garmalee sochootu fi wantoonni nama rifachisanii fi naasisan biroo itti adeemsifamuudha. Guyyaan kuni guddinnaa fi ulfaatinna isaatirraa kan ka'e maqaa adda addaa qaba. Isaan keessaa As-Saa'ah (Sa'aa), Guyyaa Aakhirah (Dhumaa), Yawmul Jam'i (Guyyaa Walitti qabamaa), Yawmud-Diin (Guyyaa Murtii), Yawmul Taghaabun (Guyyaa mu'minoonni bu'aa buufatanii, kaafironni immoo kasaaraniidha), Al-Haaqqah (Guyyaa haqni (dhugaan) ifa bahu), Al-Qaari'a (Rukuttaa jabaa), Gaashiya (wanta hundaa tan Haguugdu) fi kan biroo.

Guyyaa Qiyaamatti amanuun utubaalee imaanaa keessaa tokko. Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) ilma namaa uumun ergasii isaan sooru, Ergamtoota erguu fi kitaabban buusun san booda herreega malee akkanumatti hin dhiisu. Wanta hojjataniif osoo hin herreegaminii fi hin gaafatamiin akkanumatti badanii kan hafan yoo ta'e, kaayyoo malee uumamanii jechuudha. Kuni immoo wanta Rabbiif hin malleedha. Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) ni jedha:

﴿أَفَحَسِبْتُمْ أَنَّمَا حَلَقْنَاكُمْ عَبَثًا وَأَنَّكُمْ إِلَيْنَا لَا تُرْجَعُونَ﴾^{١١٥}

“Sila Nuti taphumaaf waan isin uumnee seetu (yaaddu)? Ammas isin gara Keenyatti deebifamu dhabuu yaaddu?” (Suuraa Al-Mu'uminuuna 23:115)

Ammas, namoonni wal-cunqursuun murtii haqaa osoo hin argatin du'an seenan haa lakkaa'u. Kan cunqurse fi cunqurfamaan murtii haqaa osoo hin argatin akkanumatti dachii Rabbii keessa badanii ni hafu? Yoo kan badan ta'e dachiin cunqursitoota qofaaf uumamte jechuudha. Kuni immoo gonkumaa wanta hin taane. Guyyaan Murtii namni hundi haqa itti argatu jiraachu qaba miti ree? Namni “Lakki Guyyaan Murtii (Qiyaamaa) hin jiru.” Kan jedhu yoo jiraate, inni haqa hin barbaadu jechuudha. Guyyaan Murtii haqaa kee si kafaluu fi miidhaa raawwattoota (zaalimtoota) adabuuf kan dhufu.

Guyyaan kuni Guyyaa Cimaa fi Guddaa namni wanta hojjateen itti mindeefamu fi adabamuudha. Dhugaan amanee fi hojii gaarii yoo hojjate, badhaasni isaa Jannata. Kaafira (Rabbitti kan hin amanne) fi hojii badaa kan hojjatu yoo ta'e, iddoon qubannaa isaa Jahannami. Sababa kanaafi, Rabbiin garmalee jabeessun Guyyaa kanaaf akka qophaa'an ilma namaa akekachisa.

Guyyaa kanatti akka amanan, kitaabban buuse jira. Kitaaba Isaa kan dhumaa kan ta'e Qur'aana keessatti, Guyyaa Qiyaama keessa maal akka adeemsifamu, Jannani fi Jahannam maal akka ta'an, hojiwwan Jannataa fi Jahannam nama seensisanii fi kan biroo ilma namaatif addeesse jira. Kitaaba qofaanis mitii, mallattoolee Guyyaa Qiyaamatti akeekan baay'ee agarsiise jira, ammas agarsiisaa jira.

﴿فَهُلْ يَنْظُرُونَ إِلَّا السَّاعَةَ أَن تَأْتِيهِمْ بَغْتَةً فَقَدْ جَاءَ أَشْرَاطُهَا فَإِنَّ
لَهُمْ إِذَا جَاءَتْهُمْ ذِكْرُنَاهُمْ ﴾^{١٨}

“Sila Qiyaaman tasa isaanitti dhufu malee maal eegu? Mallattooleen ishii dhufaniiru. Yeroo ishiin isaanitti dhufte gorfamuun isaanii akkamitti isaaniif ta'a?" Suura Muhammad (47):18

Har'a fedhii Rabbitiin mallatooleen kunniin maal akka ta'an muraasa isaanii hadiisa sahiih Ergamaa Rabbii (SAW) irraa ta'an wabii godhachuun haa ilaallu. Mallatoolee kanniin beekun amantiin nuti Guyyaa Qiyaamatiif qabnu akka dabalu fi hojii gaggaarii hojjachuu fi hojii badaa dhiisun akka of qopheessun nu taasisa.

Mallatoolee Guyyaa Qiyaamaa jechuun Guyyaan Qiyaama dhiyaachu mallatoolee agarsiisanidha. Mallatolee kanniinis bakka lamatti qoonna. Isaaniis; Mallatoolee Xixxiqoo (al-Alaamatu al-sughraa) fi Mallatoolee Gurguddoo (al-Alaamatu al-Kubraa). Ammas mallatoolee xixxiqoo bakka saditti quodu dandeena. Isaanis; (A).kan yeroo darbee, (B).kan yeroo darbe dhufe fi amma itti fufaa jiruu, (C) kanneen hanga ammaa hin dhufne. Asitti kan dhiyeessu hadiisa sahiih ta'an qofaa fi kitaaba Sheyk Muhammad Al-Arif "Nihaayatul Aalam (End of The World)" jedhamu irraayi.

A. Mallatoolee Xixxiqoo Guyyaa Qiyaamaa

1. Nabi Muhammad (SAW) ergamuu fi du'uu

Nabii Muhammad (SAW) ergamuu fi du'uun mallatoolee xixxiqoo Guyyaan Qiyaamaa dhiyaachu agarsiisan keessaa tokko. Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:

بِعْثَتْ أَنَا وَالسَّاعَةُ كَهَاتِئِنْ

Qubaa jidduu dheeraa fi qubaa ishaaraa wal bira qabuun, “**Anaa fi Yeroon (Guyyaan Qiyaama) akkanatti ergamne.**” Jedhan. [Sahih al-Bukhari 6505](#) fi [Sahih Muslim 2951](#)

Imaam Qurxubin akkana jedha: “[Mallatoon Qiyaamaa] jalqaba Ergamaa Rabbii (SAW) dha. Sababni isaas, inni Nabiyyii yeroo dhumaati. Inni Nabiyyi ta'uun ergame jira; Isaa fi Qiyaamaa jidduu nabiyyiin biraa hin jiru.” (Al-Qurxubii, At-Tazkirah (1/710)

Ergamaan Rabbii (SAW) du'uunis mallatoolee Guyyaa Qiyaamaa keessa tokko. Duuti Nabiyyii balaa Muslimoota irra gahe keessaa balaa isa guddaadha. Yommuu inni du'u sahabatattu Madinaan ni dukkanoofta. Du'a isaatin Wahyin (Ergaan Rabbiin irraa bu'u) addaan cite, fitnaan ni baay'ate, Araboонни gariin Islaama irraa duubatti deebi'an.

2. Jiini (Addeessi) Dhooyu

Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) ni jedha:

﴿أَقْرَبَتِ الْسَّاعَةُ وَأَنْشَقَ الْقَمَرُ﴾

“**Qiyaaman kaloofte (dhiyaatte); Jiinnis lamatti dhooh.**” Suuratu Al-Qamar 54:1

Al-Haafiz ibn Kasiir (Rabbiin rahmata isaa haa godhu) akkana jedha: “Akkuma hadiisa sahiih mutawaatira ta’e keessatti dhufetti [dhooyun ji’aa] gadaa Rasuulaa (SAW) keessa ta’ee jira. Dhooyun ji’aa gadaa Rasuulaa (SAW) keessa kan adeemsifame ta’uu isaa hayyoota Islaamaa jiddutti kan irratti wali galameedha.. Mu’ijizaa beekkamaa keessaa isa tokko ture.” (Tafsiir ibn Kasiir 7/472)

Anas akka jedhetti, "Warri Makkaa Ergamaa Rabbii (SAW) mallatoo akka isaanitti agarsiisu gaafatan. Innis dhoohinsa Ji’aa itti agarsiise." [Sahiih Bukhaari](#) 3637 fi Muslim 2802

3. Al-Quds (Jerusaalam) Banamuu

Yommuu Ergamaan Rabbii (SAW) ergaman al-Quds mootii Kiristaanaa Bezantaayin jala turte. Ergamaan Rabbii (SAW) banamiinsa Quds dursanii himuun mallatoo Guyyaa Qiyaamaa keessaa akka taate ibsan. Hadiis Awf ibn Maalik dabarse keessatti, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "**Guyyaa Qiyaamatiin dura wantoota jaha lakkaa’i.** (1) Du’a kiyya, (2)ergasi Baytal Maqdis (Jerusalaam) banamu, (3)du’a akka qu’ensi hoolaa isin keessa faca’u, (4)qabeenyi baay’achuun namni yommuu dinaara dhibbi kennameef, hin quufu (Kana jechuun namoonni garmalee dureeyyi ta’uun namtichi dinaara kuma malee itti hin gammadu.) (5)fitnaan (qormaanni cimaan) mana Arabaa kamiyyu seentu malee tan hin hafne ni dhufti. (6)isinii fi Banu Al-Asraf (Romaanota ykn Bezantaayinota) jidduu waligalteen waraanaa dhaabu ni adeemsifama. Ergasi Banu Al-Asraf wali galte kana diigun alaabaa saddeet jalatti [isin waraanuf] isinitti dhufu. Alaabaa hunda jala loltoota kuma kudha lamatu jira." [Sahih al-Bukhari 3176](#)

Qu’as jechuun dhibee holoota fi re’oota keessa faca’uun takkaan fixudha. Akkuma Rasuulli jedhan dhibeen akka dhibee hoolataa faca’u kuni namoota baay’ee ajjeese jira. Naannoo Sooriyaa yeroo Umar bin Al-Khaxxaab (RA) babal’achuun gara Muslimoota kuma digdami shan fixe jira.

Al-Quds yeroo Umar ibn al-Khaxxaab bara 16 (HB)/ 637 keessa banamte turte. Kufrii irraa qulqulleessun Masjiida achitti ijaare ture. HB-Hijraa Booda

Al-Quds yeroo lammataattif bara 583 HB/1187 keessaa Salaah Ad-Diin Al-Ayyubin banamte jirti. In sha Allah, ammas gara fuunduratti ni banamti. Kanaan

kan wal-qabatu mallatoolee xixxiqaa gara fuunduratti dhufan keessaa haa ilaallu innis.

Abu Hureyran akka gabaasetti, Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan: **“Qiyaaman hin dhaabbattu hanga Muslimoonni Yahudoota irratti lola (waraanaa) banannitti malee. Muslimoonni Yahudoota ni aijeessu hanga namni yahuuda ta’ee dhagaa fi muka duubatti dhokatutti. Dhagaan yookiin mukni ni jedha, “Yaa Muslima, Yaa Gabricha Rabbii! Na duuba Yahuudatu jira, koottu ajjeesi. Garuu mukni Gharqad jedhamu hin dubbatu, inni muka Yahudoota waan ta’eeef.”** [Sahih Muslim 2922](#)

Rabbiin (subhaanahu wa ta’ala) wanta hundaa dubbachisu kan danda’u mukaa fi dhagaa akka dubbatan gochuu danda’a. Yeroo ammaa kana hubachuu fi itti amanuun ulfaata miti. Sibillii fi shiboon yeroo ammaa dubbachaa hin jiru? Telefoonni, radiyoон Tv fi kkf walitti qabama laastiki, shiboo fi sibilaa mitiree? Yommuu Qiyaaman dhiyaattu, Yahudoota akkanatti ardi balleessaa jiran kanniin Rabbiin dandeetti fi gargaarsa Isaatin, Muslimoonni akka isaan ajjeesan taasisa. Kanaafu, waa lama Hadiisa kanarrraa barannaa jechuudha. Tokko mallattoo Qiyaama, lamaffaa, yahudoonni cunqursaa hangana hin jedhamne yommuu raawwatan abdii kutu dhiisudha. Guyyaa tokko too’annaajala oolu.

4. Dajjaloonni fi kijibdoonni soddomni Nabiyyumma himatan bahuu

Abu Hureyran akka gabaasetti, Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan:

“Qiyaaman hin dhaabbattu hanga Dajjaloonni, kijibdoonni soddomatti dhiyaatan bahanitti malee. Hundi isaanitu, ergamaa Rabbii akka ta’anitti himatu (Ani ergamaa Rabiiti jedhu.)” [Sahih Muslim 1571](#)

Garuu Nabii Muhammad (SAW) Ergamaa Rabbii isa dhumaati. Isaan booda Rasuulli ykn Nabiyyiin haarofti ergamu hin jiru. Rabbiin ni jedha:

﴿مَا كَانَ مُحَمَّدٌ أَبَا أَحَدٍ مِّنْ رِجَالِكُمْ وَلَكِنْ رَسُولَ اللَّهِ وَخَاتَمَ النَّبِيِّنَ
وَكَانَ اللَّهُ بِكُلِّ شَيْءٍ عَلِيمًا﴾

“Muhammad dhiirota keessan irraa abbaa nama tokkootu hin taane. Garuu inni Ergamaa Rabbitii fi xumura Nabiyyoota kan ta’eedha. Rabbiinis waan hundaa beekaa ta’eera.” Suuratu Al-Ahzaab 33:40

Namoonni seenaa keessatti ani nabiyyidha jechuun bayan jiru. Akka fakkeenyatti, Al-Aswad Al-Ansi Yaman irraa, Musaylimah al-Kazzaab (Kijibaa), Mirza Ghulam Ahmad al-Qadayni fi kanneen biroo. Dajjaalin guddaan inni dhumaa Qiyaaman garmalee yommuu kalooftu baha. Mallatolee Guyyaa Qiyaamaa gurgudoo keessaa tokko.

5. Gara Hijaazi irraa ibiddi argamu

Mallatoolee Guyyaa Qiyaamaa kan Ergamaan Rabbii (SAW) dubbatan keessaa tokko ibiddi lafa Hijaazi tan Madinah al-Munawwarati dhiyaattu keessaa bahuudha. Hayyoonni fi qorattooni seenaa tokko tokko ibiddi kuni bara 654 HB akka argame ni dubbatu.

Al-Haafiz ibn Kasiir (Rahimahu Allahu) waa’ee ibidda kanaa yommuu dubbatu akkana jedha, “Ibiddi Hijaaz keessatti mul’ate kan Basraa keessatti morma gaalaa ibse akkuma hadiisa keessatti dubbatame argame jira. Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhu: **“Qiyaaman hin dhaabbattu, hanga ibiddi lafa Hijaaz keessaa bahuu fi morma gaalaa Basraa keessa jiran ibsutti.”** [Sahih al-Bukhari 7118](#)

Ibn kasiir itti fufuun, “akkuma jedhame ibiddi ji’a sadi ture jira. Ifa isaatin dubartoonni Madiinaa jirbii fooyaa turan.” (Al-Bidaayah wa’l-Nihaayah 13/199)

Taate kana yommuu ibsu Abu Shaamah akkana jedha, “Halkan guyyaa Roobii dura, Jumaadal Aakhirah 3ffaa bara 654 (Hijra booda), sagaleen guddaan Madinaa keessatti dhagahame. Ergasii kirkira (sochii) irraa kan ka’e lafti, dhaabni manaa, xaaran, gubanii fi balballi sa’ati baay’eef hanga Jimaata itti aanu hurgufaman. Ergasii ibiddi guddaan Madinaa keessatti bakka Harrah jedhamtu keessatti

mul'ate. Naannoona kuni Bani Qureyzatti dhiyoodha. Gara seensa Madinaatiin iddo jirenya keenya irraa ibidda kana ni argina. Akka waan ibiddi guddaan nu bira jiru fi laggeen ibiddaa akka bishaani isa irraa gara Sulula Shaza yaa'anitti qaanqee guddaa akka gamoo darba." (At-Tazkira f.527)

6. Dhiironni zaalima (cunqursitoota) ta'an alangeen namoota reeban argamu

Mallatoolee Guyyaa Qiyaamaa kan Ergamaan Rabbi (SAW) nutti himan keessaa gargaartonni mootummoota abbaa irree alangee akka eegee horii fakkaatun namoota reebudha. Alangee gosa garagaraatu jira. Fakkeenyaf, alangee gogaa, elektrikii, gommaa, dame mukaa fi kkf.

Abu Hureyran akka dabarsetti Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:

"Namoota gosa lamaa warra ibiddaa irraa ta'an kanneen ani hin agarretu [dhufa]. [1ffaa]: namoota alangee akka eegee horii fakkaatu qabani fi alangee kanaan namoota ittiin reebaniidha. [2ffaa]: dubartoota uffatanii garuu qullaa mul'atan. Ofiiliee dabanii namootas baditti kan dabsaniidha. Mataan isaanii akka dalluu gaala bukhti gara tokkotti dabuuti. Isaan Jannata hin seenan, fooli ishiis hin argatan. Fooliin ishii fageenya hanganaa hanganaa irratti osoo argameyyu." [Sahih Muslim 2128](#)

7. Dubartoonni uffatanii garuu qullaa ta'an mul'achuu

Mallatoo Qiyaamaa keessaa tokko dubartoonni faaya ofii agarsiisanii fi of hin haguugne, akkasumas, dubartoonni uffata garmalee namatti maxxanuu fi haphii awraa (qaama haguugamu qabu) mul'isu uffatan ni argamu. Haala Kanaan, yommuu gubbaa ilaallaman waan uffatan fakkaatu, garuu dhugaadhaan uffanni isaanii namatti garmalee maxxanuun boca qaamaa waan agarsiisuf qullaadha. (Inuma yeroo ammaa uffanni dhiira yommuu gadi deemu, uffanni dubartoota immoo ol deema. Hanga jilbaa olii uffachuun qullaa yaa'an.) Ergamaan Rabbii (SAW) hadiisa armaan olii keessatti, "**dubartoota uffatanii garuu qullaa mul'atan. Ofiiliee dabanii namootas baditti kan dabsaniidha. Mataan isaanii akka dalluu gaala bukhti gara tokkotti dabuuti.**" Jedhani jiru.

Akkuma Rasuulli (SAW) jedhan kunoo dubartoonni uffatanii garuu qullaamul'atan argaman. Namni kamiyyuu dubartoota qullaayaa' an kanniin yommuu argu, Guyyaan Qiyaamaa akka dhuftu mirkaneefachu danda'a. Hadiisota Mallatoolee Guyyaa Qiyaamaa himan keessaa hadiisni na dinqisiisu hadiisa kana. Yommuu dubartoota qullaayaa' an tasa argu Guyyaa Qiyaamaa na yaadachisa.

8. Al-Harj (Ajjeechaa Baay'ee)

Mallatoolee Guyyaa Qiyaamaa Ergamaan Rabbii (SAW) himan keessaa tokko ajjeechan baay'achuudha. Namni tokko nama biraa ajjeesa garuu maaliif akka ajjeese hin beeku; kan ajjeefames maaliif akka ajjeefame hin beeku.

Abu Hureyraan akka dabarsetti Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan: **“Rabbii nafseen tiyya harka Isaa jirtuun kakadhe! Addunyaan tuni hin deemtu (hin baddu), hanga namoota irratti guyyaan ajjeesaan maalif akka ajjeese hin beekne, ajjeefamaanis maaliif akka ajjeefame hin beekne dhufuutti.”** Ni jedhame, “Suni akkamitti ta'aa?” Innis **“Al-Harj (ajjeechaa baay'ee)...”** jedhe. [Sahih Muslim 2908 b](#)

Ajjeechan baay'een Usmaan bin Affaan (RA) ajjeesuu irraa jalqabe. Waraanni sababa amansiisaa osoo hin qabaatin baay'achaa jira. Namoonni kumaatamatti lakkaawaman, dararaa kanaaf saaxilamu. Keessumattu, meeshaan waraanaa yeroo ammaa itti fayyadaman rakkoo guddaaf namoota saaxilaa jira.

Daataa lakkofsa namoota ajjeefamanii muraasa isaanii armaan gaditti ilaalun ni danda'ama.

- Waraana Addunyaa 1ffa: miliyonni 15 ajjeefaman
- Waraana Addunyaa 2ffa: Miliyonni 55 ajjeefaman
- Waraana Veytaanam: miliyonni 3 ajjeefaman
- Waraanaa Raashiyyaa: Miliyonni 10 ajjeefaman
- Waraana Ispeen: Miliyonni 12 ajjeefaman
- Waraana Iraaqi fi Iraan (Waraanaa galoo galaanaa 1ffa): Miliyonni 1 ajjeefaman
- Werara Iraaq: Miliyoona 1 kan caalan ajjeefaman

■ Waraanaa Sooriya: 400,000 ol

■ Waraanaa Yaman: 10,000 ol

Mee itti haa xinxallinuu namoonni kunniin hundi cunqursaan akkanatti ajjeefamanii haqa osoo hin argatin akkanumatti biyyee ta'anii ni hafu? Haqa guutuu argachuuf Guyyaan Qiyaamaa (Kaafamaa) jiraachu qabaa miti ree?

Hadiisa bira keessatti Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:

“Yeroon walitti dhiyaata, beekumsi ni qabama (beektonni du'uun wallaalummaan ni baay'ata), fitnaan (qormaanni ciccimaan) ni argama, doy'ummaan [qalbii namoota irratti] darbama, Al-Harj ni baay'ata.” Ni jedhan, “Al-Harj jechuun maal jechuudhaa?”, [Ergamaan Rabbis] ni jedhe, “Ajjeechadha.” [Sahih Muslim 157 d](#)

9. Kophee kan hin qabne fi tiiksen ijaarsa ol dheeraa ijaaruf wal dorgomu

Mallatoolee Guyyaa Qiyaamaa argamanii fi Ergamaan Rabbii (SAW) irraa dubbatan keessaa tokko namoonni kophee hin qabne, qullaa fi tiikse erga ta'anii booda ijaarsa fi mana faayu irratti wal-dorgomuudha.

Hadiisa Jibriil kan Umar ibn Al-Khaxxaab (RA) dabarse keessatti Malaykaan Jibriil Ergamaa Rabbii (SAW) waa'ee Islaamaa, Iimaanaa, ihsaana fi Qiyaamaa gaafate. Gara dhumatti waa'ee mallatoolee Guyyaa Qiyaamaa gaafate. Ergamaan Rabbis (SAW) akkana jechuun deebisan:

“Yommuu gabrittiin bulchaa ishii deessu, al-hufaata (miila duwwaa kophee hin qabne), al-uraata (qullaa), hiyeeyyi fi tiikse re'oottaa kanneen ta'an gamoo dhedheeroo ijaaruf [yommuu] wal dorgoman argitudha.” [Sahih Muslim 8 a](#)

Hiikkan hadiisa kanaa namoonni baadiyaa fi hiyyeeyyi ta'an qabeenyi isaaniif bal'achuun ijaarsa dhedheroo ijaaru irratti wal dorgomu.

Namni yeroo ammaa haala Araboota ilaale kana hubachuun isa hin dhibu. Araboonni waggoota 80 ykn 90 dura hiyeeyyi waa hin qabne turan. Yeroo ammaa

garuu gamoon dhedheeroon addunyaa biyyoota Arabaa keessatti argama. Ammas gara Chaayina yoo mil'anne, Chaayinooni hiyeeyyi waa hin qabne turan. Yeroo ammaa garuu addunyaa keessatti gamoo dhedheeroo ijaarun beekkamu. Kuni hundi mallattoo Guyyaa Qiyaamati.

10. Namoonni beekkamoo fi kabajamoon du'u fi namoonni gadi aanoon mul'achuu

Kuni mallatoolee guyyaa Qiyaamaa keessaa tokko. Namoonni gamna ta'an, kabajamoo fi beekumsa qaban ni du'u. Namoonni beekumsa hin qabne fi gadi aanoon bakka isaanii qabatu. Isaaniif bakki duwwaa ta'u fi namni isaaniin dorgomu waan hin jirreef.

Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: “**Rabbii nafseen Muhammad harka Isaa jirtuun kakadhe! Qiyaaman hin dhaabbattu hanga... Al-Wa'uulu du'anii fi At-Tahuut mul'atanitti malee.**”

Ni jedhan, “Yaa Ergamaa Rabbii Al-Wa'uulu fi At-Tahuut jechuun maal jechuudhaa?” Akkana jechuun deebise, “**Al-Wa'uulu** jechuun namoota beekkamoo fi kabajamoodha. **At-Tahuut** jechuun immoo warroota miila namoota jala turanii fi eenyullee waa'ee isaanii hin beeknedha. (kana jechuun namoota sadarkaa gadi aanaa eenyullee isaan hin beekne kanneen turaniidha.)” (Al-Mustadrak keessatti Al-Haakimi fi Al-Awsax keessatti Xabaraaniin gabaasani jiru. Albaanin Sahih jalatti ramade.)

Namoonni gadi aanoo turan kunniin iddo ol'aanaa qabachuun beekkamoo ta'u. fakkeenyaf, namoonni kubbaa taphatan, filmii hojjatanii fi sirban namoota hawaasa keessatti gadi aanoo turaniidha. Beekumsa fi kabaja kanneen hin qabneedha. Yerooma isaan kubbaa taphachuu ykn sirbuu jalqaban takkamaan beekkamoo ta'u. Namoonni mataa irratti isaan baatu.

Garuu namoonni beekumsa qabanii fi kabajamoon bakka hin qaban, hin beekkaman. Kuni mallattoo Guyyaa Qiyaamati qalbeefadhu.

11. Zinaan, hariirri, farsoo (alkooli) fi meeshaaleen muziqaa akka hayyamamoo (halaala) ta'anitti ilaallamu

Wantoota dhoowwamoo (haraama) ta'uun isaani ifa ta'ee fi Muslimni haraama ta'uun isaa hin wallaalle keessaa; Zinaa (sagaagalummaa), alkooli (wantoota nama macheessan) dhuguu, muuziqaa namuusa hin qabne fi dhiironni hariira uffachuudha. Ergamaan Rabbii (SAW) ummata isaa keessaa namoonni muraasni yeroo dhumaa (Aakhiru zamaan) wantoota dhoowwaman armaan olii kanniin akka halaala (hayyamamaa) ta'anitti akka ilaalan himani jiru. Kunis mallattoo Qiyaaman dhiyaachu keessaa tokko akka ta'etti lakkaa'an.

Abu Aamir ykn Abu Maalik akka dabarsetti, Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan:

“Ummata kiyya keessaa namoota zinaa, hariira uffachuu, alkooli dhuguu fi meeshaalee muuziqaa fayyadamuu akka halaala (hayyamamoo) ta'anitti ilaalantu dhufa.” Sahih al-Bukhari 5590

Hariira jechuun uffata baay'ee laafaa yeroo baay'ee mootonni uffatanidha. Ingiliffaan "Silk" Amaariffaan "Harr" jedhama.

Hiikni wantoota dhoowwamoo kanniin akka halaalatti ilaalun isaanii wantoota lamaan armaan gadi keessaa tokko ta'a:

1ffa: Wantoonni kuniin hayyamamoo fi dhoowwamaa akka hin taanetti amanuu

2ffa: Yookiin hojiin wantoota kanniin hojjachuu bartee godhatamuu fi hanga namni arrabaan balaalefatuu fi qalbiin jibbu hin jirre gahutti namoota keessa babal'achuudha. Kanaafu, namoonni yommuu kanniin raawwatan haraama ta'uun isaanitti hin dhaghamu.

Yeroo ammaa biyyoonni Musliimaa zinaa fi alkooli ilaachise akka salphaatti ilaalu. Bakki zinaan itti raawwatamu seeran eeggamaa fi sagaagaltuuf waraqaan eenyummaa kennamaa jira.

Alkoolin immoo ifaan ifaatti gurguramaa fi daldalaaf akka oolu biyyooni Arabaa fi Muslimaa gariin seeran raggasisani jiru. Kuni badii hamaa fi guddaadha. Wanta hamaan yeroo ammaa babal'ataa jiru kan biraaa muuziqaa dhageefachuun Qur'aana irraa garagaluudha. Sa'aati 24 muuziqaa tamsaasuf raadiyo fi Tv dhaabbatani jiru. Kuni mallattoo Guyyaa Qiyaamati. Muslimoonni kana beeku qabu.

Abdullah ibn Mas'uud (RA) akkana jedha, “Muuziqaan nifaqa qalbii keessatti biqilcha akkuma bishaan biqiltu biqilchu.”

12. Furdinni babal'achuu, namoonni ragaa akka bahan osoo hin gaafatamin raga bahan argamu

Imraan ibn Huseyn (RA) akka dabarsetti, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: **Hordoftoota kiyya keessaa hundarra gaariin dhaloota [ani amma keessa jiru kana], ergasii dhaloota itti aanu, ergasiis dhaloota itti aanu. Ergasii isin booda namoota ragaa akka bahan osoo hin gaafatamin raga bahantu dhufu, ni ganu (ni kaadu) hin amanaman, nazrii ni seenu garuu hin guutan. Furdinni isaan keessatti ni mul'ata.**” [Sahih al-Bukhari 3650](#)

Nazrii jechuun wanta tokko ofirratti dirqisiisudha. “Rabbiin wanta kana yoo naaf guute wanta kana nan hojjadha” jedhanii waadaa seenudha. Fkn, mindaa hangana Rabbiin yoo naaf hire, sadaqaa qarshii hanganaa nan kenna jedhanii waadaa galuudha.

Yeroo ammaa addunyaa keessatti namoonni baay'een furdinnan rakkataa jiru.

13. Halaala ta'i haraama ta'i madda qabeenya itti dhiphachuu dhiisu

Yoo Muslimni amanti ofii jabeessu dhiise, amantitti buluun isaa ni hir'ata. Amantitti buluun yoo hir'ate immoo, wantoota shakkisiisatti kufa. San booda haraamatti kufuun maddi qabeenya halaala ykn haraama ta'e haajaa itti hin qabu. Kuni yeroo keenya kana keessatti argame jira. Wanta Ergamaan Rabbii (SAW) jedhan kan dhugoomsudha.

Abu Hureeyran akka dabarsetti, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedha: **لَيَأْتِنَّ عَلَى النَّاسِ رَمَانٌ لَا يُبَالِي الْمَرْءُ بِمَا أَخْذَ الْمَالَ، أَمْنٌ حَلَالٌ أَمْ مِنْ حَرَامٍ .**”

“Halaala irraa ta'i haraama irraa ta'i namtichi akkamitti qabeenya akka argate kan itti dhimmamne (hin dhiphanne) namoota irratti yeroon ni dhufa.” [Sahih al-Bukhari 2083](#)

Mallatoolee Guyyaa Qiyaamaa kanniin biroo:

14. Namoota beekan qofa nageenya gaafachu
15. Niitif ajajamanii haadhaf ajajamu didu
16. Yeroon garmalee ariitin darbuu
17. Karaa namoota asiin dura dhufanii hordofuu
18. Namoonni gadheen hogganaa ta'uu
19. Du'a tasaa
20. Barreefamni fi dubbisuun baay'achuu
21. Kirkirri lafaa baay'achuu
22. Wallaalummaan babal'achuuu fi kanneen biroo

Kitaaba wabii

[The End of The World-fuula \(English\)](#)

[Nihaayatul Alam -fuula \(Arabic\)](#)

B. Mallattoolee Gurguddoo Guyyaa Qiyaamaa

Mallattoolee Gurguddoon Guyyaa Qiyaamaa mallattoolee Qiyaamaan garmalee dhiyaachu agarsiisanii fi erga hundii isaanitu dhufanii booda Qiyaamaan kan itti dhaabbattuudha. Mallatooleen Gurguddaan Qiyaamaa akka calleeti. Haanni (jibriin) callee yoo cite, calleen wal duraa duuban harca'u. haaluma kanaan mallattooleen Gurguddoon Qiyaamaas tokko yoo argame kan biraas itti aanaa. In sha Allah kutaa kana jalatti mallattoolee gurguddaa Qiyaamaa ni ilaalla:

1. Dajjaal

Mallatoolee Gurguddoo Qiyaamaa keessaa tokko Dajjaal. Dajjaal kan bahuu namoonni waa'ee isa dubbachuu yommuu dagataniidha. Kanaafu, Dajjaal tasa bahuun dura waa'ee isaa beekun baay'ee nama fayyada.

Dajjaal Eenyudhaa?

Ilmaan Aadam keessa isa tokko yommuu ta'uu Rabbiin dandeetti addaa kennaaf. Rabbiin kan kana isaaaf kennuufi amanti namootaa qoruufi. Ergamaan Rabbii (SAW) dajjaalin hordofuu irraa nu akeekachisanii jiru. Dhaabbata qaama isaatii fi amala isaa dubbataniiru. Dajjaal, "Ani Gooftaadha" jechuun gara adduunyaatti baha. Amala isaa yoo beeknee fi akkamitti isarraa akka of eegnu yoo barree, in sha Allah, Rabbiin badii isaatirraa nu eega.

Dajjaal Maaliif "al-Masih Al-Dajjaal" jedhame?

Kan Masih jedhameef iiji bitaa isaa waan haxaawamteefi (mamsuuh). Inni nama ija takka qabuudha. Ija takka saniin ilaala.

Ammas,akkana jedhame jira: Masih kan jedhameef dachii waan haxaawufi (yamsah), kana jechuun bakka hundaa ni deema.

Inni "Dajjaal" kan jedhameef gowwoomsu waan fayyadamuufi. Sobaa dhugaa fakkeessun nama gowwoomsa. Kanaafu inni nama kijibaadha.

Dajjaal Maal Himataa?

Dajjaal gooftaa addunyaa akka ta'e himata. Akka isatti amanan namoota waama. Kanaafi, Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan, "**Dajjaal abbaa ija takkaati,**

Gooftaan keessan abbaa ija takkaati miti.” Sahiih Al-Bukhaari, Kitaabu Al-Fitan 8/103, Sahiih Muslim kitaabu al-fitan wa ashraaxu saa’ah 4/2248

Hadiisoota Muraasa waa’ee dajjaal dubbatan

Dajjaal sifaata (amaloota) baay’ee namoota biroo irraa adda isa godhu akka qabu hadiisonni sahiih ta’an dhufanii jiru. Warroonni amanan amaloota isaa beekanii akka irraa of eeganii fi isaan hin qoramne, Rasuulli (SAW) amaloota isaa himanii jiru. Namni amaloota kanniin yoo beeke yommuu inni bahuu isaan hin goowwoomu. Amaloota kanniin kan walaalle malee eenyullee isaan hin gowwoomu. Amaloota kanniin keessaa:

Dajjaal dhiira dargaggeessa diimaa, gabaabaa, dabbasaa (rifeensa) furdaa fi mammaramaa qabu, kallacha bal’aa, laphee olii bal’aa fi ijji mirgaa tan haxaawamteedha ykn ballaadha. Ijji tuni ol baates hin mul’attu, guutumaan guututti gara keessatti hin lixne. Akka inaba (firii weeyni) boloolitu fakkaatti. Ijji bitaa isaa foon furdaa naannawa ijaal irratti guddatuun tan haguggamteedha. Ija lamaan isaa jidduu “كَفْرٌ (K-F-R) kana jechuun "kaafir" jechuun barraa’e jira. Muslimni barreessu fi hin barreessine hundi ni dubbisa.

Amaloota isaa keessaa kan biroo, Dajjaal ilmo hin qabu, maseena.

Hadiisoonni armaan gadi amaloota armaan olii kanneen dubbataniidha:

1-Abdullah Ibn Umar (radiyallahu anhumaa) akka gabaasetti, Ergamaan Rabbii (salallahu aleyh wa salaam)akkana jedhan: “Ani osoo rafuu Ka’abaa kan xafaawu of arge. Yeroo sanitti namticha rifeensa isaa qajeelaa, dhiirota lamaan jidduu dhaabbatuu fi mataan isaa bishaan coccobsu arge. Anis, “Kuni eenu?” jechuun gaafadhe. Isaanis, “Ilma Mariyam” jedhan. Ergasii ani achi garagalee nan deeme. Yoosu namticha diimaa, garmalee furdaa, rifeensi isaa mammaramaa, ijji mirgaa isaa ballaa, ijji isaa akka inaba boloolitu fakkaattu arge. Anis “Kuni eenyudha?” jedhe. Isaanis, “Kuni Dajjaal” jedhan. Namni fakkeenyaaan isatti dhiyoo ta’e ibn Qaxan” Al-Bukhaarin Lakk. 6508 gabaase (Ibn Qaxan namticha gosa Khuzaa’a irraa Banu Musxaliq irraa ta’eedha.”

2-Ibn Umar akka gabaasetti, Ergamaan Rabbii (SAW) waa’ee dajjaal kaasunakkana jedhan: “**Dhugumatti, Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa jaamaa miti. Dhagayaa, Masiih Dajjaal ijji mirgaa isaa ballaadha. Ijji isaa akka inaba boloolituti.**” Al-Bukhaarin Lakk. 3184 gabaase

3-Hadiis Abu Hureyraan gabaase keessatti Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: “**Masiihin sobaa (Dajjaal) ijji isaa ballaadha, kallachi isaa bal'aadha. Lapheen gara oliis bal'aadha...**” Ahmad 7564 gabaase

4- Hadiisa Anas gabaase keessatti Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: “Nabiyyiin tokkooyuu hin ergamne ummata isaa [Dajjaali] ballaa kijibaa irraa kan akeekachisu yoo ta'e malee. Dhagayaa! inni jaamaadha. Gooftaan keessan jaamaa miti. Ija lamaan isaa jidduu “Kaafir” jechuun barreefamee jira.” [Sahih al-Bukhari 7131](#) gabaase.

Bakka Dajjaal Bahuu

Dajjal kallatti Bahaa bakka Khurasaan jedhamtu irraa baha. Ergasii dachii hunda keessa deema. Makkaa fi Madiinaa malee bakki inni hin seenne hin jiru. Magaloota lamaan kanniin inni seenu hin danda'u. Sababni isaas, Malaaykonni akka inni hin seenne dhoowwu.

Abu Bakr Siddiiq akka gabaasetti, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: “**Dajjaal lafa Bahaa Khurasaan jedhamtu irraa baha.**” Sunan Ibn Maajah 4072 fi Jaami'a Tirmizii 2237 gabaasan
Khurasaan magaalaa guddoo taate Iraan keessatti argamtuudha.

Bakka Dajjaal deemu

Makkaa fi Madiinaa malee Dajjaal bakka hundaa ni dhaqa. Anas akka gabaasetti, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan, “**Makkaa fi Madiinaa malee magaalaan Dajjaal hin seenne hin jirtu.**” Ahmadi fi Al-Haakim gabaasan

Eenyutu Dajjaaliin hordofaa?

Harki caalaan Dajjaalin hordofuu Yahudoota. Itti aanse Peershiyaa, Turkoota fi makaa namoota birooti. Irra caalaan isaanii warra baadiyaati fi dubartoota. Anas bin Maalik akka gabaasetti, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: “Yahuudonni Asbahaan kuma torbaatama ta'anii fi uffata Xayaalisah uffatanii Dajjaalin ni hordofu.” Xayaalisah jechuun uffata furdaa akka shaaliti. [Sahih Muslim 2944](#) gabaase. Asbahaan ykn Isfahaan magaala giddu-galeessa Iraan keessatti argamtudha.

Fitnaa Dajjaal

Fitnaan Dajjaal fitnaa hundarra guddaa dachii kana keessatti mul'atuudha. Uumama Nabii Aadam irraa kaase hanga Qiyaamaan dhaabbattu fitnaan guddaan fitnaa Dajjaal caalu hin jiru. Imraan ibn Huseeyn Ergamaan Rabbii (SAW) akkana kan jedhan dhagayee jira jedha: “Uumama Aadam irraa kaase hanga Qiyaamaan dhaabbattu jidduu uumamni Dajjaal caalaa [fitnaa] guddaa geessu hin jiru.” [Sahih Muslim 2946](#)

Sababni kanaa, “Ani Gooftaadha natti amana” jechuun namoota waama. Dajjaal humni adda ni kennamaaf. Samii akka roobdu ni ajaja, ni roobdi. Dachiis akka biqilchitu ni ajaja, ni biqilchitis. Jannata fi Ibidda of duukaan deema. Namoonni wantoota kanniin yommuu argan fitnaa guddaa keessatti kufu. Hadiisa Huzeeyfaan gabaase keessatti, Ergamaan Rabbii (SAW) ni jedhan “Dajjaal waliin Jannata fi ibiddatu jira. Ibiddi isaa Jannata, Jannanni isaa ibidda.[\[1\]](#)” Ammas gabaasa bira keessatti, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan, “Dhugumatti, wanta Dajjaal waliin jiru nan beeka. Isa waliin laggeen yaa'an lamatu jiru. Isaan keessaa tokko ija namaatti bishaan adii ta'ee mul'ata, kan lammataa immoo ibidda boba'u fakkaate mul'ata. Isin keessaa namni tokko yoo arge, laga ibidda jedhee yaadu sanitti haa deemu. Ija isaa dununfachuun mataa isaa gadi qabatee haa dhugu. Sababni isaas, [lagni ibidda bobaa'a fakkaatu suni] bishaan qabbanaa'adha. Dhugumatti Dajjaal ijji isaa tan haxaawwamtee fi gubbaa ishii gogaa furdaatu jira. Ijaa lamaan isaa jidduu “Kaafir” jedhamuun barreefame. Mu'minni (namni amane) barreessu fi hin barreessine hundi ni dubbisa.” [Sahih Muslim 2934](#)

Hadiisa Nawwaas ibn Sam'aan gabaase keessatti, Sahaabonni, “Yaa Ergamaa Rabbii! Yeroo hangamiif dachii keessa turaa?” jechuun Nabiyyi gaafatan. Nabiyyinis ni jedhan, “Guyyaa Afurtama: guyyaan tokko akka waggaan tokkoti, ammas, guyyaan tokko akka ji'a tokkoti, ammas guyyaan tokko akka torbaan tokkoti san booda guyyooni hafanakkuma guyyoota keessaniiti.”...Sahaabonnis ni jedhan, “Dachii keessatti saffisa akkamiitiin deemaa?” Nabiyyinis (SAW) ni jedhan, “Akka dumeessa bubbleen oofamuutti deema. Namootatti dhufuun isaan waama. Isaanis isatti amanuun isaaf awwaatu. Samii akka roobdu ni ajaja, ishiinis ni roobdi. Dachiis ni ajaja, ishinis ni biqilchiti. Horiin isaanii dalluun ol dheeroo, gur'uun isaanii aananiin guuttamoo fi cinaan isaanii diriiraa ta'anii galgala isaanitti dacha'u (galu). (Kana jechuun garmalee nyaachu fi dhuguu irraa kan ka'e quufanii gara manaa dacha'u). Ergasii Dajjaal namoota birootti dhufuun isaan

waama. Isaanis jecha isarratti deebisu, isatti hin amanan. Innis isaan dhiisee biraad deema. Ergasii hoongen cimaan isaan rukuta, qabeenyi homaatu harka isaaniitti hin hafu. Lafa balfii fi wanti caccabaan walitti qabame biraan ni darba. Akkana jedhaan, "Kuusaa kee baasi." Kuusaan lafa tanaas akka hoomaa kannisaa isa hordofa. Ergasii namticha dargaggummaan guuttame waamun seeyfin rukutee bakka lamatti addaan qooda. Qaama lamaatti qoodame kana addaan fageesse kaa'a. Ergasi Dajjaal isa waama. Dargaggeessi kunis seeqataa fi fuulli isaa ifaa itti dhufa." [Sahih Muslim 2937](#)

Dargaggeessa Dajjaal ajjeesee san booda ka'u kana ilaachise, Hadiisa Sa'iid al-Kudriyy gabaase keessatti, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan, "Dajjaal gara Madiina ni dhufa. Garuu akka hin seenne ni dhoowwama. Lafa ashaboo Madiinatti aantu qubata. Namtichi namoota hundarra gaarii ta'e gaafa san gara Dajjaal ni baha. Namtichi kunis ni jedha: Ati Dajjaali seenaa kee Ergamaan Rabbii (SAW) nutti himan ta'uu ragaa nan baha." Dajjaal [warroota isa hordofaniin] ni jedha, "Nama kana yoo ajjeesee isa jiraachisee dhimma kiyya ilaachisee ni shakkitu?" Isaanis ni jedhan, "Lakki!" Dajjaalis nama kana ajjeesee ni jiraachisa. Namni kunis ni jedha, "Duraan caalaa har'a siritti si beeke." Dajjaal nama kana ajjeesuf ni yaala. Garuu isa ajjeesu hin danda'u." [Sahih al-Bukhari 7132](#)

Hadiisa Abu Umaamah al-Baahili gabaase keessatti Nabiyyiin (SAW) waa'ee Dajjaal ilaachse akkana jedhan: "Fitnaa isaa keessaa tokko, Dajjaal nama baadiyaatin akkana jedha, "Ani abbaa fi haadha kee yoo siif kaase ani gooftaa kee ta'uu ragaa ni baataa?" Innis ni jedha, "Eeyyen" Ergasii sheyxaanonni lama suuraa haadha fi abbaa isaa fakkaachun, "Yaa ilma kiyya! Isa hordofi inni gooftaa keeti." Jedhuun." (Ibn Maajah, lakk. 4067. Albaanis sahiih jalatti ramade, Sahih al-Jaami' al-Saghiir, lakk. 7752)

Rabbiin irraa nageenya kadhanna, fitnaa irraa isaan tiikfamna.

Akkamitti Dajjaal irraa of eeganii?

Fitnaan Dajjaal fitnaa guddaa dachii tana irratti mul'atuudha. Nabiyyoonni darban hundi fitnaa isaatirraa ummata isaanii akeekachiisanii turan. Nabiyyiin keenya Muhammad (SAW) amaloota isaa ibsuun akka sirriitti beeknu fi irraa of tiiksinuu nutti akeekanii jiru. Karaalee Dajjaal irraa ittiin of eegan mee ijoo isaanii haa ilaallu:

1-Beekumsaa fi iimaanan of faayu fi cimsuu- Dajjaal yommuu dhufu namoonni jalqaba gowwoomanii fi sobaman, warroota beekumsa hin qabnee fi Islaama irraa fagaataniidha. Kanaafi, hadiisa armaan olii keessatti, namni baadiyaa kuni beekumsa waan hin qabneef, yoosu sitti amana jechuun waadaa seenaaf. Dargaggeessi Dajjaal ajjeese suni immoo beekumsa waan qabuuf, “Ati nama kijibaa waa’ee kee Rasuulli nutti himaniidha” jechuun isatti amanu dida. Kanaafu, namni beekumsa Islaamatin of faayu fi Islaama hordofuun fitnaa isaa irraa eeggamu danda’aa.

Beekumsi guddaan amaloota (sifaata) Rabbii beekudha. Dajjaal nama jaamadha. Rabbiin subhaanahu wa ta’ala jaamaa miti. Rabbiin addunyaa kana irratti hin mul’atu, Dajjaal namni hunduu ni arga. Dajjaal ni nyaata ni dhuga, Rabbiin immoo kana hunda irraa qulqulluudha.

2-Fitnaa Dajjaal irraa Rabbiin tiikfamu- keessumayyu yeroo salaataa fitnaa Dajjaal irraa Rabbiin akka nama tiiksu kadhachu. Kana ilaachise hadiisonni sahiih ta’an dhufanii jiru. Isaan keessaa: Abu Hureyraanakkana jechuun gabaase, Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan: Tokkoon keessan tashahhuda erga jedhee booda wantoota afur irraa Rabbiin akka isa eeguakkana jechuun haa kadhatu:

اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنْ عَذَابِ جَهَنَّمْ وَمِنْ فِتْنَةِ الْمُحْدَى وَالْمُمَاتِ وَمِنْ شَرِّ فِتْنَةِ الْمُسِيحِ
الْدَّجَالِ

Allaahumma innii a’uuza bika min azaabi jahannam wa-min azaabil qabri wa-min fitnatil-mahyaa wal-mamaati wa-min sharri fitnatil-masih dajjaal.
“Yaa Rabbii! Dhugumatti ani, Azaaba Jahannam irraa, azaaba qabrii irraa, fitnaa jiruu fi du’aa irraa, sharri fitnaa masih dajjaal irraa Siin tiikfama.” [Sahih Muslim 588](#)

Hiika jechootaa: Allahumma-Yaa Rabbii, innii-dhugumatti ani, a’uuza tiikfama, bika-siin, azaab-adabbii, wa-fi, min-irraa, fitna-qormaata cimaa, mahyaa-jiruu, mamaat-du’a, sharri-wanta badaa.
Du’ayi tana attahiyyaatu fi salaawata erga fixee booda salaama baafachuun dura jedha.

3-Suurah al-Kahf irraa aayata haffazuu- Ergamaan Rabbii (SAW) suuratu al-kahf irraa aayaata muraasa jalqaba irratti argaman akka dajjaal irratti qara'an ajajanii jiru. Kunis kan ta'u, aayaata kudhan jalqaba irraa qara'uudha. Hadiisoota kana ilaachisse dhufan keessaa hadiisa dheeraa Nawwaas gabaasedha. Hadiisa kana keessattiakkana jedha: "Isin keessaa namni isa (Dajjaalin) arge, baniinsa suuratu al-kahf irratti haa qara'u." [Sahih Muslim 2937](#)

Abu Dardaan akka gabaasetti, Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan, "Namni suuratu al-kahf jalqaba irraa aayata kudhan haffaze (qomatti qabate) Dajjaal irraa ni tiikfama." [Sahih Muslim 809](#)

Sababni suuratu al-kahf itti filatamteef maalii?

Akkana jedhame jira: Baniinsa suuratu Al-Kahf keessatti dargaaggoota godatti dheeessaniif Rabbiin eeggumsa akka kenneef ni dubbata. Dargaggoonni motummaa abbaa irree fi namoota Rabbiitti hin amanne irraa dheeessun godatti baqatan. Rabbiis dargaggoota kanniin wanta hamaa irraa ni eege. Kanaafu, Muslimni yommuu Dajjaalin qunnamu kana yaadachu qaba.

4-Dajjaal irraa dheeessuu fi irraa fagaachu- garri itti dheeessan irra caalaan Makkaa fi Madiinadha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa namoota qoruuf Dajjaaliif wanta addaa fi nama dhamaasu kennaaf. Namni, "Ani iimaana qaba homaa na hin godhu" jedhe osoo yaadu, wanta dajjaal harka qabuun sobame isa hordofa. Dajjaal samiin roobi, dachiin biqilchi jechuun ajaja. Yommuu samiin roobdu fi dachiin biqiltoota biqilchitu, namni wanta kanaan sobamuun isa hordofa. Yoo isa hordofe immoo ni kafara. Kanaafu, qormaata waan kufeeef dhumti isaa Jahaannami.

Imraan bin Huseeyn akka gabaasetti, Nabiyyiin (SAW)akkana jedhan, "Namni Bahiinsa Dajjaal dhagahee, isarraa haa dheeessu. Namtichi yommuu isatti dhufu, wanta faffakeessaa inni ittiin ergame dhugaa akka ta'etti yaadun isa hordofa."

Imaam Ahmad (19118), Abu Dawuud (3762) fi al-Haakim (4/31)

Akkasumas, gara gaaraatti jalaa dheeessudha.

Du'a Dajjaal

Akkuma Hadiisonni sahihin agarsiisan Dajjaal harka Masih Iisaa ibn Mariyamitti du'a. Dajjaal dachii irra deemun fitnaan isaa ni baay'ata, namoonni baay'een isa hordofu. Mu'mintoota irraa namoota xiqqoo malee eenyullee fitnaa isaatirraa hin baraaramu. Yeroo fitnaan isaa akkanatti baay'ate kanatti Iisaa ibn Mariyam (aleyh salaam) minaaraa baha Damaasqotti argamutti ni bu'a. Gabroonni Rabbii warroonni amanan isa marsu. Iisaaniis isaaniin deemun gara Masih Dajjaal qajeela. Yommuu Nabii Iisaan bu'u, Dajjaal gara Baytal Maqdisitti (Jerusaalamitti) qajeela. Iisaanis balbala "Ludd" jedhamu biratti isa qunnam. Ludd magaala Filisxem keessatti Baytal Maqdisitti dhiyoo taatedha. Yommuu Dajjaal Iisaa arguakkuma soqiddi bishaan keessatti baqu, Dajjaalis baqa. Iisaanis ni jedhaan, "Ani dhimma sirraa qabaa gonkumaa na hin miliqxu." San booda Dajaalin qabuun xiyya isaatiin ajjeesa. Hordoftoonni Dajjaal ni dheessu. Muslimoonni isaan hordofuun isaan ajjeesu. Hanga Mukni dubbachuun, "Yaa Muslim, Yaa Gabricha Rabbii! Kuni Yahuudaa na duuba jiruudha. Koottu isa ajjeesi." jedhu gahuutti Muslimoonni isaan ajjeesu. Garuu mukkeen keessa mukni Gharqad jedhamu hin dubbatu. Inni muka yahuudaa waan ta'eef.

Hadiisota muraasa waa'ee kana dubbatan dhiyeessun ni danda'ama:
Hadiisa Abdullah ibn Amr gabaase keessatti Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan, "Dajjaal ummata kiyya keessatti ni baha. Afurtamas ni tura... San booda Rabbiin Iisaa ibn Mariyami ni erga. Iisaan akka waan Urwah ibn Mas'uud fakkaatuti. Innis Dajaalin duuka bu'uun ni ajjeesa." [Sahih Muslim 2940](#)

Mujammi'a ibn Jaariyah al-Ansaari (radiyallahu anhu) akkana jechuun gabaase, "Ergamaan Rabbii (SAW) akkana kan jedhan dhagahe, "Ilmi Mariyam Dajaalin balbala Ludditti ni ajjeesa." [Jaami'a at-Tirmizi 2244](#)

Ajjeechaa Dajaalitiin fitnaan isaa ni xumurama. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa warroota amanan ni baraara.

Guduunfaa

- Dajjaal fitnaa guddaa dachii keessatti mul'atuudha.
- Dajjaal ilma namaa yoo ta'u, wantoota sobaa namatti agarsiisuun namoonni akka isatti amanan taasisa. Amalooniisa kana fakkaatu
- ➔ Ijji isaa takka ballaadha.
- ➔ Ija lamaan jidduutti kaafir jechuun barreefame

- ➡ Nama gabaaba Jismiin isaa garmalee guddaa fi furdaa ta'eedha.
 - ➡ Dabbasaa (rifeensa) mammaramaa fi furdaa qaba
 - ➡ Kallachi isaa bal'aadha
 - ➡ Ijoolle hin qabu
- Dajjaal maal himataa, maal hojjataa?**
- ➡ Dajjaal ani gooftaadha natti amanaa jechuun namoota waama.
 - ➡ Laga akka ibidda boba'a fakkaatu fi laga adii of duukaan deema. Lagni ibidda bobaa'a fakkaatu, bishaan qabbanaa'adha.
 - ➡ Samii roobi,dachi biqilchi jechuun ajaja. Dhugumatti kuni hundi fitna guddaadha. Kuni namoota qoruuf dandeetti Rabbiin subhaanahu wa ta'aala isaaf kennuudha. Kanaafu, namni Dajjaal irraa of eeguf, du'aayi irrannatti eerre fi suuratu al-kahf qara'u danda'a.
-

Kitaaba wabii

[1] [Sahih Muslim](#) 2934

[The End of The World-fuul](#) 263-...

<https://islamqa.info/en/answers/8806/who-is-the-dajjaal>

<https://islamqa.info/ar/answers/8806/%D9%81%D8%AA%D9%86%D8%A9-%D8%A7%D9%84%D9%85%D8%B3%D9%8A%D8%AD-%D8%A7%D9%84%D8%AF%D8%AC%D8%A7%D9%84>

2- Bu'iinsa Iisaa (aleyh salaam)

Dajjaalitti aanee mallattoon guddaan Nabii Iisaan (nageenyi isarratti haa jiraatu) samii irraa bu'uudha. In sha Allah, mata duree kana jalatti seenaa Nabii Iisaa fi haadha isaa ni ilaalla.

Seenaa Nabii Iisaa fi Haadha isaa

Alhamdulillahi Rabbil alamiin. Rabbii Tokkicha ta'e hanqinna hunda irraa qulqullaa'eef galanni haa galu. Iisaan (Iyyasuus) nabiyyi kabajamaa fi sadarkaa guddaa qabuudha. Rabbiin haala addaatiin akka dhalatu isa taasise. Haati isaa Mariyam amala gaarii fi toltu hojjachuu beekkamti. Mariyam mana amantiin beekkame keessatti tan dhalattee fi xiqqeenna irraa jalqabuun ibaada irratti tan guddatheedha. Kana jechuun iddooyeenyullee ishiitti hin seenetti Rabbiin gabbari. Nabii Zakariyaan (aleyh salaam) nama ishii kunuunsu fi guddisuudha. Yommuu haala ishii ilaaluf ishiitti seenu firaafiree garagaraa ishii biratti arga. "Kuni eessaa siif dhufaa?" jechuun gaafata. Ishiiniis, "Kuni Rabbiin biraayyi. Rabbiin nama fedhe herreega (hisaaba) malee soora." Jettin. (Ilaali Qur'aana, suuratu Aali-Imraan 3:37)

Mariyam guddattee umri shamarrummaa erga geesse booda gammachisni ilma argachuun ni dhufef. Malaykaan Jibriil (Gabra'el) itti dhufuun ilma maqaan isaa "Iisaa" jedhamuun ishii gammachiise. Mariyamis osoo dhiirri na hin tuqin akkamitti ilma argadha jechuun gaafatte. Qur'aanniakkana jechuun nutti hima:

﴿قَالَ رَبِّ أُنِّي يَكُونُ لِي وَلَدٌ وَلَمْ يَمْسَسْنِي بَشَرٌ قَالَ كَذَلِكَ اللَّهُ يَخْلُقُ مَا يَشَاءُ إِذَا قَضَى أَمْرًا فَإِنَّمَا يَقُولُ لَهُ وَكُنْ فَيَكُونُ﴾

"[Mariyamis] "Yaa Gooftaa kiyya! Osoo namni tokkollee na hin tuqne akkamitti ilmi naaf argamaa?" jette. Innis ni jedhe, "Akka kanatti Rabbiin waan fedhe uuma. Inni yeroo waan tokko murteessu, "Ta'i" qofa isaan jedha; wanti sunis yeroma san ta'a." Suuratu Aali-Imraan 3:47

Akka aadaatti ilmi dhiiraa fi dubartii irraa uumama. Mariyam wanta aadaa keessatti hin beekne yommuu itti himamu garmalee ajaa'ibsifatte. Garuu Dandeetti Rabbii fuundura gufuun dhaabbatu waan hin jirreef akka fi haala fedhetti nama uumuu danda'a. Jalqaba Nabii Aadamiin abbaa fi haadha malee biyyee irraa uume. Hawwaas dubartii malee dhiira qofarrraa uume. Ammas, Dandeettiin Isaa guutuu akka ta'e ifa baasuf Iisaa (Iyyasuusin) abbaa malee haadha qofarrraa uume. Namoota hafan immoo dhiiraa fi dubartii irraa uume. **“Akka kanatti Rabbiin waan fedhe uuma. Inni yeroo waan tokko murteesse, wanta saniin “Ta'i” jechuuni qofa. Wanti sunis yoosu ta'ee argama.”**

Malaaykan dandeetti Rabbii Olta'aa erga ishiitti himee booda, hafuura itti afuufe biraan deeme. Hafuurri kuni gadaamessa ishii keessa yommuu seenu akkuma dubartoonni biroo ulfaa'an ishiinis ni ulfoofte. Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa yommuu namoota uumu sababa godha. Sababa saniin ta'i yoo jedhe sababni suni yoosu ta'ee argama. Fakkeenyaf, biyyeen uumama nabii Adamitiif sababa ture. Dhangalaa'an saalaa uumama namaatiif sababa. Dhangalaa'an saalaa ofiin nama ta'uu waan hin dandeenyef Rabbiit dhangalaa'a saalaa kanarraa nama uuma. Haaluma kanaan hafuurri gara Mariyam seene uumama Iisaa (Iyyasuusiif) sababa ta'e. Kanaafu, Rabbiin hafuura kanarraa Iisaa uume. **“Akka kanatti Rabbiin waan fedhe uuma. Inni yeroo waan tokko murteesse, wanta saniin “Ta'i” jechuuni qofa. Wanti sunis yoosu ta'ee argama.”**

Mariyam haala addaa kanaan erga ulfoofte booda ciniinsuun da'aa itti dhufte. Ishiin dubartii amalaa fi amantiin beekkamtudha. Garuu haala raajii kanaan dhiira malee ulfaa'un ishii kuni hawaasa keessatti salphinnaa fi qaani guddaa akka ishitti fidu garmalee dhiphatte. Ciniinsuu fi dhiphinna ishii kana Qur'aanni haala kanaan nutti hima:

﴿فَأَجَاءَهَا الْمَخَاضُ إِلَى جَذْعِ النَّخْلَةِ قَالَتْ يَلَيْتَنِي مِثْ قَبْلَ هَذَا وَكُنْتُ ذَيْسِيَا مَنْسِيَّا﴾

“Ciniinsuun gara jirma temiraa ishii maqse. Ishiinis “Yaa badii kiyya! Odoo kana dura du'ee waan dagatamaa ta'ee maal qabaa.” Jette.” Suuratu Mariyam 19:23

Rakkoon ciniinsuu gara muka temira akka deemu ishii taasise. Du'aaf garmalee hawwite. Sababni isaas, namoonni wanta ishiin isaanitti himtu waan hin amanneef maqaa ishii xureessu. Gaddaa fi dhiphinna ishii kana hir'isuuf Malaaykan ishii gadii akkana jedhe itti lallabuun jajjabeesse: **“Hin gaddin, dhugumatti Gooftaan kee jala keetti bishaan yaa'u taasissee jira. Jirma temiraan gara keetti hurgufi, asheeta temira bilchaataa sirratti harcaasati. Nyaadhu dhugi, ijaanis itti gammadi. Nama tokko yoo argites, “Dhugumatti ani Rahmaanif sooma qodhaa (nazrii) seene jira. Kanaafu, har'a nama tokkoyyuu hin dubbisu.” Jedhiin.”** Suuratu Mariyam 19:24-26

Akka lugaatti sooma jechuun of qabuu waan ta'eef, asitti “dubbachuu irraa of qaba (nan sooma)” jechuu isaati. Qodhaa (nazrii) jechuun “wanta tokko nan hojjadha” jedhanii ofirratti dirqama gochuu fi waadaa seenudha. Mariyam dubbii kana akka jettu kan ajajamteef faayda guddaa waan qabuufi:

Namootatti dhufuun, “Ani ilma kana raajiin (mu'jizaan) da'e” osoo jettee, eenyullee ishii hin dhugoomsu. Kanaafu, ishiin cal'isuun daa'imni harkaa qabdu dubbachuun ragaa guddaa ishiif ta'a. Daa'imni ishii Iisaan reefu dhalate haasawuun wanta namoonni ishii yakkaniiin ishirraa deebisa. Ishiinis akkuma jedhamte daa'ima ofii fuute gara ummata ishii qajeelte. Yommu nama ishii dubbisuu barbaadu argitu, “Rabbiif jedhee dubbachuu irraa of qabee jira” jettiin. Itti fufuun Qur'aanni ni jedha:

﴿فَأَتَتْ بِهِ قَوْمَهَا تَحْمِلُهُ وَقَالُوا يَمْرِيمٌ لَقَدْ جِئْتْ شَيْئًا فَرِيَّا﴾
 ﴿يَأْخُذَ هَرُونَ مَا كَانَ أَبُوكَ أَمْرًا سُوءٍ وَمَا كَانَتْ أُمُّكَ بَغِيَّا﴾

“Ergasii isa baadhattee gara ummata ishii dhufte. Isaanis ni jedhan, “Yaa Mariyam! Dhugumatti ati waan akkaan jabaatu fiddee jirta. Yaa obboleetti Haarun! abbaan kee nama badaa hin turre, haati teetis sagaagaltu hin turre.” Suuratu Mariyam 19:27-28

Iisaan (Iyyasuus) siree daa'imummaa keessaa yommuu dubbatu

Yommuu haalli Mariyamatti ulfaatu fi wanta namoonni jedhaniif garmalee gadditu, akka ummanni ishii daa'imatti haasawaniif gara daa'ima ishii Iisaatti akeekte. Qur'aanni haala ishiiti fi ummataaakkana jechuun hima:

فَأَشَارَتْ إِلَيْهِ قَالُوا كَيْفَ نُكَلِّمُ مَنْ كَانَ فِي الْمَهْدِ صَبِيًّا ﴿٢٩﴾

"Gara isaatti akeekte. Isaanis "Akkamitti daa'ima siree daa'imummaa keessa jiru dubbisnaa?" Jedhan." Rabbiin isaan akka dubbatu ni taasise.

﴿قَالَ إِنِّي عَبْدُ اللَّهِ إِنَّمَا أَكْتَبَ وَجَعَلَنِي نَبِيًّا وَجَعَلَنِي مُبَارِّكًا أَئِنَّ مَا كُنْتُ وَأَوْصَنِي بِالصَّلَاةِ وَالرَّكْوَةِ مَا دُمْتُ حَيًّا ۚ وَبَرَّا بِوَالِدَتِي وَلَمْ يَجْعَلْنِي جَبَارًا شَقِيقًا ۚ وَالسَّلَامُ عَلَى يَوْمِ وُلْدَتْ وَيَوْمِ أَمْوَاثْ وَيَوْمِ أَبْعَثْ حَيًّا ۚ﴾

[Iisaanis] ni jedhe, "Dhugumatti ani gabricha Rabbiiti. Inni kitaaba naaf kenneera. Nabiyyis na taasisee jira. Iddoo ani jiru hundattis nama barakaa qabu na taasisee jira. Salaataa fi zakaas hanga lubbuun jiru naaf dhaamee jira. Haadha tiyyaafis tola oolaa [na godhe]; of tuulaa hoonga'aas na hin taasifne. Guyyaa ani dhaladhe, guyyaa ani du'u fi guyyaa ani kaafamus nageenyi ana irra jira." Suuratu Mariyam 19:29-33

Dhugaan Yommuu Ifa bahu

Jechi jalqabaa Iisaan ilmi Mariyam dubbate, "**Dhugumatti ani gabricha Rabbiiti.**" Kan jedhuudha. Ani ilma Rabbiiti hin jenne. Sababni isaas, Rabbiin Qulqullaa'an Olta'e, Tokkicha shariika hin qabneedha. Niiti ykn ilma hin qabu. Nabii Iisaan (aleyh salaam) amaloota saddeetin of ibse. Jalqaba gabricha Rabbii akka ta'e dubbate. Akka namoonni gooftaa gabbaramu isa hin godhanneef gabricha akka ta'e ni labse. Dhumarratti immoo wantoota sodaachisaa irraa Rabbiin nagaha isa baasudha. Kuni hundi gooftummaa Kiristaanonniti itti maxxansan irraa inni qulqulluu akka ta'e kan agarsiisudha. Kana jechuun Iisaan

(Iyyasuus) gooftaa gabbaramu (waaqefatamu) akka hin taane kan mul'isuudha. Kanaafi, itti aanse Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿ذَلِكَ عِيسَى اُبْنُ مَرْيَمَ قَوْلُ الْحَقِّ الَّذِي فِيهِ يَمْتَرُونَ ﴾٢٤
﴿يَتَّخِذَ مِنْ وَلَدٍ سُبْحَانَهُ وَإِذَا قَضَى أَمْرًا فَإِنَّمَا يَقُولُ لَهُ وَكُنْ فَيَكُونُ ﴾٢٥

“Suni Iisaa ilma Mariyami- jecha dhugaa kan isaan isa keessatti shakkaniidha. Rabbiif ilma taasifachuun hin malu. Inni qulqulla'e. Yeroo dhimma tokko murteesse, wanti Inni jedhu, “Ta'i” jechuu qofa; innis yoosuu ta'a.” Suuratu Mariyam 19:34-35


Kana jechuun amaloota saddeettan darbaniin kan ibsamee Iisaa ilma Mariyami. Jechi Iisaan yeroo daa'imummaa isaa dubbate suni **jecha dhugaa** shakkii wayiitu hin qabneedha. Kuni odeefannoo dhugaa Iisaan dubbate Rabbiin himeedha. Rabbiin caalaa eenyullee dhugaa kan dubbatu hin jiru. Faallaa wanta Iisaan yeroo daa'imummaa dubbate jedhamu hundi kijiba ta'uun dhibbaan dhibbaatti kan jala murameedha. “Iisaan ilma Gooftaati, iisaan gooftaadha, gooftaa keessaa sadaffaadha.” wanti Jedhamu hundi kijibaa fi hundee kan hin qabneedha.

Iisaan " **Ani gabricha Rabbiiti**" jedhee labsuun makluuqa (uumamaa) akka ta'e agarsiisa. Gooftaan wanta hundaa kan bulchuudha. Wantoonni Isaa gad jiran hundi gabroota Isaati. Iisaan akkuma namni kamu nyaata nyaatu ni nyaata, ni dhuga, ni rafa. Amala gooftummaa homaatu hin qabu. Rabbiin hin dhalanne, ilmoos hin qabu, hin nyaatu, hin dhugu, hin rafu, yeroo hundaa jiraatadha, waan hundaa irratti danda'aadha.

Iisaan (aleyh salaam) immoo kan dhalateedha, ni dhuga, ni rafa, amaloota namaa biroo ni qaba. Kanaafu, Iisaan nama waan ta'eef Gooftaa gabbaramu ykn waaqefatamu ta'uun hin danda'u. Inni Nabiyyi fi Ergamaa Rabbii gara ilmaan Israa'il ergameedha.

“kan isaan isa keessatti shakkaniidha” kana jechuun dhugaan ifaa, “Iisaan gabricha Rabbii fi Ergamaa Isaa” ta’ee osoo jiruu waa’ee isaa ilaalchise ni shakku, wal mormu.

Ammas warroota Iisaan ilma Gooftaati jedhan akkana jechuun deebii itti deebisa: **“Rabbiif ilma taasifachuun hin malu. Inni qulqullaa’e.”** Kana jechuun Rabbiif gonkumaa ilmi hin maluuf. Sababni isaas, Rabbiin Dureessa, Faarfamaa fi Mootiidha. Namni dadhabaa fi kan du’uu waan ta’eef nama isa gargaaru barbaada. Kanaaf ilma argachuu fedha. Rabbiin immoo dadhabinnaa fi du’a irraa qulqulluu kan ta’eedha. Kanaafu, ilma maal irraa godhaa? Rabbiin hanqinna kana hundarraa qulqullaa’e. Wanta tokko argamsiisu yoo fedhe, “Ta’i” jechuuni qofa, wanti sunis yoosu ta’aa. Kanaafu, Iisaa abbaa malee uumuun akkamitti itti ulfaataa? Kanaafi, Iisaan gabricha fi uumamaa akka ta’ee itti aansun akkana jechuun beeksisa:



“[Iisaanis], “Dhugumatti Rabbiin Gooftaa kiyyaa fi Gooftaa keessani. Kanaafu Isa qofa gabbaraa. Santu karaa qajeelaadha.” Jedhe.” Suuratu Mariyam 19:36

Kana jechuun kan nu uumee, suuraa keenya tolche, nu kunuunsu, nu too’atu fi dhimma keenya hunda harka qabu Rabbiidha. Kanaafu, Isa qofa gabbaraa. Isa qofaaf gadi jedhaa, kadhaa. Kuni karaa qajeelaa Isatti nama geessudha. Rabbiin qofa gabbaruun hojji qalbii, hojji qaamaa fi arrabaa waan of keessaa qabuuf karaa qajeeladha. Namni Rabbiin qofa yoo gabbare karaa jallataa hunda irraa ni eeggama, adabbi cimaa jalaa nagaha baha.

Qur'aana keessatti, **“Isaannan amananii, iimaanaa isaanii zulmiin walitti hin makin isaaniif tasgabbiitu jira. Isaanis qajeelfamoodha.”** (Suuraa Al-An'aam, Ayah 82) Kana jechuun namoonni dhugaan Rabbitti amananii fi wantoota biraa Rabbiin waliin hin gabbarre (hin waaqefanne), isaaniif tasgabbitu jira. Gara karaa qajeelatti kan qajeelfamaniidha. Jirenyaa tana keessatti zulmiin (miidhaan) guddaan namni tokko hojjatu, shirkiidha. Shirkii jechuun wanta tokko Rabbitti qindeessudha. Kanaafu, namoonni Iisaan gooftaadha, ilma gooftaati jedhan zulmii (miidhaa) guddaa hojjataa jiru. Miidhaa kana irraa yoo deebi'anii Rabbi

qofaa harka kennan, tasgabbii fi qajeelinna argatu. Ta'uu baannan dhimmichi gaabbi fi adabbii guddaa namatti fida.

Iisaan gara Samii Ol-Fuudhamuu

Akkuma beekamu Iisaan (nageenyi isarratti haa jiraatuu) gara ilmaan Israa'el nabiyii ta'uun ergame. Garuu Yahuudonni Iisaa wantoota adda addaatin maqaa xureessu fi yakkoo turan. Dhumarratti isa ajeesuf shira (tooftaa) baasan. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa akkana jechuun dubbata:

﴿وَمَكْرُوا وَمَكَرَ اللَّهُ وَاللَّهُ خَيْرُ الْمَكِرِينَ ﴾ إِذْ قَالَ اللَّهُ يَعِيسَى إِنِّي مُتَوَفِّيَ وَرَافِعٌ إِلَيَّ وَمُظَهِّرٌ مِّنَ الَّذِينَ كَفَرُوا﴾

“Isaan tooftaa baasan, Rabbis tooftaa baase. Rabbiin immoo irra caalaa warra tooftaa baasuti. Yeroo Rabbiin [akkana] jedhe [yaadadhu] “Yaa Iisaa! Ani si fudha, gara Kiyattis ol si kaasa. Warroota kafaran irraas si qulqulleessa.” Suuratu Aali-Imraan 3:54-55

Yahuudonni Iisaa ajeesuuf tooftaa baasan. Garuu Rabbiin olta'aan isaan dursuun tooftaa san caalu baase. Tooftaan kunis Iisaa gara Isaatti ol fudhachuu fi nama Iisaa fakkaatu isaanitti fakkeessudha. Seenaan tooftaa kana fakkaata:

Yahuudonni yommuu Iisaa ajeesuf walitti qabaman, Iisaan isaan jalaa dheessun mana keessa seene. Mootiin isaanii namticha maqaan isaa Yahuuz jedhamu Iisaatti seenee akka ajeesu ykn baasu ajaje. Namtichi kuni mana ni seene, garuu Iisaa hin arganne. Rabbinis fakkaataa iisaa namticha kanarratti darbe. Kana jechuun akka Iisaa fakkaatu isa taasise, Iisaa immoo gara samii ol fuudhe. Namtichi kuni yommuu bahu yahuudonni Iisaa kan fakkaatu ta'ee isa argan. Namtichi “ani saahiba (hiriyaa) keessan” osoo jedhu, yahudoonni isa qabuun rarraasanii ajeesan. Ergasi ni jedhan, “Fuulli isaa fuula Iisaa fakkaata. Qaamni isaa immoo qaama saahiba keenyaa fakkaata. Kuni saahiba keenya yoo ta'e Iisaan eessa dhaqee? Kuni Iisaa yoo ta'e, sahibni keenya isa dhaqee?” Isaan jidduutti wal dhabbiin guddaa ni uumame[1]. Kanaafi, Rabbiin subhaanahu wa ta'aala itti aanse ni jedha:

﴿وَقُولِهِمْ إِنَّا قَتَلْنَا الْمَسِيحَ عِيسَى ابْنَ مَرْيَمَ رَسُولَ اللَّهِ وَمَا قَاتَلُوهُ
 وَمَا صَلَبُوهُ وَلَكِنْ شُبِّهَ لَهُمْ وَإِنَّ الَّذِينَ أَخْتَلَفُوا فِيهِ لَفِي شَكٍّ مِّنْهُ مَا
 لَهُمْ بِهِ مِّنْ عِلْمٍ إِلَّا اتِّبَاعُ الظَّنِّ وَمَا قَاتَلُوهُ يَقِينًا ﴾١٥٧﴿ بَلْ رَفَعَهُ اللَّهُ
 إِلَيْهِ وَكَانَ اللَّهُ عَزِيزًا حَكِيمًا ﴾١٥٨﴿ وَإِنْ مِنْ أَهْلِ الْكِتَابِ إِلَّا لَيُؤْمِنَنَّ بِهِ
 قَبْلَ مَوْتِهِ وَيَوْمَ الْقِيَامَةِ يَكُونُ عَلَيْهِمْ شَهِيدًا ﴾١٥٩﴿

“Ammas isaan “Nuti Masiih Iisaa ilma Mariyam, Ergamaa Rabbii ajjeefne jirra” waan jedhaniif [isaan abaarre]. Isaanitti fakkeefame malee isaan isa hin ajjeefne, hin fannisnes. Warroonni waa’ee isaa ilaachisee wal dhaban dhugumatti isa irraa shakkii keessa jiru. Shakkii hordofuu malee isa irratti beekumsa homaatu hin qaban. Qabatamaan isaan isa hin ajjeefne. Dhugumatti Rabbiin gara Isaatti ol fuudhe. Rabbiinis injifataa, ogeessa ta’eera. Abbooti kitaabaa irraa eenyullee hin jiru du’a isaatiin dura kan isatti amanu yoo ta’e malee. Guyyaa Qiyaamaas isaan irratti ragaa ta’a.” Suuratu An-Nisaa 4:157-159

Yahuudonni Iisaa (nageenyi isarratti haa jiraatu) ajjeefne jirra jedhan. Garuu Rabbiin nama biraa isaanitti fakkeesse malee Iisaa hin ajjeefne. “**Warroonni waa’ee isaa ilaachisee wal dhaban dhugumatti isa irraa shakkii keessa jiru.**” Waa’ee Iisaa (Iyyasuus) ilaachisee Kiristaanonni fi Yahudoonni wal dhabbi guddaa keessa seenan. Yahudoonni ajjeefne jirra jedhan. Kiristaanoni gariin Iyyasuus nuuf jedhe du’e jedhan. Gariin isaanii Iyyasuuf gooftadha, ykn ilma gooftaati jedhan. Kuni hundi dhugaa irraa kan fagaate fi ragaa hin qabneedha. Kanaafi itti aanse akkana jedhe, “**Shakkii hordofuu malee isa irratti beekumsa homaatu hin qaban.**” Kana jechuun waa’ee Iisaa ilaachisee wanti isaan jedhanii fi hordofan shakkii qofa. Beekumsa sirrii fi dhugaa ta’e hin qaban.

“Qabatamaan isaan isa hin ajjeefne. Dhugumatti Rabbiin gara Isaatti ol fuudhe.” Kana jechuun dhugumatti yahuudonni Iisaa (Iyyasuusin) hin ajjeefne.

Dubbiin Kiristaanotaa “Iyyasuus cubbuu keenyaf jedhe du’e” kan jedhus soba. Garuu Rabbiin gara Isaatti ol fuudhe. **“Rabbiinis injifataa, ogeessa ta’eera.”** Rabbiin waan hundaa irratti Danda’aa, Injifataa fi Ogeessa waan ta’eef Iisaa gara samii ol fuudhun homaa Isatti hin ulfaatu.

“Abbooti kitaabaa irraa eenyullee hin jiru du’a isaatiin dura kan isattii amanu yoo ta’e malee.” Asitti abbooti kitaabaa yommuu jedhu Yahuudotaa fi Kiristaanota jechuu isaati. Mufasiroonni (Hayyoonni Qur’aana ibsan) aaya tanaaf ibsa lama kennanii jiru:

1ffaa- Maq-dhaalli **“du’a isaatiin dura.”** Jedhu keessa jiru, nama Kiristaana ykn Yahuudaa ta’e agarsiisa. Kanaafu, hiikni isaa kana ta’a: Nama Kiristaanaa ykn yahuudaatti duuti yommuu dhuftu, Iisaan (Iyyasuus) gabrichaa fi Ergamaa Rabbii akka ta’e ni amana. Gooftaa ykn ilma gooftaa akka hin taane yeroo du’aa ni hubata. Garuu kuni homaa isa hin fayyadu, ibidda irraa isa hin baraaru. Kuni kan agarsiisu Kiristaanotaa fi Yahuudota akeekachisuu fi haaluma amma irra jiraniin akka itti hin fufneefi. Waa’ee Iisaa ilaalchisee soba irra jiran yoo itti fufan yeroo du’aa ni gaabbu. Guyyaa Qiyaamaa immoo san caalaa gaabbu.

2ffaa- Maq-dhaalli **“du’a isaatiin dura”** jedhu keessa jiru "Iisaa" agarsiisa. Hiikni isaa kana ta’a: Abbooti kitaabaa irraa eenyullee hin jiru du’a Iisaatiin dura kan amanu yoo ta’e malee. Kunis kan ta’u Qiyaamaan yommuu dhiyaattudha. Iisaan yommuu gara dachii bu’u booyye ni ajjeesa, Masqala ni caccabsa, Islaama malee amanti biraa hin qeebalu. Kanaafu, yeroo kanatti Yahuuda fi Kiristaanoni Iisaan gabrichaa fi Ergamaa Rabbii akka ta’e ni amanu[2].

“Guyyaa Qiyaamaas isaan irratti ragaa ta’a.” Hayyuun Qataadah jedhamu kana ilaalchisee ni jedha: “Rabbitiin irraa ergaa akka isaanitti geessee fi gabricha Rabbii akka ta’e isaan irratti ragaa baha.” “Ani Gooftaadha ykn ilma gooftaati na waaqefadhaa” isaaniin kan hin jenne ta’uu ni labsa. Ragaan Iisaan (Iyyasuus) bahuu haala kanaan dhuma suuratu Maa’ida keessatti dhufee jira:

“Yeroo Rabbitiin “Yaa Iisaa ilma Mariyam! Sila situ namootaan ‘Anaa fi haadha tiyya Rabbii gaditti gabbaramaa (gooftaa waaqefatamu) lama taasifadhaa’ jedhee?” jedhu [yaadadhu]. Innis ni jedha, **“Ati Qulqulloofte!** Ani waan haqa naaf hin taanee jechuun naaf hin ta’u. Yoo ani san kan jedhu ta’e dhugumatti Ati beektee jirta. Wanta lubbuu kiyya keessa jiru ni beekta, ani waan nafsii Kee keessa jiru hin beeku. Dhugumatti Ati sirritti

beekaa waan fagoo fi hin mul'anneeti. Waan Ati itti na ajajje, "Rabbii Gooftaa kiyyaa fi Gooftaa keessan ta'e gabbaraa" jechuu malee waan biraa isaaniin hin jenne. Hangan isaan keessa turetti isaan irratti ragaan ture. Erga ol na fuutee booda, Ati isaan irratti Tiksaa turte. Ati waan hundaa irratti ragaadha. Yoo isaan adabde (azzabde), gabrootuma keeti. Yoo isaaniif araaramtes, Ati Simatu Injifataa Ogeessa." *Suuratu Al-Maa'ida 5:116-118*

Kuni ragaa Guyyaa Qiyaamaa Iisaan (Iyyasuus) (nageenyi isarratti haa jiraatu) bahuudha. Dubbiin erga akkana ta'ee,

Eenyutu yeroo jalqabaatif "**Iisaan (Iyyasuus) ilma waaqayyooti (gooftaati)**" jedhe ree?

Deebiin isaa kana fakkaata:

Yeroo jalqabaatiif Iyyasuusin Gooftaa ykn ilma gooftaati kan jedhe nama maqaan isaa **Phaawulos** jedhamuudha. Seenaa kiristaanaa keessatti seenaan Phaawulos seenaa gariiba (adda ta'ee) fi aja'aibaati. Amanti Kiristaanaa jallisuu keessatti gahee ol'aanaa kan taphateedha. Phaawulos nama Yahuudi ture. Maqaan isaa "Saa'ol" jedhamaa ture. Inni Nabii Iisaa hin argine. Yeroo Iisaan gara Amantii Rabbiitti namoota waamu fi isaan gammachisus hin dhageenye.

Yeroo isaa jalqabaa irratti, Phaawulos Kiristaanota Iisaa hordofanitti namoota diina ta'an gurguddaa keessaa tokko ture. Inumaa, isaan adabbaa fi garmalee rakkisaa ture.

Erga Rabbiin Olta'aan Iisaa gara samii ol fuudhee booda Phaawulos tasa gara Kiristaanummaa seenu isaa labse. Erga itti seenee booda oduu addaa odeessu jalqabe. Yeroo gara Damasqoo deemu ifni akka isa marsee fi gooftaan samii irraa akka itti lallabee ni dubbata. (Barreefama asii gadii keessatti **Iisaa =Yesus**) Mee wanta Phaawulos (Saa'ol) jedhe Macaafa qulqulluu gara Afaan Oroomotti hiikkame, "**Hojii Ergamtootaa Boqonnaa sagal**" irraa fudhannee haa ilaallu:

"¹ Saa'ol amma illee bartoota gooftaa doorsisuudhaa fi ajjeesuutti banbanaa gara angafa lubootaa dhaqee, ³ Utuu adeemuus Damaasqootti dhi'aate, kunoo, dingata ifni waaqa irraa naannoo isaatti balaqqeessa'e.

⁴ Lafa dha'ees sagalee, "Saa'ol, Saa'ol, maaliif na ari'atta?" jedhuun dhaga'e.

⁵ Inni immoo, "Eenyu ati yaa gooftaa?" jedhe. Sagalichis deebisee, "Ana, Yesus, kan ati ari'attu;

⁶ garuu, ka'ii, gara mandaraatti lixi! Waan gochuun siif ta'us sitti in himama" jedheen.....

¹⁹ Nyaata nyaatees jabaate; bartoota warra Damaasqoo biras bubbule.

²⁰ Saa'ol ergasii utuu hin turin manneen sagadaa keessatti, "**Yesus kun ilma Waaqayyoo ti**" jedhee lallabe.

²¹ Warri isa dhaga'an hundinuu garuu dinqifatanii, "Namichi kun, isa Yerusaalemitti warra maqaa Yesus waammattan balleessuuf dhama'aa ture mitii? Addana iyyuu isaanuma hidhee luboota warra angafootatti geessuudhaaf dhufee ture mitii?" jedhanii gaafatan."

Madda: <https://zoebible.page.link/ob>

Keeyyata armaan olii keessatti laccoofsa 20 fi 21 wanta jedhe sirratti hubadhaa!
(Barreefama armaan gadi keessatti **Yahuuda**=Yihudii)

Ammas Hojii Ergamtootaa Boqonnaa digdami lama (22) keessatti Phaawulos (Saa'ol) akkana jechuun dubbate:

³ "Ani Yihudii dha; Qiliiqiyaa keessaa Xarseesittan dhaladhe, addana Yerusaalemittan guddadhe. Gamaali'el birattis seera abaabilii keenyaaf kennname hundumaa ija irratti eegee bareera; akkuma keessan har'aa kanas Waaqayyoof nan hinaafan ture.

⁴ Namoota karaa barsiisa haaraa kana irra adeemanis hamma du'aatti nan ari'adhan ture, warra dhiiraas warra dubartiis qabeetan mana hidhaatti galchisiisan ture.

⁵ Angafni lubootaa, yaa'iin maanguddootaaas guutummaatti waa'ee kanaaf dhugaa anaaf ba 'u. Isaanuma biraajaa caaffata gara Yihudoota obboloota Damaasqoo jiraataniitti caafame baafadhee, jarreen kana qabee, akka isaan adabamanitti hidhee gara Yerusaalemitti fiduudhaaf, Damaasqoo nan dhaqan ture.

⁶ "Karaa irra adeemaa Damaasqootti yommuu ani dhi'aadhe, waareetti dingata ifni humna qabeessi naannoo kootti balaqqeessa'e.

⁷ Lafatti kufeen sagalee, 'Saa'ol, Saa'ol, maaliif na ari'atta? jedhu dhaga'e.

⁸ 'Eenyu ati yaa goftaa?' jedheetan deebise; inni immoo, 'Ana, Yesus nama Naazireet, kan ati ari'achaa jirtu' anaan jedhe.

⁹ Namoonni anaa wajjin turan ificha arganiiru; sagalee isa anatti dubbachaa ture garuu hin dhageenye.

¹⁰ Ani immoo, 'Maal godhu, gooftaa?' jedheen gaafadhe; gooftaan immoo,'Ka'ii, mandara Damaasqootti lixi, akka ati gootuuf waan Waaqayyo murtoo godhe, achitti sitti in himama' anaan jedhe.

¹¹ Calaqqisa ifichaa irraa kan ka'es iji koo arguu dhabnaan, warri anaa wajjin jiran harka qabanii mandara Damaasqootti na galchan.

Madda: <https://zoebible.page.link/ob>

Yeroo kana irraa eegalee, Phaawulos Iisaan (Yesuus) ilma gooftaa (waaqeyyoo) akka ta'e lallabuu itti fufe. Kiristaanummaa keessatti kana barsiisuun namni jalqabaa hanga isa ta'u gahuutti dhiibbaa guddaa uume. Barnoota kana kan fudhatu gooftaa irraa akka ta'e himata. Wanta inni jedhu kanaan waa'ee isaa ilaachise wanta namoonni beekan ni dhoksa. Barataa Yesus akka hin turree fi isaan akka wal hin qunnamne namoonni ni beeku. Garuu "Ani Gooftaa irraa barnoota argadha" jedhee waan dubbatuuf wanta namoonni irraa beekan ni haguuga. Himanna Sobaa kanaan hundee amantitti ni taphate Amalli yahuuda amanti jallisuu fi micciruudha. Kanaafu, Phaawulosis yahuuda waan tureef amanti jallisuu fi micciruu eegale. Sobaan ani Kiristaana ofiin jechuun amanti Kiristaanatti akkanatti taphate.

Iisaan erga ol fuudhamee booda namtichi Yahudii kuni ergamtoota torbaatamaa hafuurri qulqulluun irratti bu'uu fi kiristaanummaan warra gammachiisaan keessaa tokko akka ta'ee Kiristaanoni ni amanu. Kiristaanoni warroota kanniin, "Ergamtoota torbaatama" jechuun moggaasu. Kana jechuun kallatti hundan ergamtoota kiristaanummaan nama gammachisaniidha.

Phaawulos hanga barsiisaa Maarqos ta'u gahuutti dhiibbaan isaa garmalee guddate. Maarqos namoota macaafa qulqulluu barreessan keessaa tokko. Maarqos garmalee Phaawulositti maxxanuun barnoota irra barate. Ammas ni jedhu, Luqaasis barataa jallatamaa Phaawulositti maxxanu ture. Luqaasi barreessa macaafa qulqulluu keessaa tokko ture.

Yaanni, "Iisaan (Yesus) ilma Gooftaati" jedhamu Phaawulos dura kan beekkamu hin turre. Garuu erga kiristaanummaa keessa sobaan seenee fi handhuura barnootaatti barsiisaa guddaa erga ta'ee booda naannoo adda addaa keessa deemun Kiristaanummaa haarawatti namoota waamu jalqabe. Ergaalee bakka adda addaatti ni erga. Ergaaleen isaa kunniin bu'uura barnoota amanti ta'an.

Tooftaa kanaan namtichi Yahuudi kuni kan isa faallessuu waan hin jirreef bu'uura amanti Kiristaanaa micciruu fi jallisuu danda'e jira. Sababni isaas, barnoota amantii kanniin Masih Iisaa irraa argachaa jira isaaniin jedha. Isaanis kana amanuun ni fudhatan. Kiristaanummaa keessatti wanta seensisee ni seensise. Wanta micciree ni micciree [3].

Kanaafu, Iisaan (Yesus) (nageenyi isarratti haa jiraatu “Ani Gooftaadha na waaqefadhaa ykn ani ilma gooftaati” hin jenne. Garuu kan kana itti maxxanse Phaawulos. Ergasii Phaawulos irraa barattoonni isaa kan akka Marqoosi fi Luqaas macaafa keessatti barreessu jalqaban. San booda ummanni Kiristaanas wallaalummaan jara kana hordofuun jallinnaa fi dukkanatti kufan. Seenaa kana erga dubbisani booda gara ifaa fi karaa qajeelaatti akka bahan isaaniif hawwina. Karaan ifaa fi qajeelaan karaa Iisaan itti waamaa tureedha. Iisaan (Yesus) akkana jechuun ummata waamaa ture:

وَإِنَّ اللَّهَ رَبِّيْ وَرَبُّكُمْ فَاعْبُدُوهُ هَذَا صِرَاطٌ مُسْتَقِيمٌ ﴿٢٦﴾

“Dhugumatti Rabbiin Gooftaa kiyyaa fi Gooftaa keessani. Kanaafu Isa qofa gabbaraa. Santu karaa qajeelaadha.” Suuratu Mariyam 19:36

Ragaalee Iisaan (aleyh salaam) itti bu'uu Agarsiisan

Akkuma kutaa darbe keessatti jennee yeroo Yahudonni isa ajjeesuf dhufan Iisaan (aleyh salaam) gara samii ol fuudhamee jira. Qiyaamaan yommuu kalooftu akka bu'uu ragaaleen shari'aa ni agarsiisu. Bu'iinsi isaa kunis mallatloo Qiyaamaa ta'a. Mee ragaalee kanniin gabaabbinaan haa ilaallu:

Qur'aana irraa Ragaalee Bu'iinsa isaa agarsiisan

Rabbitiin (subhaanahu wa ta'aala) ni jedha:

﴿٥٥﴾ وَلَمَّا ضَرِبَ أَبْنُ مَرِيمَ مَثَلًا إِذَا قَوْمُكَ مِنْهُ يَصِدُّونَ ﴿٥٦﴾ وَقَالُوا إِنَّا لِهُنَا خَيْرٌ أَمْ
 هُوَ مَا ضَرَبُوهُ لَكَ إِلَّا جَدَلًا بَلْ هُمْ قَوْمٌ خَصِمُونَ ﴿٥٧﴾ إِنْ هُوَ إِلَّا عَبْدٌ أَنْعَمْنَا عَلَيْهِ
 وَجَعَلْنَاهُ مَثَلًا لِّبَنِي إِسْرَائِيلَ ﴿٥٨﴾ وَلَوْ نَشَاءُ لَجَعَلْنَا مِنْكُمْ مَلِكًا فِي الْأَرْضِ
 يَخْلُفُونَ ﴿٥٩﴾ وَإِنَّهُ لَعِلْمٌ لِلْسَّاعَةِ فَلَا تَمْتَرُنَ بِهَا وَأَتَيْعُونَ هَذَا صِرَاطٌ مُسْتَقِيمٌ ﴿٦٠﴾

“Yeroo ilmi Mariyam akka fakkeenyaatti dhiyefamu yoosu ummanni kee sagalee olkaasanii isatti kolfan. Ni jedhanis, “gooftoolee keenya moo isatu (Iisaatu) caalaa?” Isaan wal-bira qabuu kana siif hin dhiyeessine falmiif yoo ta’e malee. Garuu isaan ummata mormitoota. Iisaan gabricha Nuti isa irratti tola oollee fi ilmaan Israa’iliif fakkeenya taasifne malee waan biraati miti. Osso feene Malaaykota bakka keessan bu’an dachii keessa goonaa turre. Dhugumatti, Inni Qiyaamaaf mallattoo beekkamaadha, kanaafu ishii hin shakkinaa, Ana hordofaa. Kanatu karaa qajeeladha. Sheyxanni [dhugaa hordofuu irraa] akka isin hin dhoorgine. Dhugumatti inni isiniif diina ifa bahaadha.” Suuratu Az-Zukhruuf 43:57-62

As keessatti, “Inni Qiyaamaaf mallattoo beekkamaadha” kan jedhu ilaachise hayyooni Qur'aana ibsan, “Qiyaamaan dura Iisaan samii irraa bu'uun mallattoo Qiyaamaati” Jedhan^[6]. Akkuma armaan gadiitti ilaallu hadiisonni sahiih ta'aniis ni jabeessu.

Ragaan biraan Iisaan samii irraa akka bu'uu agarsiisu aayah suuratu An-Nisaan keessatti argamtuudha.

﴿٦١﴾ وَإِنْ مِنْ أَهْلِ الْكِتَابِ إِلَّا لَيُؤْمِنَنَّ بِهِ قَبْلَ مَوْتِهِ وَيَوْمَ الْقِيَامَةِ يَكُونُ
 عَلَيْهِمْ شَهِيدًا ١٥٩

⁶ Tafsir ibn Kasiir 6/583

Abbooti kitaabaa irraa eenyullee hin jiru du'a isaatiin dura kan isatti amanu yoo ta'e malee. Guyyaa Qiyaamaas isaan irratti ragaa ta'a." Suuratu An-Nisaa 4:159

Hayyooni Qur'aana ibsan baay'een, maq-dhaalli "**du'a isaatiin dura**" jedhu keessa jiru "lisaa" akka agarsiisu dubbatan. Hiikni isaa kana ta'a: Abbooti kitaabaa (Yahuudaa fi Kiristaanaa) irraa eenyullee hin jiru du'a lisatiin dura kan amanu yoo ta'e malee. Kunis kan ta'u Qiyaamaan yommuu dhiyaattudha. Akkuma hadiisa keessatti dhufe lisaaan yommuu gara dachii bu'u booyye ni ajjeesa, Masqala ni caccabsa, Islaama malee amanti biraa hin qeebalu. Kanaafu, yeroo kanatti Yahuuda fi Kiristaanoni Iisaan gabrichaa fi Ergamaa Rabbii akka ta'e ni amanu.

Sunnah irraa Ragaalee Iisaan bu'uu agarsiisan

Huzeeyfa ibn Useyd Al-Ghifaariyy akkana jechuun gabaase:

"Osoo nuti wal yaadachiisnu (waliin haasofnu) Ergamaan Rabbii (Salallahu aleyh wassalam) nu arguunakkana jedhan, "Maal wal yaadachistuu?" Sahaabonis ni jedhan, "Waa'ee Qiyaamaa haasofna" Innis ni jedhe, "Hanga mallatoolee kudhan argitanitti malee Qiyaamaan hin dhaabbattu." Ergasii akkana jechuun tarreesse: Aara (smoke), Dajjaal, bineensa lafaa baatu, Aduun dhiyaan bahuu, Iisaan ilmi Mariyam (nageenyi isarratti haa jiraatu) bu'uu, Ya'juuj wa Ma'juuj, gara sadiin mucucaachu lafaa: tokkoffaan gara Bahaatin, lamaffaan gara Dhiyaatin, sadaffaan Galoo-galaana Arabaatin. Dhumi kanaa ibidda gara Yaman irra bahuun namoota gara iddo walitti qabamaatti oofudha." [Sahih Muslim 2901](#)

Abu Hureyraan akka gabaasetti: Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Hanga ilmi Mariyam abbaa murtii haqqa ta'uun isin keessatti bu'utti malee Qiyaamaan hin dhaabbattu. Masqala ni caccabsa, booyye ni ajjeesa, Jiziyah ni balleessa. Hanga namni fudhatu dhabamutti qabeenyi garmalee baay'ata." [Sahih Al-Bukhaari 2476](#)

Jiziyah jechuun Motummaa Muslimaa keessatti namoota Muslima hin taane irraa gibira guurramuudha. Muslimoonni Zakaa yommuu kafalan, namoonni Muslima hin taane immoo Jiziyah kafalu. Iisaan (aleyh salaam) yommuu bu'u, Islaama malee amanti biraa waan hin fudhanneef Jiziyaaan ni dhabama. Garuu

Islaama malee amanti biraa hin hayyamu jechuun namoota Islaama akka fudhatan ni dirqiisisa jechu miti. Kana irraa namoonni yommuu Iisaan bu'u, Iisaan gabrichaa fi Ergamaa Rabbii akka ta'ee ni beeku. Yaanni, "Iisaan ilma gooftaa ykn gooftaadha" jedhu qalbii isaanii irraa ni haaqama. Dhugaa waan arganiif. Kanaafu, amanti haqaatti ni amanu. Akkuma Rabbiin subhaanahu wa ta'aala jedhe:

Abbooti kitaabaa irraa eenyullee hin jiru du'a isaatiin dura kan isatti amanu yoo ta'e malee." Suuratu An-Nisaa 4:159

Gaafii: Iisaan yommuu bu'u seera Nabii Muhammadin bulcha moo seera haarawa fidaa?

Deebiin isaa: Seerri (Shari'aan) Nabi Muhammad (SAW) guutuu waan ta'eef Iisaan seeraa haarawa hin fidu. Guyyaa Arafaa Rabbiin subhaanahu wa ta'aala keeyyata suuratu Al-Maa'ida keessatti argamtu buusun ni jedhe: "Har'aa amanti keessan isiniif guute, qananii Kiyyas isin irratti guutee jira, Islaamas akka amantitti isiniif jaalladhe." (Suuratu Al-Maa'ida 5:3) Kanaafu, shari'aan (seerri) Islaamaa guutuu waan ta'eef Nabii Iisaan (aleyh salaam) seeruma Nabii Muhammadin (SAW) ummata bulcha.

Waa'ee Bu'iinsa Iisaa ilaachisee Kiristaanoni Maal jedhuu?

Kiristaanoni Iisaan ilma Gooftaati jedhanii amanu. Rabbiin kanarraa qulqullaa'e. Nuuf jedhe fannifame du'e, ergasii gara samii ol fuudhame jedhanii amanu. Gara Yeroo dhumaatti ni bu'a jedhu. Waa'ee Iisaa ilaachisee amantin Kiristaanaa amanti Muslimaa irraa karaa baay'een garagara ta'a:

Iisaan ilma Gooftaa akka ta'e Kiristaanoni ni amanu. Garuu kuni kijibaa (baaxila). Amantiin sirriin, Iisaan ilma namaati, gabricha fi Ergamaa Rabbii. Yahudoonni Iisaa fannisanii akka ajjeesan Kiristaanoni ni amanu. Garuu kuni soba (baaxila). Ilaalchi sirriin, isaan hin fannisnes hin ajjeesnes.

Iisaan (aleyh salaam) erga fannifamee guyyaa sadiin booda gara samii bahe jedhanii Kiristaanoni ni amanu. Garuu kuni kijiba. Kana irra inni osoo hin fannifamiin ykn hin ajjeefamin gara samii ol fuudhame.

Iisaan (aleyh salaam) akkamitti fi Eessatti bu'aa?

Iisaan (aleyh salaam) uffata lama uffachuu fi harka isaa koola Malaykoota lamaa irra gochuun minaaraa adii Baha Damasqootti argamutti bu'a. Ibn Kasiir ni jedha: "Bakka inni itti bu'u ilaachisee ilaalchi hundarra beekkamaan baha

Damasqoo minaaraa adii irratti bu'a kan jedhudha. Yommuu salaataaf iqaamaan godhamu ni bu'a..." (An-Nihaayah fil fitan wal-Malaahim 1/192)

Maaliif Iisaan qofti akka bu'uu fi nabiyyiin biraa akka hin buune godhamee?

"Yeroo dhumaatti maaliif Nabii Iisaan qofti gara dachii akka bu'u filatame?" jechuun of gaafachuu dandeessa.

Hayyooni sababa Iisaan qofti bu'u ilaalchisee yaada baay'ee kennanii jiru. Isaan keessaa:

1. Yahudoonni Iisaa ajjeesne jedhan. Kanaafu, dubbii isaanii kanaaf deebii kennuu fi dhugaa ifa baasuf Iisaan samii irraa ni bu'a. Rabbiin subhaanahu Iisaa samii irraa gara dachii buusun Yahudoota fi hogganaa isaanii Dajjaalin akka loluu fi moo'atu taasisa. Al-Haafiz Ibn Hajar ilaalchi kuni hundarra sirrii akka ta'etti ilaala.
2. Ammas, kijibaa Kiristaanota ifatti baasuf Iisaan (aleeyh salaam) samii irraa ni bu'a. "Iisaan ilma gooftaati ykn gooftaadha" yaanni jedhu soba akka ta'e ifa isaaniif godha.
3. Duuti isatti waan hin dhufneef Iisaan samii irraa bu'uun dachii keessatti ni du'a. ergasii ni awwaalama. Kan biyyee irraa uumame eessattillee hin du'u, gara biyyeetti deebi'e du'aa malee.

Akka hin dheeressineef sababoota hangafaa kanniin qofa irratti gabaabadhe. Sababoota hafan kitaaba The End of The World fuula 357-358 irraa ilaalun ni danda'ama.

Iisaan (aleyh salaam) Erga gara dachii bu'ee hangam turaa?

Iisaan (aleyh salaam) dachii irra waggaa afurtama tura. Yeroo kana keessatti namoonni badhaadhinna, haqummaa fi nageenyaan jiraatu. Hadiisa Abu Hureeyraan gabaase keessatti Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan: "Haawwan isaanii gargar haa ta'anii malee Nabiyoonni obboleeyyani. Amantiin isaanii tokko. Namoota hunda caalaa anatu Iisaa ibn Mariyamitti dhiyaata. Sababni isaas, anaa fi isa jidduu nabiyin hin jiru. Waggaa afurtamaaf tura, ergasi ni du'a. Muslimoonnis salaata janaazaa isarratti ni salaatu." (Ahmdi fi Al-Haakim gabaasanii jiru. Al-Haakim ni jedha, Al-Bukhaari fi Muslim haa gabaasu baataniyyuu malee isnaadni isaa sahiih dha.)

Kitaabban wabii

The End of The World-fuul 316-324

Kitaabban Tafsiira: Tafsiira Sa'idiyy 573-4

Ma'aariju Tafkur wa daqaa'uq tadabbur 7/460-464, Abdurahman Habanka

[1] Tafsiira Qurxubii 5/151

[2] Tafsiir Sa'diyi 233, Tafsiir Qurxubii 7/214-215

[3] Kawaashif Zuyuuf – Fuula-25-29, Abdurahmaan Habanka

The End of The World-fuul 344-359

Guduunfaa

Rabbi hin dhalle, hin dhalanne, Tokkicha fakkaataa hin qabneef faaruu fi galanni hundi Isaaf haa ta'u. Waa'ee Iisaa (Iyyasuus) nageenyi isarratti haa jiraatu kutaalee sadii jalatti qoodun ilaalaat turreera. Waa'ee isaa ilaachisee dhugaan maal akka ta'e hubanne jirra. Namni dhugaa kana hubatuun qajeele lubbuma ofii fayyada. Namni dhugaa kana irraa goruun jallate lubbuma ofi miidha.

Qur'aanni waa'ee Iisaa (Iyyasuus) ilaachise haala namaaf galuu fi ifa ta'een ibsa. Wanti nama dhmaasu Qur'aana keessatti hin argamu. Garuu faallaa kanaa, kitaaba Kiristaanaa keessatti waa'ee Iisaa ilaachise wantoonni nama dhamaasan baay'etu jiru. Takkaa gooftadha jedha, takkaa immoo ilma gooftaati jedha, takkaa immoo nabiyyiidha jedha, takkaa immoo gooftota sadan keessaa isa tokko jedha, takkaa immoo cubbuu keenyaf jedhee du'e jedhu. Namni kanniin keessaa kamiin filatee qabachuu danda'aa? Dhugumatti kuni dhama'iinsa guddaadhha. Hundeen kanaa inni guddaan namoota kitaaba kana barreessaa tureedha.

Kutaa darbe keessatti, yeroo jalqabaatiif, "Iyyasuus ilma waaqayyooti" kan jedhe, Phaawulos akka ta'e macaafa qulqulluu irraa ilaalle turre. Achi booda yaanni kuni hanga bu'uura amanti ta'u gahuutti namichi kuni yaada kana babal'isuu fi facaasu itti fufe. Namoonni isa booda dhufanis yaada isaa kana fi kan biroo itti dabaluun kitaaba barreessan. Kitaabni kunis Rabbiin biraa kan bu'eedha jedhan. Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa adeemsa isaanii kana akkana jechuun ibsa:

﴿فَوَيْلٌ لِّلَّذِينَ يَكْتُبُونَ الْكِتَابَ بِأَيْدِيهِمْ ثُمَّ يَقُولُونَ هَذَا مِنْ عِنْدِ اللَّهِ لِيَشْرُرُوا
بِهِ ثُمَّ نَأْمَنَّا قَلِيلًا فَوَيْلٌ لَّهُمْ مِمَّا يَكْسِبُونَ﴾ ﴿٦١﴾

“Warra kitaaba harka isaaniitiin barreessanii ergasii gatii xiqqaa ittiin bitachuuf “Kuni Rabbiin biraayi” jedhaniif ee badii isaanii! Waan harki isaanii barreessiteef jecha ee badii isaanii! Ammas waan isaan carraaqataniif jecha ee badii isaanii!” Suuratu Al-Baqarah 2:79

Arabni jecha “wayl” jedhu nama baditti kufeef itti fayyadamtii. Haaluma wal fakkaatun Afaan Oromoo keessatti, nama badiin itti dhufuu hedu ykn baditti kufe, “Ee badii kee” jedhamaan. Kana jechuun baditti kufte, adabbiin cimaan sitti bu’e jechuu isaati. Warroonni kitaaba harka ofiitiin barreessanii ergasii gatii xiqqaa ittiin bitachuuf **“Kuni Rabbiin biraayi”** jedhan adabbiin cimaan isaanitti bu’a. Gatiin xiqqaan kuni addunyaa badduu tana. Qabeenya walitti sassabuuf kijibaan kitaaba katabuun kuni Rabbiin irraayyi ummataan jedhu. Kanaafu, namoonni kunnini karaa lamaan ummata gowwoomsanii fi miidhanii jiru. 1ffaa- Amanti isaanii sobaan walitti makuun ummata dhamaasu. 2ffaa-qabeenya isaanii sobaan nyaachu. Kanaafi itti aanse ni jedha: **“Waan harki isaanii barreessiteef jecha ee badii isaanii!”** kana jechuun kijiba, jallinnaa fi dhugaa micciruu kitaaba keessatti harka isaanitiin barreessaniif ee badii isaanii. “Iyyasuus gooftadha ykn ilma gooftaati” kijiba isaan kitaaba keessatti barreessaniidha. Sababa kanaan ummata gowwoomsu. Kanas kan godhaniif addunyaa badduu tana argachuufi. **“Ammas waan isaan carraaqataniif jecha ee badii isaanii!”** Kana jechuun qabeenya argatan saniif ee badii isaanii. Hiikni biraa, sababa harka isaaniitiin kijiba barreessun cubbuu/dilii hojjtaniif ee badii isaanii!

Kanaafu, namoonni kijiba harka isaanitiin katabuun qabeenya ykn beekkamti argachuuf “Kuni Rabbiin biraayyi” jedhan, adabbi cimaatu isaaniif jira. Badiin isaan hojjatan keessaa gurguddaan: 1ffaa-Rabbiti irratti kijibuu, 2ffaa-ummata karraa qajeelaa fi ifaa irraa jallisuun dukkanaa fi dhama’iinsatti oofu. 3ffaa-Qabeenya namootaa haqa malee nyaachu.

Namni sammuu qabu kijiba isaan uumanii gowwoomu hin qabu. Sammuu isaa keessatti yaadu danda'a. “Iyyasuus akkamitti gooftaa ta'a, kan dhalate ta'e osoo

jiruu? Wanti dhalatu wanta uumamudha. Kanaafu uumaa isa barbaachisa? Dubbiin yooakkana ta'e akkamitti Iyyasuus Gooftaa waa uumuu ta'uu danda'aa? Ammas Iisaan of jabeessuf ni nyaata ni dhuga. Rabbiin qulqullaa'e immoo ni nyaachisaa malee hin nyaatu, ni obaasaa malee hin dhugu? Kanaafu, akkamitti Iisaan gooftaa ta'aa? Akkasumas, namni yommuu nyaatu fi dhugu xuriin akka fincaanii fi sagaraa isa irraa baha. Kanaafu, namni "Iyyasuus gooftaadha" yommuu jedhu, "Gooftaan ni nyaata ni dhuga ergasii xuriin isarrraa baha" jechuu isaati. Rabbiin hanqinna kana hundarrraa qulqullaa'e, olta'e." jedhee yaadu qaba.

Ammas, "Iyyasuus akkamitti ilma Rabbii ta'aa? Rabbiin Qulqullaa'an olta'e Dureessa Tokkicha fakkaata wayitu hin qabneedha. Ilmi yoo dhalate abbaa fakkaata. Kanaafu, "Rabbiin ilma qaba" jechuun "Inni fakkaataa qaba" jechuudha. Rabbiin kanarrraa qulqullaa'e olta'e. Ammas ilmi kan barbaachisuuf akka nama gargaaru fi sanyiin namaa itti fuftuufi. Rabbiin Qulqullaa'an olta'e gargaarsa wanta jedhamu hin barbaadu, wanta hundaa irratti danda'aadha. Yeroo hundaa jiraataadha. Kanaafu, Inni waan hundaa irraa Dureessaa fi Of gahaa ta'ee osoo jiru maaliif ilmatti hajama?"

Namni kanniin deddeebisee yoo of gaafatee, wanti kitaaba (macaafa) isaanii keessatti barraa'e soba ta'uu takkaan hubata. Kijiba kanniin kan barreesse namoota fedhii ofii hordofuun ummata gowwoomsaniidha. Kanaafi, Rabbiin qulqullaa'an olta'e akkana jechuun Yahuudotaa fi Kiristaanota akeekachiisa:

﴿قُلْ يَأَهْلَ الْكِتَبِ لَا تَغْلُوْ فِي دِينِكُمْ غَيْرُ الْحُقْقِ وَلَا تَتَّبِعُوا أَهْوَاءَ
قَوْمٍ قَدْ ضَلُّوا مِنْ قَبْلٍ وَأَضَلُّوا كَثِيرًا وَضَلُّوا عَنْ سَوَاءِ السَّبِيلِ﴾

"Jedhi, "Yaa warra kitaabaa! Amantii keessan keessatti dhugaan ala daangaa hin darbinaa. Fedhii ummata duraan jallatanii darbanii, namoota heddujallisanii fi karaa qajeelaa irraa jallatanii hin hordofinaa." Suura Al-Maa'ida 5:77

Kiristaanonne "Iisaan gooftaadha ykn ilma gooftaati" jechuun isaanii dhugaan ala daangaa darbuudha. Kanaafi, Rabbiin waa'ee Iisaa ilaalchisee dhugaan ala soba hordofuun daangaa hin darbinaa isaaniin jedha. Sababni isaan dhugaa irraa jallachuun soba itti hordofan, hoggantoota duraan darban hordofuu isaaniti. Akkuma kutaa darbe keessatti jenne, yeroo jalqabaatiif Iisaan ilma gooftaati kan jedhe Phaawulos. Achi boodas warri dhufan Iyyasuus gooftaa gabbaramu jedhan. Kuni hundi fedhii lubbuu hordofuudha malee wanta ragaa qabu miti. Kanaafi, ummata Kiristaanaa hoggantoota fedhii lubbuu hordofuu namoota jallisan akka hin hordofne Rabbiin ni akeekachisa. Hoggantoonni fedhii lubbuu hordofan kunnin "Iyyasuus Gooftaadha ykn ilma Gooftaati" jechuun namoota itti waamu. Haala kanaan, namoota kanniinis ni jallisuu, ofiifillee ni jallatu. Kanaafu, namoota jallatan hordofuun baditti malee wanta biraatti nama geessu danda'aa?

Iisaan (aleyh salaam) Rabbii Tokkicha akka gabbaran namoota waama ture. "Ani Rabbi ykn ilma Rabbiiti" jechuun gonkumaa namoota hin waamne. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿لَقَدْ كَفَرَ الَّذِينَ قَالُوا إِنَّ اللَّهَ هُوَ الْمَسِيحُ ابْنُ مَرْيَمٍ وَقَالَ الْمَسِيحُ
يَنِي أَنَا إِنِّي أَعْبُدُهُ أَنَّهُ رَبِّي وَرَبُّكُمْ إِنَّهُ وَمَنْ يُشْرِكُ بِاللَّهِ فَقَدْ
حَرَّمَ اللَّهُ عَلَيْهِ الْجَنَّةَ وَمَا وَمَأْوَاهُ النَّارُ وَمَا لِلظَّالِمِينَ مِنْ أَنْصَارٍ﴾
٧٦

"Warroonni 'Rabbii Masih ilma Mariyam' jedhan dhugumatti kafaranii jiru. Masiihis ni jedhe, 'Yaa ilmaan Israa'il! Rabbii Gooftaa kiyyaa fi Gooftaa keessan ta'e gabbaraa. Dhugumatti namni Rabbitti waa qindeesse Rabbiiin isarratti Jannata haraama (dhowwaa) taasisseera. Teessoon isaas ibidda. Miidhaa raawwattootafis tumsitoonni hin jiran." Suuraa Al-Maa'ida 5:72

Rabbitti waa qindeessuun (shirkiin) bifa adda addaa qaba. Isaan keessaa, wanta uumame (makhluuqa) akka Uumaatti ilaalun kadhachuu, isaaf of gadi qabu fi kkf hojjachuudha. Kanaafu, namoonni Iisaan Gooftaadha jedhan Rabbitti waa

qindeessanii jiru. Namni Rabbitti waa qindeesse immoo gonkumaa Jannata hin seenu. **Teessoon isaa ibidda.** Kanarraa Rabbiin nu haa tiiksu.

Kiristaanonne jecha sobaa “Iyyasuus gooftaadha ykn ilma goofaati” jedhu kanarraa deebi’uun Rabbiitti amananii Isa qofaaf yoo sagadan, kadhatanii fi of gadi qaban, jirenya tana keessatti gammachuu argatu, adabbii ibiddaa waadaa galame irraas ni baraaramu. Ta’uu baannan, adabbii cimaatu isaan eeggata. Qur’aana keessatti Rabbiin ni jedha:

﴿فَاجْتَلَفَ الْأَحْرَابُ مِنْ بَيْنِهِمْ فَوَيْلٌ لِّلَّذِينَ كَفَرُوا مِنْ مَشْهَدِ يَوْمٍ عَظِيمٍ ﴾
﴿أَسْمَعْ بِهِمْ وَأَبْصِرْ يَوْمَ يَأْتُونَا لَكِنَ الظَّالِمُونَ الْيَوْمَ فِي ضَلَالٍ مُّبِينٍ ﴾
﴿وَأَنذِرْهُمْ يَوْمَ الْحُسْرَةِ إِذْ قُضِيَ الْأَمْرُ وَهُمْ لَا يُؤْمِنُونَ﴾

“Gareewan [Yahuudaa fi Kiristaanaa] gidduu isaanitti waa’ee isaa irratti wal dhaban. Wal-gayii Guyyaa Guddaa (Qiyaamaa) san irraa warra kafaraniif ee badii isaanii! [Kaafirooni] Guyyaa Nutti dhufan akkamitti sirritti arguu, akkamitti sirritti dhagahuu! Garuu har'a miidhaa raawwattoonni jallinna ifa ta’e keessa jiru. Haala isaan daguu keessa ta’aniin osoo isaan hin amaniin yeroo dhimmichi murtaa’u, Guyyaa Gaabbii san isaan sodaachisi.” Suuratu Mariyam 19:37-39

Kaafiroota jechuun warroota Rabbitti hin amanee ykn wanta biraan Isatti qindeessaniidha. Fakkeenyaf namoonni lisaan gooftaa gabbaramu ykn ilma gooftaati jedhan kaafirota ta’u

Rabbiin subhaanahu wa ta’ala dhugaa lisaan erga ibsee booda yahuuda fi kiristaanaa irraa haala gareewanii jallatanii ibse. Gareewan kunniin waa’ee lisaan (Iyyasuus) ilaalchise wal dhaban. Isaan keessa, gariin “lisaan gooftaati” jedhan, gariin isaanii ilma Gooftaati jedhan, gariin isaanii gooftaa sadaffaati jedhan. Jechoonni kuni hundi jechoota sobaatii fi ilaalcha badaadha. Shakkii irratti kan hundaa’e fi ragaa wayitu kan hin qabneedha.

“Wal-gayii Guyyaa Guddaa (Qiyaamaa) san irraa warra kafaraniif ee badii isaanii!” Warroonni iisaan gooftaadha ykn ilma gooftaati ykn gooftaa sadaffaadha jedhan warra kaadaniidha (kafaranii)dha. Kanaafu, Guyyaa Qiyaamaa namoonni hundii itti wal-gahan warra kafaran kanaaf adabbii cimaatu jira.

“[Kaafiroonni] Guyyaa Nutti dhufan akkamitti sirritti arguu, akkamitti sirritti dhagahuu! Garuu har'a miidhaa raawwattoonni jallinna ifa ta'e keessa jiru.” Kaafiroonni har'a jallinna isaanii keessa jiru. Dhugaa ykn haqa ifa jiru hin argan, hin dhagahan. Guyyaa Qiyaamaa immoo yommuu Rabbii fuunduratti murtiif dhufan haqa sirritti argu, sirritti dhagahu. Akkana jechuun warwaatu:

“Yaa Rabbii keenya! Arginee, dhageenye, kanaafu hojii gaarii hojjanna [addunyaatti] nu deebisi. Dhugumatti nuti dhugaan amanne jirra.” Suuratu As-Sajdah 32:12

Garuu zaalimoonni (warroonni miidhaa raawwatan) kana hunda quba hin qaban. Fedhii addunyaatiin haguugamanii fi galfa keessa jiru. Qalbii isaanitiin Rabbitti hin amanan, Ergamtoota Isaa hin hordofan. Garuu Guyyaa Gaabbii garmalee gaabbu. Guyyaan Gaabbii Guyyaa Qiyaamaati. Sababni Guyyaa Gaabbii jedhameef, namoonni hojii gaarii osoo hin hojjatin isaan jala darbee fi hojii badaa hojjatan irratti garmalee waan gaabbanafi.

Kiristaanota waliin Falmuu

Namni nama karaa irraa bahe karatti akka deebi'uuf isa walin falmuu barbaadu ulaagaalee kanniin guutuu qaba. 1ffaa- Beekumsa ittiin falmu qabaachu, 2ffaa-Dubbii fi tooftaa hundarra gaarii ta'e fayyadamuu 3ffaa- kaayyoon itti falmuuf haqa nama saniif ibsuuf qofa ta'uu.

Rabbiin Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿ وَلَا تُجَدِّلُوا أَهْلَ الْكِتَبِ إِلَّا بِالْقِيَمَةِ إِلَّا أَحْسَنُ إِلَّا الَّذِينَ ظَلَمُوا مِنْهُمْ ﴾

"Abbooti kitaabaa waan gaarii ta'een malee hin falmina, isaan keessaa warra zaalimota ta'an malee." Suuratu Al-Ankabuut 29:46)

Abdurahmaan Sa'diyyi Aayah tana ilaachise ni jedha: Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa namni falmu sunii beekumsa yoo hin qabaatin ykn bu'uura gammachisaa irratti yoo hin ta'in, abbooti kitaabaa waliin falmuu irraa ni dhoowwa. Wanta irra gaarii taaten malee akka isaan waliin hin falmine. Wanti irra gaariin kunis, amala gaarii, mararfanna, dubbii laaffisuu, karaa hundarra gabaabaa ta'een gara haqaa waamu fi haqa kana miidhagsuu, soba irraa deebisuu fi fashaleessudha. Niyyaan isaaniin falmuu mormu, moo'achuu fi ol'aantummaa qofaaf osoo hin ta'in, haqa ibsuu fi namoota qajeelchuf ta'uu qaba. Garuu warroota kitaabaa keessaa nama zaalima ta'e waliin mormuun faayda hin qabu. Namni kuni nama yaanni isaa haqa fudhachuuf osoo hin ta'in namoota dallansuu fi isaan moo'achuuf qofa kan falmuudha. Namaakkanaa waliin falmuun faayda hin qabu. " Tafsiir Sa'idiyy-fuula 742

Kanaafu, Kiristaanota waliin yommuu falman of eeggannooguddaa barbaachisa. Baaxila (soba) isaanii deeggaruuf Qur'aana irraa keeyyata muraasa namatti fidu. Ina kunoo Qur'aanniakkana jedha jechuun nama dhamaasu. Garuu sobni isaan irra jiranii fi keeyyanni Qur'aanaa waliif faalladha. Sababni isaas, haqaa fi sobni gonkumaa waliitti galuu hin danda'an. Kanaafi, Qur'aana irraa aayah (keeyyata) muraasa fudhachuun hiika isaa jallisuu barbaadu. Dhugaa fi soba walitti maku. Kana ilaachisee Rabbiin ni jedha:

يَأَهْلَ الْكِتَبِ لَمْ تَلِسُونَ الْحَقَّ بِالْبَطْلِ وَتَكْنُونَ الْحَقَّ وَأَنْتُمْ



“Yaa abbooti kitaabaa (Kiristaanota fi Yahuudota)! Maaliif dhugaa sobaan walitti maktanii osoo beektanuu dhugaa dhoksituu?” Suuratu Aali-Imraan 3:71

Aayah tanarrraa akkuma hubannu Aalimoonni (hayyooni amantii) karaa lamaan namoota jallinnatti dabarsu. **1ffaa-dhugaa fi soba walitti maku.** Hayyooni amantii dhugaa fi sobaa yoo addaan hin baasin hawaasni dhama'uun jallinna keessatti kufa. **2ffaa- dhugaa dhoksu-** hayyooni dhugaa isaan bira jiru yoo dhoksan namoonni dhugaa barbaadan akkamitti karaa qajeelatti qajeelu?

Kanaafu, dhugaa fi soba walitti makuun Peenxen ykn namni kiristaanaa yoo namatti fide, filannoo lamatu jira:

1ffaa- beekumsa ittiin falman yoo qabaatan, falmuun soba san harkaa fashaleessu. Beekumsa qabaatani garuu yoo tooftaa falmii hin beekin, odiyoo/vidiyoo fi barreefamoota gargaraa mata duree sanii wal qabatan isaaniif dabarsu.

2ffaa- beekumsa yoo hin qabaatin, isaan irraa garagaluu fi fagaachu. Taa'u baannan, sobni isaan namatti fidan dhugaa fakkaachun dukkanaa fi jallinna keessatti kufan. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا إِن تُطِيعُوا فَرِيقًا مِّنَ الَّذِينَ أُوتُوا الْكِتَابَ يَرْدُو كُمْ بَعْدَ

﴿إِيمَنِكُمْ كَلَفِرِينَ﴾

“Yaa warra amantan! Yoo garee warra kitaabni kennameef irraa ta’aniif ajajamtan, erga amantanii booda gara kufritti isin deebisu.” Suuratu Aali-imraan 3:100

Waa'ee nabiyyi kabajamaa Iisaa (nageenyi isarratti haa jiraatu) ilaachise ammaaf asirratti xumurra. In sha Allah gara fuunduraatti yoo Rabbiin umrii nu dheeresse, bal'innaan ni ilaalla. Wa Aakhiru daaw'aana anilhamdulillah Rabbil aalamin.

Kitaabban wabii:

Tafsiir Sa'idiyyi, Tafsiir Ibn Kasir, Tafsiir Zaadil Masiir-Ibn Al-Jawzi

3- Ya'juuj fi Ma'juuj

Ya'juuj fi Ma'juuj saboota gurguddoo lama sanyii Aadam irraa ta'aniidha. Sababa badii gurguddaa dachii keessatti babal'isaa turaniif Mootiin Zul-Qarnayn jedhamu bakka tokkotti isaanitti cufe. Suuratu Al-Kahf keessatti waa'ee kana ni dubbata. Garuu Qiyaamaan yommuu kalooftu cufaa diiganii gara addunyaa bahu. Qur'aana keessatti waa'ee isaaniitii fi Zul-Qarnaynakkana jechuun dubbata:

(هَتَّىٰ إِذَا بَلَغَ يَبْنَ السَّدَّيْنِ وَجَدَ مِنْ دُونِهِمَا قَوْمًا لَا يَكَادُونَ يُفَقَّهُونَ قَوْلًا ۚ) ﴿٢﴾ قَالُوا يَدِنَا الْقُرْبَيْنِ
إِنَّ يَأْجُوجَ وَمَأْجُوجَ مُفْسِدُونَ فِي الْأَرْضِ فَهُلْ نَجْعَلُ لَكَ حَرْجًا عَلَىٰ أَنْ تَجْعَلَ بَيْنَنَا وَبَيْنَهُمْ سَدًّا ۚ)
قالَ مَا مَكَّنَّ فِيهِ رَبِّيْ خَيْرٌ فَاعْيُنُونِي بِقُوَّةٍ أَجْعَلْ بَيْنَكُمْ وَبَيْنَهُمْ رَدْمًا ۚ) ءَاشُونِي زُبَرُ الْحَدِيدِ هَتَّىٰ
إِذَا سَاوَى يَبْنَ الصَّدَقَيْنِ قَالَ أَنْفَخُوهُ حَتَّىٰ إِذَا جَعَلَهُ وَنَازَ قَالَ ءَاشُونِي أَفْرَغْ عَلَيْهِ قُطْرًا ۚ) فَمَا
أَسْطَاعُوا أَنْ يَظْهَرُوهُ وَمَا أُسْتَطَعُوا لَهُ وَنَقْبَا ۚ) قَالَ هَذَا رَحْمَةٌ مِّنْ رَبِّيْ فِإِذَا جَاءَ وَعْدُ رَبِّيْ جَعَلَهُ وَدَكَّاءً
وَكَانَ وَعْدُ رَبِّيْ حَقًّا ۚ) وَرَتَّكُنا بَعْضُهُمْ يَوْمِئِذٍ يَمُوجُ فِي بَعْضٍ وَنُفَخَ فِي الصُّورِ فَجَمَعْنَاهُمْ جَمِيعًا ۚ)
﴿١١﴾

"Yeroma [Zul Qarnayn] gidduu gaara lamaanii gahe, isaan lamaanii asitti ummata dubbi [isaa] hubachuutti hin dhiyaanne arge. Isaaniis "Yaa Zul Qarnayn! Dhugumatti, Ya'juuj fi Ma'juuj dachii keessatti badii hojjattoota. Nuu fi isaan gidduutti cufaa akka gootu baasii siif goonuu?" jedhan. Innis ni jedhe, "Waan Gooftaan kiyya isa keessatti naaf mijeesitu [wanta isin naaf kennitan] irra caala. Gidduu keessanii fi isaaniitti cufaa nan godhaa humnaan na gargaaraa. Muraa sibila naaf fidaa." Yeroo iddo gaara lamaan gidduu jiru guutu "afuufaa" jedheen. Yeroo ibidda [diimaa] isa godhus, "Sibila baqe isa irratti dhangalaasaa naaf fidaa" jedhe. [Ya'juuj fi Ma'juuj] isa irra koruu hin dandeenye, jalaanis isa uruu hin dandeenye. [Zul Qarnayn] ni jedhe, "Kuni rahmata Gooftaa kiyya irraa ta'eedha. Yeroo waadaan Gooftaa kiyyaa dhufe, Inni bittinaa'a isa godha. Waadaan Gooftaa kiyyas dhugaa ta'eera." Guyyaa [Ya'juuj fi Ma'juuj dhufan] san garii isaanii garii keessa kan yaa'an taasifne gadi dhiifna. Xurunbaanis ni

afuuufama, [uumama hundaa] guutumatti walitti isaan qabna.” Al-Kahf 18:93-99

Zul-Qarnayn mootii humnaa fi loltuu baay’ee qabu ture. Bahaa dhiya deemun namoota gara Rabbiitti waamaa ture. Dachii keessa osoo deemu gara Kaabaatti qajeele. Kallatti kaabaa kanatti gaarreen lama jidduutti dhufe. Gaarreen kanniinii gaditti ummata wanta inni jedhu hubachuu hin dandeenyeytu ture. Sababni isaas, afaan ofii malee afaan Zul-Qarnaayn dubbachuu hin danda'an. Kanaafu, isaan walii galuuf tarjumaana (nama afaan hiikutti) fayyadamu. Gaarreen lamaan kana jidduu banaatu jira. Saboонни Ya’juuj fi Maj’uuj banaa kanaan gara ummata kanaatti yaa'un badii addaa hojjatu. Kanneen akka nama ajjeesu, midhaan balleessu, jeequmsa uumu fi kkf. Ummanni cunqurfamanii fi miidhaman kunniin gaarummaa, aangoo fi humna Zul-Qarnayn yommuu argan, gaarreen lamaan jidduutti cufaa Ya’juuj fi Ma’juujin dhoowwu akka hojjatu gaafatan. Kanaaf, baasi ykn mindaa akka kennaniif itti himan. Garuu Zul-Qarnayn wanti Rabbiin isaaf mijeesse fi laaffise wanta isaan isaaf kennan akka caalu itti himuun cufaa hojjachuuf qophii ta'e. Karaan cufaa kana itti hojjataniis muraa sibila (hadiidaa) banaa gaarreen lamaan jidduu jiruutti guutuudha. Ergasii akkuma sibila tumtuun sibilatti ibidda afuuftu, muraa sibila tuulamaa kanattis ibidda afuufaa jedhen. Yommuu akka ibiddaa diimatu, sibila koopparii baqe naaf fida irratti dhangaalaasaa jedheen. Yommuu koopparii baqe muraa hadiidaa oltuulame irratti dhangalaasu, garmalee jabaachun akka gaaraa ta'e. Kanaafu, Ya’juuj fi Ma’juuj gubbaanis utaalun, jalaanis uruun gara namootaa as bahuu hin dandeenye. Garuu guyyaa tokko cufaan kuni ni banamaaf. Kunis kan ta'uu yommuu Qiyaamaan kalooftudha.

Hadiisa Abu Hureyraan gabaase keessatti Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan:

"Ya’juuj fi Ma’juuj guyyaa hundaa hanga xiyya aduu arganii ni qotu. Itti gaafatamaan isaanii ni jedha, "Boru ni qonnaa deebi'aa." Rabbiin kan duraa caalaa cimaa gochuun [wanta isaan qotan] bakkatti deebisa. Hanga yeroon isaanii dhufu kuni akkanumatti itti fufa. Yommuu Rabbiin namoota irratti akka bahan fedhu, hanga xiyya aduu arguu dhiyaatanitti ni qotu. Itti-gaafatamaan isaanii, "Deebi'aa boru ni qottuu In sha Allah (Yoo Rabbiin fedhe)" jedha. Isaaniis "Rabbit yoo fedhe" jedhu. Kanaafu borumtaa akkuma duraan dhiisanitti itti deebi'u. Isaanis qotuun gara namootatti bahu. Bishaan hundaa dhugani fixu. Namoonni isaan irraa mooraa isaanii keessatti baqachuun of eegu. Ergasii

[Ya'juuj fi Ma'juuj] gara samii xiyyoota isaanii darbu. [Qormaataaf] xiyyoonnis dhiiga kan ofirraa qaban ta'anii isaanitti deebi'u. Ni jedhu, "Warra dachii keessa jiran moo'anne jira, warra samii irrattis ol'aantummaa argannee jirra." Ergasii Rabbiin raammoo gateetti morma isaaniitti erguun isaan fixa." Ergamaan Rabbi (SAW) ni jedhan, "Rabbii harka Isaa nafseen tiyya jirtuun kakadhe! Bineensonni dachee irra jiran foon isaaniitiin furdatu." [Sunan Ibn Maajah 4080](#)

Kanaafu, Ya'juuj fi Ma'juuj lakkofsan garmalee baay'ee ta'uu irraa kan ka'e, laga itti dhufan dhuganii fixu. Dachii keessatti badii gurguddaa hojjatu. Hanga Qiyaamaan dhiyaattu cufaa isaanitti cufame ni qotu. Garuu uruun namootatti as yaa'u hin danda'an. Rabbiin akka duraan ture caalaatti waan deebisuuf. Haa ta'uu malee yommuu Rabbiin akka gara namootatti yaa'an fedhu, cufaa kana uruun namootatti gadi jigu. Ergasii badii fi balleessaa baay'ee hojjatu. Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa suurah biraa keessatti ni jedha:

﴿ حَتَّىٰ إِذَا فُتِحَتْ يَأْجُوْجُ وَمَأْجُوْجُ وَهُمْ مِنْ كُلِّ حَدَبٍ يَنْسِلُونَ ﴾
 وَأَفْتَرَبَ الْوَعْدُ الْحَقَّ فَإِذَا هِيَ شَخِصَةٌ أَبْصَرُ الَّذِينَ كَفَرُوا بَيْوَلَنَا قَدْ
 كُنَّا فِي غَفْلَةٍ مِنْ هَذَا بَلْ كُنَّا ظَلَمِينَ ﴾
 ﴿ ٤٧ ﴾

"Hanga yeroo [cufaan] Ya'juuj fi Ma'juuj banamee isaaniis tabba hundarrraa ariitiin gadi bubbu'anitti [namoonni dhuman gara addunyaa hin deebi'an]. Waadaan dhugaas dhiyaate. Yeroo san ijji namoota kafaranii ni bobaasti. 'Yaa badii keenya nuti kana irraa daguu (gaflaa) keessa turre. [Yoom kana qofa] inuma miidhaa raawwattoota (zaalimota) turre.' Jedhu." Suuratu Al-Anbiyah 21:96-97

Namoonni sababa badii isaaniitiin addunyaa tana irraa xuruuraman ykn dhuman, hanga cufaan Ya'juuj fi Ma'juuj banamuutti gara addunyaa tanaa hin deebi'an. Garuu yommuu Qiyaamaan dhaabbattu murtiif ni kaafamu. Qiyaamaan dura cufaan isaanii yommuu banamu, Ya'juuj fi Ma'juuj lafa olka'aa (tabba) hundarra gara addunyaatti ariitin yaa'un fasaada (balleessaa) guddaa raawwatu. Aayah keessatti yansiluun jechuun ni ariifatu. Ummanni Ya'juuj fi Ma'juuj balleessaa fi badii guddaa raawwachuuf dachii keessa ariitiin adeemu.

Ummanni kuni cufaa isaanii keessaa yaa'anii gara addunyaa jiguun mallattoo Qiyaamaan dhiyaachu agarsiisudha. Kanaaf itti aanse, "**Waadaan dhugaas dhiyaate.**" Jedhe. Kana jechuun Guyyaan Qiyaamaa Rabbiin waadaa gale ni dhiyaata. Waadaan Isaa haqaa fi dhugaadha. Guyyaa kana, sodaa fi rifannaa cimaa irraa kan ka'e ija kaafirootaa tan bobaastu taate argita. Yakkaa fi balleessaa hojjataa turan yommuu beekan badii, gaddaa fi gaabbii ofitti waamu^[1]. Ni jedhu, "**Yaa badii keenya nuti kana irraa daguu (gaflaa) keessa turre.**" Kana jechuun gaflaa keessatti kan lixne, waa'ee Qiyaamaa ilaalchisee odeefannoo Ergamtoonni beeksisanitti kan hin amanne taanee oduu Qiyaamaa irraa dheessaa turre.

Wanta tokko irraa gaflaa (daguu) keessa ta'uu jechuun- wanti suni nama afoo osoo jiruu ykn mallattooleen isaa osoo jiranuu irraa garagaluu fi xiyyeefannoo itti kennuu dhiisudha. Namni Qiyaamaatti amanuu irraa garagalu, gahuumsa isaa fi jazaa Rabbii gara fuunduraatti qunnamu arguu irraa fedhiin lubbuu addunyaa keessatti isa ko'oomsite jirti^[2]. Fedhiin lubbuu inni hordofu Qiyaamatti akka hin amannee fi xiyyeefannoo itti hin kennine isa taasise jira. Galaana fedhii lubbuu keessa daakuu malee gahuumsa isaa itti hin yaadu.

Guyyaa Qiyaamaa erga gara nafsee isaanitti deebi'anii of arganii booda zaalimoota haqa Rabbiin kitaaba Isaa keessatti buusetti hin amanne ta'u ni hubatu. Yakkaa fi badii hojjachuun, haqa Rabbiin beeksise kijibsiisuun zaalimoota (miidhaa raawwattoota) akka ta'an ni beeku. Kanaafu ni jedhu, "**inuma miidhaa raawwattoota (zaalimota) turre.**" Ergasii azaabatti akka oofaman ajajamu. Rabbiin warroota Qiyaamaa irraa gaflaa keessa ta'anii fi Guyyaa san salphatan keessaa ta'uu irraa nu haa tiiksu.

[1] Tafsiir Sa'diyy- fuula 619

[2] Ma'araaji tafakkur wa daqaa'iqu tadabbur- 14/368

<https://islamqa.info/en/answers/3437/do-yajooj-and-majooj-exist-at-the-present-time-and-is-the-barrier-real>

The End of The World-fuul 361-...

Mallattoo Gurguddoo Guyyaa Qiyaamaa lakk. 4,5 fi 6- Mucuca Lafaa Sadii

Mucuca lafaa jechuun lafti garmalee addaan baqaquu fi wanti gubbaa jiru keessatti gadi lixuudha. Yeroo durii fi ammaa mucucni lafaa bakka adda addaatti uumame jira. Garuu mucucni hadiisa keessatti dubbatame amala addaa kan qabuu fi oduun isaa kan babal'atuudha. Mucucni lafaa kuni mallattoo gurguddoo Qiyaama keessaa tokko yommuu ta'u, Aakhiru zamaan (dhuma Yeroo) keessatti kan mul'atuudha. Hadiisa keessatti: Huzeeyfa ibn Useyd Al-Ghifaariyy akkana jechuun gabaase:

“Osoo nuti wal yaadachiisnu (waliin haasofnu) Ergamaan Rabbii (Salallahu aleyh wassalam) nu arguunakkana jedhan, “Maal wal yaadachistuu?” Sahaabonis ni jedhan, “Waa’ee Qiyaamaa haasofna” Innis ni jedhe, “Hanga mallatoolee kudhan argitanitti malee Qiyaamaan hin dhaabbattu.” Ergasiiakkana jechuun tarreesse: Aara (smoke), Dajjaal, bineensa lafaa baatu, Aduun dhiyaan bahuu, Iisaan ilmi Mariyam (nageenyi isarratti haa jiraatu) bu’uu, Ya’juuj fi Ma’juuj, gara sadiin mucuca lafaa: tokkoffaan gara Bahaatin, lamaffaan gara Dhiyaatin, sadaffaan gara odola Arabaatin. Dhumi kanaa ibidda gara Yaman irraa bahuun namoota gara iddo walitti qabamaatti ooftudha.” Sahih Muslim 2901

7- Aara (Ad-Dukhaan)-Smoke

Akkuma hadiisa armaan olii keessatti dubbatame aarri guddaan namoota haguugu yeroo dhumaatti ni argama. Hadiisa biraat keessatti Abu Hureeyraan akka gabaasetti Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan:

"بَادِرُوا بِالْأَعْمَالِ سِتَّا الدَّجَالَ وَالدُّخَانَ وَدَابَةَ الْأَرْضِ وَطُلُوعَ الشَّمْسِ مِنْ مَغْرِبِهَا وَأَمْرَ
الْعَامَّةِ وَخُوَيْصَةَ أَحَدِكُمْ".

**“Wantoonni jahan kunniin uumamuun dura gara hojji gaggaarii
ariifadhaa: Dajjaal, aara, bineensa lafaa baatu, aduun gara dhiyaatiin**

bahuu, dhimma wali galaatii fi dhimma dhuunfaa tokko keessanii.” Sahih Muslim 2947

Asitti dhimma wali-galaa jechuun Qiyaamaan dhaabbachuudha. Dhimma dhuunfaa tokko keessanii jechuun immoo du'a nama kamittu dhuftuudha⁷. Yookiin immoo dhimmi wali galaa fitnaan guddaa kanneen akka waraanaa, faahishaa (wantoota fokkuu) fi kkf hawaasa keessatti argamuudha. Dhimmi dhuunfaa immoo dhimma dhuunfaan wal qabate kanneen akka hiyyummaa, dhibee fi kkf dha.

8-Bineensa Lafaa Baatu (Daabbatul Ardi)

Aakhiru zaman (dhuma Yeroo) irratti yommuu badiin babal'atuu, wanti fokkataa miidhagfamu, wanti gaariin fokkifamu, Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa bineensa dachii keessa ol baasa. Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿وَإِذَا وَقَعَ الْقَوْلُ عَلَيْهِمْ أَخْرَجْنَا لَهُمْ دَآبَةً مِّنَ الْأَرْضِ تُكَلِّمُهُمْ أَنَّ
النَّاسَ كَانُوا بِإِيمَانِنَا لَا يُوقِنُونَ﴾^٨

“Yeroo jechi isaan irratti kufu, namoonni keeyyattoota Keenya kan hin dhugoomsine akka turan bineensa isaanitti dubbattu dachii keessaa isaaniif baafna.”

**“በኢትዮ ላይ (የቅጥት) ቅድመ በተረጋግጧው ገዢ ስምም በአንቀጽ ተችሬ የሚያረጋግጣው እናደብዳቤ
የምትናገሸውን እንሰሳ ለነርሳ ከምድር እናወጪለን፡፡”** Suuratu An-Naml 27:82

“Yeroo jechi isaan irratti kufu” jedhu ilaachise mufassiroonni ibsa adda addaa walitti dhiyaatu itti kennani jiru. Qataadan ni jedha: “Yeroo jechi isaan irratti kufu.” jechuun yommuu dallansuun isaan irratti mirkanaa'u. Abdullah ibn Umari fi Sa'iid Al-Kudriyy ni jedhu, “Yommuu waan gaariitti hin ajajnee fi waan badaa

⁷ Al-Diibaaj alaa sahiih Muslim 6/266, Suyuuxi

irraa hin dhoowwine, dallansuun isaan irratti mirkanaa'e.”⁸ Abdullah ibn Abbas, “yommuu azaabni (adabbiin) isaan irratti mirkanaa'u.”⁹

Ibn Kasiir ni jedha: “Bineensi tuni yeroo dhumaan yommuu haalli namoota badu, ajajoota Rabbii dhiisanii fi amanti haqaa jijiran baati. Rabbiin dachii keessaa bineensa isaaniif baasa¹⁰.”

“Namoonni keeyattoota Keenya kan hin dhugoomsine akka turan bineensa isaanitti dubbattu dachii keessaa isaaniif baafna.” Ilaalchise hayyooni ibsa armaan gadii kennanii jiru: 1ffaa- bineensa “Namoonni keeyattoota keenya kan hin dhugoomsine (dhugaan hin amanne) ta’aniiru” jettee isaanitti dubbattu dachii keessaa isaaniif baafna. 2ffaa- Islaaman ala amantiin biraa soba akka ta’e isaanitti dubbatti. 3ffaa- Akkana jechuun isaanitti dubbatti: kuni mu’mina kuni kaafira¹¹. Rabbiin wanta hundaa irratti danda’aa ta’ee, bineensi akka dubbattu taasisuun wanta Isa dhibuu miti. Yeroo ammaa sibiilli kan dubbate bineensi hayyama Rabbiitiin akkamitti dubbachuu dadhabaa? Meeshaan qunnamti kanneen akka raadiyo, bilbila, Tv fi kkf sibilaa irraa kan hojjatamaniidha.

Hadiisa Abu Hureyraan gabaase keessatti Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan:

Wantoonni sadii yoo argaman, nama dursee hin amanne yookiin iimaanaa isaa keessatti waan gaarii hin hojjanne, iimaanni isaa homaa isa hin fayyadu: Aduun bakka itti dhiiteen bahuu, Dajjaal fi bineensa lafaa.” [Sahih Muslim 158](#)

Kana jechuun wantoonni sadan kunniin dhufuun dura namni Rabbii fi hundeeawan iimaanatti hin amanne yookiin erga amane booda hojii gaarii hin hojjanne, yeroo mallattooleen kunniin mul’atan amanuu fi hojii gaarii hojjachuun isaa homaa isa hin fayyadu. Kanaafu, namni mallattooleen kunniin yoom akka bahan waan hin beeknef iimaana ofii cimsachuu fi hojii gaggaarii hojjachuuf tattaafachu qaba. Ta’uu baannaan, yeroo mallaatoolee kanniin argu amane jechuun isaa adabbi (azaaba) isarria hin deebisu.

⁸ Tafsir Qurxbii 16/207-208

⁹ Zaadul Masiir 1053, Ibn Al-Jawzi

¹⁰ Tafsir ibn Kasiir 5/691

¹¹ Zaadul Masiir 1054

9-Aduun Dhiyaan Bahuu

Mallattoolee gurguddoo Qiyaamaa kan namni lubbuun jiru hunduu argu danda'u keessaa tokko adeemsi urjiilee fi pilaanetoota jijiramuudha. Osoo namoonni aduun bahaan baati jedhanii eegan ganama tokko bakka dhiiten isaanitti ol baati. Yeroo kanatti balballi tawbaa ni cufama. Namni yeroo kanatti yoo tawbate, tawbaan isaa fudhatama hin argatu.

Qur'aana irraa keeyyata waa'ee Aduun Dhiyaan bahuu agarsisuu. Rabbiin ni jedha:

﴿هَلْ يَنْظُرُونَ إِلَّا أَنْ تَأْتِيهِمُ الْمَلِكَةُ أَوْ يَأْتِيَ رَبُّكَ أَوْ يَأْتِيَ بَعْضُ مَا يَأْتِيَ رَبِّكَ
يَوْمَ يَأْتِيَ بَعْضُ مَا يَأْتِيَ رَبِّكَ لَا يَنْفَعُ نَفْسًا إِيمَانُهَا لَمْ تَكُنْ عَامَنَتْ مِنْ قَبْلِ
أَوْ كَسَبَتْ فِي إِيمَانِهَا حَيْرًا قُلْ أَنْتَظِرُوا إِنَّا مُنْتَظِرُونَ ﴾١٥٨

“Sila malaaykonni isaanitti dhufuu, yookiin Gooftaan kee dhufuu yookiin gariin mallatoolee Gooftaa keetii dhufuu malee maal eeguu? Guyyaa gariin mallatoolee Gooftaa keetii dhufan, lubbuu takkaaf iimaanni ishee homaa hin fayyadu yoo san dura hin amaniin yookiin iimaana ishee keessatti tolta hin hojjatin. ‘Isin eegaa; nuti eegoodha.’ jedhiin.” Suura Al-An'aam(6):158

Sila warroonni zulmii (miidhaa), badii fi of-tuulu isaanii itti fufan kunniiin malaykoonni ruuhii isaanii qabuuf ykn Gooftaan kee gabroota jidduutti murteessuf dhufuu ykn mallatooleen gariin dhufuu malee maal eegu? Yeroo du'aa yommuu malaaykonni ruuhi isaanii baasuf isaanitti dhufan, dursanii yoo hin amaniin, yeroo san amanuun homaa isaan hin fayyadu. Ammas yommuu Rabbiin gabroota jidduutti murteessuf dhufu, yoo dursanii hin amaniin, yeroo san amanuun homaa “Guyyaa gariin mallatoolee Gooftaa keetii dhufan, lubbuu takkaaf iimaanni ishee homaa hin fayyadu yoo san dura hin amaniin yookiin iimaana ishee keessatti tolta hin hojjatin.” Kana jechuun mallatooleen gurguddoон Guyyaan Qiyaamaa dhiyaachu agarsiisan gariin yommuu argaman kaafirri yeroo san amanuun homaa isa hin fayyadu. Akkasumas, nama dursee amanee garuu hojji gaarii hin hojjatin,

yeroo mallattooleen kunniin dhufan hojji gaggaarii hojjachuun homaa isa hin fayyadu.¹²

Mufassiroonni (hayyooni Qur'aana ibsan) baay'een mallatoon Guyyaa Qiyaamaa kuni aduun dhiyaan bahuudha jedhan. Kana ilaalchisee hadiisonni sahiih ta'an ni agarsiisu. Abu Hureeyran akka gabaasetti Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: **“Hanga aduun dhiyaan baatutti Qiyaamaan hin dhaabbattu. Yommuu namoonni ishii argan, kan dachii irra jiru hundi ni amana. Yoo dursitee hin amaniin, yeroon suni yeroo nafsee takka iimaanni ishii homaa hin fayyanneedha.”** [Sahih Al-Bukhaari 4635](#)

Kana jechuun yommuu namoonni aduun dhiyaan bahuu ishii argan hundi isaanitu ni amanu. Sababni isaas, Qiyaamaan dhugaa ta'uu ni mirkanefatu. Garuu kuni filannoos osoo hin ta'in dirqamaan waan amananiif yeroo kanatti amanuun isaanii homaa isaan hin fayyadu.

Iccitiin as keessa jiru: iimaanni kan nama fayyadu yommuu geeybi (wanta fagoo fi ijaan hin mul'annetti) amananii fi filannoodhaan ta'ee qofaadha. Garuu yommuu mallattooleen argaman, dhimmichi kan mul'atu ta'a. Wanta mul'atutti amanuun immoo faayda homaatu hin qabu. Sababni isaas, iimaana dirqamaan ta'een wal fakkaata. Akka nama yommuu bishaaniin nyaatamu ykn ibiddaan gubamu fi kfk niti. Yeroo du'a argu wanta irra jiru irraa ni buqqa'a.. Akkuma Rabbiin jedhe,

﴿فَلَمَّا رَأَوْا بَأْسَنَا قَالُوا إِنَّمَا يَا لَهُ وَحْدَهُ وَكَفَرَنَا بِمَا كُنَّا بِهِ مُشْرِكِينَ ﴾^{٨٤}
﴿فَلَمْ يَكُنْ يَنْفَعُهُمْ إِيمَانُهُمْ لَمَّا رَأَوْا بَأْسَنَا سُنَّتَ اللَّهِ الَّتِي قَدْ خَلَتْ فِي عِبَادَةِ
وَخَسِيرٌ هُنَالِكَ الْكُفَّارُونَ ﴾^{٨٥}

“Yeroo adabbii keenya argan, ni jedhan, ‘Rabbitti amanne, waan Isatti qindeessaa turrettis kafarre.’ Erga adabbii Keenya arganii amanuun isaanii

¹² Tafsir Sa'diy 315-316, Ma'aarij Tafakkuri wa daqaa'iqu tadabbur-11/488, Abdurrahmaan Hasan Habankaa

gonkumaa issaan hin fayyanne. [Suni] karaa Rabbii kan gabroota Isaa keessatti dabreedha. Kaafiroonni achitti hoonga'an." Suuratu Ghaafir 40:84-85¹³

10-Ibiddi iddo wal-gahiitti namoota walitti qabu mul'achuu

Mallattoon dhumaa Qiyaamaa ibiddi Yaman irraa bahuun namoota gara iddo walitti gahiitti (Maasharitti) wali qabdu bahuudha. Iddoon walitti qabamaa dachii diriirtu bu'aa bayii hin qabnee fi adii taatedha. Hadiisooni Sahiih waa'ee bahiinsa ibidda tana agarsiisan dhufanii jiru. Isaan keessaa mee muraasa haa ilaallu. Hadiisa Huzeeyfaa jalqaba irratti ilaalle keessatti, Ergamaan Rabbii (SAW) ni jedhan: "**Dhumti kanaa ibidda gara Yaman irra bahuun namoota gara iddo walitti qabamaatti ooftudha.**" [Sahih Muslim 2901](#)

Ibiddi tuni akkamitti namoota gara ooydi maashara ooftu ilaalchisee hadiisooni sahiih ta'an ni agarsiisu. Abu Hureyraan akka gabaasetti Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan: "**Namoonni karaalee sadiin walitti qabamu: [karaan 1ffaan] warroota [Jannata] kajeelanii fi [azaaba] sodaata, [2ffaan] warroota lama ta'anii gala yaabbatan yookiin sadii ta'anii gaala yaabbatan yookiin afur ta'anii gaala yaabbatan yookiin kudhan ta'anii gaala yaabbataniidha. [3ffaan immoo] warroota hafan kanneen ibiddi isaan walitti qabduudha.** Waaree booda bakka isaan boqonnaa fudhachuuf itti mugan waliin ni deemti, bakka isaan bulan waliin bulti, bakka isaan itti bariisifatan waliin bariisifatti, bakka isaan itti galgalofatan waliin galgalofatti." (Kana jechuun ibiddi tuni bakka kamuu yoo deeman ykn dhaabbatan isaan waliin deemti ykn dhaabbatti.) [Sahih al-Bukhari 6522](#)

Ibiddi tuni isaan gubuuf osoo hin ta'in gara iddo wal-gahiitti isaan oofufi. Kuni hojji Rabbii wanta fedhe hojjatuuti. Wanti hundi ajaja Isaa jalatti kan buluudha.

¹³ Tafsiir Sa'diyy-fuula 316

Guduunfaa

- ➡ Mallattoolee Gurguddoон Qiyaamaan dhiyaachun agarsiisan keessaa tokko argamnaan kan biraas itti aane dhufa. Akka callee wal duraa duubaan wal hordofu. Kanaafu, mallattooleen gurguddoон Qiyaamaa tasa dhufu, Qiyaamaanis tasa dhooti.
- ➡ Namni dhiphinnaa fi adabbii Guyyaa Qiyaamaa jalaa nagaha bahuuf mallattooleen kunniin argamuun dura amanuu fi hojii gaggaarii hojjachutu isa baasa.
- ➡ Yommuu Aduun dhiyaan baatu balballi tawbaa ni cufama. Erga aduun dhiyaan baate booda kaafirri yoo amane, amanuun isaa homaa isa hin fayyadu (adabbii isarraa hin deebisu). Akkasumas, namni amanee garuu hojii gaarii hojjachuun dhiise, aduun dhiyaan yommuu baatu hojicha hojjachuun homaa isa hin fayyadu. Haa ta'uu malee, hojii gaggaarii duraan hojjataa kan ture yoo ta'e, hojii gaggaarii kanniin itti fufee hojjachuun isa fayyada. Fkn, namni guutumatti salaata dhiise, yommuu aduun dhiyaan baatu yoo salaata jalqabe, salaanni isaa kuni homaa isa hin fayyadu. Garuu duraan kan salaatu yoo ta'e, aduun dhiyaan erga baate booda akkuma duraanii salaata isaa yoo itti fufe, kuni isa fayyada.
- ➡ Iimaanni kan nama fayyadu yommuu geeybi (wanta fagoo fi ijaan hin mul'annetti) amananii fi filannoodhaan ta'ee qofaadha.
- ➡ Wanti mu'minaa fi kaafira adda baasu geeybitti amanuudha. Geeybin suni yommuu mul'atu namni hunduu waan amanuuf yeroo sanitte iimaanni faayda hin qabu. Fkn, Qiyaamaan yommuu dhaabbattu namni hunduu ni amana. Garuu namni kaafirri dursee hin amanne, yeroo Qiyaamaan dhaabbatu amanuun isaa homaa isa hin fayyadu.

Guyyaan Qiyaamaa Yoomi?

Gaafin "Guyyaan Qiyaamaa yoomi?" Jedhu gaafi yeroo durii irraa kaase hanga ammaatti itti fufaa jiruudha. Seenaa keessatti namoonni amanti adda addaa irraa "Dhumti addunyaa (Guyyaan Qiyaamaa) bara kanatti ni dhufa" jechuun tilmaama ragaa hin qabne kaa'ani jiru. Guyyaan Qiyaaman dhufuu keessa shakkiin hin jiru. Kanaafu, Guyyaan Qiyaamaa Yoomi ree? Gaafi kana deebisuuf Qiyaama bakka lamatti qoodu dandeenya. al-Qiyaamatustu sughraa (Qiyaamaa Xiqqoo) fi al-Qiyaamatul kubraa (Qiyaamaa Guddoo). Qiyaamaan xiqqoon "Du'a" nama kamiyyuu irratti dhuftuudha. Qiyaaman Guddoon immoo kan Rabbiin fedhe malee wantoonni dachii fi samii keessa jiran itti dhumanii fi ergasii lamuu kaafamaniidha.

Kana haa hubannu, Qiyaamaan Xiqqoo fi Guddoon Beellama (Qaxaroo) yeroo murtaa'a ta'etti dhufaniidha. Amma haqa gonkumaa ganuu (kaadu) hin dandeenye of haa gaafannu. Qiyaamaan xiqqoon ykn Duuti yoom akka dhuftu ni beeknaa? Gonkumaa hin beeknu. Tolee! Rabbiin Yeroo Qiyaaman lamaan kunniin itti dhufan maaliif nurraa dhoksee? Sababa nurraa dhokseef hunda caalaa Rabbumatu beeka. Garuu qabxilee muraasa eerun ni danda'ama.

1. Hojii badaa irraa dheessun hojii gaggaarii akka hojjannuuf- ilmi namaa osoo Guyyaa itti du'u beeke, hanga duuti isaa dhiyaattu badii adda addaa raawwachuun san booda dhumarratti ni dhiisa. Kuni zulmii (cunqursaa) guddaadha. Guyyaan du'aa isarraa dhokachuun hojii badaa irraa dheessun hojii gaggaarii akka hojjatu isa taasisa.

2. Fooyya'insa uumamtootaafi- Yeroon Guyyaan Qiyaamaa namarraa dhokachuun ilma namaatif abdii akka qabaatanii fi jirenya isaanii akka fooyyessan taasisa. Ossoo yeroon Guyyaa Qiyaamaa beekkame, warroonni durii "Guyyaan Qiyaamaa fagoodha." jechuun hojii gaarii hojjachuu irraa dadhaboo ta'uu. Ammas, warroonni Guyyaa Qiyaamatti dhiyaatan, "Qiyaaman guyyaa kanatti nutti buuti." Jechuun jirenya addunyaa dagatu, abdiin itti dukkanaa'a. Haalli addunyaa ni jeeqama. Rabbiin rahmata fi Hikmaa Isaatin yeroo Guyyaa Qiyaamaa ni dhokse.

Garuu dhufiinsa Guyyaa Qiyaamaa waadaa galee jira.

﴿إِنَّمَا تُوعَدُونَ لَوَاقِعٌ﴾

“Dhugumatti, wanti (Qiyaamaan) waadaa galamtan ni argama.” Suuratu al-Mursalaat 77:7

Guyyaan Qiyaamaa beellama (qaxaroo) Rabbiin (subhaanahu wa ta'aalaa) ilma namaatiif waadaa galeedha. Mee amma of haa gaafannu, **Guyyaan Beellamaa (qaxaroo) osoo hin dhufin dura wanti tokko hojjatamu danda'aa? Garuu beellama kana dura wanti hojjatamu qabu karoorfame jira. Guyyaa qaxaroo san wanta karoorfame hojji irra oolchu qofa.** Rabbiin subhaanahu wa ta'aala “Guyyaan beellama (qaxaroo) kanaa wanti badaan akkanaa nama qunnama of eeggadhaa, wanti gaariin akkanaa nama qunnamaa hojji gaggaarii hojjadhaa.” Jechuun ilma namaatiif dur irraa kaase ibse jira.

Fakkeenyaf: wantoota Guyyaa Qiyaama adeemsifaman keessaa;

﴿فَإِذَا الْنُّجُومُ طِمِسَتْ﴾

“Yeroo urjiwwan ifti isaanii haaqame.

﴿وَإِذَا السَّمَاءُ فُرِجَتْ﴾

Yeroo samiinis babbanamte;

﴿وَإِذَا الْجِبَالُ نُسِفَتْ﴾

Yeroo gaarreenis bubbuqifaman;

﴿وَإِذَا الرُّسُلُ أُقْتَتْ﴾

Yeroo Ergamtoonnis beellamaan walitti qabaman;

﴿لَا يَ يَوْمٍ أُحِلَّتْ﴾

Guyyaa kamiif tursiifaman?” (Suuratu al-Mursalaat 77:8-12)

(Kana jechuun Guyyaan Qiyaamaa kan urjiileen ifa itti dhaban, samiin itti babbamantu, gaarreen bakka bubbuqifamuun daaraa itti ta'anii fi wantoonni biroo adda addaa itti raawwataman "Guyyaa Kamiif tursiifaman ykn beellamaman?"") Kanaafu Aaya tanarraa akkuma hubannutti, wantoonni Guyyaa Qiyaamaa keessa raawwataman ni tursiifaman (ni beellamaman). Guyyaan beellamaa dhufnaan eenyullee duubatti hin deebisu. Guyyaan itti tursiifaman (beellamaman) suni-

﴿لِيَوْمِ الْفَصْلِ﴾

"Guyyaa Addaan bahiinsaatif (Guyyaa uumamtoota jiddutti murteefamuf tursiifaman ykn beellamaman)" Suuratu al-Mursalaat 77:13

Ammas Qur'aana keessatti Guyyaan Qiyaamaa yoom akka dhuftu warroota gaafataniif deebii ni deebisaaf.

﴿وَيَقُولُونَ مَتَىٰ هَذَا الْوَعْدُ إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴾ۚ قُلْ إِنَّمَا
الْعِلْمُ عِنْدَ اللَّهِ وَإِنَّمَا أَنَا نَذِيرٌ مُّبِينٌ ﴾ۖ﴾

"Yoo kan dhugaa dubbatan taatan beellamni kuni Yoomi?" jedhu. Jedhi, "Dhugumatti beekumsi isaa Rabbiin qofa bira jira. Ani immoo akeekachiisaa ifa galaa qofa." Suuratu al-Mulk 67:25-26

Ammas Suuraa bira keessatti,

﴿وَيَقُولُونَ مَتَىٰ هَذَا الْوَعْدُ إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴾ۚ﴾

"Yoo kan dhugaa dubbatan taatan waadaan (Qiyaamaan) kuni Yoomi?" jedhu.

﴿ قُلْ لَكُمْ مِّيقَادُ يَوْمٍ لَا تَسْتَخِرُونَ عَنْهُ سَاعَةً وَلَا تُسْتَقْدِمُونَ ﴾ ٢٠

Beellama Guyyaa Tokkoo kan isin sa'aati tokkoof duubatti hin hafnee fi duras hin darbinetu isiniif jira.” Jedhiin.” Suuratu Saba 34:29-30

Akkuma yeroo duuti ilma namaa sa'aati tokkoof hin tursiifamne fi duras hin dabarfamne, Guyyaan Qiyaamaas yommuu dhuftu sa'aati tokkoof gara duubaab butu ykn gara fuunduraa dabarsun hin jiru. Yeroo beellamaa sanitti sa'aati fi sakandii eegde ni dhufti. Sa'aati fi sakandii murteefame san keessatti dachiin ni sochootii, samiin ni dhodhooti, garreen bakka ni buqqifaman, urjileen ni harca'an fi kkf ni adeemsifamu. Yaa guddinnaa fi ulfaatinnaa Guyyaa sanii!!! Kanaafu, Guyyaan Qiyaamaa ni tursiifame (ni beellamamee) malee kan achumaan hafu miti. Kana yoo shakkine du'a keenya ilaalu dandeenyaa. Hanga feene duuti nutti hin dhuftu jennee yoo shakkine, guyyaa tokko ni dhufti. Haaluma Kanaan Guyyaan Qiyaamas guyyaa tokko ima dhufti.

﴿ أَتَيْتَ أَمْرُ اللَّهِ فَلَا تَسْتَعْجِلُوهُ سُبْحَانَهُ وَتَعَالَى عَمَّا يُشْرِكُونَ ﴾

“Ajajni Rabbii (Guyyaan Qiyaamaa) ni dhufa; kanaafu isa hin ariifachisinaa. Rabbiin waan isaan itti qindeessan irraa Qulqullaa’e Olta’eera.” Suuratu An-Nahl 16:1

Kana jechuun yommuu Rabbiin Qiyaaman akka dhaabbattu (dhuftu) ajaju ni dhufti. Kanaafu, akka dhuftuuf hin ariifatinaa. Warroonni Qiyaaman hin jirtu jedhanii morman, “Rabbiti namoota du'an kaasu hin danda'u” jechuun yaadu. Kuni immoo shirkii (Rabbiti qindeessudha). Sababni isaas, uumamtootan wal fakkeessan. Uumamtoonni du'aa kaasu hin danda'an. Kanaafi, “Rabbiti waan isaan itti qindeessan irraa qulqullaa'e olta'eera” Jedha. Rabbiti dadhabinnaa fi hanqinna kam irraayyu qulqulluudha. Namoota du'an kaasu irratti Danda'aadha.

Qiyaamaa Mormitotaaf Deebii Kenname-1

Kutaalee darban keessatti Aakhiratti amanuun maal akka ta'ee fi maal akka of keessatti qabatu ilaalle turre. Aakhiratti amanuun gammachuu fi milkaa' inna nama tokko kan murteessudha. Sababni isaas, Aakhiraan gahuumsa xumuraa namoota hundaati. Namni jirenya keessatti gahuumsa ofii yoo hin beekin, garam akka deemu hin beeku. Jirenya tana keessa maaliif akka jiraatu ni wallaala. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa iddo jirenyaa lama uumee. Tokkoffaan, iddo jirenyaa gabaabdu taate fi qormaanni itti adeemsifamuudha. Iddoon jirenyaa gabaabdun tunis addunyaa tana. Lamaffaan immoo iddo jirenyaa yeroo dheeraa turuu fi firiin qormaataa (jazaan) itti mul'atuudha. Kanaafu, umriin iddo jirenyaa gabaabdun tuni erga xumurame booda Guyyaan iddoon jirenyaa dheeraan itti jalqabamuu ni dhufa. Kunis Guyyaa Qiyaamaa ta'a. Guyyaa Qiyaamaa kana namoonni du'an kaafamuun gara iddo jirenyaa lammataatti oofamu.

Seena keessatti namoonni dhugaa kana kijibsiisan baay'eedha. Namoonni erga du'anii akkamitti kaafamu? Lafeen isaanii erga bututtee booda eenyutu isaan kaasaa jechuun shakkii ofitti naqu. In sha Allaah shakkii kana har'a hanga dandeenyun qulqulleessuf ni carraaqna. Warroonni Qiyaamaatti amanuu didan yaadota armaan gadii hundee hin qabne irratti amantii isaanii ijaarun Qiyaamaa kijibsiisan. Yaadota isaanii deebii waliin haala armaan gadiiti ni ilaalla:

Yaada sobaa 1ffaa- "Khaaliqu ni jalqaba namoota uume lamuu deebisuu hin danda'u" jechuun yaadu. Sababni guddaan yaada sobaa kana akka yaadan isaan taasise dandeetti Uumaa fi dandeetti uumamtoota wal qixxeessudha. Uumamtoonni wanta bade deebisuu hin danda'an jedhanii waan yaadaniif Uumanii wanta bade deebisu hin danda'u jechuun yaadu. Yaada sobaa kana sammuu keessa kaa'un namoonni lamuu hin kaafaman jedhanii mormu. Qur'aanni yaada sobaa isaanii kanaaf karaa lamaan deebii kennaaf.

1ffaa- karaa wal madaalchisuu- Kana jechuun yeroo jalqabaatiif uumuu fi erga badee booda deebisu wal madaalchisu. Hundii keenya wanta duraan hin jirre uumuu irra wanta bade deebisuun akka salphatu ni beekna. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ilmaan namaa wanta duraan homaa hin turre irraa isaan uume. Jalqaba bishaan saalaa furrii fakkaatu irraa lafee, foon fi qaamolee adda addaa kan baase, akkamitti biyyee erga ta'anii booda isaan deebisuu dadhabaa? Qondaaltoota

Makkaa keessaa gariin isaanii lafee shamte fiduun Ergamaa Rabbii (SAW) fuunduratti butuchan. Ergasii ni jedhan, "Yaa Muhammad! Namni du'e ni kaafama jetta. Mee nutti himi; lafee shamtee fi bututte tana eenyutu lamuu kaasa?" Ergasii Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa Aayata (keyyatoota) armaan gadi buuse:

﴿أَوْ لَمْ يَرَ الْإِنْسَنُ أَنَّا خَلَقْنَاهُ مِنْ نُطْفَةٍ فَإِذَا هُوَ خَصِيمٌ مُّبِينٌ﴾
 ﴿وَضَرَبَ لَنَا مَثَلًا وَنَسِيَ خَلْقَهُ وَقَالَ مَنْ يُحْكِي الْعِظَلَمَ وَهِيَ رَمِيمٌ﴾
 ﴿قُلْ يُحْكِيَهَا الَّذِي أَنْشَأَهَا أَوَّلَ مَرَّةٍ وَهُوَ بِكُلِّ خَلْقٍ عَلِيمٌ﴾

"Sila namni akka Nuti bishaan saalaa irraa isa uumne hin arginee? Yeroma san inni mormaa ifa bahaa ta'ee argama. Fakkeenya Nuuf godhee fi uumama isaa dagatee, "Lafee erga bututtee [booda] eenyutu jiraachisa?" jedha. "Kan yeroo jalqabaa ishii (lafee) uumetu jiraachisa." Jedhiin. Inni uumama hundaa Beekaadha." Suuratu Yaasin 36:78-79

Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa nama Qiyaamaa mormuu fi shakkuunakkana jechuun gaafata: "**Sila namni bishaan saalaa irraa akka isa uumne hin arginee?**" Kana jechuun namni lamuu kaafamu mormu jalqaba maalirraa Rabbiin akka isa uume hin ilaalu? Bishaan saalaa dadhabaa qaama keessa faca'e bakka tokkotti walitti fiduun isa uume. Bishaan kanarraa, lafee, foon, harka, ija, gurra fi qaamolee biroo akka uumee sila ilaalun lamuu deebifamutti hin amanuu? Bishaan dadhabaa qaama keessa faca'e walitti fiduun kan isa uume, lafee bututtee dachii keessa facaates lamuu akka deebisu haa beeku.

"Fakkeenya Nuuf godhee" Kana jechuun akka uumamootaa dandeetti kan hin qabnee fi dadhabaatti Nu ilaala. Akkuma namni du'aa deebisuu hin dandeenye, "Rabbiinis nama du'e hin deebisu" jedhee yaada. "**uumama isaa dagatee, "Lafee erga bututtee [booda] eenyutu jiraachisa?"**" jedha." Kana jechuun jalqaba bishaan du'aa lubbuu hin qabne irraa isa uumuu Keenya dagatee "lafee bututtee eenyutu kaasa?" jedha. "**Kan yeroo jalqabaa ishii (lafee) uumetu jiraachisa.**" Jedhiin.

Ilmi namaaakkuma jalqaba bishaan saalaa irraa nama uumuu hin dandeenyee, lamuus nama kaasu hin danda'u. Rabbiin Guddaan Olta'e immooakkuma jalqaba nama bishaan saalaa irraa uume, lamuus ni deebisa. Kanaafu, dandeettin Rabbii fi dandeettin namaa gonkumaa wal hin fakkaatan. Rabbiin wanta hundaa irratti Danda'aadha. Ilmi namaa immoo dadhabaadha. Rabbiin wanta hundaa beekaaadha.

Karaa 2ffaa- Dandeetti Rabbii dachii fi samii keessatti mul'atu beeksisuu- namni kaafama mormuu, "nama du'e deebisuun jalqaba uumuu caalaa ni ulfaata" jedhee yoo falme, Qur'aanni ragaa uumamaa namaati fi kaafama caalaa guddaa ta'etti dabarsa. Innis, uumama samii fi dachiiti. Akkuma namni hunduu beeku, uumamni samii fi dachii uumama fi kaafama namaa caala. Kan samii fi dachii garmalee gurguddatan kanniin uume akkamitti nama du'e kaasu dadhabaa? Rabbiin ni jedha:

﴿أَوْ لَمْ يَرَوْا أَنَّ اللَّهَ الَّذِي خَلَقَ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضَ وَلَمْ يَعْنِ بِخَلْقِهِنَّ
بِقَدِيرٍ عَلَىٰ أَنْ يُحْكِمَ الْمُوْتَىٰ بِلَائِهِ وَعَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ﴾ ٢٣

“Rabbiin Kan samii fi dachii uume, isaan uumuu keessatti kan hin dadhabin du'aa kaasu irratti danda'aa akka ta'e hin arginee sila? Eeyyen! Inni waan hundaa irratti Danda'aadha.” suuratu Al-Ahqaf 46:33

Rabbiin samii fi dachii garmalee guddatanii fi bal'atan uume, ilmaan namaa lamuu deebisuun gonkumaa Isarratti hin ulfaatu. Sababni isaas, Inni waan hundaa irratti Danda'aadha. Samii fi dachii uumuu keessatti homaa hin dadhabne. Namoota du'an deebisuun keessattis wanti Isa dadhabsiisu tokkollee hin jiru.

Yaada sobaa 2ffaa- ‘Namni du'e lafeen isaa bututtee dachii keessa baddi. Suuraa fi amalli isaa hundi ni bada. Kanaafu, Rabbiin nama lafeen isaa bututtee dachii keessatti badde akkamitti deebisaa?’’ Sababni guddaan yaada sobaa kana akka yaadan isaan taasissee, “Rabbiin lakkoofsa namoota du'anii, lafeen isaanii eessa akka dhaqxuu fi wanta xiqaaf guddaa hunda hin beeku.” Jedhanii waan yaadaniifi. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa yaada isaanii kana haala kanaan ifa godha:

﴿وَقَالُواْ أَعِدَا ضَلَّلَنَا فِي الْأَرْضِ أَعِنَا لَفِي حَلْقِ جَدِيدٍ بَلْ هُم بِلِقَاء رَبِّهِمْ كَفِرُونَ﴾

“Ni jedhan, “Sila yeroo [duunee] dachii keessa bannee, dhugumatti uumama haarawa keessatti [lamuu ni uumamnaa]? Dhugumatti, isaan qunnamti Gooftaa isaanitti kan kafaraniidha.” Suuratu As-Sajdah 32:10

Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa wantoota hundaa akka beeku isaaniif mirkaneessa. Lakkoofsa namoota du'anii, namoota dhalatanii fi wantoota samii fi dachii keessa jiru hunda takka takkaan beeka. Inuma, wanna nafseen isaaniif isaanitti hasaastu fi wanna qalbii keessatti dhoksan hunda beeka. Lafee bututtee dachii keessa badde takka takkaan akka beeku akkana jechuun isaaniif ibsa:

﴿قُدْ عَلِمْنَا مَا تَنْقُصُ الْأَرْضُ مِنْهُمْ وَعِنْدَنَا كِتَابٌ حَفِظٌ﴾

“Dhugumatti, waan dachiin isaan irraa hir'iftu beeknee jirra. Galmee tiiksatu Nu bira jira.” Suuratu Qaaf 50:4

Kana jechuun lafee, foon, gogaa fi rifeensa isaanii irraa wanna dachiin nyaattu dhugumatti ni beekna. Eessatti qaamni isaanii akka bittinaa'e fi lafeen isaanii bututte takka takkaan ni beekna. Dabalataan galmeen kuni hundi keessatti galmaa'e Nu bira jira. (Ibn Kasiir 7/395)

﴿وَقَالَ الَّذِينَ كَفَرُوا لَا تَأْتِينَا الْسَّاعَةُ قُلْ بَلَى وَرَبِّي لَتَأْتِيَنَّكُمْ عَلِمْ الْغَيْبِ لَا يَعْزُبُ عَنْهُ مِثْقَالُ ذَرَّةٍ فِي السَّمَوَاتِ وَلَا فِي الْأَرْضِ وَلَا أَصْغَرُ مِنْ ذَلِكَ وَلَا أَكْبَرُ إِلَّا فِي كِتَابٍ مُّبِينٍ﴾

Warri kafaran, “Qiyaamaan nutti hin dhuftu” jedhan. “Akka isin jettanii miti. Rabbii kiyyaan kakadhe, dhugumatti isinitti ni dhufti. [Rabbiin] Beekaa

waan hin mul'anneeti. Wanti hanga madaala atamii, wanti sana irra xiqqaa fi kan sana irra guddaas samii keessaa fi dachii keessatti Isa irraa kan hin miliqne ta'ee kitaaba ifa baasaa ta'e keessa jiraatu malee hin hafu.” Suuratu Saba 34:3

Rabbiin wanta nutti mul'atuu fi hin mul'anne, nuti beeknu fi hin beekne hunda ni beeka. Xiqqeena irraa kan ka'e, wanti hanga atamii ykn firii xaafii samii fi dachii keessatti Isarraa hin dhokatu. Lafeen hanga feete bututtee daaraa haa taatu, eessatti akka bittinoofte Rabbiin ni beeka. Kanaafu, Kan waan hundaa beeku fi Danda'aa ta'e nama du'e kaasun Isarratti hin ulfaatu.

Wanta nafseen isaanii isaanitti hasaastu beekumsi Isaa akka marseeakkana jechuun Ibsa:

وَلَقَدْ خَلَقْنَا الْإِنْسَانَ وَنَعْلَمُ مَا تُوْسُّعُ بِهِ نَفْسُهُ وَنَحْنُ أَقْرَبُ
إِلَيْهِ مِنْ حَبْلِ الْوَرِيدِ ﴿١٦﴾

“Dhugumatti, nama uumneerra. Waan lubbuun (nafseen) isaa itti hasaastus ni beekna. Nuti [beekumsa Keenyan] hidda dhiigaa caalaa gara isaatti dhiyoodha.” Suuratu Qaaf 50:16

Guduunfaa

→ Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa copha bishaan saalaa irraa ilmaan namaa uume. Bishaan laafaa kanarrraa lafee, foon, harka, gurra, mar'imaa fi qaamoolee biroo uume. Rabbiin malee eenyutu bishaan saalaa kanarrraa nama dhaabbatee lukaan deemu uumu danda'aa?

→ Rabbiin ilmaan namaa taphaaf waan hin uumnef iddo jirenya lama isaaniif taasise. 1ffaa- iddo jirenya gabaabdu namni itti qoramuudha. 2ffaa iddo jirenyaa dheeraa namni firii qormataa (jazaa wanta hojjataa turee) itti arguudha.

→ Namni kaafama nama du'ee shakkuu waa sadii ilaalu danda'a:

1ffaa-Uumama isaa kan jalqabaa. Copha bishaanii dadhabaa irraa Rabbiin isaa uume. Copha bishaanii irraa kan isaa uume lamuu deebisuun akkamitti itti

ulfaata? Yoo kunis isaaf liqimfamu dide, Nabii Aadam (AS) biyyee irraa akka uumame haa yaadatu. Rabbiin akkuma Aadamin biyyee irraa uume ilmaan isaas biyyee erga ta'anii booda ni deebisa.

2ffaa-Dandeetti Rabbii samii fi dachii keessatti mul'atu haa ilaalu. Samii fi dachii garmalee gurguddatanii fi bal'atan kanniin kan uume akkamitti nama du'e kaasun itti ulfaataa?

3ffaa-Dandeetti fi Beekumsi Rabbii kan namootaa irraa garagara akka ta'e haa beeku. Rabbiin wanta hundaa irratti danda'aadha, wanta hundaa ni beeka. Namni immoo wanta hundaa irratti danda'aa miti, wanta hundaa hin beeku. Namoota jalqaba irraa hanga xumuraatti du'an lafeen isaanii eessa akka dhaqxe Rabbiin takka takkaan beeka. Kanaafu, Guyyaa Qiyaamaa isaan kaasu irratti danda'aadha.

▷ Ilmi namaakuma jalqaba bishaan saalaa irraa nama uumuu hin dandeenyeye, lamuus nama kaasu hin danda'u. Rabbiin Guddaan Olta'e immoo akkuma jalqaba nama bishaan saalaa irraa uume, lamuus ni deebisa.

Kitaabban wabii:

[al-aqiidatul Islaamiyyatu wa usuusuhaa](#) By Abdurahmaan Hasan Madiniyyi, fuula 573-577

Tafsiir Ibn Kasiir 7/395

<https://furtusammu.wordpress.com/2018/04/15/who-is-your-lord-no-7/>

Qiyaamaa Mormitotaaf Deebii Kenname-2

Addunyaan tuni iddo qormataa haqni guutuu keessatti hin mirkanoofnedha. Eenyullee taanan haqa guutuu addunyaa tana keessatti nan argadha jedhee osoo carraaqe, haqa guutuu hin argatu. Sababni isaas, gufuwwan baay'een wanta kana akka hin hojjanne isa taasisu. Fkn, mootummaan abbaa irree tokko namoota kumaatamatti lakkaawaman ni ajeessa. Mootummaan abbaa irree kuni osoo mana murtiitti haqaaf hin dhiyaatin ni du'a. Kanaafu, warrooni mirgi isaanii sarbame osoo haqa guutuu hin argatin addunyaa irraa boqotanii jiru jechuudha. Garuu gaafin kuni sammuu namaa qaxxaamura: "Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) namoota uumee osoo haqa guutuu isaaniif hin kennis akkanumatti ni dhiisaa? Zaalimman (cunqursitoonni) akkanumatti badanii ni hafuu?" Deebiin isaa "Rabbiin Mootii haqaa waan ta'eef namoonni yommuu akkanatti wal miidhan haqaan isaan jidduutti osoo hin murteessin hin dhiisu. Guyyaan Murtii kunis Guyya Qiyaamaa ta'a." Kanaafu, namoonni murtiif lamuu kaafamu qabu jechuudha. Kutaa darbe keessatti yaadota sobaa warri Qiyaamaa kijibsiisu itti fayyadamu deebii isaa waliin ilaalle turre. Har'as yaadota hafan ni ilaalla.

Yaada sobaa 3ffaa

Wanti tokko yommuu adeemsifamu ijaan waan hin arginiif gara fuunduraatti hin adeemsifamu. Nama du'ee kaafame ijaan hin argine. Kanaafu, namoonni gara fuunduraatti hin kaafaman jechuudha.

Deebiin namoota kanniniif kennamu karaa baay'een ta'a.

Iffaa- wanta gara fuunduraatti dhalatu wallaalu- ilmi namaa hanga fedhe beekumsa haa qabaatu, wanta gara fuunduraatti dhalatu ykn uumamu hin beeku. Karaan wanta gara fuunduraatti dhufu itti beekan karaa beeksisa (wahyii) Rabbiin irraa nama dhaqqabeetini. Rabbiin wanta gara fuunduratti raawwatamu hunda waan beekuf, wanta gara fuunduraatti dhalatan muraasa isaanii ilma namaatti beeksisee jira. Isaan keessaa Qiyaamaan tokko. Mee warroota Qiyaamaa kijibsiisan haa gaafannu, "Wanta gara fuunduraatti uumamu hunda ni beektu?" Inuma mee haa gaafannu, xiyyarri samii irra balila'u kuni argamuun dura osoo lubbuun jiraattanii akkana isiniin jedhame, ni amantu moo ni dhiistu? "Yeroo Murtaa'aa booda geejjibni samii irra balali'u ni argama. Namoota sa'aati muraasa

keessatti biyya irraa biyyatti geessa." Odeefannoob kuni odefannoo Rabbiin beeksise osoo ta'ee fi geejjibni (xiyaarri) kuni akkuma jedhame yoo argame, namoonni geejjibni akkanaa hin argamu jechuun kijibsiisaa turan maal ta'uu? Yoo san, hangam kijibdoota akka ta'anii fi odefannoo Rabbiin irraa nama dhaqqabetti amanuu akka qaban ni beeku. Qiyaamaanis haaluma kanaani. Rabbiin ni jedha:

﴿وَأَقْسَمُوا بِاللَّهِ جَهْدَ أَيْمَنِهِمْ لَا يَبْعَثُ اللَّهُ مَنْ يَمْوَثُ بَلَى وَعْدًا عَلَيْهِ حَقًّا
وَلَكِنَّ أَكْثَرَ النَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴾٢٨١
لِيُبَيِّنَ لَهُمُ الَّذِي يَخْتَلِفُونَ فِيهِ وَلَيَعْلَمَ
الَّذِينَ كَفَرُوا أَنَّهُمْ كَانُوا كَذَّابِينَ ﴾٢٨٢﴾

"Kakuu isaanii kan daangaa gahe, "Rabbitiin nama du'e hin kaasu" jechuun Rabbitti kakatan. Lakkisaa [isin kaasaa]; Waadaa Isa irratti dhugaa ta'e [Rabbitiin seenee jira]. Garuu irra hedduun namootaa hin beekan. [Sababni du'a irraa isaan kaasuuf] wanta isaan keessatti wal dhaban isaaniif ibsuu fi warri kafaran kijibdoota ta'uu isaanii akka beekaniifi." Suuratu An-Nahl 16:38-39

2ffaa- Wal-bira qabuu (Qiyaasa)- wal-bira qabuu jechuun wantoota lama amaloota wal fakkaataa qaban wal bira qabuun isaan lamaan keessaa sababni tokko keessatti argame kan lammataa keessattis akka argamu yaadudha. Fkn, biqiltuun guutumaan guututti bishaan yoo dhabde ni gogdi (ni duuti). Namnis yeroo dheeraaf bishaan dhugu yoo dhabe ni du'a. Jiraachu fi du'uun (goguun) amala biqiltu fi nama wal fakkeessudha. Sababni isaan lamaan walitti fidu dhabamuu fi argamu bishaaniti. Kanarraa ka'un mee amma wal-bira qabiinsa biqiltoota fi namootaa Qur'aana keessatti nuuf dhiyaate haa ilaallu: "Inni (Rabbitiin) Kan bubbee gammachiisaa taasisuun rahmata Isaa dura erguudha. Yeroo isheen duumessa ulfaataa baadhatte, gara biyya (lafa) duutetti oofna; bishaan irratti buusun fuduraalee hunda irraa [garii isaanii] baafna. Akka isin gorfamtaniif jecha akka kanatti du'aa kaafna." (Suuratu Al-A'araaf 7:57)

وَاللَّهُ الَّذِي أَرْسَلَ الرَّيْحَ فَتُشِيرُ سَحَابَةً فَسُقْنَهُ إِلَى بَلَدٍ مَّيِّتٍ فَأَحْيَيْنَا بِهِ
الْأَرْضَ بَعْدَ مَوْتَهَا كَذَلِكَ النُّشُورُ ﴿١٠﴾

“Rabbiin Kan bubbee erguudha; isheenis duumessa ol kaafti. Ergasii gara lafa duutetti isa oofnee dachii du'a ishiit booda ittiin jiraachifna. Kaafamni Qiyaamas akkuma kana.” (Suuratu Faaxir 35:9)

Jechoota bakka lamaan armaan olii jiran mee haa hubannu. Jechoonni kunis, “akka kanatti du’aa kaafna” fi **“Kaafamni Qiyaamas akkuma kana.”**

Biqiltooni gogoguu fi lafa qonaa irraa haamamun akka du'a namootatin wal fakkaata. Sanyiin miidhanii gogogaan kuni yommuu facaafamu biyyeen walitti makama. Yeroo muraasan booda yommuu roobni itti roobu ni biqila. Kanaafu, du'aa irraa gara jiraatti jijjiramee jira jechuudha. Haaluma wal fakkaatun, namni yommuu du'uu lafeen isaa biyyee keessa bittinoofti. Ergasii Rabbiin Guyyaa Qiyaamaa lafee eegee irraa qaama namaa guutuu biqilcha.

Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: **“Dhugumatti ilma namaa keessa lafee gonkumaa ardiin (biyyeen) hin nyaannetu jira. Guyyaa Qiyaamaa ishii irraa [qaamni ilma namaa] lamuu ijaarrama.”** Namoonni ni jedhan, “Lafee tami (kami) Yaa Ergamaa Rabbii?” Innis ni jedhe, “Ajbu az-zanabi (lafee eegee)” [Sahih Muslim 2955](#) c (Lafeen eegee tuni lafee gara taa'a irratti argamtuudha.)

Rabbiin (azza wa jalla) akkuma sanyii midhaanii ykn firii mukaa xiqqoo sanirraa jirma, mataa fi damee biqilche, qaamolee namaa guutuu lafee xiqqoo irraa ni biqilcha. Firiin miidhanii lakkaawame hin dhumne addunyaa irratti ni faca'u. Rabbiin dandeetti Isaatin firiwwan lakkoofsa hin qabne kanniin ni biqilcha. Ilmaan namaas dur irraa kaase hanga Guyyaa Qiyaamatti lakkoofsa isaanii Rabbiin malee eenyullee hin beeku. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa akkuma firii miidhanii biqilche, namoota lakkoofsan garmalee baay'atanis Guyyaa Qiyaamaa ni kaasa. Kuni wanta Rabbiin irratti ulfaatu miti. Wanta tokko hojjachuu yoo fedhe, “Ta'i” jedhan. Wanti sunis yoosu ta'ee argama.

3ffaa-seenaa keessatti namoota du'anii kaafaman yaadachisuu-seenaa keessatti namoonni erga du'anii booda kaafaman baay'eedha. Qur'aanni iddo adda addaatti nuuf hima. Fkn,

"Yookiin namticha ganda [manneen ishii] mataa ishii irratti kukkuftee osoo jirtuu irra darbee, "Du'a ishiit in booda akkamumatti Rabbiin tana jiraachisaa?" jedhe, [hin ilaallee?]. Rabbiinis waggaa dhibba isa ajjeesee isa kaasun, "Hangam turte?" jedheen. Innis, "Guyyaa tokko yookiin cinaa guyyaa ture." Jedhe. [Rabbiinis] ni jedhe, "Ati waggaa dhibba turte. Mee gara nyaataa fi dhugaati keeti ilaali; hin jijjiramne. Gara harree keetis ilaali. Namootaaf mallatoo si taasisuuf [kana goone]. Gara lafees ilaali akkamitti akka walitti qabnu fi ergasii foon itti uwatifnu." Yeroma ifa isaaf ta'u, "Rabbitin waan hundaa irratti Danda'aa ta'uu nan beeka." Jedhe." (Suuratu Al-Baqarah 2:259)

Namtichi tokko ganda manneen ishii kukkuftee fi jiraattonni keessatti dhuman biraan darbe. Kana ajaa'ibsifachuun "**Rabbitin namoota du'an kanniin akkamitti jiraachisa?**" jechuun gaafate. Ergasii Rabbitiin isa ajjeessun waggaa dhibba tursiise. Wagga dhibba kana keessatti, nyaanni fi dhugaatin isaa hin jijjiramne. Garuu harreen isaa lafee ta'uun addaan bittinoofte. Rabbitiin waggaa dhibba booda namticha kana kaasun mallatoolee sadii isaa fi namoota birootti agarsiise. **1ffaa:** namticha mataa isaa waggaa dhibba erga tursiise booda kaasu. **2ffaa,** nyaanni fi dhugaatin osoo homaa hin jijjiramiin akkasumatti tursiisu. Kuni Qudraa (Dandeetti) Rabbii (Subhaanahu wa ta'aala) agarsiisa. **3ffaa:** Harree duute fi lafeen ishii bittinoofte fuula namtichaa fuunduratti kaasu. "**Akkamitti akka walitti qabnuu fi ergasii foon itti uwatifnu gara lafee ilaali**" Jedheen. Dhumarratti wanta jedhe itti haa xinxallinu. "Rabbitin waan hundaa irratti Danda'aa ta'uu nan beeka" Kanaafu, Rabbitiin nyaata fi dhugaati osoo hin jijjiramin tursiisu fi lafee bututte deebisee kaasu irratti danda'aadha. Kuni kaafama ijaan mul'atu fi gurraan dhagahamuudha.

4ffaa- Hirriba ofii ilaalu- hirribni obboleessa du'aati jedhama. Sababni isaas, isaa fi du'a jidduu wal fakkeenya baay'etu jira. Qur'aana keessatti Rabbitiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿اللَّهُ يَتَوَفَّى الْأَنْفُسَ حِينَ مَوْتِهَا وَالَّتِي لَمْ تُمْتَ فِي مَنَامِهَا فَيُمْسِكُ اللَّهُ الَّتِي قَضَى عَلَيْهَا
الْمَوْتَ وَيُرِسِّلُ الْأُخْرَى إِلَى أَجَلٍ مُسَمًّى إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ لِقَوْمٍ يَتَفَكَّرُونَ﴾

“Rabbiin nafsee yeroo du'a ishii ni fudhata; tan duuti hin gahinis hirriba ishii keessatti [ni fudhata]. Ergasii, tan du'a itti murteesse ni qaba (ni hanbisa). Tan biraa (tan du'a irratti hin murteessine) immoo hanga beellama beekkamaatti gadi dhiisa. Dhugumatti, kana keessa warra xinxallaniif mallatooleetu jira.” Suuratu Az-Zumar39:42

Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa yeroo du'aa fi hiribaa nafsee namaa tana ni fudhata. Tan yeroo du'aa fudhate hanga Guyyaa Qiyaamaa qaamatti hin deebisu. Tan yeroo hirriba fudhate immoo gosa lama. Tan du'a itti murteesse, ni hanbisa - hanga Qiyaamaa gara qaamaa hin deebisu. Namoonni osoo rafanu du'an fakkeenya nuuf ta'u. Tan du'a irratti hin murteessin immoo hanga guyyaan du'aa gahuu qaamatti ni deebisa. “**Dhugumatti, kana keessa warra xinxallaniif mallatooletu jira.**” Kuni dandeetti Rabbii kan agarsiisu fi du'aan booda kaafamun akka jiru mallatoo agarsiisudha. Hanga dammaqutti namni rafee fi du'e wanta naannoo isaatti raawwatamu hin beeku. Namni rafe akka nama du'eeti. Yommuu nafseen qaama isaatti deebitu ni dammaqa. Haaluma kanaan namni du'es yommuu nafseen isaa itti deebitu bakka itti awwaalame keessaa dammaqa. Qur'aanni dhugaa kana akkana jechuun ibsa:

﴿وَنُفِخَ فِي الصُّورِ فَإِذَا هُمْ مِنَ الْأَجْدَاثِ إِلَى رَبِّهِمْ يَنْسِلُونَ﴾ ﴿٥٦﴾
﴿مَنْ بَعَثَنَا مِنْ مَرْقَدِنَا هَذَا مَا وَعَدَ الرَّحْمَنُ وَصَدَقَ الْمُرْسَلُونَ﴾ ﴿٥٧﴾

“Xurumbaan ni afuuffama, yoosu isaan awwaalcha keessaa gara Goftaa isaanii bahu.

Ni jedhu, ‘Yaa badii keenya! Bakka hiribaa keenya irraa eenyutu nu dammaqsee?’ ‘Kuni waan Rahmaan waadaa galeedha, Ergamtoonis

dhugaa dubbatanii jiru.” [jedhama].” (suuratu Yaasin 36:51-52)

Walfakkeenya du'aa fi hirriba jidduu jiru siritti itti xinxallaa, ajaa'iba argituuti.

5ffa-Ilmaanni geeybitti amanuu irratti kan ijaarrame ta'u- Osoo Rabbiin yeroo hundaa nama du'e kaase silaa iimaanni geeybitti amanuu osoo hin ta'in wanta ijaan arganitti amanuu ta'a. Du'aan booda kaafamun wanta ammatti ijaan hin mul'annee fi gara fuunduraatti adeemsifamuudha. Kanaan geeybi (wanta ammatti ijaan hin mul'anne) jennaan. Iimaanni wanta ijaan arganitti amanuu osoo hin ta'in wanta Rabbiin irraa nama gahe kan ijaan hin mul'annetti amanuu irratti kan hundaa'edha. Namni wanta tokko ijaan argee yoo amane kuni iimaana hin jedhamu. Kanaafi, Guyyaa Qiyaamaa namoonni duraan kafaran, **“Rabbii keenya! Argine, dhageenye. Kanaafu, hojii gaarii hojjanna nu deebisi. Dhugumatti, nuti amma dhugaan amannee jirra.”** Jedhu. (Suuratu As-Sajdah 32:12) Garuu kuni homaa isaan hin fayyadu.

Guduunfaa

- Ilmaan nama erga du'anii booda osoo kaafamuu baatanii silaa haqni isaanii achumaan bada. Sababni isaas, namoonni wal-cunqursanii haqa osoo hin argatin du'an lakkofsa hin qaban.
- Rabbiin Mootii Haqaa ta'ee isaan jidduutti haqaan murteessuf Guyyaa Qiyaamaa isaan kaasa.
- Namoonni "Wanti ammatti ijaan hin argine gara fuunduraatti hin dhufu" jechuun Qiyaamaa morman, hanqinna beekumsa isaanii mul'isaa malee ragaan Qiyaamaan jiraachu agarsiisu dhabameeti miti. Deebiin isaaniif kennamu:
- Odefanno Rabbiin irraa yoo hin argatin ilmi nama wanta gara fuunduratti raawwatamu hin beeku. Fkn, yoomi fi eessatti akka du'u ni beekaa? Kanaafu, odefanno haqaa Rabbiin irra namatti dhufe fudhatanii itti amanuu fi hordofuun wanta adabbi irraa nama baraarudha.
- Sanyii miidhanii gogdee fi lafee nama wal bira qabuun namni lamuu akka kaafamu beekun ni danda'ama.
- Seena keessatti namoota kaafaman yaadachuun du'aan booda kaafamni akka jiru amanuun ni danda'ama.
- Yommuu rafan qaamni nama akka reeffaa ta'a. Nafseen yommuu itti deebitu dhaabbatee deema. Haaluma kanaan guyyaa Qiyaamas, nama du'etti nafseen isaa yommuu itti deebitu awwaalcha keessaa bahuun gara iddo namoonni walitti qabamaniitti fiiga.

► Guyyaa Qiyaamaa namoonni akka kaafaman amanuu wanta ijaan hin mul'anne (geeybi) irraa ta'eedha. Iimaanni immoo geeybitti amanuu irratti kan hundaa'edha. Odefannoona haqaa Rabbiin irraa erga nama gahee, amanuu fi harka kenu malee mormuun wanta nama baasu miti.

Kitaaba wabii:

[al-aqidatul Islaamiyyatu wa usuusuhaa](#) By Abdurahmaan Hasan Madiniyyi, fuula 578-580

Qiyaamaa Mormitootaaf Deebii Kenname-3

Wanti dhalli namaa jirenya keessatti barbaadu guddaan gammachuu guutuu gaddaa fi dhiphinnaan walitti hin makamne argachuudha. Akkasi miti ree? Jirenya keessatti gonkumaa wanta gaddaa fi dhiphinna jedhamu hin barbaadan. Garuu addunyaa tana keessatti fedhiin isaanii kuni guuttamuu danda'aa? Abadan! Hin guuttamu. Jirenyi addunyaa tanaa iddo qormataa waan taatef gammachuu guutuu gadda irraa bilisa ta'e argachuun hin jiru. Sababni isaas, namni qormataa keessa yommuu darbu rakkoo fi dhiphinna baay'ee dhandhama. Kanaafu, eessatti gammachuu guutuu argataa?

Gammachuu guutuu argachuuf addunyaa tanarraa addunyaan adda taate jiraachu qabdi. Addunyaa ykn biyya adda taate tanaan biyya ykn ganda Aakhirah jennaan. Namni amanee fi waan gaarii addunyaa keessatti hojjate, ganda Aakhiraatti gammachuu guutuu gadda fi dhiphinnaan walitti hin makamne argata. Namoonni addunyaa tana malee Aakhiraan hin jirtu jedhenii morman immoo gammachuu guutuu kana hin dhandhaman. Sababni isaas, hawwii fi abdii isaanii addunyaa tana qofarratti waan gabaabsaniif wanti gaariin Aakhiraaf jedhanii hojjatan hin jiru. Guyyaa Qiyaamaa harka qullaa Rabbiin qunnamu. Kutaalee darbee keessatti yaadota sobaa warri Qiyaamaa mormuu itti fayyadamu deebii isaanii waliin ilaalle turra. Har'as, In sha Allah kutaa dhumaa ni ilaalla.

Yaada sobaa Afraffaa: “Fedhiin Khaaliqa jirenya tana jalqabuudha malee jirenya tanaan alatti gara biraatti kan darbuu miti. Ogummaan (Hikmaan) Isaa hundii jirenya tana qofa keessatti guuttama. Jirenya tanaan ala jirenyi bira wanti jedhamtu hin jirtu. Ni nyaanna, ni dhugna, ni duuna. Dubbiin asirratti

dhumate. Aakhirah wanti jedhamu hin jiru.”

Yaada kijibaa kanaaf karaa adda addaatin deebii kennuun ni danda’ama.

1-Ilma namaatiif wanta inni barbaadu hundii uumameefi akkamitti akka itti fayyadame yoo irraa hin gaafatamin, uumamni isaa tapha ta'a-Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa ilmaan namaatiif wanta isaan barbaadan hunda uumeef. Ni jedha:

﴿ كَيْفَ تَكُفُّرُونَ بِاللَّهِ وَكُنْتُمْ أَمْوَاتًا فَأَحْيَنَاكُمْ ثُمَّ يُمْتَكِّمُنَّ ثُمَّ يُحْيِنَّكُمْ ثُمَّ إِلَيْهِ تُرْجَعُونَ ﴾ هُوَ الَّذِي خَلَقَ لَكُمْ مَا فِي الْأَرْضِ جَمِيعًا

“Akkamitti Rabbitti kafartuu? Du’aa turtan, Inni isin jiraachise. Ergasii isin ajjeesa; ergasii isin jiraachissa. Ergasii gara Isaatti deebifamtu. Inni wanta dachii keessa jiru hunda Kan isiniif uumedha.” Suuratu Al-Baqara 2:28-29

Kana jechuun Rabbittii akkamitti amanuu diddan ykn Isa waliin wanta biraan akkamitti gabbartuu? Du’aa taatanii osoo jirtanuu isin jiraachise. Kana jechuun namni dhalachuun dura maniyyi (bishaan saalaa) du’aa ture. Wanta du’aa ykn lubbuu hin qabne kanarrraa Rabbiin isin jiraachise. Ergasii isin ajjeesa. San booda Guyyaa Qiyaamaa lamu isin jiraachisuun isin kaasa. Isin addunyaa tanatti dhufuuun dura wanta lubbuu hin qabne turtan. Kanaafu, akkamitti Rabbiin du’aa hin kaasu jechuun mormituu?

Rabbiti ilmaan namaa erga uumee booda wanta dachii keessa jiru hunda isaaniif uume. “**Inni wanta dachii keessa jiru hunda Kan isiniif uumedha.**” Wanta dachii keessa jiru qofaa miti wanta samii irra jiran kan akka aduu, ji'a, urjilee fi kan biroo ilmaan namaa akka tajaajilaniifi uume. Amma gaafi of haa gaafannu, “Ilmaan namaa akka Isa qofa gabbaranif Rabbiti ni uume. Wanta samii fi dachii irra jiran immoo ilmaan namaatiif uume. Kanaafu, wanta barbaadan erga dhiyeessefi booda itti gaafatamumma isaanii akkamitti akka bahan osoo isaan hin gaafatin ni dhiisaa?” Lamuu isaan kaasun yoo isaan hin gaafatin, ilmaan namaati fi wantoota samii fi dachii irra jiran taphaaf uumamanii jechuudha. Kuni immoo wanta Rabbiti Qulqullaa'a Olta'eef hin malleedha. **Rabbiti ni jedha:**

﴿أَفَحَسِبْتُمْ أَنَّمَا خَلَقْنَاكُمْ عَبَثًا وَأَنَّكُمْ إِلَيْنَا لَا تُرْجَعُونَ﴾ ١١٥

﴿فَتَعَالَى اللَّهُ الْمَلِكُ الْحَقُّ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ رَبُّ الْعَرْشِ الْكَرِيمِ﴾ ١١٦

“Sila Nuti taphumaaf waan isin uumnee fi gara Keenyatti kan hin deebifamne ta’uu ni yaaddu?

Rabbiin Mootii haqaa ta’e olta’e. Isa malee Kan haqaan gabbaramu hin jiru. Inni Gooftaa Arshii kabajamaati.” Suuratu Al-Mu’meluun 23:115-116

Aaya tanarraa barnoota baay’ee baasu dandeena. Garuu barreefamni waan dheeratuf wantuma lama haa ilaallu. 1ffaa- “**Rabbiin Mootii haqaa ta’e olta’e.**” Rabbiin Mootii Haqaa ta’e osoo ilmaan namaa jidduutti haqaan hin murteessin akkanumatti badanii ni hafuu? Kanaafu, Inni Mootii Haqaa waan ta’eef Guyyaa Qiyaamaa isaan kaasun isaan jidduutti haqaan murteessa. 2ffaa- “**Isa malee Kan haqaan gabbaramu hin jiru.**” Ilmaan namaa kan uumamaniif Rabbiin qofa akka gabbaraniifi. Itti gaafatatummaa kana bahu ykn bahuu dhiisu isaanii osoo isaan hin gaafatin akkanumatti isaan ni dhiisaa?

Motummaan biyya tokko bulchuuyyu hojjatoota isaa itti gaafamummaa ni kennaaf. Itti gaafatatummaa isaanii bahuu ykn bahuu dhiisu isaanii osoo isaan hin gaafatin ni dhiisaa? Gaafi malee akkunamatti mindaa ni kafalaafi? Wanta kaafironni yaadanii fi xumura isaanii Qur'aanni haala ibsa:

﴿وَقَالُوا إِنْ هِيَ إِلَّا حَيَاةُ الدُّنْيَا وَمَا نَحْنُ بِمُبْعُوثِينَ ١١٧ وَلَوْ تَرَى إِذْ وُقْفُوا عَلَى رَبِّهِمْ ١١٨﴾

﴿قَالَ أَلَيْسَ هَذَا بِالْحُقْقِ قَالُوا بَلَى وَرَبِّنَا قَالَ فَذُوقُوا الْعَذَابَ بِمَا كُنْتُمْ تَكُفِّرُونَ ١١٩﴾

Ni jedhan, “Jirenya addunyaaa teenya tana malee [jirenyi bira] hin jirtu; nutis [du’a booda] hin kaafamnu.” Yeroo Gooftaa isaanii fuunduratti dhaabbaman osoo argitee, [waan rifachiisaa argita ture]. Inni (Rabbiin) ni jedha, “Sila inni kuni (kaafamu fi mindaa argachuun) dhugaa

mitii?” Isaaniis ni jedhu, “Eeyyeen! Gooftaa keenyaan kakanne!” Innis ni jedha, “Waan kafaraa turtaniif adabicha dhandhamaa!” (Suuratu Al-An'aam 6:29-30)

2- Zulmii (miidhaa) namoonni raawwatan- dhalli namaa dur irraa kaase hanga ammaatti wal miidhaa fi cunqursaa jiru. Kan cunqurfamee fi miidhame haqa guutuu isaaf maluu argachaa hin jiru. Zaalimnis (namni namoota miidhus) mana murtiitti dhiyaachuun adabbii isaaf maluu adabamaa hin jiru. Osso mana murtiitti hin dhiyaatin du'aan addunyaa irraa boqota. Ajaa'iiiib! Mee amma haa gaafannu: “Zaalimni kuni xiqqoomallee taatu osoo hin adabamiin addunyaa irraa du'a. Warri miidhamaniis haqa isaanii hin arganne. Kanaafu, Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ilmaan namaa osoo akkanatti wal cunqursanuu isaan jidduutti murteessu malee ni dhiisaa?” Akkuma Aaya (keeyyata) armaan olii keessatti eerame, Rabbiin mootii haqaa waan ta'eef isaan jidduutti osoo hin murteessin hin dhiisu. Guyyaan Murtii kunis Guyyaa Qiyaamaati. Zaalimoota badii hojjatan ilaachisee Rabbiin (subhaanahu wa ta'aalaa) ni jedha:

﴿وَلَا تَحْسِبَنَّ اللَّهَ غَفِلًا عَمَّا يَعْمَلُ الظَّالِمُونَ إِنَّمَا يُؤَخِّرُهُمْ لِيَوْمٍ تَشْخُصُ فِيهِ الْأَبْصَرُ ١٥﴾
﴿مُهْطِعِينَ مُقْنِعِينَ رُعْوِسِهِمْ لَا يَرَنُّ إِلَيْهِمْ طَرْفُهُمْ وَأَفْعَدُهُمْ هَوَاءُ ١٦﴾

“Rabbiin waan miidhaa hojjattooni (Zaalimonni) raawwatan irraa dagataa ta'uun hin yaadin. Kan Rabbiin isaan tursiisuuf Guyyaa isa keessa ijji sodaadhan bobaastudha. [Gara waamichaatti] fiigaa mataan isaanii kan olka'u ta'a, ijji isaaniis gara isaaniitti hin deebitu. Qalbiin isaanis duwwaadha.” Suuratu Ibraahim: 42-43

﴿خُشَّعًا أَبْصَرُهُمْ يَخْرُجُونَ مِنَ الْأَجْدَاثِ كَأَنَّهُمْ جَرَادٌ مُنَتَّشِرٌ ٧﴾
﴿مُهْطِعِينَ إِلَى الدَّاعِ يَقُولُ الْكَافِرُونَ هَذَا يَوْمٌ عَسِيرٌ ٨﴾

[Guyyaa san] ijji isaanii sodaan guuttamtee awwaalcha (qabrii) keessaa bahanii akka hawwaanisa faca'e fakkaatu. Garaa Lallabaatti fiigu. Kaafironni ni jedhu, "Kuni Guyyaa garmalee ulfaataa ta'eedha." Suuratu Al-Qamar 54:7-8

Kanaafu, Guyyaa Qiyaamaa namoonni qabrii keessaa yaa'un murtiif dachii wal-qixxooftu irratti walitti qabamu.

﴿وَيَسْأَلُونَكَ عَنِ الْجِبَالِ فَقُلْ يَنْسِفُهَا رَبِّي نَسْفًا ﴾١٥٥﴿ فَيَذْرُهَا قَاعًا صَفْصَفًا ﴾١٥٦﴿ لَا تَرَى فِيهَا عِوَاجًا وَلَا أَمْتَا ﴾١٥٧﴿ يَوْمَئِذٍ يَتَبَعُونَ الدَّاعِي لَا عِوَاجَ لَهُ وَخَشَعَتِ الْأَصْوَاتُ لِلرَّحْمَنِ فَلَا تَسْمَعُ إِلَّا هَمْسَا ﴾١٥٨﴾

Waa'ee gaarreenii si gaafatu. "Gooftaan kiyya faffaacasu isaan affacaasa" jedhiin. Lafa wal qixxaataa biqilaa hin qabne taasissee dachii dhiisa. Ishii keessattis bu'aa bahii homaa hin agartu. Guyyaa san Lallabaa hordofu; asi achii isarraa dabuun hin jiru. Sagaleen hunduu Rahmaaniif gadi jetti. Shokoksaa malee homaa hin dhageessu." (Suuratu Xahaa 20:105-108)

Kana jechuun Guyyaa Qiyaamaa garri gurguddaan kунии маal ta'u jechuun si gaafatu. Jedhiin, "Gooftaan kiyya bakka isaaniiti isaan buqqisuun akka ashawaa ykn biyyee taasisa. Ergasii daaraa gochuun addaan bittineessa. Dachiidhaan wal qixxeessa. Dachiis lafa wal qixxooftu biqilaa hin qabne godhee dhiisa. Bu'aa bayii homaatu keessatti hin argitu. Dachiin akka gogaan diriiruutti ilma namaatiif diriirti. Guyyaa Qiyaamaa yommuu qabrii keessaa kaafaman Lallabaa gara iddo ilmaan namaan hundii walitti qabamanii isaan waamu hordofu. Asi achi waamicha isaatiraa goruun isaaniif hin jiru. Rabbal Aalamiina fuunduratti erga walitti qabamanii, sagaleen isaanii hunduu gadi jetti. Sagalee olkaasun hin jiru. Shokoksaa malee wanti dhagahamu hin jiru. Hundii isaaniitu cal'isaa fi sodaan Murtii Rahmaan eegu.*

3-Hojii gaarii namoonni hojjatan- akkuma zaalimoonni badii hojjachuuf carraaqan, namoonni hojii gaggarii hojjachuuf carraaqaniis baay'eedha. Hojii

gaggaarii isaanii kanaaf kafaltii homaatu namoota irraa hin barbaadan. Kanaafu, osoo Qiyaamaan jiraachu baatte, silaa mindaa warra hojji gaarii hojjatu ni badaa ture. Kanarraa kan ka'e, namni badii hojjatu fi gaarii hojjatu kan wal qixxa'u ta'a. Namni aqlii qabuu, "Namni gaarii hojjatuu fi namni badaa hojjatu wal qixa jedhee ni yaadaa?" Rabbiin (Azza wa jalla) ni jedha:

﴿أَمْ نَجْعَلُ الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّلِحَاتِ كَالْمُفْسِدِينَ فِي الْأَرْضِ
أَمْ نَجْعَلُ الْمُتَّقِينَ كَالْفُجَارِ﴾

"Sila isaan amananii fi toltaa hojjatan akka warra dachii keessatti balleessaa dalaganii ni goonaa? Warra Rabbiin sodaatanis akka warra yakkamtoota ni goonaa?" Suuratu Saad 38:28

Kanaafu, Guyyaan namni gaarii hojjatu gaarummaa ofiitit itti mindeefamu, namni badaa hojjatu badummaa isaatiin itti adabamu jiraachu qaba. Innis, Guyyaa Qiyaamaati.

Guduunfaa

⇒ Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ilmaan namaa akka Isa qofa gabbaraniif uume. Wantoota dachii fi samii keessa jiran immoo ilmaan namaatiif uumee. Rabbiin gabbarii isaanii irraa faaydaa hin argatu, Inni dureessa waan ta'eef. Kana irra,yoo isaan Isa gabbaran Jannata isaan seensisa. Yoo Isa didan immoo Jahannam isaaniif jirti.

⇒ Kanaafu, ilmaan namaa taphaaf hin uumamne jechuudha.

⇒ Ossoo jirenya tana malee jirenyi biraaj jiraachu baatte silaa namoonni cunqurfaman haqa osoo hin argatin badu. Mee ilaala seenaa keessattii fi wanta yeroo ammaa raawwatamaa jiru! Namoonni miliyonatti lakkaawaman balleessaa tokko malee ajjeefamu. Zaalimni isaan fixus mana murtiitti dhiyaataa hin jiru. Kanaafu, kunniin hundii Murti osoo hin argatin akkanitti ni hafuu?

⇒ Namni Qiyaamaan akka dhuftu amanu, yeroodhaan hojji gaggaarii hojjachuun of qopheessa.

Kitaaba wabii:

al-aqeedatul Islaamiyyatu wa usuusuhaa By Abdurahmaan Hasan Madiniyyi,
fuula 578-580

*Taysirul Kariimil Rahmaani fii tafsiiri Kalaamil Mannaani–Fuula 597-598,
Abdurahmaan Naasir Sa'dii

Guyyaan Qiyaamaa Maaltu Adeemsifamaa?

Guyyaan Qiyaamaa dhufuu keessa shakkiin akka hin jirre ragaalee adda addaatin kutaalee darban ibsine jirra. Namni ragaalee sanniin irra deebi'ee dubbisee fi itti xinxalle Guyyaan Qiyaamaa guyyaa tokko dhooyu ishii ni mirkanefata. Wantoonni naannoo keenyatti arginu wantoota lama. Isaaniis, yeroo muraasan booda kan jijjiramanii fi yeroo dheeraaf osoo hin jijjiramin kanneen turaniidha. Yeroo muraasan booda kan jijjiraman ykn du'an kanneen akka ilma namaa, biqiltoota, beelladoota fi kkf. Yeroo dheeraaf osoo hin jijjiramin kanneen turan immoo dachii, gaarreen, samii, aduu, ji'a, urjiilee fi kkf. Wantoonni yeroo dheeraf turan kunniin akkanumatti zalaalamiif hin turan, ni jijjiramu. Guyyaan wantoonni kunniin itti jijjiraman Guyyaan Qiyaamaa jennaan. Guyyaan kana gaarreen bakka ni bubbuqqa'u, dachiin dachii biraatin ni jijjiramti. Samiinis akkasuma jijjiramti. Namni dachii fi samiin akkanumatti zalaalami turan jedhee yaade dogongore jira. "Akkuma amma jiran kanatti zalaalamii akka turan maaltu si beeksise? Beekumsa wanta gara fuunduraatti uumamuu ni qabdaa? Yoo qabaatte, beekumsa guyyaa itti duutu nutti himi." Jechuun yoo gaafanne deebiin isaa maal ta'a laata?

Wantoonni yeroo dheeraaf turan kunniin guyyaa tokko akka diigamanii fi jijjiraman ragaa agarsiisu qabna. Innis, Rabbiin (Qulqullaan olta'e) dachii, samii fi wantoota isaan keessa jiran hunda kan uumee fi gara fuunduraatti wantoota uumaman hunda kan beekudha. Wantoonni yeroo dheeraaf turan kunniin Guyyaan tokko akka diigamanii fi jijjiraman Ergamtoota erguu fi kitaabban buusun ilma namaa akeekachiise jira. Kana qofa mitii mallatoolee adda addas agarsiise jira. Rabbiinakkuma jalqaba uume diige deebisuu irratti maaltu Isa dadhabsiisaa? Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) ni jedha:

﴿يَوْمَ تُبَدِّلُ الْأَرْضُ غَيْرَ الْأَرْضِ وَالسَّمَوَاتُ وَبَرْزُوا لِلَّهِ أَلْوَاحِدِ الْقَهَّارِ﴾

"Guyyaan dachiin dachii biraatti jijjiramte, samiinis [akkasuma taate]; Rabbi Tokkicha Injifataa ta'eef [uumamtoonni hundi] walitti qabamanii mul'atan [yaadadhu]" Suuratu Ibraahiim 14:48

Kanaafu, guyyaa wantoonni yeroo dheeraaf turan kanniin itti diddigamanii fi jijjiraman guyyaa salphaa miti. Guyyaa garmalee ulfaataa ta'eedha. Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) ni jedha:

﴿يَا أَيُّهَا النَّاسُ اتَّقُوا رَبَّكُمْ إِنَّ زَلْزَلَةَ السَّاعَةِ شَيْءٌ عَظِيمٌ يَوْمَ تَرَوْنَهَا تَذَهَّلُ كُلُّ مُرْضِعَةٍ عَمَّا أَرْضَعَتْ وَتَضَعُ كُلُّ ذَاتٍ حَمْلٍ حَمْلَهَا وَتَرَى النَّاسَ سُكَّرَى وَمَا هُم بِسُكَّرٍ وَلَكِنَ عَذَابَ اللَّهِ شَدِيدٌ﴾

“Yaa namoota! Gooftaa keessan sodaadhaa, sochiin Qiyaamaa waan guddaadha.

Guyyaa ishii argitan dubartiin hoosiftu waan hoosiftu irraa ni dagatti. Dubartiin ulfa qabdu hundi ulfa ishii garaa darbiti. Namootas [sodaa irraa] kan machaa'an argita. Isaan kan machaa'ani miti. Garuu azaaba (adabbii) Rabbiitu garmalee cimaadha.” Suuratu Al-Hajj 22:1-2

Mee amma wantoota Guyyaa Qiyaamaa adeemsifaman keessaa muraasa haa ilaallu. Wantoonni kanniin wantoota gara fuunduratti dhufanii fi dhufaati isaanii keessa shakkiin wayitu hin jirreedha. Taateewan Guyyaa Qiyaamaa adeemsifaman beekun yeroodhaan akka itti of qopheessinu, adabbii fi gaabbii hamaa irraa akka baraaramnu nu taasisa. Guyyaan Guddaan kuni yeroo dhufetti, “Yaa badii kiyya osoo amanee fi hojji gaggaarii hojjadhe maal qaba!” jedhanii booyu fi gaabbun bu'aa maalii buusaa? Wantoota Guyyaa Qiyaamaa adeemsifaman keessaa;

1. Xurumbaan Afuufamuu

Yommuu Guyyaan Qiyaamaa dhaabbatu xurumbaan ni afuufama. Akka afaan keenyatti xurumbaan (garrii) jechuun meeshaa akka gaafa horii fakkaatu fi yeroo cidhaa sagalee guddaa dhageessisuuf itti fayyadmaniidha. Xurumbaan Guyyaa Qiyaamaa afuufamu xurumbaan namni afuufun wal-qixa jechuu osoo hin ta'in akkam akka jiruu fi guddinna isaa Rabbumatu beeka. Malaaykan xurumbaan kana afuufu, Israafil jedhama (nageenyi isarratti haa jiraatu). Afuuffin kuni sagalee fi iyansa cimaa uumamtoota fixuudha. Seenaa keessatti ummattooni yommuu

Ergamtoota Rabbitti amanuu didanii fi badii fokkuu raawwatan iyyansan dhuman baay'eedha. Fakkeenyaf, ummata Shu'eyb, Ummata Samuud fi kkf. Kanaafu, yeroo dhumaatti yommuu namoonni hundi Rabbii fi Guyyaa Qiyaamatti kafaranii fi badii adda addaa raawwatan, iyyansa cimaa kanaan lafarraa isaan dhabamsiisa. Xurumbaan kuni si'a (yeroo) lama afuufama.

Afuuffi Tokkoffaa

Afuuffi jalqabaa irratti wantoonni dachii fi samii keessa jiran hundi ni dhumu kan Rabbiin fedhe malee. Ragaan kanaa, Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) akkana jedha:

﴿وَنُفِخَ فِي الصُّورِ فَصَعَقَ مَنْ فِي السَّمَاوَاتِ وَمَنْ فِي الْأَرْضِ إِلَّا مَنْ شَاءَ اللَّهُ أَنْ يُنْفِخَ فِيهِ أُخْرَىٰ فَإِذَا هُمْ قِيَامٌ يَنْظُرُونَ﴾
۱۸

“Xurumbaan ni afuufama. Warrii samii keessaatii fi warri dachii keessa jiran hunduu ni dhumu, nama Rabbiin fedhe malee. Ergasii yeroo biraas ni afuufama. Yeroma san isaan dhaabbatanii kan ilaalan ta'u.” (suuratu az-Zumar 39:68)

Afuuffin kuni, nama Rabbiin fedhe malee, affuuffi wanta hundaa fixuudha. Namoonni xurumba Israafil afuufu kana yommuu dhagahan rifatanii fi nayanii dhumu. Aaya suuratu Al-Hajj jalqabatti eerre afuuffi kana kan agarsiisudha. Guyyaan guyyaa cimaadha. Guyyaa dubartiin daa'ima hoosiftu, naasuu irraa kan ka'e ilmoo ishii itti dagattuudha. Guyyaa dubartiin ulfaa rifannaa irraa kan ka'ee ulfa ishii garaa itti darbituudha. Guyyaan guyyaa dhaamsa walii dabarsuu fi gara maatii deebi'uu hin dandeenyedha. Qur'aana keessatti afuuffi Sayhata (Iyyansa cimaa) jechuun moggaase jira.

﴿مَا يَنْظُرُونَ إِلَّا صَيْحَةً وَاحِدَةً تَأْخُذُهُمْ وَهُمْ لَا يَخْصِمُونَ﴾

“Ossoo isaan wal falmaa jiranuu iyyansa tokkitti isaan qabdu malee homaa hin eegan.

﴿فَلَا يُسْتَطِعُونَ تَوْصِيَةً وَلَا إِلَى أَهْلِهِمْ يَرْجِعُونَ﴾

Yeroo san dhaamsa walii dabarsuu hin danda'an, gara maatii isaaniis hin deebi'an." (suuratu Yaasin 36:49-50)

Wantoota ulfaatoo afuuffi jalqabaa kana itti adeemsifaman Rabbumatu beeka.

Afuuffi lammaffaa

Afuuffin lammaffaa kuni afuuffi namoonni awwaalcha (qabrii) keessaa itti kaafamaniidha. Rabbiin ni jedha:

﴿وَنُفَخَ فِي الصُّورِ فَإِذَا هُمْ مِنَ الْأَجْدَاثِ إِلَى رَبِّهِمْ يَنْسِلُونَ﴾

"Xurumbaan ni afuuffama, yoosu isaan awwaalcha keessaa gara Gooftaa isaanii bahu." (suuratu Yaasin 36:51)

﴿قَالُوا يَوْمَ يَوْلَدُنَا مَنْ بَعَثْنَا مِنْ مَرْقَدِنَا هَذَا مَا وَعَدَ الرَّحْمَنُ وَصَدَقَ الْمُرْسَلُونَ﴾

Ni jedhu, 'Yaa badii keenya! Iddoo hirribaa keenya irraa eenyutu nu dammaqsee?' 'Kuni waan Rahmaan waadaa galeedha, Ergamtoonis dhugaa dubbatanii jiru.' [jedhama].'' (suuratu Yaasin 36:52)

﴿وَاسْتَمِعْ يَوْمَ يُنَادِ الْمُنَادِ مِنْ مَكَانٍ قَرِيبٍ، يَوْمَ يَسْمَعُونَ الصَّيْحَةَ بِالْحُقْقِ ذَلِكَ يَوْمُ الْخُرُوجِ﴾

"Guyyaa lallabaan iddo dhiyoo irraa lallabu dhageefadhu. Guyyaa isaan dhugaan iyyansa dhagahan sun Guyyaa [qabrii keessaa] bahiinsati." Suuratu Qaaf 50:42

Akkuma hadiisa sahiih keessatti dhufe afuuffi jalqabaa fi lammataa jidduu dheerinni yeroo hanga ta'ee ni jira.

2. Kaafama Namootaa (Ba'as ykn Nushuur)

Kaafama namoota (ba'as) jechuun ruuhin namootaa gara jismii (qaama) isaanitti deebi'uun qabrii keessaa ol kaafamuudha. Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) qabrii keessatti qaama isaanii deebissee erga ijaare fi guute booda, ruuhin (soul) itti afuufamti. Dachiin isaan irraa baqaquun qabrii keessaa ol yaa'u. Rabbiin ni jedha:

﴿يَوْمَ تَشَقَّقُ الْأَرْضُ عَنْهُمْ سِرَاعًا ذَلِكَ حَشْرٌ عَلَيْنَا يَسِيرٌ﴾

“Guyyaa dachiin isaan irraa babbaqaqxu, isaan ariitidhaan [ishii keessaa ol yaa'u]. Suni walitti qabuu Nurratti laafaa ta'eedha.” Suuratu Qaaf 50:44

Akkuma hadiisa itti aanu keessatti ilaallutti afuuffi tokkoffaa booda Rabbiin (Azza wa jalla) rooba roobsa. Rooba kanaan qaamni namoota ni ijaarrama.

Roobni erga roobe booda qaamni namoota biyyee irraa biqiluun akka biqiltooni yommuu roobni itti roobu lafa keessaa biqilaniitin wal fakkeessun ni danda'ama. Sababa kanaafi, yeroo baay'ee Rabbiin Qur'aana Isaa keessatti kaafama namootaa dachii erga duuten booda biqiltootan jiraachisuun wal fakkeessa. Qur'aana keessatti Rabbiin ni jedha:

“Inni Kan bubbee gammachiisa taasisuun rahmata Isaa dura erguudha. Yeroo isheen duumessa ulfaataa baadhatte, gara biyya (lafa) duutetti oofna; bishaan irratti buusun fuduraalee hunda irraa [garii isaanii] baafna. Akka isin gorfamtaniif jecha akka kanatti du'aa kaafna.” (Suuratu Al-A'araaf 7:57)

Bakka biraattisakkana jedha:



﴿وَاللَّهُ الَّذِي أَرْسَلَ الرِّيَاحَ فَتُثِيرُ سَحَابًا فَسُقْنَاهُ إِلَى بَلَدِ مَيِّتٍ فَأَحْيَنَا بِهِ الْأَرْضَ بَعْدَ مَوْتِهَا كَذَلِكَ الْنُّشُورُ﴾

“Rabbiin Kan bubbee erguudha; isheenis duumessa ol kaafti. Ergasii gara lafa duutetti isa oofnee dachii du’ a ishiit in booda ittiin jiraachifna. Kaafamni Qiyaamas akkuma kana.” (Suuratu Faaxir 35:9)

Jechoota bakka lamaan armaan olii jiran mee haa hubannu. Jechoonni kunis, “**akka kanatti du’aa kaafna**” fi **“Kaafamni Qiyaamas akkuma kana.”**

Kunnin lamaan wal fakkeenya bishaan buufamuun qaamni namoota biqiluu fi biqiltooni bishaan erga itti bu’een booda biqiluu jidduu jiru agarsiisu. Biqiltooni sanyii (firii) baay’ee xiqqaa irraa akka ijaarramu ni beekna. Firiin biqiltuu lafa keessatti gogduu taate teetti. Yommuu bishaan itti bu’u jireenyi ishii keessatti ni socho’ a. ergasi biqiltuu guddoo ta’uun hiddi ishii lafa qabata, jirmaa fi damee baafachuun gara samii ol dheeratti. Argitanii! Firii xiqqoo san irraa mukni hanga wayi gahuu ol baha.

Haaluma kanaan ilmi namaas Guyyaa Qiyaamaa lafee xiqqoo irraa ijaarraama. Yommuu bishaan itti bu’u akkuma biqiltuun biqilu qaamni ilma namaas biqila. Lafeen qaamni irraa biqilu “Ajbu az-zanabi (lafee eegee)” jedhamti. Lafeen tuni lafee wal qabatanii morma irraa hanga taa’ a dheeratan dhumarratti tan argamtudha. Fakkii irraa ilaalu dandeessu.



Fakkii1. Dugda namaan duubatti "Coccygeal vertebrate" bakki jettu lafee eege agarsiisti. Akka sirriitti mul’atuuf gara mirgaatti fakkiin kaafame jira. Halluu diiman kan dibame lafee eege agarsiisa.

Abu Hureeyran akka dabarsetti, Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan: “**Afuuffi xurumbaa lamaan jidduu afurtama jira.**” [Namoonni Abu Hureeyraa marsan] ni jedhan, “Yaa Abu Hureyraa, guyyaa afurtamaa jechuu keeti?” Innis ni jedhe, “Homaa jechuu hin danda’u”, Ni jedhan, “Ji’ a afurtama jechuu keeti?” Innis ni jedhe, ‘Homaa jechuu hin danda’u’ Isaanis ni jedhan, “Waggaa afurtama jechuu keeti?” Innis ni jedhe, ‘Homaa jechuu hin danda’u’ **‘San booda Rabbiin bishaan samii irraa ni buusa. Ergasiiakkuma kuduraan (baaqelan, atarri) biqilu isaanis (namoonnis) ni biqilu.** Nama irraa wanti hin tortorre hin jiru lafee takkatti malee. Lafeen sunis **Ajbu az-zanabi (lafee eegee)**” jedhamti. Guyyaa Qiyaamaa lafee tana irraa uumamni [namaa] ni ijaarrama.” [Sahih Muslim 2955 a](#)

Muslim karaa biraatinakkana jechuun gabaase. Ergamaan Rabbii (SAW)akkana jedhan: “**Dhugumatti ilma namaa keessa lafee gonkumaa ardiin (biyyeen) hin nyaannetu jira. Guyyaa Qiyaamaa ishii irraa [qaamni ilma namaa] lamuu ijaarrama.**” Namoonni ni jedhan, “Lafee tami (kami) Yaa Ergamaa Rabbii?” Innis ni jedhe, “**Ajbu az-zanabi (lafee eegee)**” [Sahih Muslim 2955 c](#)

Mee amma wal-fakkeenyabiqiluu biqiltoota fi kaafamu ilma namaa jidduu jiru haa ilaallu. Biqiltooni sanyii (firii) xiqqoo fi gogduu irraa biqiluun muka guddaa ykn midhaan callaa kennu ta’u. Ilmi namaas lafee xiqqoo fi gogdu irraa lamuu ijaarramun kaafamu. Asitti wal fakkeenyi jiru firiin biqiltoota **xiqqoo fi gogdu** ta’uu, lafeen namni irraa ijaarramus **xiqqoo fi gogdu** ta’uu. Yommuu firii biqiltootatti roobni roobu, hiddaa fi damee baasu, magariisa ta’u. Haaluma kanaan Guyyaa Qiyaamaa ilmi namaas yommuu Rabbiin rooba itti roobsu, Rabbiin lafee xiqqoo san irraa qaama guutu lamuu ijaara. Wal fakkeenyi asitti argannu **roobni lamaan isaan irratti roobu** fiakkuma biqiltooni **hiddaa fi damee baasan** ilmi namaas qaamoleen akka **harkaa, lukaa, gurraa fi kkf isaaf deebi’u** (lamuu ijaarramu)dha. Ammas wal fakkeenyi biraa **lamaan isaanitu dachii keessaa** ol bahu. Wal fakkeenyi kana hundaa caalu maal akka ta’e beektu?

Wal fakkeenyi guddaan isaan lamaan jidduu jiru **Rabbul aalamiin (Gooftaa addunyaa hundaatu) isaan biqilcha ykn lamuu ijaara.** Ilmaan namaa osoo bakka tokkotti walitti qabamaniyyuu firii qamadii biqilchu danda’u? Gonkumaa hin danda’an. Rabbiinakkuma firii xiqqoo fi gogdu biqilchu ilma namaas lafee xiqqoo irraa deebise ni ijaara.

3. Walitti Qabamuu Namootaa

Namoonni erga qabrii (awwaalcha) isaanii keessaa yaa'anii booda ooydii maashar (bakka walitti qabamaatti) walitti qabamu. Qur'aanni fakkii qabrii keessaa namoonni yaa'anii gara lallabaa (waamaa) fiigan haala kanaan nutti agarsiisa.

﴿يَوْمٌ يَتَبَعُونَ الْدَّاعِيَ لَا عِوْجَ لَهُ وَحَشَعَتِ الْأَصْوَاتُ لِلرَّحْمَنِ فَلَا تَسْمَعُ إِلَّا هَمْسَاءٌ﴾

“Guyyaa san lallabaa hordofu; asii fi achi irraa dabuun isaaniif hin jiru. Sagaleen hunduu Rahmaaniif (**Rabbiiif**) gadi jetti. Shokoksaa malee homaa hin dhageessu.” (suuratu Xaahaa 20:108)

Namoonni jalqaba dachii irratti dhufan irraa kaasee hanga dhuma isaaniitti osoo homaa hin hafin walitti qabamu. Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) ni jedha:

﴿قُلْ إِنَّ الْأَوَّلِينَ وَالآخِرِينَ﴾

Jedhi “Dhugumatti, isaan jalqabaas ta'ee isaan boodaas [ni kaafamu]”

﴿لَمْ جُمُوعُونَ إِلَى مِيقَاتِ يَوْمٍ مَعْلُومٍ﴾

Beellama Guyyaa beekkamaa keessatti walitti ni qabamu.” Suuratu Al-Waaqi'ah 56:49-50

Namoonni jalqaba uumamanii fi dhumarra dhufan tokkollee osoo hin hafin walitti qabamu.

Rabbitiin (subhaanahu wa ta'aala) ni jedha:

﴿وَيَوْمَ نُسِيرُ الْجِبَالَ وَتَرَى الْأَرْضَ بَارِزَةً وَحَشَرْنَاهُمْ فَلَمْ نُغَادِرْ مِنْهُمْ أَحَدًا﴾

“Guyyaa gaarreen bakkaa kaafnuu fi dachiis dirree wal-qixxaataa taate argitu [akeekachiisi]; isaan (namoota hundaa) walitti qabna. Isaan irraas nama tokkollee duubatti hin hanbifnu.”

﴿وَعَرِضُوا عَلَى رَبِّكَ صَفَّا لَقَدْ جِئْتُمُونَا كَمَا خَلَقْنَاكُمْ أَوَّلَ مَرَّةٍ بَلْ زَعَمْتُمْ أَنَّنَا نَجْعَلَ لَكُمْ مَوْعِدًا﴾

“Hiriiran Gooftaa kee fuunduratti dhiyefamu. [Innis ni jedha], “Dhugumatti akkuma yeroo jalqabaa isin uumnnetti Nutti dhuftan. Garuu Nuti beellama kan isiniif hin goone gootanii yaaddan.” (Kana jechuun ‘Guyyaan Qiyaamaa hin jiru.’ jechuun kijibsiisaa turtan)” Suuratu Al-Kahf 18:47-48

Bishaan keessatti haa nyaataman, ardi keessa haa liyan, bineensan haa nyaataman, bakka fedhan haa seenan, Rabbiin bakka hundaa isaan fide walitti qaba. Kana gochuu irraa wanti Isa dadhabsiisu tokkollee hin jiru. Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa ni jedha:

﴿أَيْنَ مَا تَكُونُوا يَأْتِ بِكُمُ اللَّهُ جَمِيعًا إِنَّ اللَّهَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ﴾

“Eessallee yoo taatan Rabbiin [Guyyaa Qiyaamaa] hunda keessanuu ni fida. Dhugumatti, Rabbiin waan hundaa irratti Danda’adha.” Suuratu al-Baqara 2:148

Haati mu’mintoota tan taate Aa’ishaan (Radiyallahu anhaa) akkana jechuun gabaaste,

Ergamaan Rabbii (SAW) akkana osoo jedhanu dhagahee jira, “**Guyyaa Qiyaamaa namoonni miila duwwaa, qullaa fi kan hin kittaanamne ta'anii walitti qabamu.**” Anis ni jedhe, “Yaa Ergamaa Rabbii! Dubartoonni fi dhiironni bakka tokkotti walitti qabamuun gariin garii osoo wal ilaalanuu moo?” Ergamaan Rabbiis (SAW) ni jedhe, “**Yaa Aa’isha! Gariin garii ilaalu irra dhimmichi garmalee ulfaatadha.**” [Sahih Muslim 2859](#) a

Namni guyyaa san yoom achi garagalee qullaa namaa ilaala. Dhimmi Qiyaamaa garmalee ulfaataa waan ta’eeef. Hundi isaanitu, adabbii cimaa jalaa bahuuf nafsi, nafsi (lubbuu koo, lubbuu koo) jedha.

Namoonni qaama qullaa qabrii keessaa yaa’anii iddo walitti qabamaatti erga walitti qabamanii booda Nabiyooni, namoonni gaggaariin Rabbitti amananii fi hojji gaggaarii hojjataa turan, uffata kabaja uwatifamu. Jallatoonni fi kaafiroonni immoo uffata salphinnaa uwatifamu.

Guyyaa kana namni jalqaba uwatifamu, Nabii Ibraahiim (aleeyh salaam). Ibn Abbaas akka gabaasetti, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: “**Guyyaa Qiyaamaa namoonni qullaa fi kan hin kittaanamne ta'anii walitti qabamu. Namoota hundaa dursee namni jalqaba uwatifamu Ibraahiim (aleeyh salaam).**” Ergasii Ergamaan Rabbii (SAW) aayaa tana ni qara’an, “**Akkuma uumama duraa jalqabnetti isa deebifna.**” (suuratu Anbiyaa 21:104)” [Sunan an-Nasa'i 2082](#)

Guddinnaa fi Ulfaatinnaa Guyyaa Qiyaamaa

Qur'aanni Guyyaan Qiyaamaa garmalee kan nama dhamaasu fi rifachisu ta'uu isaa nuuf hima. Guyyaa ijji isaanii dhamaatu, lubbuun isaanii garmalee dhiphattu fi onneen isaanii kokke itti geettudha.

Wantoota gurguddaa guyyaa kana adeemsifaman keessaa yuniversiin guutuun barbaada'uu fi diddigamuudha. Rabbiin wanta gara fuunduraatti uumamu hunda beeku, dachiin akka sochootu, gaarreen akka bakka buqqa'anii fi babbittinaa'an, galaanonni akka walitti makamanii fi ibiddi itti qabsiifamuu, samiin akka dhodhootu, naannoftu fi wantoonni biroo akka uumaman nutti beeksisee jira. Bakka baay'eetti Qur'aana irraa ilaalun ni danda'ama.

Guyyaa Qiyaamaa Haala Ilma Namaa

Guyyaa kana haalli ilma namaa baay'ee garagara. Asitti haala namoota kaafira ta'anii, Muslimtoota badii hojjatanii fi warroota gaggaarii (saalihota) hanga danda'ameen ni ilaalla.

Haala Kaafiraa

Kaafira jechuun nama Rabbii gaditti wanta biraan gabbaru ykn Rabbitti amanuu didu ykn arkaanota iimaanatti nama amanuu diduudha. Kufr jechuun wanta tokko dhoksuudha. Namni kufrii hojjatu kaafira kan jedhameef dhugaa fi ragaalee ifa bahan waan dhoksuufi ykn fudhachuu diduufi. Ragaan Guyyaa Qiyaamaa agarsiisu osoo isa fuundura jiru, "Guyyaan Qiyaamaa hin jiru" jechuun waakkata. Kanaafi, adabbiin kaafira Guyyaa Qiyaamaa guddaadha.

Haala kaafira Guyyaa kanaa mee muraasa isaanii haa ilaallu:

Rabbit (subhaanahu wa ta'aalaa) haala kaafirotaa yommuu qabrii keessaa bahanii haala kanaan ibsa:

﴿فَذَرْهُمْ يَخُوضُوا وَيَلْعَبُوا حَتَّىٰ يُلْقَوْا يَوْمَهُمُ الَّذِي يُوعَدُونَ ﴾ ٤٥
 يَخْرُجُونَ مِنَ الْأَجْدَاثِ سِرَاعًا كَانُوهُمْ إِلَىٰ نُصُبٍ يُوفِضُونَ ﴾ ٤٦ خَشِعَةً
 أَبْصَرُهُمْ تَرْهَقُهُمْ ذِلَّةٌ ذَلِكَ الْيَوْمُ الَّذِي كَانُوا يُوعَدُونَ ﴾ ٤٧﴾

“Hanga Guyyaa isaan itti beellamaman qunnamanitti wanta faaydi hin qabne keessatti lixanii haa taphatanii isaan dhiisi. Guyyaa qabrii keessaa ariifataa bahan; isaan waan gara taabotaa fiigan fakkaatu. Ijji isaanii gadi jettee salphinni isaan haguuga. Sun Guyyaa isaan sodaachifamaa turaniidha.” Suuratu Al-Ma’arrij 70:43-44

Addunyaa irratti akkuma gara taabota gabbaranii fiigaa turan Guyyaa qabrii keessaa yaa’aniis gara madda sagalee fiigu. Garuu guyyaa kana gammadaa fi of tuulaa osoo hin ta’in salphattoota ta’anii fi ijji isaanii sodaan guuttamte gara ooydi maashar fiigu. Aayaa (keeyyata) Qur'aanaa biraa keessatti:

﴿وَلَا تَحْسَبَنَّ اللَّهَ غَافِلًا عَمَّا يَعْمَلُ الظَّالِمُونَ إِنَّمَا يُؤَخِّرُهُمْ لِيَوْمٍ تَشَخَّصُ فِيهِ الْأَبْصَرُ﴾

“Rabbiin waan miidhaa hojjattooni (Zaalimonni) raawwatan irraa dagataa ta’uu hin yaadin. Kan Rabbiin isaan tursiisuuf Guyyaa isa keessa ijji sodaadhan bobaastudha.

﴿مُهْطِعِينَ مُقْنِعِينَ رُءُوسِهِمْ لَا يَرْتَدُ إِلَيْهِمْ طَرْفُهُمْ وَأَفْدَتُهُمْ هَوَاءُ﴾

[Gara waamichaatti] fiigaa mataa isaanii kan olkaasan ta’anii [ijji isaani olkaati]. Ijji isaaniis gara isaaniitti hin deebitu. Qalbiin isaanis duwwaadha.” Suuraa Ibraahim: 42-43

“Namoonni gariin zaalimooni addunyaa tana keessatti jirenya gammachuu fi mijaa’ a yommuu jiraatan ni ilaalu. Namoonni akkanaa akeekachisa Rabbii ni dhagahu, garuu jirenya tana keessatti kan isaanitti bu’u hin argan. Aayan armaan

olii tuni qabiinsa dhumaa isaan itti adabamanii fi san booda adabbii kana jalaa miliquu hin dandeenye tan agarsiistudha. Kuni kan adeemsifamu guyyaa ijji sodaan bobaastu fi libsachuu kan hin dandeenyedha. Sodaan gara hundaan isaan marsa.

Itti aansuun fakkii namoota fiiganii fi fuula isaanii asii fi achi hin garagalchine agarsiisa. Mataa isaanii olkaasu, kana barbaadanii osoo hin ta'in garmalee isaan irratti waan jabaatee fi oli gadi sochoosu waan hin dandeenyefi. Ijji isaanii gara sodaa arganii ilaalti. Ijji hin libsattu, isaanitti hin deebitu. Qalbiin isaanii sodaa cimaa irraa kan ka'ee duwwaa fi qullaadha. Wanta yaadachuu fi hubachuu danda'an homaa of keessaa hin qabdu, sodaa cimaan waan guuttamteef. Kuni Guyyaa Rabbiin warroota miidhaa raawwatan (zaalimoota) itti tursiisudha. Guyyaa san sodaadhaan guuttamanii bakka isaanii dhaabbatu."

Guddinnaa fi ulfaatinna Guyyaa kanaa irraa kan ka'e, Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) irra deddeebi'uun ilma namaa akeekachiisa. Akkana jedha:

﴿وَأَنذِرِ النَّاسَ يَوْمَ يَأْتِيهِمُ الْعَذَابُ فَيَقُولُ الَّذِينَ ظَلَمُوا رَبَّنَا أَخْرُنَا إِلَى أَجْلٍ قَرِيبٍ نُحْبِطْ دُعَوَاتَكَ وَنَتَبِعُ الرُّسُلَ أَوْ لَمْ تَكُونُوا أَقْسَمُهُمْ مِنْ قَبْلٍ مَا لَكُمْ مِنْ زَوَالٍ﴾

"Guyyaa adabbiin isaanitti dhufee, warri miidhaa hojjatan, "Gooftaa keenya! Hanga beellama muraasatti nu tursiisi; waamicha Kee awwaannee Ergamtoota Keetis hordofnaa." Jedhan san namoota akeekachisi. "Sila isin kanaan dura, '[Addunyaa irraa gara aakhiraal] deemsi nuuf hin jiru' jechuun kakachaa hin turree?" (suuratu Ibraahim 14:44)

Ammas zaalimota Guyyaa kana adabbii isaan eeggatu mee ilaali.

﴿وَتَرَى الْمُجْرِمِينَ يَوْمَئِذٍ مُّقْرَنِينَ فِي الْأَصْفَادِ سَرَابِيلُهُمْ مِنْ قَطِرَانٍ وَتَغْشَى وُجُوهُهُمُ النَّارُ﴾

"Guyyaa san badii hojattoota sakaallaa (sansalata) keessatti walitti

qindaa'anii (hidhamanii) argita. Qamiisin isaanii "Qaxiraanaa (reenjii)" irraayyi. Ibiddis fuula isaanii ni haguuga." Suuratu Ibraahim 14:49-50
Reenjii jechuun dhangala'oo gurraacha furdan ta'ee fi daddafe hin dhangalaanedha.

Falmii warroota ibiddaa

Waa'ee Guyyaa Qiyaama itti fufuun warri ibidda seenan falmii akkami akka adeemsisan muraasa isaanii haa ilaallu. Falmiin kuni falmii geeybii dhugaadhaan gara fuunduraatti dhufuudha. Sababni isaas, odeefannoo Rabbal aalamiina irraa dhufeedha. Geeybi jechuun wanta dhokataa namarraa fagoo ta'e yookiin ammatti ijaan kan hin argine yookiin sammuu fi qaamoleen miiraa bira gahu kan hin dandeenyedha. Haguuggin ilma namaa fi geeybi jidduu jiru wantoota afur keessaa tokko ykn hunda isaanitu ta'u danda'u. Haguuggin kunniinis: (1). Yeroo darbee fi kan dhufu, (2) fagaachu bakka, (3) dadhabbinna qaamolee miiraa fi (4) girdoon jiraachu. Wanti darbee fi gara fuunduraatti dhufu namaaf geeybidha. [1]Fakkeenyaf, seenan ummata darbee nuuf geeybidha (dhokataadha). Guyyaan Qiyaamas gara fuundurraatti waan dhufuuf yeroo ammaa kanatti geeybidha. Ammas, wanti tokko bakka fagoo yoo jiraate ykn girdoon wantichaa fi nama jiddu yoo jiraate, wanti suni geeybidha. Akkasumas, miiran bira gahuu kan hin dandeenya geeybidha. Rabbiin (subhaanahu wa ta'aalaa) miirri keenya Isa bira gahuu waan hin dandeenyef nuti Isa arguu hin dandeenyu. Garuu wanti Rabbiin irraa dhokataa ta'u tokkollee hin jiru. Wanta hundaa ni arga, ni beeka waan ta'eef.

Wanti ijaan arginu baay'ee xiqqoodha. Namni "Wanta hundaa ijaan argee mirkaneefachu qaba" jedhee mormuun haqa fudhachuu yoo dide, mataa ofii qofa miidha. Falmiin Guyyaa Qiyaamas wanta geeybi ta'eedha. Ammatti ijaan kan hin argine garuu gara fuunduraatti kan dhufuudha. Kuni shakkii hin qabu. Rabbiin waan hundaa beeku kitaaba Ergamaa Isaa (SAW) irratti buusun waa nutti beeksiseef. Wantoota geeybi kanniin mallatoodhaan ykn odeefannoo dhugaan beeku dandeenya.

Rabbit (azza wa jalla) ni jedha:

﴿وَبَرَزُوا لِلَّهِ جَمِيعًا فَقَالَ الْكُفَّارُ أَسْتَكْبِرُوا إِنَّا كُنَّا لَكُمْ تَبَعًا فَهُلْ أَنْتُمْ مُغْنُونَ عَنَّا مِنْ عَذَابِ اللَّهِ مِنْ شَيْءٍ قَالُوا لَوْ هَدَنَا اللَّهُ لَهَدَنَا كُمْ سَوَاءٌ عَلَيْنَا أَجْزِعَنَا أَمْ صَبَرَنَا مَا لَنَا مِنْ مَحِيصٍ﴾

"[Guyyaa Qiyaamaa] hundii isaanitu Rabbiin fuunduratti bahu (mul'atu). Dadhabdoonni warra boonaniin ni jedhu, "Dhugumatti nuti hordoftoota keessan turre. Sila isin adabbii Rabbii irraa waan tokkoo nurraa deebisuu dandeessu?" [Isaan boonanis] ni jedhu, 'Osoo Rabbiin nu qajeelche silaa nutis isin qajeelchinaa turre. [Har'a] obsinus obsuu baannus narratti waluma qixa. Iddoon baqannaal tokkos nuuf hin jiru.'" Suuratu Ibraahim 14:21

Aayaa tana akka nuuf ibsu Sayyid Quxbitti gadi haa dhiisnu [2]: Daangaa darbitooni kijibsitoota ta'an, dadhabdoonni, isaan waliin sheyxaannni, ergasii warroonni amananii fi hojii gaarii hojjatan hundi isaanitu ni mul'atu. Dhugumatti, isaan yeroo hundaa Rabbitti ni mul'atu. Garuu yeroo kanatti haguuggi isaan haguugu, dhoksu fi eegu akka hin jirre ni hubatu. Isa fuunduratti mul'atan, haguuggin irraa ka'e, mariin jalqabame:

Warroonni dadhaboon warroota boonaniin akkana jedhu: "**Dhugumatti nuti hordoftoota keessan turre. Sila isin adabbii Rabbii irraa waan tokkoo nurraa deebisuu dandeessu?**"... dadhabdoonni isaanumatu dadhabdoota! Amala barbaachisa ilmaan namaa Rabbiin biratti kabajamaa isaan taasisu warroota gadi dhiisaniidha. *Amalli isaan gadi dhiisan kunis amala bilisaan yaadu, amanuu fi filachuuti. Mataa ofii jallatoota fi of-tuultootaaf hordoftoota (gabroota) taasisan.* *Rabbii Tokkichaaf buluu dhiisanii daangaa darbitoota kanniinif akka gabraa bulan.* Dadhabbiin kuni uzrii (sababa) hin ta'u. Dhugumatti yakka isaaniti. Rabbiin ilmi namaa dadhabaa akka ta'u hin fedhu. Akka eeggumsaa Isarrraa barbaadanii fi gargaarsa argatan [gara Isaatti] namoota waama. Eenyullee jaallates jaallatu baates qooda bilisummaa namni ittiin kabajamuu akka dhaban Rabbiin hin barbaadu. Humni meeshaa hanga fedhe haa guddatu, nama bilisummaa fi kabaja ilma namaa qabaachu barbaadu gabra godhachuu hin danda'u. Guddate guddatu wanti humni kuni godhu qaama irratti aangoo argachuudha. Ni rakkisu, ni dararu, ni hidhu.

Garuu hidda, ruuhi fi sammuu hidhuu, salphisuu hin danda'an. Namtichi ofin hidhaa fi salphinnaaf yoo itti of kenne malee.

Eenyetu dadhabdoota kanniin amantiin, yaada fi adeemsan akka of-tuultoota (boontota) hordofan dirqisiisaa? Eenyetu dadhabdoota kanniin Rabbiin ala kan biraatiif akka bulan isaan taasisaa? Nafsee isaanii dadhabdu tan taate malee eenyullee isaan hin dirqisiisne. Isaan dadhabdoota kan ta'aniif daangaa darbitoota caalaa humna meeshaatin xiqqaa waan ta'anifii miti, yookiin beekkamtiin, qabeenyanii fi sadarkaan xiqqaa waan ta'anifii miti. Kuni dhiibban isaa xiqqaadha! Kunniin wanta gubbaa mul'atanii fi isaan dhabuun dadhabbinna dhugaati jechuu miti. Kana irra, isaan dadhabdoota kan ta'aniif dadhabbinna ruuhi, qalbii fi sammuu isaanii keessa jiruudha.

Warroonni dadhaboon baay'eedha, oftuultonni immoo xiqqoodha. Akkamitti baay'een warra lakkoofsan xiqqoof gabra ta'u? Maaltu isaan gadi xiqqeessa? Wanti isaan gadi xiqqeessu ruuhin dadhabuu, himmaan (ol fageessanii yaadun) kufuu, miirri kabajaa xiqqaachu fi kabaja Rabbiin ilma namaatif kenne irraa bu'uudha.

Dhugumatti jallattoonni namoota baay'ee gabra godhachuu hin danda'an namoonni kunnin yoo fedhan malee.

Waltajji aakhiraatti warroonni dadhabdooni oftuultotaan akkana jedhu: "**Dhugumatti nuti hordoftoota keessan turre. Sila isin adabbii Rabbii irraa waan tokkoo nurraa deebisuu dandeessu?**" dhugumatti isin hordofuun kunoo gahuumsa laalessaa (badaa) kana geenye jirra...

Oftuultoonis; "**Osoo Rabbiin nu qajeelche silaa nutis isin qajeelchinaa turre.**" Jechuun deebisuu. Maaliif nu ajiifattu wanta wal fakkaatu dhandhamaa osoo jirru? Nuti mataa keenyan qajeelcha hordofuun isin jallinnatti hin dhiisne. Osoo Rabbiin nu qajeelche silaa qajeelchatti isin geessinaa turre akkuma yeroo jallanne san jallinnatti isin geessine." Jecha sayyid addaan kutuun wanta itti dabaluun qaba.

Namoonni kunniin qajeelcha kan dhabaniif isaantu karaa jallinaa hordofe. Osoo gara Rabbii deebi'anii silaa Rabbiin isaan qajeelcha ture. Ragaan kanaa:

﴿ قُلْ إِنَّ اللَّهَ يُضِلُّ مَنْ يَشَاءُ وَيَهْدِي إِلَيْهِ مَنْ أَنَابَ ﴾ ٢٧

Jedhi “Dhugumatti, Rabbiin nama fedhe ni jallisa, nama [tawbaan gara Isaatti] deebi’e immoo gara Isaatti qajeelcha.” Suuratu ar-Ra’ad 13:27

Qajeelchi fi jallinni sababa qaba. Rabbiin beekumsa fi ogummaa Isaatin nama fedhe ni jallisa nama fedhe immoo ni qajeelcha. Garuu Rabbiin sababa tokko malee nama hin jallis. Namtichi sababa nama jallis yoo hojjate, Rabbiin jallinna keessatti isa dhiisa. Fakkeenyaf, sheyxaana hordofuun hojii badaa hojjachuu yoo itti fufe, namtichi ni jallata. Ragaan kanaa:

“Oduu nama Aayaata (mallatoole, keeyattoota, barnoota, ragaa ifa bahaa) Keenya isaaf kenniinaan [Aayaata] irraa bahee ergasii sheyxaanni isa hordofee fi jallatoota irraa ta’ee isaaniif odeessi. Odoo feenee isaaniin (Aayaata keenyan) ol isa kaasnaa turre. Garuu inni gara dachiitti dabe, fedhii lubbuu isaas ni hordofe. Fakkeenyi isaa akka fakkii saree yoo ariite arraba baasuu, yoo dhiistes arraba baasuuti. Kuni fakkeenya ummata Aayaata keenya kijibsiisaniiti. Akka isaan xinxallaniif jecha seenaalee odeessi.” Suura Al-A’araaf (7):175-176

Kanaafu, wanti asirraa hubannu namtichi aakhira dhiise addunyaa tana jaallachuun yommuu fedhii lubbuu hordofu, sheyxaanni isa hordofee daandii haqaa irraa jallise. Namtichi gara Rabbii dhugaan waan hin deebineef, Rabbiin jallinna irratti isa dhiise. Osoo gara Isaa deebi’ ee silaa ni qajeelcha ture. Namoonni jallatanii namoota biroo jallisaniis kanumaan wal fakkaatu.

Falmiin namoota jiddu erga xumurame booda, sheyxaanniakkana jechuun falma: “Yeroo dhimmichi murteeffame sheyxaanni ni jedha, “Dhugumatti, Rabbiin waadaa dhugaa isiniif waadaa galee jira. Anis waadaa isiniif galee jira garuu isin gane. Ani aangoo wayituu isinirratti hin qabuu turee isin affeelu (waamu) malee. Isinis naaf awwaattan. Kanaafu, ana hin komatinaa ofuma (matama) keessan komadhaa. Ani isiniif birmataa mitii, isinis naaf birmatoo miti. Ani waan isin duraan [Rabbitti] na qindeessitan mormeera. Dhugumatti zaalimtootaf (miidhaa raawwatootaaf) adabbii laalessaatu isaaniif jira.” Suuratu Ibraahim 14:22

Warri jannataa jannata seenun warri ibiddaa ibidda seenun dhimmichi yommuu murteefame sheyxaanni ni jedha; "**Dhugumatti, Rabbiin waadaa dhugaa isiniif waadaa galee jira.**" Kana jechuun arraba Ergamtootaa irratti waadaa dhugaa isiniif galee jira. Nama Rabbiif bulee fi Ergamtoota hordofee nageenyi fi milkaa'inni (jannanni) akka jiru waadaa galee jira. Waadaan kunis waadaa dhugaati. "**Anis waadaa isiniif galee jira garuu isin gane**" waadaa kiyya isiniif hin guunne, nan diige. Akkuma Rabbiin jedhe:

﴿يَعِدُهُمْ وَيُمَتِّهِمْ وَمَا يَعِدُهُمُ الشَّيْطَانُ إِلَّا غُرُورًا﴾

“Isaaniif waadaa seena, isaan hawwisiisa. Sheyxaanni gowwomsaa malee isaaniif waadaa hin seenu.” (suuratu An-Nisaa 4:120)

(Wanti sheyxaanni waadaa namaaf seenu baay'eedha. Fakkeenyaf, addunyaa keessatti eenyulle isin hin moo'attu Muslimtoota irratti duulaa. Amanti hordofuu yoo dhiistan guddinnaa fi qaroominna guddaa irra geessan. Addunyaa ni too'attu. Yeroo du'atti ykn jaarsumatti dhiyaatte ni tawbatta, amma maaltu si mudde?" fi kkf isaaniin jechuun waadaa gowwomsaa isaaniif seena.) Guyyaa Qiyaamaa dhimmichi yoo murteefame, sheyxaanni isaan gana. Ni jedha, "**Ani aangoo wayituu isinirratti hin qabuu turee**" Asitti aangoo (sulxaana) jechuun ragaadha. Gara wanta isin itti waamutti ragaa qabatamaa fi dhugaa hin qabu ture. Waadaa isiniif galaa tureef mirkaneefannaan dhugaa hin jiru. Ragaa tokko malee isin waame. Isinis waamicha kiyya ni awwaatan. "**Kanaafu [har'a] ana hin komatinnaa (hin ajiifatinaa) matama keessan komadhaa (ajiifadhaa).**" Ragaa Ergamtoonni isinitti fidan faallessu fi soba ani isin itti waamaa ture waan hordoftaniif badiin (zanbiin) keessani. "**Ani isiniif birmataa mitii isinis naaf birmatoo miti.**" kana jechuun rakkoo amma keessa jirtan kanarraa isin baraaru fi gargaaru hin danda'u. Isinis na baraaru hin dandeessan. "**Ani waan isin duraan [Rabbitti] na qindeessitan mormeera.**" Rabbiin waliin na qindeessu keessan irraa ani bilisa. Ani Rabbiif shariika (hiriyyaa) miti. Naaf ajajamuun isin irra hin jiru ture. "**Dhugumatti zaalimtootaf (miidhaa raawwatootaaf)**" kana jechuun warra haqa irraa garagaluun soba hordofan, miidhaa raawwataniif fi sheyxaanaf tole jedhaniif "**adabbii laalessaatu isaaniif jira.**" [3][4]

Guduunfaa

- ﴿ Namni warroota jallattoota fi boontota hordofu boru adabbii badaatu isa dhaqqaba. Fakkeenyaf, misooma kaafirtootaa ilaalun namni Islaama gadi dhiise boru adabbii isa/ishii qunnamuuf itti gaafatatumumma kan fudhatu isuma /ishima.
- ﴿ Jallattooni fi daangaa darbitoonni sammuu fi qalbii nama irratti aangoo hin qaban.
- ﴿ Sheyxanni ragaa qabatamaa ittiin nama jallis u u qabu. Garuu wanta san namatti bareechisuun itti waama. Ergasii namoonni isaaf awwaatu. Fakkeenyaf, Rabbii gaditti wanta biraa gabbaruu ragaa maalii qabaa? Iyyasuus Gooftaa ta'uu ragaan qabatamaan jiraa? Gonkumaa ragaan dhugaa fi qabatamaan hin jiru. Kijiba namoonni uuman malee.
- ﴿ Sheyxanni wanta badaa ykn faaydi hangas mara hin qabne nama hawwisa. Ergasii badii hamatti nama geessa. Kanaafu, namni qaruuten sheyxana hin hordofu.

Kitaaba wabii

- [Al-Qiyaamatul Kubra](#)-fuula, 31-35, 51-..., by Umar Suleymaan Al-Ashqar
- [1] Zaahirul Nifaaqi wa khabaa'isul munaafiqiin fii taarikh-1/372, Abdurahmaan Hasan Madiniyy
- [2][Al-Qiyaamatul Kubra](#)-fuula 131-134..., by Umar Suleymaan Al-Ashqar
- [3] Tafsiir ibn Kasiir- 4/489-490, Daaru Xaybaa
- [4] Taysirul Kariimil Rahmaani fii tafsiiri Kalaamil Mannaani, Abdurahman bin Naasir Sa'diyi-fuula 492, Daaru salaam

Guyyaa Qiyaamaa Haala Muslimootaa

Kutaa darbe keessatti haala kaafirtoota muraasa isaanii ilaalle jirra. Tarii mata dureen Guyyaa Qiyaamaa dheerachuun nuffiin isinitti dhagahamu danda'a. Garuu yeroo amma keessa jiraannu kanatti mata dureen kuni garmalee barbaachisaa waan ta'eef dheerassuun dirqama nutti ta'e. Dhugumatti, namoonni baay'een Guyyaa Qiyaamaa dagatanii jiru. Maaliif jiruu tana keessa jiraatta? Eessaa deemaajirta? Jedhamanii yommuu gaafataman, "hin beeku" jechuun deebisu. Dhugumatti Guyyaa Qiyaamatti amanuu diduu fi itti qophaa'u dhiisun jirenya keessatti akka dhama'an nama taasisa. Dabalataanis, hojiin gaariin Rabbiin biratti fudhatama kan argatu Rabbii fi Guyyaa Qiyaamatti yoo amananiidha. Qur'aana keessa yoo ilaaltan Rabbiin (subhaanahu wa ta'alaa) irra deddeebi'un guyyaa kana ilma namaa akeekachisa.

﴿يَا أَيُّهَا النَّاسُ اتَّقُوا رَبَّكُمْ وَأَخْشُوْا يَوْمًا لَا يَجِزِي وَالِّدُ عَن وَلَدِهِ وَلَا مَوْلُودٌ هُوَ جَازٍ عَن وَالِّدِهِ شَيْءًا إِنَّ وَعْدَ اللَّهِ حَقٌ فَلَا تَغُرَّنَّكُمُ الْحَيَاةُ الدُّنْيَا وَلَا يَغُرَّنَّكُم بِاللَّهِ الْغُرُورُ﴾

"Yaa namoota! Gooftaa keessan sodaadhaa. Guyyaa abbaan ilma isaa homaa hin fayyadne, kan ilmis abbaa isaa hin fayyadne san sodaadhaa. Dhugumatti, waadaan Rabbii dhugaadha. Jiruun duniyaa isin hin gowwoomsin. Gowwoomsaan [obsa] Rabbiit in isin hin gowwoomsin."

(suuratu Luqmaan 31:33)

Waadaan Rabbii namoonni erga du'anii kaafamu, qoratamuu fi mindaa ykn adabbi argachuudha. Jiruun duniyaa miidhaginna fi faaya ishitiin isin hin gowwoomsin, aakhiraan irraa isin hin garagalchin. Gowwoomsaan immoo sheyxanaa. Sheyxanni obsaa fi dhiifama Rabbitiin nama gowwoomsa. Fakkeeyaf, akkana jechuun namatti hasaasa, "Osoo soba irra jiraatte, silaa Rabbiin si adaba." Yookiin akkana jedhaan, "Rahmanni Rabbii bal'aadha, Rabbiin araaramaa fi rahmata godhaadha." Garuu namtichi fuunduratti yoo hin tawbatin adabbi hamaan akka adabamu hin yaadatu. Namoonni cunqursaa fi badii

raawwatan Rabbiin hatamtamaan waan isaan hin adabneef, sheyxanaan gowwoomun dhumarratti adabbii badatti taru.

Mata duree Guyyaa Qiyaamaa dheerressun kunoo kanaaf barbaachise. Galaanaa addunyaa tanatti taranii yommuu adabbiin tasa bu'u rifachuun bu'aa maalii buusaa? Rabbiin ni jedha:

﴿أَسْتَحِبُّوْلِرِبِّكُمْ مِنْ قَبْلِ أَنْ يَأْتِيَ يَوْمٌ لَا مَرَدَّ لَهُ وَمِنَ اللَّهِ مَا لَكُمْ مِنْ
مَلْجَأٍ يَوْمَئِذٍ وَمَا لَكُمْ مِنْ نَكِيرٍ﴾

“Guyyaan namni isa deebisuu danda'u hin jirre sun Rabbiin irraa osoo isinitti hin dhufin dura, Rabbi keessaniif awwaadhaa. Guyyaa san garri itti dheessan isiniif hin jiru; [badii fi cubbuu keessan] mormuunis isiniif hin jiru.”
(Suuratu Shuuraa 42:47)

Guyyaan Qiyaamaa isinitti dhufuun dura, wanta Rabbiin itti ajaje hojjachuu fi wanta Inni irraa dhoowwe dhiisun, Rabbi keessaniif awwaadhaa. Guyyaa san garri itti dheettan isiniif hin jiru. Wanti hojjattan hundi kitaaba keessatti waan galmaa'ef badii fi cubbuu hojjattan mormuu hin dandeessan. Dabalataanis qaamni keessanis isin irratti ragaa baha.

Kanaafu, namni kamuu gaflaa keessa jiru irraa dammaquun imaanaa isaa dabalachuu, hojii badaa dhiisu fi hojii gaggaarii hojjachuun adabbii jalaa bahuu danda'a.

Amma itti aansun haala Muslimoota Guyyaa Qiyaamaa ilaalla. Kaafirtoonni hanga fedhan hojii gaarii yoo hojjatan Jannata akka hin seenne kutaalee darban keessatti ilaalle jirra. Sababni isaan Jannata hin seennef Rabbi Tokkicha isaan uume fi nyaachisu dhiisanii wanta biraan waan gabbaraniif (waaqefataniif).

Muslimoonni Rabbi gaditti wanta biraan waan hin gabbarree fi Isa qofa waan gabbaraniif Jannata seenu. Asitti Muslimoota bakka lamatti qoodun ni danda'ama. Isaanis, Muslimoota saalihoota (hojii badaa irraa fagaachun hojii gaggaarii kanneen hojjatanii) fi Muslimoota shirkii gaditti hojii badaa garagaraa hojjatanii

osoo hin tawbatin du'an. Shirkii jechuun Rabbitti waa qindeessudha. Fakkeenyaf, Malaykaa, Nabiyyii, awliyaa, nama du'ee fi kkf gargaarsa kadhachuu ykn haajaa biraa isaan hojjachu hin dandeenyeye irra barbaadudha. Namni shirkii guddaa hojjatee osoo hin tawbatin (gara Rabbii hin deebi'in) yoo du'e, yeroo hundaa ibidda keessa jiraata. Ragaan kanaa:

“Dhugumatti namni Rabbitti waa qindeesse Rabbiin isarratti Jannata haraama(dhowwaa) taasiseera. Teessoon isaas ibidda. Miidhaa raawwattootafis tumsitoonni hin jiran.” Suuraa Al-Maa’ida 5:72

Garuu namni shirkii gaditti hojii badaa hojjatee osoo hin tawbatin yoo du'e, Aakhiratti Rabbiin yoo fedhe ni adaba, yoo fedhe ni araaramaaaf. Ragaan kanaa:

“Dhugumatti, Rabbiin Isatti waa qindeeffamu hin araaramu. Waan sanaa gadii nama fedheef ni araarama. Namni Rabbitti qindeesse dhugumatti cubbuu guddaa uumeera.” Suuratu An-Nisaa 4:48

Haala Muslimoota shirkii gaditti badii gurguddaa hojjatanii osoo hin tawbatin du'an asumatti gabaabsinee, haala saalihoota ilaalla. Tarii gammachuu fi milkaa'inna isaan argatan kana ilaalun nutis akka isaanii ta'uuf carraaqu dandeenyaa.

Guyyaa Qiyaamaa yommuu namoonni rifatanii fi nayan namoota hin rifannee fi hin naanetu jira. Yommuu sodaa fi gaddi namoota haguugu namoota sodaa fi gaddi hin haguugnetu jira. Namoonni kunniin awliyaa'u Rahmaani kanneen Rabbitti amananii fi Guyyaa kanaaf hojii gaarii hojjachuun namoota of qopheessaniidha. Rabbiin Guyyaa kana nageenya isaaniif kenna. Yommuu qabrii keessaa kaafaman Malaykoonni Rahmaan (Rabbii) isaan simachuun sodaa irraa isaan tasgabbeessu. Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) haala isaanii ilaalchise akkana jedha:

﴿إِنَّ الَّذِينَ سَبَقُتْ لَهُمْ مِنَا الْحُسْنَىٰ أُولَئِكَ عَنْهَا مُبَعَّدُونَ ﴾١٦١﴿ لَا يَسْمَعُونَ حَسِيْسَهَا وَهُمْ فِي مَا أَشْتَهَىٰ نَفْسُهُمْ خَلِدُونَ ﴾١٦٢﴿ لَا يَحْزُنُهُمُ الْقَرْعُ الْأَكْبَرُ وَتَتَلَقَّهُمُ الْمَلِّيْكَةُ هَذَا يَوْمُكُمُ الَّذِي كُنْتُمْ تُوعَدُونَ ﴾١٦٣﴾

“Dhugumatti, warra Nu irraa milkiin isaaniif dabarte, isaan sun ishee (ibidda Jahannam) irraa fageeffamoodha. Sagalee ishee hin dhagahan; isaanis waan lubbuun isaanii jaallattu keessatti hafoodha. [Guyyaa Qiyaamaa] naasun guddaan isaan hin gaddisiisu. Malaaykonnis isaan qunnamuuun, “Kuni Guyyaa keessani kan waadaa isiniif galamaa tureedha.” [Jedhuun].” Suuratu Anbiyaa 21:101-103

Naasun guddaan yeroo namoonni qabrii keessaa yaa'an naasu isaan qunnamuudha. Gabroonni Rabbii gaggaarii ta'an naasu kana irraa nagaha bahu. Naasu guddaa kana jalaa erga bahanii fi siraaxa (riqicha jahannam) irra erga darbanii booda Jannata seensifamuun qananiin hundi achi keessatti guuttamaaf. Akka fakkeenyatti aaya lamaan tanniin haa ilaallu.

﴿إِنَّ الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّلِحَاتِ إِنَّا لَا نُضِيعُ أَجْرَ مَنْ أَحْسَنَ عَمَلًا ۚ أُولَئِكَ لَهُمْ جَنَّتُ عَدْنٍ تَجْرِي مِنْ تَحْتِهِمْ أَلَّا نَهَرٌ يُحَلَّوْنَ فِيهَا مِنْ أَسَاوِرَ مِنْ ذَهَبٍ وَيَلْبِسُونَ ثِيَابًا خُضْرًا مَنْ سُندُسٍ وَإِسْتَرَقٍ مُتَكَبِّرِينَ فِيهَا عَلَى الْأَرَائِكَ نَعْمَ الْثَوَابُ وَخَسِنتُ مُرْتَفَقًا﴾

“Dhugumatti isaan amananii fi hojii gaggaarii hojjatan, Nuti mindaa nama dalagaa tolchee hin balleessinu.

Warra san isaaniif Jannata qubsumaa kan laggeen isaan jala yaa'antu jira. Achi keessatti isaan gumeewwan warqee irraa ta'een miidhagfamu. Uffata magariisa hariira haphii fi furdaa irraa hojjataman uffatu. Ishii (Jannata) keessatti sireewwan faayaman irratti hirkatanii taa'u. Mindaan waa tole! Iddoon boqonnaas waa bareede!” (Suuratu al-Kahf 18:30-31)

Aaya tana akka nuuf ibsu Shekh Abdurahmaan Naasir Sa'diyyif haa dhiisnu: **“Dhugumatti isaan amananii fi hojii gaggaarii hojjatan”** kana jechuun Rabbitti, Malaaykotatti, Kitaabban Isaatti, Ergamtoota Isaatti, Guyyaa Aakhiraatti (Qiyaamatti) fi Qadaritti amanuu fi hojii gaggaarii dirqamoota fi jaallatamoo ta'an hojjachuun [amaloota lama] namoota walitti qabaniidha. **“Nuti mindaa nama dalagaa tolchee hin balleessinu.”** *Dalagaa tolchuu jechuun Shari'aa Rabbii hordofuun namtichi hojii gaarii Rabbiiif qofa jedhe hojjachuudha.* Hojii kana

Rabbiin hin balleessu. Homaas irraa hin hir'isu. Kana irra, hojjattootaf ni eega, hanga fi sadarkaa hojii isaanitiin mindaa ni kennaaf.

Mindaanisaanis itti aansun ni dubbate, “**Warra san isaaniif Jannata qubsumaa kan laggeen isaan jala yaa'antu jira. Achi keessatti isaan gumeewwan warqee irraa ta'een miidhagfamu. Uffata magariisaa hariira haphii fi furdaa irraa hojjataman uffatu. Ishii (Jannata) keessatti sireewwan faayaman irratti hirkatanii taa'u. Mindaan waa tole! Iddoon boqonnaas waa bareede!**” Kana jechuun namoonni amanuu fi hojii gaggaařii hojjachuun amalli isaanii ibsame, Jannata ol'aantu mukkeen ishii baay'atanii fi nama ishii keessa jiru dhoksitu isaaniif jira. Laggeen ishii baay'atuun mukkeen tarree galan kanniinii fi iddo jireenyaa sadarkaan ol'aanoo ta'an jala yaa'u. Achi keessatti faayni isaanii warqiidha, uffaanni isaanii magariisaa hariira haphii fi furdaa ta'e irraayyi. Ishii keessatti Araa'ika irratti hirkatu. Araa'ika jechuun sireewwan (alga) faayaman uffata garmalee bareedaa ta'een miidhagfamaniidha. Akkana yoo hin ta'in Araa'ika hin jedhamu. Araa'ika irratti hirkachuun boqonnaa guutuu argachuu, dadhabpii fi ifaajen isaan irraa deemu, tajaajiltoonni wanta barbaadan isaaniif dhiyeessuf fiigu kan agarsiisudha. Guutuun kanaa yeroo hundaa achi keessatti hafuu fi jirenyaa abadii achi jiraachudha. Kuni ganda kabajamaa hojjattootaf “**Mindaan waa toleedha!**” Iddoon boqonnaa fi jirenyaa waa bareededha! Achi keessatti boqonnaa fudhatu, wanta achi keessa jiru irraa wanta lubbuun feetu fi ijji itti gammaddu ni fayyadamu. Bal'ingga jirenyaa fi gammachuu, mirqaansu yeroo hundaa itti fufaa, mi'aa addaan hin cinnee fi qananii baay'ee keessa jiraatu.”[\[1\]](#)

Wanti guddaan kana hunda caalu warri Jannataa argatan maal akka ta'e isintti himu. Qananiin guddaan Jannata keessatti argatan, Rabbal aalamiina ilaalu ykn arguudha. Khaaliqa dachii, samii fi wantoota isaan jidduu uume ilaalun hangam guddaa akka ta'ee mee itti yaadi! Rabbii Tokkichaa fi fakkaata hin qabne ilaalun hangam akka nama dinqisisuu itti yaadi. Rabbiin ni Jedha:

﴿وُجُوهٌ يَوْمَئِذٍ نَّاضِرَةٌ﴾

“Fuulli gariin Guyyaa san iftuudha.

إِلَى رَبِّهَا نَاظِرٌ۝

Gara Gooftaa (Rabbii) isaanii ilaalu.” (Suuratu al-Qiyaamaa 75:22-23)

Adabbiin guddaan warri ibidda seenanii Rabbiin irraa haguugamuudha, Guyyaa Qiyaamaa Rabbiin arguu hin danda'an. (ilaali suuratu Al-Muxaffifiin 83:15) Akkuma isaan har'a yaadanno (zikrii) Rabbiin irraa irraa garagalani fi of tuulan borus Rabbiin irraa ni haguuggamu. Jaamaa ta'anii kaafamu. (Ilaali suuratu Xaahaa 20:124-126)

Guduunfaa

- ﴿Hawwii ofii jirenya addunyaa tana qofatti gabaabsun jirenya gadadoo fi dhiphinnaa akka jiraatan nama taasisa. Sababni isaas, addunyaa tana keessatti wanta tokko yoo kasaaran ykn dhaban, jirenya tanaan ala tan bira akka hin jirre godhanii waan yaadaniif dhiphinnaa fi gaddaan guuttamu.
- ﴿Aakhiraatti amanuu, yaadachu fi hojii gaarii hojjachuun sadarkaa fi kabaja ilma namaa kan olkaasudha. Sababni isaas, namni ibidda Jahannam sodaachun hojii gadhee fi badaa dhiisa, Jannata abdachuun hojii gaarii hojjata, balaa isa qunnameef ni obsa. Kunis amala, sadarkaa fi kabaja isaa hin dabalu ree?
- ﴿Amanuu fi hojii gaggaarii hojjachuun Jannata seenuuuf ulaagaalee guuttamu qabaniidha.
- ﴿*Dalagaa tolchuu jechuun Shari'aa Rabbii (sunnaa Ergamaa Rabbii (SAW)) hordofuun namtichi hojii gaarii Rabiif qofa jedhe hojjachuudha*
- ﴿Jannani mootummaa guddaa qananii takkuu iiji hin argine, gurri hin dhageenye fi sammuu namaa hin qaxxaamurreen tan guuttamteedha. Qur'aana keessatti:

﴿وَإِذَا رَأَيْتَ شَمَ رَأْيْتَ نَعِيمًا وَمُلْكًا كَبِيرًا﴾

”Yeroo achi (Jannata) keessa ilaaltes qananii fi mootummaa guddaa ni argita.” (suuratu Al-Insaan 76:20)

Rabbiin warra amanee fi hojii gaggaarii hojjatee milkaa'an keessaa nu haa taasisu.

Kitaabban Wabii

[1] Taysirul Kariimil Rahmaani fii tafsiiri Kalaamil Mannaani- fuula 553,
Abdurahman bin Naasir Sa'diyyi-, Daaru salaam
Al-Qiyaamatul Kubra-fuula 157, by Umar Suleymaan Al-Ashqa
Tafsiir Jalaaleyn

Shakkii Qiyaamaa Qulqulleessuf-Kutaa 1

Guyyaan Qiyaamaa shakkii akka hin qabne kutaalee darban keessatti irra deddebi'uun ilaalle jirra. Ammas, shakkii sheyxaaanni namatti darbu balleessu fi qulqulleessuf irra deebinee ni ilaalla. Guyyaa Qiyaamaa fi wantoonni Guyyaa san adeemsifaman wantoota gara fuundurraatti dhufanii fi geeybii ta'aniidha. Seenan darbe akkuma nuuf geeybi (nurraa dhokata) ta'ee, wanti gara fuundurraatti dhufus geeybi (nurraa dhokataadha). Garuu wanta dhokataa ykn fagoo kana akkamitti beeknaa? Wantoota kanniin karaa lamaan beekun ni danda'ama. Isaanis; mallattoolee fi odeefannoo dhugaa (haqa) ta'eeni. Seenaa darbe irra caalaa isaa kan beeknun odeefannooni. Akkasumas, mallatoolenis ni beekna. Fakkeenyaf, seenaa Ka'abaa yoo fudhanne mallattoo fi odeefannoon kan beekkamuudha. Jalqaba Ka'abaa kan ijaare Nabii Ibraahim (nageenyi isarratti haa jiraatu) ta'uu odeefannoo dhugaatin ni beekna. Manni Ka'abaa roga afre hanga ammaa jiraachuun isaa mallatoodha. Akkasumas, iddooleen seenaa bakka adda addaa jiran wanti tokko yeroo darbe keessa akka adeemsifame nutti akeeku.

Haaluma kanaan, Guyyaan Qiyaamaa gara fuunduraatti dhufu mallattoolee fi odeefannoo dhugaa qaba. Kutaalee darbe keessatti mallattoolee Guyyaan Qiyaamaa dhiyaachu agarsiisan ilaalle jira. Fakkeenyaf, addeessi lamatti baqaqu, ibiddi hijaaz irraa bahu, zinaan baay'achuu, dubartoonni qullaa deemu, ajjeechan baay'achuu, miila duwwaa fi tiiksen ijaarsa ol dheeraa ijaaruf wal dorgomu fi kkf.

Odeefannoон dhugaa Guyyaa Qiyaamaa agarsiisu immoo odeefannoо Rabbiin irraa karaa Ergamtootatin haala kitaabatiin nu dhaqqabeedha. Odeefannoо dhugaa kana Qur'aana keessatti arganna. Odeefannoون kuni odeefannoо shakkii fi sobni gonkumaa itti seenu hin dandeenyedha. Rabbiin caalaa eenyutu dhugaa dubbataa? Rabbiin ni jedha:

اللَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ لَيْجَمِعَنَّكُمْ إِلَى يَوْمِ الْقِيَمَةِ لَا رَيْبَ فِيهِ وَمَنْ أَصْدَقُ
مِنَ اللَّهِ حَدِيثًا ﴿٨٧﴾

“Rabbii!-dhugaan gabbaramaan Isa malee hin jiru. Dhugumatti Guyyaa Qiyaamaa [qorannoof] walitti isin qaba, isa keessa shakkiin hin jiru. Eenyutu Rabbiin caalaa haasa’ a keessatti irra dhugaa dubbataa?” Suuratu An-Nisaa 4:87

﴿وَالَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّلِحَاتِ سَنُدْخِلُهُمْ جَنَّتٍ تَحْرِي مِنْ تَحْتِهَا أَلَّا يَنْهُرُ خَالِدِينَ فِيهَا أَبَدًا وَعَدَ اللَّهُ حَقًّا وَمَنْ أَصْدَقُ مِنَ اللَّهِ قِيلَاءِ﴾

“Isaannan amananii fi hojii gaggaarii hojjatan, fuunduratti Jannata laggeen ishii jala yaa’an isaan seensifna. Yeroo hundaa achi keessatti hafu. [Kuni] waadaa Rabbii haqa ta’eedha. **Namni dubbiidhaan Rabbirra dhugaa ta’e eenyu?”** Suuratu An-Nisaa 4:122

Gonkumaa Rabbiin caalaa kan dhugaa dubbatu hin jiru.

Ilmi namaa hanga fedhe dhugaa haa dubbatu, guyyaa tokko dogongoruun soba dubbachuu danda’ a nama Rabbiin eege malee. Dogongorri kunis kan uumamu hanqinnaa beekumsaa fi dandeettiti. Ilmi namaa wanta hundaa tokko tokkoon waan hin beeknef ni dogongora. Akkasumas, wanta dubbate san dhugaa taasisuuf dandeettin isaa hir’uu waan ta’eef wanta san osoo bakkan hin gahin kufu danda’ a. Rabbiin subhaanahu wa ta’ala hanqinnaa fi dadhabbinna kana hundarraa qulqulluudha. Beekumsi Isaa wanta hundaa kan haguugedha. Wanta darbee, kan ammaa fi wanta dhufu hunda tokkoon beeka. Akkasumas, wanta murteesse ykn jedhe bakkaan gahuu irratti dandeetti guutuu qaba. Kanaafu, *Rabbiin (subhaanahu wa ta’ala) beekumsi Isaa guutuu fi wanta hundaa kan marse waan ta’eef, Guyyaan Qiyaamaa yoom akka dhufuu fi maaltu akka adeemsifamu ni beeka. Akkasumas, waan hundaa irratti danda’aa waan ta’eef Guyyaan Qiyaamaa ni fida, wantoota Guyyaan san adeemsifamaniis bakkaan ni gaha. Kanaafu, eenyutu Rabbiin caalaa dhugaa dubbataa?*

Ilmi namaa wanta darbe namoota irraa odeefannoo argachuu danda’ a. Garuu wanti gara fuunduratti dhufu takkaa mallattoon beekkama takkaa immoo odeefannoo dhugaa Rabbiin irraa ilma namaa dhaqqabeedhaani. Odeefannoos Rabbiin irraa dhufe ragaa hundarra cimaa Guyyaan Qiyaamaa agarsiisudha, Rabbiin yeroo

hundaa dhugaa dubbataa waan ta'eef. Sababni kanaa, Rabbiin wanta hundaa kan beeku fi waan hundaa irratti danda'aadha. Kanaa gadittis ragaaleen biroo akka jiran kutaalee darban keessatti ilaalle jirra.

Sheyxanni ilma namaa jallisuu fi ibiddatti isaan naquuf ragaalee kanniin akka hin fudhannee fi Guyyaa Qiyaamatti hin amanne isaan taasisa. Ragaan warroonni Guyyaa Qiyaamatti kafaran ittiin morman takkattiidha. Qur'aana keessatti:

﴿وَإِذَا تُتْلَى عَلَيْهِمْ ءَايَاتُنَا بَيْنَتِ مَا كَانَ حُجَّتَهُمْ إِلَّا أَنْ قَالُوا أَتُؤْمِنُونَا
بِعَابَابِنَا إِنْ كُنْتُمْ صَدِيقِنَ﴾

“Yeroo keeyattoonni (aayaatni) Keenya ifa ba'anii isaan irratti dubbifaman, ragaan isaanii [kan ittiin morman], “Yoo kan dhugaa dubbattan taatan abbooti keenya fidaa.” Jechuu malee [wanta biraal] hin taane.” Suuratu Al-Jaasiyyaa 45:25

Ergamtoonni ykn warroonni gara Islaamaa waaman (daa'iwwan) Guyyaan Qiyaamaa amma hin jenneen. Garuu “gara fuunduraatti ni dhufa, amanuu fi hojji gaggaarii hojjachuun itti qophaa'aa” jedhaniin malee.

Rabbiinakkana jechuun mormii armaan olii deebisa:

﴿قُلِ اللَّهُ يُحِبُّ كُمْ ثُمَّ يُمِيتُكُمْ ثُمَّ يَجْمَعُكُمْ إِلَى يَوْمِ الْقِيَمَةِ لَا رَيْبَ فِيهِ
وَلَكِنَّ أَكْثَرَ النَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ﴾

“Jedhi, ‘Rabbumatu isin jiraachisee ergasii isin ajjeesa. Ergasii Guyyaan Qiyaamaa keessa walitti isin qaba. Isa keessa mamiin (shakkiin) hin jiru. Garuu irra hedduun namootaa hin beekan.’” Suuratu Al-Jaasiyyaa 45:26

Abbooti keenya fidaa jechuu malee raga biraan maal qabuu? “Eeti, isinii fi abbootin keessan Guyyaa Qiyaamaa walitti qabamtum. Kanaafu hin muddaminaa.” Isaaniin jenna.

Wantoota Qiyaamatti akka hin amanne nama taasisan

Tolee, karaalee shakkii Guyyaa Qiyaamaa ittiin qulqulleessan ilaalun dura mee wantoota Guyyaa kanatti akka hin amanne sababa ta'an haa ilaallu. Wantoonni Guyyaa Qiyaamatti akka hin amanne sababa ta'an keessaa gurguddoona lama.

1ffaa: Badii ykn cubbuu raawwachu. Badii adda addaa raawwachun qalbii gurraachessuun ragaa ifa bahaa akka hin argine nama taasisa. Qur'aana keessatti:

“Kijibsiiftota Guyyaa sanii badiin mirkanaa’e. Guyyaa Murtii kanneen sobsiisaniif. Daangaa darbitoota, dillaawo ta’an malee namni ishii(Qiyaama) kijibsiisu hin jiru. Yeroo keeyyattonni Keenyaa isa irratti qara’amte (dubbifamte), “Oduu warra duriiti.” jedha. Haa dhorgamu! Wanti isaan hojjataa turan onnee isaanii haguuge.” Suuratu Al-Muxaffifin 83:10-14

“Guyyaan Murtii (Qiyaamaa) hin dhufu” jechuun kan morman namoota daangaa darbanii fi dillaawo (badii hojjatan) malee eenyullee hin jiru. Namni kuni yommuu keeyyattonni (aayaatni) Rabbiiisaaf dubbifaman, **“Oduu warra duriiti”** jedha. Dhugumatti, oduu warra duriiti miti. Haqa akka aduu ifa ta’eedha. Garuu qalbiin isaanii cubbuun ykn badiin waan haguugamteef haqa fi ragaa kana hin argan.

2ffaa: Addunyaa garmalee Jaallachuu- namni yommuu jirenya addunyaa tana garmalee jaallattu, waan zalaalami keessa turu itti fakkaata. Inuma Guyyaan Qiyaamaa hin jiru jechuun morma. Qur'aana keessatti seenaa ajaa’iba suuratu al-Kahf:32-43 keessatti ni arganna. Seenaa san gabaabbinaa fi muraasa isaa yommuu ilaallu; namoota lamatu ture. Namtichi tokko kaafira, kan biraa immoo mu’mina (nama dhugaan amane). Namtichi kaafiraa oyru inabaa (firii weeynii) lama qaba. Lamaan isaanitu mukkeen temiraatin kan marfamaniidha. Bishaan jidduu isaanii yaa’aa. Ooyrun tunniin firii kennuu itti fufan. Homaa hin hanqisan. Yommuu oyrun tunniin firii inabaa nama hawwisistu buustu, namtichi kaafiraa kuni namticha mu’minaatin akkana jedhe, **“Anatu qabeenyan si caala, gosaanis sirra jabaadha.”** (suuratu al-kahf:34) Dabalataan osoo lubbuu ofii miidhee jiru oyru

isaa keessa seenu fi qabeenya isaa ajaa'ibsifachuunakkana jedhe, “**Ishiin kuni gonkumaa ni baddii hin yaadu. Qiyaamanis ni dhaabbatti hin yaadu. Dhugumatti yoon gara Gooftaa kiyyaa deebifamee, iddoodeebii kan isa caalun argadha.**” (suuratu al-kahf:35-36)

Argitanii! Kaafirri akkamitti qabeenya fi jirenya addunyaa tanaan akkattigowwoomu. Garuu dhumarratti, qabeenyi isaa kuni jalaa bade. Gaabbiidhaanganaa (shanacha) lamaan isaa gaggaragalchaaakkana jedhe, “**Yaa gaabbii koo! Oodo Gooftaa kiyyatti waa tokko dabaluu (qindeessu) baadhe maal qabaa!**” (suuratu al-kahf:42)

Kanaafu, namni qabeenya fi miidhaginna addunyaatin gowwoomun Guyyaa Qiyaamatti kafaru, dhumarratti ni salphata, hin milkaa'u. Dabalataanis seenaa Qaarun suuratu Qasas (28): 76-82 irraa dubbisuudandeenya. Qaarun qabeenya baay'ee Rabbiin ni kenneef. Qabeenya Kanaan garmalee of tuule, badii adda addaa raawwate. Dhumarratti, Rabbiin isaa fi iddoodeebi jirenya isaa dachiin akka liqimsitu taasise. Hanga fedhan qabeenya fi humnaa haa qabaatan, “**Edaa dhugumatti kaafiroonni hin milkaa'an.**” (Suuratu Qasas 28:82)

Akka dabalataatti, wantoota Guyyaa Qiyaamaa akka shakkan nama taasisan keessaa kan biroo, **beekumsa sirrii barbaadu dhiisu fi hojji gaggarii hojjatan keessatti niyyaa Rabbiif qulquelleessu dhiisudha.**

Guduunfaa

- ﴿ Seenaa darbe caalaa ragaaleen, mallatoolee fi odeeefannoonguyyaa Qiyaamaa agarsisan baay'eedha. ﴾
- ﴿ Seenan tokko mallatoolee fi odeeefannoo dhugaa qabaatee haqa ta'uuisaatti namni tokko yoo itti amane, seenaa san caalaa Guyyaa Qiyaamaa mallatolee, ragaalee fi odeeefannoo dhugaa qabuttu maaltu amanuu isa dhoowwaa? ﴾
- ﴿ Namni yommuu badii adda addaa raawwatu, "Guyyaan Qiyaamaa ni dhufamoo hin dhufu?" jechuun shakkitti lixa. Badii hojjachuu dhiisun shakkii qulquelleessa, qalbii ibsa. ﴾
- ﴿ Namni yommuu miidhaginna addunyaatin marfamu, zalaalami waan keessa jiraatu itti fakkaata. Inuma Qiyaaman hin jirtu jechuun morma. ﴾
- ﴿ Beekumsa sirrii barbaadu dhiisu fi niyyaa Rabbiif qulquelleessu dhiisun wantoota Qiyaama akka shakkan nama taasisan keessaa tokko. ﴾

Shakkii Qiyaamaa Qulqulleessuf-Kutaa 2

Jirenya keessatti sababni guddaan namoonni yeroo baay'ee gammachuu fi milkaa'inna itti dhaban maal akka ta'ee beektu? Tarii qarshii dhabuu, namni jaallatan du'uu, qabeenyi barbadaa'u fi kan biroo jechuu dandeessu. Eeti, kunniin sababa ta'uu danda'u. Garuu sababa guddaa ta'uu danda'u? Sababa guddaa ta'uu hin danda'an. Dhugumatti, sababni guddaan jirenya keessatti gammachuu fi milkaa'inna itti dhaban, Guyyaa Qiyaamatti kafaruu ykn shakkuudha. Nama tokkotu jirenya isaa keessatti yommuu gammachuu fi tasgabbii dhabu, "maaltu keessa kiyya quuqaa?" jedhee of gaafachaa ture. Ergasii, Guyyaa Qiyaamaa shakkuun gammachuu fi milkaa'inna akka nama dhabsiisu isaaf galte. Guyyaa Qiyaamatti dhugaan amanuu fi guyyaa kanaaf hojii gaggaari hojjachuun tasgabbii qalbii akka fidu ni hubate. Yeroo tokko tokko yommuu shakkiin isatti dhagahamu, shakkii kanaaf **SABABA** kan ta'e maalidhaa? Qorichi isaa hoo maali? Jechuun qorachuu eegale. Adeemsa keessa sababooni shakkii namatti naqan, badii hojjachuu, addunyaa garmalee jaallachuu, beekumsa sirrii barbaadu dhiisu fi niyyaa Rabbiif qulqulleessu dhiisu akka ta'an isaaf galan.

Sababa qofa beekanii qoricha osoo itti hin barbaadin taa'un namaaf hin maluu miti ree? Kanaafu, qoricha kanaa yommuu qorannu haala armaan gadiitin tarreessu dandeenyaa.

1.Salaata sirnaan salaatu- dhugumatti milkaa'inni fi gammachuun addunyaa fi aakhiraat salaata keessa jira. Salaanni gara Rabbitti nama kaleessun eeggumsaa, gargaarsa fi tiika Isaa akka argatan nama taasisa. Karaan addunyaa irraa eegalee hanga aakhiraat dheeratu daandii dheeraa gargaarsa fi eeggumsa gaafatuudha. Sheyxanni daandii kana irraa nama jallisun ibiddatti akka seenan sababa ta'a. Kanaafu, daandii dheeraa fi diriiraa kana irraa sheyxanni akka nama hin jallisne yeroo hundaa eeggumsa, gargaarsa, qajeelcha fi tiika Rabbii barbaachisaa miti ree? Karaan kanniin hunda ittiin argannu salaata sirnaan salaatuni. Rabbiin ni jedha:

بِيَٰئِهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا أَسْتَعِنُو بِالصَّابِرِ وَالصَّلَاةِ إِنَّ اللَّهَ مَعَ الصَّابِرِينَ ﴿١٥﴾

“Yaa warra amantan! Obsaa fi salaataan gargaarsa barbaadaa. Dhugumatti Rabbiin warra obsan waliin jira.” Suuraa Al-Baqaraa 2:153

Yeroo tokko tokko yommuu sheyxaanni shakkii namatti darbu, falli gaariin salaata sirnaan salaatushha tattaafachuudha. Itti aansun;

2.Tawbachuu (gara Rabbii deebi'u) fi Istighfaara (Rabbiin irraa araarama kadhachuu) baay'isuu- akkuma kutaa darbe keessatti jenne, shakkii Guyyaa Qiyaamatiif ykn hundeewwan imaanaa keessaa tokkoof sababa guddaa kan ta'an keessaa cubbuu ykn badii hojjachuudha. Badii hojjachuun balbala bal'aa karaa sheyxaanni ittiin seenu namatti bana. Namtichi yommuu badii hojjatu, sheyxaanni hasaasa badaa adda addaa itti darba. Namni Guyyaa Qiyaamatti amanuu kan diduuf ragaalee fi mallatoolleen dhabamanii osoo hin ta'in badii inni hojjatutu haqa akka hin hubanne qalbii isaa oggore. Baditti yoo liyan haqa akka jibbanii fi hin argine nama taasisa. Rabbiin (subhaanahu wa ta'alaa) ni jedha:

﴿فَلَيَحْذِرِ الَّذِينَ يُخَالِفُونَ عَنْ أَمْرِهِنَّ أَنْ تُصِيبَهُمْ فِتْنَةٌ أَوْ يُصِيبَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ﴾

"Isaan ajaja isaa (Nabiyyi) faallessan fitnaan (rakkoon) wayii isaan tuquu yookiin adabbiin laalessaan isaan tuqu irraa of haa eegan." Suuratu an-Nuur 24:63

Ajaja nabiyyii yommuu jedhu sunnaa isaa, shari'aa Islaamaa fi kkf. Fitnaan immoo kufrii, shakkii, nifaqa, bid'aa fi kkf. Adabbiin immoo ajjeechaa, hidhaa fi kkf. (Tafsir ibn Kasiir)

Namni yommuu ajaja Nabiyyii (SAW) faallessu takkaa fitnaan qalbii isaa tuqa takkaa immoo wantoota adda addaatin adabama. Wanta Nabiyyiin itti ajaje hojjachuun dhiisu fi wanta inni irraa dhoowwe hojjachun ajaja isaa faallessudha. Kanaafu, karaan bal'aan fitnaan shakkii, kufrii fi kkf ittiin dhufu ajaja Nabiyyi faallessudha.

Karaan kana jalaa ittiin bahanii haqa itti argan immoo gara Rabbii deebi'uu fi araarama Isa kadhachuudha. Ergasi wanta itti ajajaman hojjachuu fi wanta irraa dhoowwaman dhiisudha. Sababni isaas, Ergamaa Rabbii (SAW) akkana jedhan: “**Yommuu namni Mu'minaa (dhugaan amane) badii hojjatu, qalbii isaa irratti tuqaan gurraattin ni mul'atti.** Yoo gara Rabbii deebi'e, [cubbuu irraa] buqqa'ee fi araarama Rabbiin kadhate, qalbiin isaa ni cululuqxi (ni addaatti). [Cubbuu hojjachuu] yoo itti dabalee (itti fufee), tuqaan gurraattinis ni guddatti. Suni “Ar-Raana” Rabbiin kitaaba Isaa keessatti dubbateedha.“**Haa dhorgamu! Wanti isaan hojjataa turan onnee isaanii haguuge**. (raana alaa quluubihim)” Al-Muxaffifin 83:14 Sunan Ibn Majah

Salaata sirnaan salaatanii erga xumuranii booda, fitnaa shakkii jalaa bahuuf Rabbiin hidda onnee jalaa araarama kadhachuun furmaata guddaadha. Shakkiin qalbii waan jeequf, araarama yommuu kadhatan shakkii kana oofun tasgabbii namaaf fida. Kanaafi, Rabbiin (Qulqulla'an olta'e) Qur'aana keessatti irra deddeebi'uun, “**Gooftaa keessan araarama kadhaa, dhugumatti Inni yeroo hundaa araaramaadha.**” (71:10), “**Gooftaa keessan araarama kadhaa, ergasii gara Isaa deebi'aa**” (11:52,90)” jedha.

Kanaafu, furmaanni cimaan shakkii itti oofan cubbuu irraa buqqa'uun gara Rabbii deebi'uu fi yeroo hundaa araarama kadhachuudha. Mee du'aayi tana bartee haa godhannu:

رَبَّنَا فَاغْفِرْ لَنَا ذُنُوبَنَا وَكَفِرْ عَنَّا سَيِّاتَنَا وَتَوَفَّنَا مَعَ الْأَلْبَارِ ١٩٣

Rabbanaa faghfir lanaa znuubanaa wa kaffir 'annaas sayyi'aatinaa wa tawaffanaa ma'al-abraar.

“Gooftaa keenya! badii keenya nuuf araarami; hamtuwwan keenyas nurraa harcaasi; warra qulqulluu wajjinis nu ajjeesi.” Suura Ali-Imraan: 193

Hiika jechootaa: **Rabbanaa (Gooftaa keenya), faghfir (araarami), lanaa (nuuf), znuubanaa (badii keenya), kaffir (harcaasi), 'annaas (nurraa), sayyi'aatinaa (hamtuwwan keenya), tawaffanaa (nu ajjeessi), ma'a (wajjiin), al-abraar (warra qulqulluu)**

Dhugumatti halkan gara dhumaatti ka'uun salaata hanga danda'an salaatu fi istighfaara baay'isuun fitnaa shakkii ni balleessa.

3.Sheyxaana Rabbitti maganfachuu-Maganfachuu jechuun wanta nama miidhu irraa gara wanta nama eegutti fiigun eeggumsa isaa barbaadudha. Sheyxaanni nama jallisuuf shakkii qalbii irratti darba. Dhugaa soba, soba dhugaa fakkeessa. Ragaa ifa jiru kana akka hin fudhanne namatti hasaasa. Rabbiin (Azza wa Jalla) ni jedha:

﴿وَإِمَّا يَرَغَبَنَكَ مِنَ الْشَّيْطَانِ نَزُغٌ فَأَسْتَعِذُ بِاللَّهِ إِنَّهُ وَسِيمِيعٌ عَلَيْمٌ﴾

“Yoo garagalchaan (hasaasni badaan) sheyxaana irraa sitti dhufe, Rabbitti maganfadhu. Dhugumatti Inni Dhagahaa, Argaadha.” Suuratu Al-A'araaf 7:200

Akka muxannootti yommuu sheyxaanni imaana kiyya shakkiin hurgufu, falli kiyya gara Rabbii fiigudha. Irra deddebi'ee, “A'uzu billahi mina sheyxaani rajiim (Sheyxaana abaarrame irraa Rabbiin tiikfama)” jechuu ykn “*Rabbi a'uuzu bika min hamazaati shayaaxiin wa a'uuzu bika rabbi an yahduruun*” jedha.

Hiikni isaa: (*Gooftaa kiyya, ani hasaasa sheyxaanotaa irraa Sittiin maganfadha. Gooftaa kiyyaa isaan natti dhufuu irraa sitti maganfadha.*) Suuraa al-Mu'minun:97-98

Yookiin immoo suuratu An-Naas (114) irra deddeebi'e qara'a (dubbisa).

Yeroo kanatti obsa guddaa barbaachisa. Dhugumatti qormaanni (fitnaan) guddaan qabeenyi nama jalaa barbadaa'u ykn namni nama jalaa du'u osoo hin ta'in imaana dhabuun kufritti seenudha. Namni kafaree kufrii irratti yoo du'e zalaalami ibidda keessa jiraata. Kanaafu fitnaa kamtu guddaa fi badaadha ree? Sheyxaanni nama kafarsiusuf wanti inni fi namoota irraa gargaarttonni isaa hin hojjanne hin jiru. Tarkaanfin kufritti nama seensisuuuf fayyadamu kana.

**Shakkii qalbitti naquu--- dallansiisuu--- salaata akka dhiisu taasisu---
baditti daran akka lixu gochuu--- haqa jibbisuu---kafarsiisuu---osoo hin
tawbatin yoo du'e---gahuumsi namticha ibidda ta'uu.**

Yommuu shakkiin qalbii keessa seenu, namtichi, “Kuni maaliif ta’e? Rabbiin maaliif kana hojjata?” jechuun inuma Rabbitti dallana. Akka waan Rabbiin miidhu salaata dhiisa. San booda tarkaanfi tarkaanfin sheyxaanni Islaama keessaa isa baasa. Kanaafu, shakkiin yommuu nutti dhagahamu dafne gara Rabbii fiigu qabna. Hanga shakkiin kuni darbuu obsuu fi salaata irratti jabaachu qabnaa malee, dallanuu fi salaata dhiisu hin qabnu. Rabbiin, “**Yaa warra amantan! Obsaa fi salaataan gargaarsa barbaadaa. Dhugumatti Rabbiin warra obsan waliin jira.**” Waan jedheef.

Dabalataan barruu [Sheyxaana irraa of tiiksuf](#) jettu dubbisuun ni danda'ama.

4.Rafuu- dhugumatti fitnaan shakkii kuni qalbii irratti jabaachun yeroo nama dhamaasutu jira. Yeroo kanatti yoo danda’ame sa'aati muraasaf jalaa rafuun qalbii irraa hanga tokko ni hir’isa.

5.Obsuu- Dhugumatti, qormaata hanga shakkii jirenya keessatti jabaatu arge hin beeku. Namoonni baay'een qormaata kana kufuun jirenya gadadoo jiraatu. Ammas, qormaata kana darbuun gara sadarkaa olitti ol nama kaasa. Kanaafi Rabbiin (subhaanahu wa ta’ala) amantii keessatti hoggantummaa dhugaa obsaa fi yaqiina ulaagaalee (haal-duree guuttamuun qaban) taasise. Rabbiin ni jedha:

﴿وَجَعَلْنَا مِنْهُمْ أَئِمَّةً يَهُدُونَ بِأَمْرِنَا لَمَّا صَبَرُوا وَكَانُوا إِذَا يُوقَنُونَ﴾

“Yerooma isaan obsanii fi Aayaata (mallatoole, keeyyatoota, ragaalee, barnoota) Keenya dhugaan itti amanan (yuuqinuun), isaan irraa imamota (hoggantoota) ajaja Keenyan namoota qajeelchan taasifne.” Suura As-Sajda 32:24

Yommuu hasaasni badaan sheyxaana irraa namatti dhufu QORMAATA akka ta'e beekun obsuu fi yaada badaa san irraa garagaluun imaanni namaaf akka jabaatu taasisa.

6.Soomu – nyaanni yommuu garaa guutu, nafseen namaa tuni quufun of tuulti. Rabbiif of gadi qabuu fi Isaaf ajajamuun itti ulfaata. Namoonni yeroo baay'ee Ergamtoota kijibsisanii fi haqa hin fudhanne, warroota qabeenya qabaniidha. Qabeenya isaanitiin of tuulun haqa irraa jaamaa ta'u. San booda adabbi badaa asi fi aakhiratti dhandhamu. Kanaafu, nafseen teenya tuni qabeenyan akka of hin tuulle yeroo tokko tokko beelessuun gaariidha. Guyyaa Wiyxataa fi Kamisaa hanga danda'ameen soomun hidda dhiigaa sheyxaanatti dhiphisa.

Guduunfaa

- ✉ Namoonni baay'een Qiyaamatti kan amanuu didaniif ragaaleen dhabamanii osoo hin ta'in qalbiin isaanii badiin waan haguugamtef ragaalee ifa bahan arguu hin danda'an.
- ✉ Karaan irra gaariin Qiyaamaa ykn hundeeawan imaanaa keessaa tokko shakkuu jalaa itti bahan salaata sirnaan yeroo hundaa salaatu fi araarama Rabbiin kadhachuu (istighfaara) baay'isuudha. Akkasumas, hojji gaggaarii dabalata hojjachuudha.
- ✉ Cubbuu /badii dhiisu fi gaabbiin namatti dhagahamuun wantoota armaan olii akka hojjatan nama taasisa.
- ✉ Yommuu hasaasni badaan sheyxaana irraa namatti dhufu, sheyxaana Rabbitti maganfachuu fi suuratu An-Naas irra deddebi'anii dubbisuun (qara'uun) furmaata guddaadha.
- ✉ Soomun fedhii lubbuu cabsuun haqa akka hubatanii fi fudhatan nama taasisa.

Shakkii Qiyaamaa Qulqulleessuf-3

Guyyaa Qiyaamatti dhugaan amanuu fi guyyaa kanaaf hojji gaarii hojjachuu fi hojji badaa irraa fagaachun of qopheessun, jirenya keessatti akka tasgabbaa'anii fi kaayyoo ofii beekan nama taasisa. Kana beektu laata? Yeroo baay'ee jireenyi kan nama nuffisistu fi jibbisiistuuf amantiin Rabbii fi Guyyaa Qiyaamaatti qaban dadhabaa yommuu ta'uudha. Sababni isaas, namni dhugaan Rabbii fi Guyyaa Qiyaamatti yoo amane, wanta gaggaarii ni hojjata hojji badaa irraa immoo ni dheessa. Kuni immoo akka gammaduu fi tasgabbaa'u isa taasisa. Akkasumas, yeroo rakkoo fi balaan namatti bu'an rakkoo cimaa Guyyaa Qiyaama yaadachuun akka obsan nama taasisa.

Dhugumatti gaafiiwan “Eessaa dhufte? Maaliif addunyaa tana keessa jiraatta? fi Eessa deemaa jirta?” Jedhaniif deebii kan argatan yoo Rabbii fi Guyyaa Qiyaamatti amananiidha. Gaafiiwan kanniin deebisuun immoo jirenya keessatti kaayyoo beekkamaa fi ifaa akka qabaatan nama taasisa. **Eessaa dhufte?** Deebiin isaa, “Rabbiin bishaan cophaa irraa na uume” **Maaliif addunyaa tana keessa jiraattaa?** Deebiin isaa, “Rabbiin akkanumaan na hin uumne. Wantoota addunyaa keessa jiru ilma namaatiif uume. Ilma namaa immoo akka Isa qofa gabbaraniif uume. **Rabbiin gabbaruu** jechuun wanta Inni itti ajajee hojjachuu fi wanta Inni irraa dhoowwe dhiisudha.” **Eessaa deemaa jirtaa?** Deebiin isaa, “Ilmi namaa erga wanta tokkotti ajajamee fi wanta badaa irraa dhoowwame, ajaja kanatti buluu ykn buluu dhiisu isaa herreega ykn qorannaa isa barbaachisaa miti ree? Guyyaan Qurannaa kuni Guyyaa Qiyaamati. Kanaafu, ilmi namaa du’ee kan badu osoo hin ta’in yeroo muraasaf qabrii keessa erga turee booda ni kaafama. San booda wanta hojjataa tureef qoratamuun, takkaa Jannataan badhaafama takkaa immoo Jahannamiin adabama. Kunniin lamaan gahuumsa isa dhumaa ilma namaati.”

Warroonni duunee achumaan ni banna jedhan dogongoranii jiru. Namni wanta hojjateef yoo hin qoratamiin maaliif addunyaa tana irratti uumame ree? Qabrii (awwaalchi) iddo dhalli namaa achumaan itti badu osoo hin ta’in iddo ziyaaraa (daawwanna) akka ta’e Qur’aanni nuuf hima.

﴿الْهُكْمُ لِلّٰهِ كُلِّهِ حَقٌّ زُرْتُمُ الْمَقَابِرَ﴾

“Baay’ifachuun isin jaatanesse (ko’oomse).

Hanga awwaalcha daawwattanii (dhaqxanii)” Suuratu at-Takaasur 102:1-2

Qabeenya, ijolle, sadarkaa, beekkamti fi kkf baay’ifachuu fi wal dorgomuu namoota Rabbii fi Guyyaa Aakhiraa irraa isaan ko’oomse (dagachiise) jira. Hirriba baay’ifachuu fi wal dorgomu keessaa hanga qabrii daawwatanitti malee hin dammaqan. Asitti “hangaa duutanii” hin jenne. Bakka kanaa, “Hanga awwaalcha (qabrii) daawwattanii.” jedhe. Kuni kan agarsiisu bakka duraan daawwattanii hin beekne daawwattu. Akkuma namni tokko bakka tokko daawwatu daawwanna isaa erga xumuree booda deebi’u, namni qabrii keessa seenes yeroo muraasan booda ni deebi’a. Guyyaan inni deebi’u sunis Guyyaa Qiyaamati. Kanaafu,

Guyyaan Qiyaamaa shakkii akka hin qabne ragaalee lakkaawame hin dhumneen agarsiisun ni danda'ama.

Amma ragaalee dhiyeessu irraa gara wantoota ragaalee kanniin akka fudhatan nama gargaaranitti haa ceenu.

7.Sammuu fi dhageetti ofiitti fayyadamu- namoonni yeroo baay'ee sababa qaamolee kanniinitti hin fayyadamin, miidhaa fi adabbii hamaa dhandhamu. Guyyaa Qiyaamaa warroonni ibidda seenan sababa sammuu fi dhageetti isaanitti fayyadamanii Rabbii fi guyyaa Qiyaamatti amanuu dhiisu isaanii irraa kan ka'e garmalee gaabbu. Rabbiin ni jedha:,

﴿وَلِلّٰهِ دِيْنُكُمْ كَفَرُوا بِرَبِّهِمْ عَذَابُ جَهَنَّمَ وَبِئْسَ الْمَصِيرُ﴾

“Isaan Gooftaa isaanitti kafaraniif adabbii Jahannamtu jira. Iddoon gahuumsa waa fokkate!

﴿إِذَا أَلْقُوا فِيهَا سَمِعُوا لَهَا شَهِيقًا وَهِيَ تَفُورُ﴾

Yeroo ishee (Jahannam) keessatti darbamanis, osoo danfaa jirtuu ishee irraa [sagalee akka] halaaka harree dhagahu.

﴿تَكَادُ تَمَيَّزُ مِنَ الْغَيْظِ كُلَّمَا أَلْقَى فِيهَا فَوْجٌ سَأَلُوهُمْ خَرَنْتُهَا أَلَمْ﴾

﴿يَأْتِكُمْ نَذِيرٌ﴾

Dallansuu irraa kan ka'e cicciutti dhiyaatti; dhawaata gareen wahii ishii keessatti darbamuun waardiyyaan ishii, “Sila Akeekachisaan isintti hin dhufnee?” [jechuun] isaan gaafata.

﴿قَالُوا بَلَى قَدْ جَاءَنَا نَذِيرٌ فَكَذَبْنَا وَقُلْنَا مَا نَزَّلَ اللَّهُ مِنْ شَيْءٍ إِنْ أَنْتُمْ إِلَّا﴾

﴿فِي ضَلَالٍ كَبِيرٍ﴾

“Eeyyen; dhugumatti akekkachisaan nutti dhufeera, garuu ni sobsiifne. ‘Rabbitiin homaa hin buufne; isin jallinna guddaa keessa jirtu.’ jenneen.” jedhu.

﴿وَقَالُوا لَوْ كُنَّا نَسْمَعُ أَوْ نَعْقِلُ مَا كُنَّا فِي أَصْحَابِ السَّعِيرِ﴾

“Osoo kan dhageenyu yookiin kan xinxallinu taanee, silaa warra ibidda boba’aa keessaa hin taanu turre.” jedhan.” Suuratu Al-Mulk (Tabaaraka) 67:6-10

Dhuguma jedhan! Osoo ragaalee isaanitti dhiyeefamu dhagayanii ykn itti xinxallanii silaa warra ibiddaa keessaa hin ta'anii turan. Ragaalee akka aduu ifu irraa waan garagalanii Rabbii fi Guyyaa Qiyaamatti kafaraniif, gahuumsi isaanii akkanatti fokkate.

Kanaafu, namni tokko Aaya (keeyyata) Qur'aanaa gurraan dhageefachuu, dubbisuu fi hubachuun ykn mallatoolee samii fi dachii keessa jiran itti xinxalluu salphatti Rabbitti amanuu danda'a. Akkasumas, ragaalee fi mallatoolee Guyyaa Qiyaamaa agarsiisan itti xinxalluu fi Guyyaa kanaaf of qopheessun adabbii Jahannam armaan olitti ibsame irraa akka baraaramu isa/ishii taasisa.

8.Jaalala duniyaa hir'isuu-addunyaa tana kaayyoo ol'aanaa godhachuu osoo hin ta'in aakhira ittiin bitachuuf itti fayyadamuudha.

9.Sadaqaa- Rabbiiif jedhanii fi mindaa aakhiraa barbaadanii sadaqaa kennuun amantiin Guyyaa Qiyaamaaf qaban guddaa akka ta'e agarsiisa. Namni yommuu sadaqaa kennu jaalala duniyaaf qabu hir'isuun Aakhiratti Jannata qananiin guuttamte hawwa. Kuni immoo imaana isaa/ishii dabala.

Mu'aaz ibn Jabal irraa akka odeefametti, Mu'aazakkana jedha: Imala irratti Ergamaa Rabbii (SAW) waliin ture. Ganama tokko osoo deemnu isatti dhiyaachunakkana jedhe, “Yaa Ergamaa Rabbii! Hojii Jannata na seensisuu fi ibidda irraa na fageessu natti himi.” Innis ni jedhe, “**Dhugumatti wanta guddaa gaafatte garuu nama Rabbiin laaffiseef irratti laafadha. Rabbiin qofa ni gabbarta homaa Isatti hin qindeessitu. Salaata sirnaan salaatta, zakaa ni kennita, Ramadaana ni soomta, Hajjii ni hajjita.**” Ergasii ni jedhe, “**Balbaloota keeyrii (waan gaarii) sitti akeeku? Soomni gaachana, akkuma bishaan ibidda dhaamsu sadaqaanis badii dhaamsiti (haaqxi); salaata halkan qixxee namtichi salaatu.**” Ergasii [Qur'aana irraa] “**Cinaachi isaanii ciisicha irraa ni fagaatti.**” hanga “**mindaawaan isaan hojjataa turaniif jecha**” gahuutti ni qara'e (suuratu as-sajdah 32:16-17” [Sunan Ibn Majah 3973](#)

Soomni gaachana yommuu jedhu ibidda ykn badii irraa eegumsa namaaf ta'a. Kanaafu, soomun, sadaqaa kennuun fi halkan salaatun dukkana badii namarraa saaqun ifa akka argan nama taasisa.

10.Ibaadaa keessatti madaallamaa ta'uu- ibaadaa keessattis ta'ii jirenya guyyaa guyyaa keenya keessatti madaalaa eeggachun milkaa'innatti nama baasa. Wanta itti ajajamne dhiisun hanqinna fi adabbitti kufuu hin qabnu. Akkasumas, wanta itti ajajamne hojjachuu keessatti daangaa darbuun of miidhu hin qabnu. Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:

فَإِذَا تَهِنُّكُمْ عَنْ شَئِءٍ فَاجْتَبُوهُ، وَإِذَا أَمْرَتُمْ بِأَمْرٍ فَأْتُوا مِنْهُ مَا اسْتَطَعْتُمْ

“Wanta tokko irraa yommuu ani isin dhoowwe, isa irraa fagaadha. Ajaja tokkotti yommuu isin ajaje immoo hanga dandeessan hojjadhaa.” [Sahih al-Bukhari 7288](#)

Rabbiin ni jedha:

﴿فَاسْتَقِمْ كَمَا أُمِرْتَ وَمَنْ تَابَ مَعَكَ وَلَا تَطْغُوْ إِنَّهُ وَبِمَا تَعْمَلُونَ بَصِيرٌ﴾

“Akkuma ajajamtetti gadi dhaabbadhu. Isaan si waliin tawbataniis [gadi haa dhaabbatan]. Daangaas hin darbinaa. Dhugumatti Inni (Rabbiin) waan isin dalagdan Argaadha.” suuratu Huud 11:112

Rabbiin Ergamaa Isaati fi warroota amanan istiqaamatti ajaja. Istiqaamata jechuun wanta itti ajajaman hojjachuu irratti gadi dhaabbachuu fi wanta irraa dhowwaman irraa fagaachu itti fufuudha. Itti aanse daangaa darbuu irraa isaan dhoowwa.

11.Hiriyyaa badaa fi jallattootaf ajajamuu fi hordofuu dhiisu- namoonni baay'een jirenya keessatti gadadoo fi dararaa adda addaa kan argaifiif hiriyyaa badaa fi jallattootaf ajajamuudha. Hiriyyaa ykn jallattoota akkeessun waan baaad hojjatu. Ergasii adabbii wanta hojjatanii ni dhandhamu. Guyyaa Qiyaamas hirriyyaan hiriyyaa akka ajiifatu (waqqasu), hordoftooni jallattoota ykn hoggontoota akka ajiifatan Rabbiin keenya nutti hima. Isaan keessaa mee muraasa haa ilaallu.

“Guyyaa miidhaa hojjattooni, “Osso Ergamicha waliin karaa sirrii qabadhe jiraadhee maal qabaa!” jedhee [gaabbidhaan] harka isaa lamaan ciniinuu [yaadadhu].

Yaa badii kiyya! Odoo ebaluun jaalalle onnee taasifachuu baadhee maal qabaa! Dhugumatti Gorsu (Qur'aanni) erga natti dhufee booda irraa na

jallisee jira; sheyxaannis namaaf salphisaa ta'eera.” Suuratul Furqaan(25):27-29

Zaalimni (namni miidhaa hojjatu) Guyyaa Qiyaamaa osoo karaa Ergamaa Rabbii (SAW) hordofee, Isaa fi haqa inni fidetti amanee jiraadhe maal qaba jechuun gaabbi hamaa gaabba. Garuu gaabbin kuni homaa isa hin fayyadu yeroon waan irra darbeef. Yaa badii koo! Sheyxaana namaa ykn jinnii akka karaa qajeelaa hin hordofne fi zikrii Rabbii irraa akka jalladhu na taasise osoo hiriyyaa (jaalalle) godhachuu baadhe maal qabaa! Sheyxaanni namaa fi jinni jallinna inni irra jiru itti bareechisa. Haqaa fi wanta gaarii immoo itti fokkisa. San booda dhiise biraatara. Kanaafu, namni qaruuten sheyxaanni wanta badaa yommuu itti hasaasu fudhachuu hin qabu. Fakkeenyaf, Guyyaa Qiyaamaa ni dhufaa itti qophaa'i yommuu jedhaniin, sheyxaanni, “Guyyaan Qiyaamaa hin jiru.” Jechuun namatti hasaasa. Takkaa sheyxaanni ijaan hin mul’anne nama keessaa namatti hasaasa takkaa immoo namni jallataan dhufe namatti hasaasa.

12. Adabbii fi badhaasa addunyaa fi aakhiraat yaadachuu- yommuu sheyxaanni shakkii ykn yaada badaa natti darbuu, wanti jalqaba matatti na dhufu karaa sirrii irraa yoo bahe adabbii na qunnamuu fi badhaasa dhabuudha. Namni yoo Rabbii fi guyyaa Qiyaamatti kafaree addunyaa tana keessatti jirenya dhiphoo fi gammachuun hin qabne jiraata. Aakhiratti immoo adabbii kana caalu dhandhama. Namni Rabbii fi Guyyaa Qiyaamatti amanu immoo addunyaa tana keessatti tasgabbii qalbii argata. Aakhiratti immoo Jannata qananiin guuttamte argata. Kana lamaan wal bira qabnee yommuu madaallu, kufrii garmalee akka jibbinuu fi iimaanaa akka jaallannu nu taasisa. Du'aayi tanaan kutaa kana nan xumura.

اللَّهُمَّ حَبِّبْ إِلَيْنَا إِيمَانَ وَرَبِّنَاهُ فِي قُلُوبِنَا، وَكَرِّهْ إِلَيْنَا الْكُفْرَ وَالْفُسُوقَ
وَالْعِصْيَانَ، وَاجْعَلْنَا مِنَ الرَّاشِدِينَ

Allahumma habbib ileynal iimaana wa zayyinhu fii quluubinaa wa karriih ileynal kufra wal-fusuuqa wal-isyaana waj'alnaa mina raashidiin.

"Yaa Rabbii! Iimaanaa nu jaallichisii, qalbii teenya keessatti bareechisi; kufrii, fusuuqa fi isyaana nu jibbisiisi. Warroota qajeelan keessaa nu taasisi."
(Tafsiir ibn Kasiir)

Gunduunfaa

- ﴿ Rabbii fi Guyyaa Qiyaamatti amanuun jirenya keessatti gaafiiwan, "**Eessaa dhufe? Maaliif as jiraadha? Eessa deemaa jira?**" jedhan akka deebisan nama gargaara. Kuni immoo kaayyoo ifaa akka qabaatanii fi hin dhamaane nama taasisa.
- ﴿ Guyyaa Qiyaamatti amanuun balaa fi rakkoo adda addaa nama muudatu irratti akka obsan nama gargaara. Rakkoon addunyaa tanaa rakkoo Guyyaa Qiyaamatin wal bira yommuu qabamuu baay'ee xiqqaa waan ta'eef.
- ﴿ Dhageetti, argituu fi sammuutti fayyadamuun Rabbii fi Guyyaa Qiyaamatti amanuun adabbii Jahannam jalaa akka bahan nama taasisa.
- ﴿ Sadaqaa kennu bartee godhachuun jaalala addunyaa fi haafa'insa hir'isuun addunyaa keessatti akka tasgabba'a'an nama godha. Sadaqaan tuni Rabbii qofaa fi mindaa Aakhiraa barbaadun yoo kennamte imaanni akka dabalu taasisa. Sadaqaan badii waan haaqxuf.
- ﴿ Hiriyaa badaa fi jallattootaf ajajamuu fi hordofuun badii fi adabbii hangana hin jedhamnetti nama geessa.
- ﴿ Jirenya keessatti madaallamaa ta'uun fiixe milkaa'inna irra akka ijjatan nama taasisa.
wa aakhiru da'awanaa ani Alhamdulillahi Rabbiil aalamiin

Firii Guyyaa Aakhiraatti Amanuu

Ilmaan namaa yommuu jirenya tana keessa jiraatan gaafinakkana jedhuu yeroo hundaa sammuu isaanii quuqa. “Eessa deemaa jira? Xumurri ykn gahuumsi kiyya eessaa? Du’ee achumaan nan badaa?” Kuni gaafi guddaa deebii barbaadudha. Namni gaafi kanaaf deebii argate, jirenya keessatti tasgabbiin jiraata. Sababni isaas, gahuumsa itti deemu waan beekuf. Kanaafi, namoota Rabbii fi Guyyaa Aakhiraatti amanan tasgabbaa’oo fi abdii kan hin kunne ta’anii argina. Balaa ykn gadda cimaa keessa yommuu ta’an, wanta abdatan tokko qabu. Yommuu hojii gaggaarii hojjatan wanta kajeelan tokko qabu. Yommuu nafseen isaanii gara baditti isaan kakaastu, wanta tokko sodaachun of qabu. Kuni hundii jirenya keessatti aannan tasgabbi akka dhugan isaan taasisa.

Faallaa kanaa, namoota Rabbii fi Guyyaa Aakhiraatti hin amanne yommuu balaan isaan muudatu, wanta abdatan waan hin qabneef garmalee dhiphatus. Inumaa gara of galaafachu deemu. Ammas, yommuu hojii gaggaarii hojjatan, wanta addunya tana keessatti argan malee wanta biraawaan hin abdanneef gammachuun hojii isaanii irraa argatan baay’ee xiqqaadha. Dabalataan, yommuu nafseen isaanii gara baditti isaan kakaastu, Aakhiratti ni adabamna jedhanii waan hin yaannef nafsee ofii duuka bu’uun hallayyaa badiitti taru. Kuni jirenya isaanii keessatti hadhaa gaddaa fi dhiphinnaa akka dhandhaman isaan taasisa.

Guyyaa Aakhiraatti amanuun dhugumatti faayda hangana hin jedhamne qaba. Firii Guyyaa Aakhiraatti amanuu irraa argamu keessaa mee muraasa haa ilaallu:

1-Qajeelinnaa fi milkaa’inna argachuu

Namni akkuma bishaaniif garmalee dheebotu qajeelinnaa fi milkaa’innaafis garmalee dheebota. Jaallinnaa keessa raata’uun wanti inni argatu hin jiru. Qajeelinna guddaan namni jirenya keessatti argatu, eenyu akka isa uumee beeku; Maaliif addunyaa tana keessa akka jiraatu beeku fi eessa deemaa akka jiru itti xinxalluun iddo gahuumsaa isaatiif galaa gahaa qopheefachuudha. Kanaafi, Rabbiin subhaanahu wa ta’ala baniinsa suuratul Baqara keessatti warroota qajeelanii fi milkaa’an ni dubbata:

﴿الَّمْ ۚ ذَلِكَ الْكِتَبُ لَا رَيْبٌ فِيهِ هُدًى لِلْمُتَّقِينَ ۚ أَذْلَّهُنَّ يُؤْمِنُونَ بِالْغَيْبِ
 وَيُقْيِمُونَ الصَّلَاةَ وَمِمَّا رَزَقْنَاهُمْ يُنفِقُونَ ۚ وَالَّذِينَ يُؤْمِنُونَ بِمَا أُنْزِلَ إِلَيْكَ وَمَا
 أُنْزِلَ مِنْ قَبْلِكَ وَبِالْآخِرَةِ هُمْ يُوقَنُونَ ۚ أُولَئِكَ عَلَى هُدًى مِنْ رَبِّهِمْ وَأُولَئِكَ
 هُمُ الْمُفْلِحُونَ﴾

“Alif Laam Miim. Kuni Kitaaba (Qur'aana) mamiin isa keessa hin jirreedha; warra Rabbiin sodaataniif qajeelfama. Isaan warra Gheeybitti amanan, kan salaata dhaabanii fi waan Nuti isaaniif arjoomee irraa kennaniidha. Ammas, isaan warra waan gara keetti buufamee fi waan si dura buufametti amananii fi Aakhiraatti [shakkii tokko malee] dhugaan amananiidha. Warri suni qajeelfama Rabbii isaanii irraa ta'e irra jiru. Ammas, warri suni isaantu milkaa'odha.” Suuratu Al-Baqara 2:1-5

Kana jechuun Qur'aanni kuni shakkiin homaatu keessa hin jiru. Wanti inni of keessaa qabu hundi haqa, Rabbiin irraa bu'uun isaas shakkii hin qabu.

“Buufamuun Kitaabichaa (Qur'aanaa) Gooftaa aalamaa irraa ta'uun shakkiin isa keessa hin jiru.” Suuratu As-Sajdah 32:2

Qur'aanni kuni qajeelfama kan ta'uuf warra Rabbiin sodaataniif. Warra Rabbiin sodaatan (muttaqiin) jechuun warra waan gaarii hojjachuu fi waan badaa dhiisun adabbi fi dallansuu Isaa irraa of eeganiidha. Qur'aanni kuni isaanif sobaa fi dhugaa, jallinnaa fi qajeelinna, wanta fokkuu fi miidhagaa, badaa fi gaarii addaan isaaniif baasa. Warri Rabbiin sodaataniis, soba, jallinnaa fi wanta fokkuu dhiisun dhugaa, qajeelinna fi wanta gaarii hordofu. Warri kuni warra gheeybitti amanuudha. Gheeybi jechuun wanta ijaan hin mul'annee fi sammuun nama bira gahuu hin dandeenyedha. Ilmi namaa addunyaa tana keessatti Rabbii olta'aa ijaan arguu hin danda'u. Garuu wantoonni uumaman hundii Uuman akka jiru ni akeeku. Akkasumas, kitaabban Isarraa bu'an sifaata (amaloota) Isaa ni himu. Kanaafu, Rabbitti ni amanu. Ammas, Jannata, Jahannam, fi wanta Aakhiratti adeemsifamu biroo odeefannoo karaa Ergamtoota Rabbiitiin isaan gahee irratti hundaa'un ni amanu.

Geeybitti amanuun wanta mu'minnaa fi kaafiraa addaan baasudha. Dhimmichi wanta ijaan mul'atutti amanuu osoo hin ta'in wanta ijaan hin mul'annetti amanuudha. Ammas, warroonni Rabbiin sodaatan salaata ni dhaabu. Kana jechuun waqtii, ulaagaa fi rogoota salaataa eegun sirnaan salaatu. Yeroo salaatan qalbii guutuu salaata irra godhu. Ammas, wanta Rabbiin (Azza wa jalla) isaaniif kenne irraa ni kenu. Kanneen akka zakaa, sadaqaa, maatii ofii irratti baasi barbaachisu baasu, wanta gaariif qabeenya isaanii irraa hanga danda'an kennuudha.

Warroonni Rabbiin sodaatan wanta gara Nabii Muhammad (SAW) bu'etti ni amanu. Kana jechuun Qur'aanaa fi sunnaatti ni amanu, ni hordofu. Akkasumas, kitaabban Nabiyyi (SAW) dura bu'anittis ni amanu. Aakhiratti shakkii tokko malee dhugaan amanu. Aakhiraan akka jirtu dhugaan beekun, wanta isaan irraa eeggamu ni hojjatu. Wanta badaa ni dhiisu. Warri kuni qajeelfama Rabbiin irraa ta'e irra jiru. Jirenya keessatti hin dhama'an, dukkanni isaanitti hin bu'u. Namni kan dhama'uu fi dukkanni itti bu'uuf qajeelfama yommuu dhabuudha. Warri kuni warra milkaa'aniidha. Milkaa'ingga jechuun wanta badaa jibban irraa nagaha bahuu fi wanta gaarii jaallatan argachuudha.

Amaloota jahan armaan olii warri qaban warra qajeelfamu fi milkaa'udha. Amalooni jahan kunniinis: (1)Rabbitiin sodaachu, (2) Gheeybitti amanuu, (3) salaata sirnaan salaatu, (4) qabeenya isaanii irraa baasi dirqama fi jaallatamaa ta'e baasu, (5) kitaabban Rabbiin buusetti amanuu fi (6)Aakhiratti shakkii tokko malee dhugaan amanudha.

Dhugumatti namoonni kunniin Maaliif akka jiraatan beekun waan gaarii ni hojjatan, waan badaa ni dhiisan. Eessa akka deeman beekun Aakhiratti dhugaan ni amanan. Gahuumsi nama hundaa Aakhiraan waan ta'eef. Kanaafu, isaan qajeelinna milkaa'innatti nama baasu irra jiru jechuudha.

2-Hojii gaggaarii hojjachuu

Guyyaan wanta hojjateef itti qoratamuu fi mindaa itti argatu akka jiru namni beeku, hojii gaggaarii hojjachuuuf carraaqaa. Jannani gara hundaan miidhagde warra amananii fi hojii gaarii hojjataniif akka qophoofta namni amanu, dhugumatti hojii gaarii irratti garmalee jabaata. Jannata samii nu olii torbaffaa keessa jirtu yommuu itti yaadu, addunyaan tuni isa biratti xiqqoo akka taatetti ilaala. Qur'aana keessatti;

﴿وَإِذَا رَأَيْتَ شَمَّ رَأَيْتَ نَعِيمًا وَمُلْكًا كَبِيرًا﴾

“Yeroo achi (Jannata) keessa ilaaltes Qananii fi Mootummaa Guddaa ni argita.”(suuratu Al-Insaan 76:20)

Jannani gahuumsa warroota amananii fi hojii gaggaarii hojjataniiti.

﴿إِنَّ اللَّهَ يُدْخِلُ الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ جَنَّتٍ تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا رَطِيقاً الْأَنْهَرُ يُحَلَّوْنَ فِيهَا مِنْ أَسَاوِرَ مِنْ ذَهَبٍ وَلُؤْلُؤًا وَلِبَاسُهُمْ فِيهَا حَرِيرٌ﴾

“Dhugumatti Rabbiin isaan amananii fi hojii gaggaarii hojjatan Jannata laggeen jala yaa'an isaan seensisa. Ishii (Jannata) keessatti gumeewwan warqee fi faaya irraa ta'aniin faayamu. Uffanni isaanii ishii keessatti hariira.” Suuratu Al-Hajj 22:23

Gumeewwan jechuun faaya akka geengoo harka irratti godhatamuudha.

Namni ganda tanaaf hawwu jirenya ofii bakkuma argetti hin balleessu. Yeroo isaa guutuu xiqlaatus guddatus hojii badhaasa guddaa kana namaaf argamsiisu hojjata. Kuni immoo jirenya addunyaa tana keessattu tasgabbii fi gammachuu isaaf ta'a. Qalbiin namaak kan tasgabbootu yommuu hojii badaa dhiisanii fi hojii gaarii hojjataniidha.

3- Hojii fokkuu fi badaa irraa fagaachu

Namni Aakhiratti amanuu nama hojii fokkuu fi badaa hojjateef Jahannam akka jirtu ni beeka. “Hojii fokkuu yoo hojjadhe, Jahannamii adabbiin ishii cimaa ta'e ni seena.” Jechuun sodaata. Kuni immoo hojii fokkuu irraa akka dheessu isa gargaara. Qur'aana keessatti:

﴿ هَذَا نِحْيَانٌ خَصْمَانٌ أُخْتَصَمُوا فِي رَبِّهِمْ فَالَّذِينَ كَفَرُوا قُطِعَتْ لَهُمْ ثِيَابٌ مِّنْ نَّارٍ يُصْبَطُ مِنْ فَوْقِ رُءُوسِهِمْ الْحَمِيمُ ﴾١٦ يُصَهَّرُ بِهِ مَا فِي بُطُونِهِمْ وَالْجُلُودُ ﴾١٧ وَلَهُمْ مَقْلِمٌ مِّنْ حَدِيدٍ ﴾١٨ كُلَّمَا أَرَادُوا أَنْ يَخْرُجُوا مِنْهَا مِنْ غَمٍ أُعِيدُوا فِيهَا وَذُوقُوا عَذَابَ الْحَرِيقِ ﴾١٩﴾

“Isaan kafaran uffata ibidda irraa ta’etu isaaniif kutama; mataa isaanii gubbaas bishaan danfaatu itti naqama. Isa sanaan (bishaan danfaan) wanti garaa isaanii keessa jiruu fi gogaan [isaanii] itti baqfama. Ammas, jirma sibiilaa irraa ta’etu isaaniif jira. Dhawaatuma isaan yaaddo irraa kan ka’e ishii keessaa bahuu fedhaniin ishii keessatti gadi deebifamu. “Adaba gubaa dhandhamaa!” [jedhamu].” Suuratu Al-Hajj 22:19-22

Warra Rabbitti amanuu didanii fi waan bira Isa waliin gabbaran (waaqefatan) ibiddi isaaniif uffata ta’a. Gara hundan isaan marsa. Mataa gubbaa isaaniitii bishaan garmalee danfaan itti naqama. Sababa bishaan danfaa kanaan wanti garaa isaanii keessa jiru ni baqfama. Akkasumas, gogaan isaanii ni baqfama. Jirma sibiilaa (madooshaa) kan Malaykoonni isaan itti rukutantu isaaniif jira. Garmalee yaaddawuu fi dhiphachuu irraa kan ka’e akkuma ibidda keessaa bahuuf tattaafataniin gara ibiddaatti gadi deebifamu. “Adabbii garmalee nama gubu dhandhamaa” jedhamu. Kuni hundi sababa isaan yakka guddaa hojjataniif. Rabbii olta’a isaan soorutti kafaranii yommuu dachii keessatti badii babal’isan adabbiin isaaniis kana ta’e. Rabbiin isaan hin miine, ofumaa of miidhanii malee. Rabbiin kanarrea nu haa tiiksu.

Dhugumatti, namni kana beekun ifaa fi dhoksatti wanta badaa fi fokkuu hojjachuu irraa ni fagaata. Badii irraa fagaachun immoo jireenya keessatti tasgabbii fi badhaadhinna akka argatu isa taasisa. Wanta fokkuu fi badaa hojjachuu caalaa wanti jireenya namatti dhiphisu ni jiraa?

4- Wanta dhabaniif jabeenyaa fi obsa argachuu

Namni Aakhiratti amanuu addunyaa irraa yoo waa isa jala darban ykn balaan itti bu'e, Aakhiratti wanta san caalu abdata. Wanta dhabeef ykn isa jalaa badeef yoo obse, Aakhiratti mindaa guddaa argata. Akkasumas, yommuu balaa fi rakkoon isatti bu'u, rakkoon Aakhirah kana caalaa guddaa akka ta'e ilaalun rakkoo addunyaa akka salphaatti ilaala. Qur'aana keessatti namoonni gaggaariiakkana akka jedhanii fi mindaa isaanii Rabbiin (subhaanahu wa ta'alaa) ni hima:

﴿إِنَّا نَخَافُ مِنْ رَبِّنَا يَوْمًا عَبُوسًا قَمَطِرِيرًا ﴾١٧﴾
﴿الْيَوْمَ وَلَقَنُهُمْ نَصْرَةً وَسُرُورًا ﴾١٨﴾ وَجَزَلُهُم بِمَا صَبَرُوا جَنَّةً وَحَرِيرًا ﴾١٩﴾

"Dhugumatti Gooftaa keenya irraa Guyyaa fuula guuraa hammaataa ta'e sodaanna." Rabbiinis hamtuu gaafasii irraa isaan tiiksee ifaa fi gammachuu isaaniif kenna. Sababa isaan obsaniif Jannataa fi hariira isaaniif galata galcha." Suuratu Al-Insaan 76:10-12

"Guyyaa fuula guuraa hammaataa ta'e sodaanna" kana jechuun Guyyaa garmalee hammaataa fi cimaa fuula akka guuranii fi suntursan nama taasisu sodaanna. Rabbiinis hamtuu fi adabbii guyyaa sanii irraa isaan tiiksун fuula isaanitiif ifa, keessa isaanitiif gammachuu kennaaf. Waan obsaa turaniif Jannata fi uffata hariiraa isaan badhaasa.

Kanaafu, namni Aakhiratti amanu Guyyaa garmalee hammaataa ta'ee fi Jannata qananiin guuttamte yommuu yaadatu, rakkoon addunyaa tanaa Isaaf salphata.

Guduunfaa

- Namni jirenya keessatti "**Erga du'ee achumaan badee hafa moo addunyaa biraatu jira?**" jechuun gaafi guddaa of gaafata.
- Guyyaan Aakhirah guyyaa xumuraa namni wanta hojjataa tureef itti qoratamuu fi itti mindeefamuudha. Kanaafu, Aakhiratti amanuun gaafi armaan olitiif deebii gahaa kenna.
- Namni Aakhiratti amanu, gahuumsi ilma namaa eessa akka ta'e waan beekuf

- jirenya keessatti hin dhama'u. Eessa akka deemaa jiru siritti beeka.
- Hojii gaggaarii yommuu hojjattu Aakhiratti mindaa guddaa abdachuun hojii san qulqullinnaa fi si'aa'innaan hojjachuuf carraaqa.
 - Nafseen isaa hojii badatti yommuu kakaastu, adabbii cimaa Aakhiratti isa qunnamu sodaachun of qaba.
 - Yommuu musiiban (balaan) isatti bu'u, rakkoo Guyyaa Qiyaamaa kana caalaa guddaa akka ta'e yaadun obsa. Kuni hundi jirenya keessatti aannan tasgabbii akka dhugu isa taasisa.
 - Namni Aakhiratti hin amannee immoo mindaa hojii gaarii maallaqaa fi beekkamti malee wanta biraa waan hin abdaneeef hawwii isaa addunyama tana qofa irratti gabaabsa. Beekkamti fi maallaqa yoo dhabe, keessi isaa ni gubata.
 - Wanta badatti nafseen isaa yommuu isa kakaastu of qabuun itti ulfaata. Sababni isaas, adabbii Aakhiraatti waan hin amanneef.
 - Yommuu musiiban isatti bu'uu wanta Aakhiratti abdatu waan hin qabneef dhiphinnaa fi yaaddo cimaa keessa seena.
 - Dhugumatti Aakhiratti amanuun jirenya tasgabbii fi milkaa'innaa akka gaggeessan nama taasisa. Wa Aakhiru daaw'aanaa anilhamdulillahi Rabbil aalamiin

Kitaabban Wabii:

[Shariih Usuuli salaasa](#) Fuula 105 Ibn Useymiin

[Taysirul Kariimil Rahmaani fii tafsiiri Kalaamil Mannaani](#)—Abdurahmaan Naasir Sa'dii

Tafsiira Qurxubii

<https://islamqa.info/en/answers/215011/where-is-paradise-and-where-is-hell>

Cuunfaa

- Guyyaa Qiyaamaatti ykn Aakhiratti amanuun hundee ykn arkaana iimaanaa keessaa tokkoodha.
- Namni Rabbii fi Guyyaa Qiyaamaatti erga amanee booda hojii gaarii yoo hojjate, hojiin isaa Rabbiin biratti fudhatama argata. Faallaa kanaa, namni Rabbii olta'aa fi Guyyaa Qiyaamaatti hin amanne hojiin isaa hanga fedhe gaarii haa fakkaatu, Rabbiin biratti fudhatama hin argatu.
- Qiyaamaan jiraachu ragaaleen agarsiisan baay'eedha. Ragaalee kanniin ragaa sammuu, ragaa shari'aa, ragaa hissiyy (miirawaa) jechuun ramaddi sadii jalatti ramaduun ni danda'ama. Akkasumas, Guyyaan Qiyaamaa akka dhufu mallattooleen garagaraa mul'achaa jiru. Namni mallatoolee kanniin siritti yoo itti xinxallee Qiyaamaan akka dhootu ni mirkanefata. Saayinsiinis yeroo ammaa yuniversiin kuni fi aduun tuni gara badiinsaatti deemaa akka jiran ni mirkanessa.¹⁴ Guyyaan Qiyaamaas guyyaa aduun itti maramtu fi badduudha.
- Warroonni Qiyaamatti hin amanne ykn shakkan qafafin guddaan isaan dhiyeessan, "Qiyaamaan jiraachu dhugaa kan dubbatan yoo taatan, abbooti du'an keenya mee deebisaa!" Deebiin namoota kanniniif kennamu:
1ffaa- addunyaan tuni iddo qormaatati. Yeroon qormaataa osoo hin xumuramin bu'aan isaa mul'achuu danda'aa? Wantoota namoonni ittiin qoraman keessaa tokko wanta ijaan hin mul'anne (geeybi) isaanitti beeksiisudha. Geeybi kanatti amanuu ykn amanuu dhiisun namni amanee (mu'minaa) fi namni hin amanne (kaafirri) adda baha. Yeroon qormaataa osoo hin xumuramiin osoo namoonni du'an kan kaafaman ta'ee silaa akkamitti mu'iminaa fi kaafirri adda baha?
2ffaa- Guyyaan Qiyaamaa Guyyaa Qaxaroo (beellamaati). Akkuma beeknu guyyaan qaxaroo dhufuun dura wanti karoorfame hojjatamuun danda'aa? Kanaafu, Guyyaan Qiyaamaa qaxaroo (beellama) waan ta'eef qaxaroon kuni hanga dhufutti namoonni du'an hin kaafaman. Yommuu qaxaroon kuni dhufu namoonni hunduu lafa keessaa ol falafalamanii yaa'u. Rabbiin subhaanahu wa ta'aala Guyyaan Qiyaama akka dhufu beellamee jira. Wanta Guyyaa san

¹⁴ Ilaali <https://www.universetoday.com/18847/life-of-the-sun/>

adeemsifamuu fi hojjatu dursee karoorsee jira. Inni waan hundaa irratti Danda'aa, waan fedhe kan hojjatuudha.

Kitaaba kana keessatti waa'ee Guyyaa Qiyaamaa ni tuttuqne malee hin fixne. In sha Allaah gara fuunduraatti bal'isne ni ilaalla. Namni dogongora argee natti beeksisee galataan isarraa fudhadha.

﴿وَإِلَّا مَنْ هُنَّ مُشْرِكُونَ﴾

Qunnamtiif:

Website: www.sammubani.com

Wordpress: <https://sammubani.wordpress.com/>

Facebook: <https://www.facebook.com/jireenyabadhaatu/>

Email: sammubani@hotmail.com

Jibril Abdella -itti gaafatamaa websaayitoota fi peejii